



SEERA DHAALAA

Moojuulii Leenjii Hojiin Duraatiif Qophaa'e

Qopheessitoonni:

Habtaamuu Bultii

Tafarii H/Maariyaam

Miliyoon Tarrafaa

Gulaaltoonni:

Tasfaayee Booressaa

Tashoomaa Shifarraw

Gammachiis Dhugumaa

ILOQHQSO, Adaamaa,

Eebla, 2012.

Baafata

Qabiyee
Fuula

GABA AJEW WAN	5
SEENSA WALIIGALAA	6
BOQONNAA TOKKO	8
DHAALMAA QABEENYA DHAALAA (DEVOLUTION OF SUCCESSION)	8
1.1. Seensa	8
1.2. Baniinsa Dhaalaa (Opening of Succession)	9
1.3. Qabeenya Dhaalaa (Inheritance)	10
1.4. Gahumsa Dhaaluu Qabaachuu (Capacity to Succeed)	10
1.4.1. Yeroo Dhaalchisaan Du'u Lubbuun Jiraachuu (Surviving the Deceased)	11
1.4.2. Nama Dhaalchisaa Dhaaluu Hin Malle Ta'uu Dhabuu	11
1.5. Bakka Bu'ummaan Dhaaluu	13
1.6. Gosoota Dhaalaa (Kinds of Succession)	16
1.6.1. Dhaala Dhaam-Maleessaa (Intestate Successions)	16
A. Dhaaltota Sadarkaa Tokkoffaa	17
B. Dhaaltota Sadarkaa Lammaffaa	17
C. Dhaaltota Sadarkaa Sadaffaa	18
D. Dhaaltota Sadarkaa Arfaffaa	18
E. Seera Paterna Paternis Maternal Maternis	18
F. Qabeenya Dhaalaa Mootummaatti Dabarsuu	19
1.6.2. Dhaala Dhaamoo (Testate Succession)	21
A. Dhaamoon Dhuunfaan Kan Dhaamamu Ta'uu	22
B. Gahumsa Nama Dhaamoo Dhaamu (Capacity of the Testator)	22
1.7. Dhaamoo Ifaa (Public Will)	23
A. Baay'ina Raga-Baatotaa	24
B. Dubbisu fi Dubbifamu Dhaamoo Caqasuu	27
C. Haalamuu Qabiyee Dhaamoo	30

1.8.	Dhaamoo Hiikuu (Interpretation of Wills).....	34
1.9.	Dhaaltummaa Keessaa Buqqisuu	39
	BOQONNAA LAMA.....	42
	SIRNA QULQULLEESSA QABEENYA DHAALAA	42
2.1.	Seensa	42
2.2.	Sirna Qulqulleessaa Qabeenya Dhaalaa.....	43
A.	Maalummaa Qulqulleessa Qabeenya Dhaalaa	43
B.	Kaayyoo Qabeenya Dhaalaa Qulqulleessuu.....	44
2.3.	Qulqulleessituu Qabeenya Dhaalaa Filachuu.....	46
1.	Qulqulleessituu Qabeenya Dhaalaa Seeraan Filatamu	46
2.	Qulqulleessituu Dhaalaa Dhaamoon Aangeffame ‘Liquidator By Will’	47
3.	Qulqulleessituu Qabeenya Dhaalaa Mana Murtiin muudamu	47
2.4.	Wal-diddaa Qulqulleessa qabeenya dhaalaa Jaarsummaan Hiikuu.....	49
2.5.	Qulqulleessituu Aangoo irraa kaasuufi bakka buusuu	49
2.6.	Aangoo Qulqulleessituu Qabeenya Dhaalaa	50
A.	Dhaamoo Barbaaduu.....	51
B.	Dhaamoo Banuu.....	52
C.	Mirgaa Fi Dirqama Nama Du'e Adda Baasuu.....	53
D.	Mormii Fudhatatummaa Dhaamoo Irratti Ka'u Keessummeessuu.....	55
2.7.	Mirga Dhaaltummaa Dhiisuu fi dhaaltummaa simachuu.....	62
2.8.	Murtii Dhaaltummaa Dhiisuu Haqsiisuu (Revocation Of Renunciation)	63
2.9.	Waraqaa Ragaa Dhaaltummaa	63
2.9.1.	Faayidaa Waraqaa Ragaa Dhaaltummaa	64
2.9.2.	Aangoo QQDh fi Mirkaneessa Waraqaa Ragaa Dhaaltummaa.....	70
2.10.	Qabeenya Dhaalaa Bulchuu	75
2.11.	Sirna Qulqulleessa Qabeenya Dhaalaa fi Qabatama jiru	80
	BOQONNAA SADII	86
	QABEENYA DHAALAATTI MAKUU /COLLATION/ FI QOODDII QABEENYA DHAALAA	86
3.1.	Seensa	86
3.2.	Qajeeltoo Qabeenya Dhaalaatti Makuu (Collation).....	87

3.2.1.	Namoota Kennaq Qabeenya Dhaalaatti Makuuf Dirqaman	90
3.2.2.	Qabeenya Dhaalaatti kan Makamuu fi Hin Makamne.....	91
3.2.3.	Qajeeltoo Xiqqaa Fudhachuu (Taking Less Principle)	93
3.2.4.	Qajeeltoo Dhaalatti Makuu fi Qabiyyee Lafaa Dursee Kennaan Argame	100
3.3.	Qabeenyaa Waliinii Dhaaltootaatti Lakkaa'amuu	104
3.4.	Qooddii Qabeenya Dhaalaa	105
3.4.1.	Qooddii Maatii Dhaaltootaatiin Ijoollee Isaaniitiif Taasifamu	105
3.4.2.	Qooddii Waliigaltee Dhaaltootaan Taasifamu	106
3.4.3.	Qooddii Qabeenya Dhaalaa Mana Murtiitiin Taasifamu	108
3.5.	Sirna Qooddii Qabeenya Dhaalaa	109
3.5.1.	Qabeenyaa Dhaalaa Gosaan Qooduu	110
3.5.2.	Qabeenya Dhaalaa Oolfachuu Ykn Calbaasiin Gurguruun Qooduu.....	112
3.6.	Qooddiin Qabeenya Dhaalaa Erga Raawwateen Booda Hariroo Dhaaltootaa	118
3.7.	Mirgaa fi Dirqama Dhaaltoota Nama Murtiin Badinsaa Irratti Darbeef Qaban.....	126
	BOQONNAA AFUR	127
	DARBINSAYEROO SEERA DHAALAA.....	127
4.1.	Seensa	127
4.2.	Himanna Dhaaltummaa	129
4.3.	Garaagarummaa Himanna Dhaaltummaa Fi Himanna Qoodinsa Qabeenya Dhaalaa	132
4.4.	Darbiinsa Yeroo Himata Dhaaltummaa	134
4.5.	Darbiinsa Yeroo fi Himanna Qoodinsa Qabeenya Dhaalaa.....	145
4.6.	Darbiinsa Yeroo Qoodinsa Qabeenya Dhaalaa Irratti Mormii Dhiyaatu	149
4.7.	Darbiinsa Yeroo Dhaamoo Irratti Mormii Dhiyaatu.....	152
4.8.	Darbiinsa Yeroo Iyyata Waraqaa Ragaa Dhaaltummaa.....	156
4.9.	Darbiinsa Yeroo Sirna Dhaaltummaa Qulqulleessuu	157
4.10.	Darbiinsa Yeroo Falmii Dhaalaa Qabiyyee Lafaa Baadiyyaa	160
	MADDEEN WABII.....	165

GABAAJEWWAN

DhIMMWF	Dhaddacha Ijibbaata Mana Murtii Waliigala Federaalaa
DhIMMWO	Dhaddacha Ijibbaata Mana Murtii Waliigala Oromiyaa
EMMLMJ	Ejensii Misooma fi Maneejimentii Lafa Magaalaa Jimmaa
HMFRDI	Heera Mootummaa Federaala Riipaaplikaa Dimookraataawaa
SMNO	Seera Maatii Naannoo Oromiyaa Itoophiyaa
Kwt	keewwata
MMA	Mana Murtii Aanaa
MMAGu	Mana Murtii Aanaa Gumay
MMAMJ	Mana Murtii Aanaa Magaalaa Jimmaa
MMFSD	Mana Murtii Federaalaa Sadarkaa Duraa
MMOF	Mana Murtii Ol'aanaa Federaalaa
MMOL	Mana Murtii Ol'aanaa
MMWF	Mana Murtii Waliigala Federaalaa
MMWO	Mana Murtii Waliigala Oromiyaa
QQDh-	Qulqulleessituu Qabeenya Dhaalaa
SDFHH	Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa
SHH	Seera Hariiroo Hawaasaa
SHH	Seera Hariiroo Hawaasaa
WRDh	Waraqaa Ragaa dhaaltummaa
WRDh	Waraqaa ragaa dhaaltummaa

SEENSA WALIIGALAA

Heerri Mootummaa Federaala Ripaabliika Dimookraatawaa Itoophiyaa fi Heerri Mootummaa Naannoo Oromiyaa boqonnaa 3ffaa keessatti, mirgoota beekamtii fi eegumsi kennameef keessaa tokko mirga qabeenya horachuu fi qabeenya isaa dhaalchisuu lammileeti.¹ Namni tokko yeroo lubbuun jirutti qabeenya horate kamiyyuu gurgurtaan, kennaan ykn dhaamoon nama biraatti mirga dabarsuu kan qabu yoo ta'u, erga du'ee booda ammoo hayyama ofii isaatiin nama biraatti akkamitti akka darbu murteessuu waan hin dandeenyeef qabeenyi isaa bu'uura seera dhaalaatiin gara dhaaltota isaatti kan darbu ta'a. Yeroo lubbuun jirutti namni tokko gaafa du'u eenu qabeenya isaa akka dhaalu dhaamoo dhaamuun adda baasa; osoo dhaamoo hin dhaamiin bakka inni du'etti ammoo qabeenya isaa eenu dhaaluu akka qabu seeraan adda baha jechuu dha. Dhaalli maloota qabeenyi tokko gara nama biraatti itti darbu keessaa isa bal'inaan raawwatuu fi xiyyeffannoo seeraa argatuu dha.

Tumaalee seera Hariiroo Hawaasaa Kitaaba II Mata-duree 5ffaa boqonnaa 1ffaa kwt.826 irraa eegalee hanga boqonnaa 4ffaa kwt.1125tti walumaagalatti keewwattonni 299 tumaalee SHH dhimma dhaalaa hooggananiidha. Haata'u malee, seerota biroo keessatti tumaaleen dhimma dhaalaa ilaallatan ni jiru. Fakkeenyaaaf, tumaalee dhimma dhaalaatiif rogummaa qaban kanneen Heera Mootummaa Federaala fi Naannoo Oromiyaa,Labsii Bulchiinsa Fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa fi dambiiwan, Seera Maatii Oromiyaa, Seera Waliigaltee,Seera Qabeebyaa fi kkf keessatti faffacaa'anii jiran waliin hidhata cimaa kan qabu 'interdisciplinary course ' waan ta'eef waliin ilaalamee hiikoon itti kennamuu qaba.

Bu'uuruma kanaan Moojuliin kuni leenjifamtoota hojiin duraatiif kan qophaa'e yoo ta'u, qabiyyeen moojulichaas boqonnaa 4'tti kan qoodameedha. Boqonnaa 1ffaa keessatti: Maalummaa dhaalaa fi akkaataa dhaalli dhaalchisaa irraa gara dhaaltuutti darbu,gosoota dhaalaa,sadarkaa dhaaltotaa fi gosoota dhaamoo, dhimmoota qabatamoo fi gaaffilee marii waliin wal-qabsiisuudhaan bal'inaan kan ilaalaman ta'a.Boqonnaa 2ffaa keessatti immoo, maalummaa qulqulleessa qabeenya dhaalaa, aangoo fi hojii qulqulleessituu,qabeenya dhaalaa,waraqaa raga dhaaltummaa fi dhimmoota qabatamaa hojimaata jiruun wal-qabsiisuun gaaffilee marii waliin qophaa'anii dhiyataniiru. Boqonnaa 3ffaa keessatti sirna qabeenya dhaalaa deebisanii galchuu fi dambii qoodinsa qabeenya dhaalaa, qoddii qabeenya dhaalaa diiguu fi fooyessuu,

¹ Heera Mootummaa Demokiratawa Ripablika Itoophiyaa lakk.1/1987 kwt.40(1), Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk.46/1994 kwt.40(1)

dhimmoota qaabatamaa fi gaaffiilee marii waliin kan dhiyaatan yoo ta'u, boqonnaa 4ffaa jalatti immoo akaakuu darbiinsa yeroo dhimmoota dhaalaa kanneen akka darbiinsa yeroo himata dhaaltummaa, darbiinsa yeroo qoodinsa qabeenyaa fi darbiinsa yeroo dhimma mormii dhaamoo irratti dhiyaatuu fi kkf dhimmoota qabatamaa, gaaffilee marii fi rakkoo hojimaata hiikoo seeraa dhaalaa waliin wal-qabsiisuudhaan qophaa'ee kna dhiyaateedha.

BOQONNAA TOKKO

DHAALMAA QABEENYA DHAALAA (DEVOLUTION OF SUCCESSION)

1.1. Seensa

Dhaalli adeemsa mirgii fi dirqamni nama du'e tokkoo gara dhaaltota isaatti itti darbu yoo ta'u, adeemsi kunis bakka gurguddaa lamatti qoodama: Dhaala dhaam-maleessa (intestate succession) fi dhaala dhaamoo (testate succession) jedhamu. Namni tokko qabeenyi isaa gaafa inni du'u haala nama biraatti itti darbu ilaachisee dhaamoo kan dhaame yoo ta'e, qabeenyi nama sanaa bu'uura dhaamoo dhaamameen darba; dhaamoo osoo hin dhaamiin kan du'e ykndhaamoon dhaamame fudhatama kan dhabe taanaan ammoo qabeenyi sun bu'uura tumaalee seera dhaalaatiin jechuunis adeemsa dhaalaa dhaam-maleessaatiin gara dhaaltotaatti darba.

Dhaalchisaan barreeffamaan bakka raga-baatotni jiranitti yknbarreeffamaa ofii isaatiin bakka raga-baatotni hin jirretti yknafaaniin bakka raga-baatotni jiranitti dhaamoo dhaamu danda'a. Dhaamoon kallattii qabiyyee isaatiin yoo ilaalamu, dhaamoo waliigalaa (legacy by universal title) fi dhaamoo baaqqee (legacy by singular title) ta'uu danda'u. Qaan ni dhaamoo tokko raawwachiisu jechootaa fi yaada waliigala tumaa dhaamoo sanaa giddu-galeessa godhachuun hiikkoo itti kennuun raawwachiisa. Dhaalchisaan dhaamoo dhaamu keessatti namoota isa dhaalanii fi qabeenyi dhaalamu sirriitti ifa gochuutti dabalee, namoota dhaaltota isaa ta'an akka isa hin dhaalles ibsuun dhaaltummaa keessaa isaan buqqisuu ni danda'a.

Haaluma kanaan, xumura leenjii boqonnaa kanaatti leenjifamtootni,

- ✓ Qabenya dhaalaa jechuun maal jechuu akka ta'e irratti hubannoo qaban ni gabbifatu
- ✓ Dhaalchisa dhaaluuf dhaaltuun tokko gahumsawan akkamii qabaachuu akka qabu ilaachisee ulaagaalee jiran adda ni baafatu
- ✓ Maloota qabeenyi dhaalaa ittiin darbuu fi ulaagaalee seeraa hojiirra oolmaa maloota sanaa keessatti raawwatan irratti hubannoo qaban ni cimsatu
- ✓ Gosootni dhaamoo kam akka ta'anii fi qabiyyeen isaanii akkamitti hiikamuu akka qaban ilaachisee tooftawwan jiran ni hubatu.

1.2. Baniinsa Dhaalaa (Opening of Succession)

Qoodinis qabeenya dhaalaa bakka teessoo muummee dhaalchisaa isa dhumaatti banama.² Teessoo nama tokkoo jedhamee bakki waamamu bakka namni sun jiruu fi jirenya isaa itti-fufiinsaan gaggeeffatuu dha.³ Bakka hojjetaan mootummaa hojiisaa itti hojjetu akkasumas bakka daldalaan hojii daldala isaa itti gaggeessu kamiyyuu bakka teessoo nama sanaati jedhame fudhatama.⁴ Namni yeroo tokkotti teessoo hedduu qabaachuu ni danda'a; teessowwan sana keessaa tokko teessoo muummee jedhama. Teessoon muummee bakka namni tokko jiruu isaa itti hojjetatuu fi jirenya hawaasummaa isaa itti hundeeffatee jiraatuu dha.⁵ Bakka tokkotti hojii isaa kan hojjetu ta'ee bakka biraatti ammoo jirenya hawaasummaa isaa kan gaggeeffatu taanaan, bakki namni sun maatii isaa itti hundeeffatee jiraatu teessoo muummee nama sanaa ta'a.⁶ Teessoon muummee dhaalchisaa bakka qabeenyi dhaalaa fi namootni dhaaltuu isaa ta'an itti jiraatan jedhamee kan fudhatamu waan ta'eef, bakka tajaajila haqaa dhaqqabamaa fi saffina qabeessi itti kennamuu danda'uu ta'a jedhamee fudhatama.

Qabeenyi dhaalaa nama du'e tokkoo bakka teessoo nama sanaa isa muummetti dhaaltotni akka dhaalaniif dhiyaata (banama). Dhaaltotni nama du'e tokkoo bakka teessoo muummee dhaalchisaatti argamuun mirga dhaaltuu ta'uu isaan gonfachiise (firooma dhiigaa qabaachuu ykndhaamoon kan dhaamameef ta'uu) agarsiisuun, qoddii qabeenya dhaalaaf dhiyaachuu danda'u. Bakka dhaalli itti banamu ilaachisee tumaalee seeraa jiran hubachuuf, dhimma armaan gadii gabaabinaan haa ilaallu:

Dhimma 1^{ffaa}

A/de Taaddalech Mangistuu fi ijoolleen isaanii namootni afur iyyata mana murtii sadarkaa tokkoffaa Naannoo Harariitti dhiyaaffataniin, abbaamanaa A/de Taaddalechi fi abbaan ijoollee isaanii bakka ijoollee horatee itti jiraatu Magaalaa Hararii gara Biyya Ertiraa hojiif deemee achi osoo jiru lola Biyya Ertiraa fi Biyya Keenya gidduutti ka'een gara maatii isaatti osoo hin deebi'in achitti waan du'eef, waraqaan ragaa

² SHH/ kwt 826(1)

³ SHH kwt 174

⁴ SHH kwt 179 fi 180

⁵ SHH kwt 177 fi 185

⁶ SHH kwt 185

haadhamanummaa fi dhaaltummaa akka kennamuuf gaafataniiru.⁷ Manni murtii sun dhimmicha qorachuun, dhaalchisaan Ertiraajiraachaa osoo jiruu kan du'e waan ta'eef, Eritiraan bakka teessoo muummee nama sanaati jechuun iyyata dhiyaate kufaa taasise. Manni Murtii Godinaa fi Waliigalaa Naannichaa murtii kenname kana mirkaneessan. Hata'u malee, Dhaaddachi Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa gama isaatiin, dhaalchisaan ogeessa makaanikii bakka tokkoo gara bakka biraatti deemee hojji hojjetuun fi teessoo hedduu qabuu dha. Kanaafuu, bakki teessoo muummee nama kanaa bakka jirenya hawaasummaa itti gaggeeffatu waan ta'eef, dhaalli isaa Naannoo Harariitti banamuu qaba jechuun murteesseera.

1.3. Qabeenya Dhaalaa (Inheritance)

Sirna seeraa biyyi keenya hordoftu, sirni seeraa siivil lowuu, yaad-rimee dhaala waliigalaa (universal succession) jedhamu irratti hundaa'uun haala qabeenyi dhaalaa itti darbu tuma.⁸ Bu'uura yaad-rimee dhaala waliigalaatti, dhaaltotni qabeenya dhaalaa dhaalchisaa jechuunis mirgaa fi dirqama isaa dhaalaan darbuu danda'u walitti qabanii dhaalu. Bu'uura SHH kwt 826(2)tti mirgii fi dirqamni dhaalchisaa qabeenya dhaalaa ta'uu danda'anii fi du'uu nama sanaatiin *hafaa hin taane* dhaaltotaa (heirs) fi namoota dhaamoon dhaamameef (legatees)tti dhaalaan darbuu danda'a.⁹ Haaluma kanaan, dhaalli qabeenya socho'aa fi dhaabbataa (movable and immovable property) yeroo dhaalchisaan du'etti harka isaa yknbakka bu'aa isaa jiru, raawwii waliigaltee fi raawwii dirqama waliigaltee alaatiin maallaqa kaffaltii raawwatamu akkasumas idaa dhaalchisaan osoo hin kaffaliin du'e hundi walitti ida'amani qabeenya dhaala ta'u: qabeenyi dhaalaa galii qofa osoo hin taanee baasiis kan dabalatuu dha.

1.4. Gahumsa Dhaaluu Qabaachuu (Capacity to Succeed)

Armaan gaditti akka ilaallu, namni firooma dhiigaa dhaalchisaa wajjiin waan qabu qofaaf dhaalchisaa dhaaluu hin danda'u. Gahumsa dhaalchisaa dhaaluu isa dandeessisu qabaachuu qaba. Dhaltuun tokko gahumsa dhaalchisaa dhaaluu qaba jedhamuuf ulaagaalee seerri teechisu lama guutuutu irraa eegama: *yeroo dhaalchisaan du'u lubbuun kan jiru ta'uu, fi nama dhaalchisaa*

⁷Iyyattuu A/de Taaddalech Mangistuu d/kennaa kan hin qabne, Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaaddacha Ijibbaataa, galmee lak 65621, jildii 11

⁸ George A. Pelletier Jr. & Michael R. Sonnenreich, A Comparative Analysis of Civil Law Succession, 11 Vill. L. Rev. 323 (1966), fuula 2

⁹ SHH kwt 826(2)

dhaaluu hin qabne ta'uu dhabuu (unworthy) ta'uu qaba. Ulaagaalee lamaan kanneen armaan gaditti dabaree dabareen diddiriirsinee ilaaluu yaalla:

1.4.1. Yeroo Dhaalchisaan Du'u Lubbuun Jiraachuu (Surviving the Deceased)

Dhaltuun asii olii yknasii gadi lakkaa'amu kamiyyuu dhaalchisaa dhiyaachuuf yeroo dhaalchisaan du'e nama lubbuun jiru ta'uu qaba. Dhaaltuun tokko dhaalchisaa dura kan du'e ykndhaalchisaa wajjiin wal-faana (wal-takkaa) kan du'e taanaan, dhaalchisaa dhaaluuf gahumsa hin arganne jechuu dha. Lubbuun jiraachuu jechuun kun yeroo dhalatan irraa eegalee hanga yeroo du'aniitti jiraachuu jechuu miti. Bu'uura seera hariiroo hawaasaa keenyaatti *daa'imni garaatti hafe* (conceived child) tokko dhalatee sa'a 48 kan jiraate yoo ta'e gaafa itti dhalate dura guyyaa 300ffaa irratti garaatti hafe jedhamee kan fudhatamu waan ta'eef, gaafa sana irraa kaasee akka nama lubbuun jiruutti lakkaa'amuun dhaalchisaan gaafa sanaa as kan du'e taanaan gahumsa dhaaluu argateera jechuu dha.¹⁰

Namni mirga qabeenya dhaalchisaan tokkoo dhaaluu qabu yeroo dhaalchisaan sun du'e kan lubbuun jiru ta'uusaa kan falmisiise taanaan, dhaaltuun sun qaamaan akka dhiyaatu taasisuu, raga-baatota sadii dhiyeessun yeroo dhaalchisaan du'e lubbuun kan jiru ta'uusaa raggaasisuu, gal mee taatewwan bu'uuraa guyyaa dhaaltuun sun itti du'e ibsu (records of civil status) dhiyeessuu¹¹, fi murtii manni murtii guyyaa dhaaltuun sun du'e ilaalchisee murteesse dhiyeessun adda kan bahu ta'a.¹² Gama biraan, namni tokko eessa-buuteen isaa kan dhabame yoo ta'ee fi manni murtii eessa-buuteen isaa dhabameera jechuun murtii kan kenne taanaan, guyyaa dhumaa odeeaffannoon jiraachuu eessa-buutee itti dhagameedha jedhamee murtii keessatti ibsame sun guyyaa namni sun itti du'e jedhamee fudhatama.¹³

1.4.2. Nama Dhaalchisaan Dhaaluu Hin Malle Ta'uu Dhabuu (No to be Unworthy)

Dhaaltuun kamiyyuu dhaalchisaan dhaaluuf nama dhaalchisaan dhaaluu hin malle ta'uu dhabuutu irraa eegama. Namni dhaalchisaan, dhalattoota yknabbaamanaa/haadhamanaa dhaalchisaan itti yaadee ajjeese yknyaalii ajjechaa irratti raawwate yknhimata yakka hidhaa cimaa waggaan kudhanii ol isaan adabsiisu irratti ragaa sobaa bahuun isaa murtiin mirkanaa'ee adabame, nama

¹⁰ SHH kwt 2-4 (Bu'uura SHH kwt 2 fi 834tti daa'immi garaatti hafe tokko dhaalchisaan dhaaluuf gahumsa kan argate yoo ta'el ee qabeenya dhaalaan daa'imi kun dhaalu idaa dhaalchisaarraa barbaadamu kan caaluu fi qabeenya sana dhaaluu isatiin fayyadamaa kan ta'u yoo ta'e qofa akka dhaalu taasifama)

¹¹ SHH kwt 5 fi 47(1)

¹² SHH kwt 115 fi 161

¹³ SHH kwt 159

dhaalchisaa dhaaluu hin malle jedhamee fudhatama.¹⁴ Bifuma wal-fakkaatuun, dhaaltuun dadhabina qaamaa dhaalchisaa giddu-galeessa godhachuun ji'ota sadan dhaalchisaan du'e keessatti akka dhaamoo hin dhaamne, dhaamoo dhaamee ture akka hin fooyyessine ykndhaamoo dhaame akka hin haqne kan dhorke/ittise yoo ta'e ykndhaamoo dhaalchisaan dhaame hubannoo isaa malee kan dhabamsiise, akka dhabamu taasise yknqabeenyee isaa jijiire ykndhaamoo sobaa irraa namni fayyadame, gahumsa dhaalchisaa dhaaluu dhabeera jechuu dha. Seerri Keenya akka tumutti dhaaltuu gochawan yakkaa armaan olitti ibsaman kanneen dhaalchisaa isaarratti raawwate, dhaalchisaa akka hin dhaalle dhorkeera. Dhorkii seerri tume kun tarkaanfii dhaalchisaan namni isa dhaaluu danda'u akka isa hin dhaalletti dhaaltummaa keessaa buqqisuu wajjiin kan wal-fakkaatu yoo ta'el ee qabatamatti tokko miti. Yaad-rimeewwan lamaan kanneen adda baasnee hubachuuf dhimma tokko akka armaan gadiitti haa ilaallu.

Dhimma 2^{ffaa}

A/dee Italaammawu Taaffasee intala ilma isaanii A/dee Wagaayyoo Soloomoon isaan ofitti fudhanii guddisan bakka isaan rafaanii jiranitti dullaan sreee irratti isaan reebaa osoo jirtuu ollaan birmatee irraa hin baasne osoo ta'ee isaan ajeessuuf kan qophoofta ta'uu ibsuun, qabeenyaa dhaalaa qaban keessaa qarshii 1000 qofa akka dhaaltu gochuun, qabeenyaa isaanii hafe ammoo dhaaltuun isaanii biroon akka dhaalu dhaamoon dhaamaniiru.¹⁵ A/dee Wagaayyoo Soloomoon dhaaltuu A/dee Itaalammaawu akka taate mirkanoeffatte. Gama biraan, dhaaltotni biroon sunniin dhaamoo dhaamame sana akka ragaatti dhiyeessuun A/de Wagaayyoon dhaaltummaa keessaa buqqifamteetti waan taateef, waraqaa ragaa dhaaltummaan isheen baafatte akka haqamu gaafataniiru. Manni Murtii Sadarkaa Tokkoffaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee iyyataa fi deebii dhiyaate wal-bira qabee ilaaluun, *A/dee Wagaayyoon dhaalchistuu ishee tumuun kan beekamu yoo ta'es gochaan sun yaalii ajechaa ta'uun isaa mana murtiin kan mirkanaa'e waan hin taaneef, gochaan raawwate sun gochaa nama dhaalchistuu dhaaluu hin malle (unworthy) kan ishee taasisu miti jechuun murtii kenneera.*

¹⁴SHH kwt 838; hata'u malee, dhaaltuun erga dhaalchisaan du'ee booda gochaawan yakkaa caqasaman kan raawwate yoo ta'e, nama dhaalchisaa dhaaluu hin malle isa akka hin taasifne SHH kwt 839 ni tuma

¹⁵DhIMMWf galmeek lakkofsa 49713 ta'e irratti iyyattoota Dhaaltota Adde Tirunash Ayyalee fi waamamaa Adde Wagaayyoo Soloomoon gidduutti murtii kennname ilaallata. (jildii 11 ffaa)

Dhaaddachi Ijibbaataa dhimma kana ilaaluun adeemsa murtii kenne keessatti ijoo kana irratti ejjannoo qabu ibsuu yaaleera. *Yakkoota SHH kwt 830 jalatti ibsaman raawwachuun dhaaltuu murtiin yoo mirkanaa'e dhaaltuun sun akka hin dhaalle seerri dhaalaa dhorkeera. Dhorkiin seera dhaalaatiin kaa'ame kun adabbii hariiroo hawaasaa (civil sanction) nama gocha yakkaa kanneen hojjete irratti akka raawwatu qaamni seera baase dabarse malee, dhaalchistuun akka hin dhaalle adabbii dabarsitu akka hin taane tumaaleen SHH kwt 830 fi 838 ni ibsu jechuun ibseera.* Itti fufuunis, gocha reebichaa dhaaltuun kun dhaalchistuu irratti raawwate akka sababaatti fudhachuun dhaaltummaa keessaa bu'uura SHH kwt 938tti ishee kan buqqisan yoo ta'u, bu'uura tumaa seera kanaatti sababni dhiyaate dhaaltummaa keessaa ishee buqqisuuf gahaadha waan ta'eef, maallaqa dhaamameef qarshii 1000 fudhachuun alatti abbaa ishee bakka buutee dhaalchistuu dhaaluu hin qabdu jechuun murteesseera.

1.5. Bakka Bu'ummaan Dhaaluu

Mata-duree olii jalatti akka ilaalle, dhaaltuun tokko dhaalchisaa dhaaluuf yeroo dhaalchisaan du'e nama lubbuun jiru ta'uu qaba.¹⁶ Haala kanaan, dhaaltuun dhaalchisaa dursee du'e mirga mirga dhaalchisaa dhaaluu dhabeera jechuu waan ta'eef, dhaaltootni dhaaltuu sanaa isa bakka bu'anii dhaalchisaa dhaaluu hin danda'an jechuu dha. Yaada ifa-galaa tumaa seeraa kana cinatti, tumaalee seerichaa muraasni ibsa kana kan deeggaran fakkaatu. Fakkeenyaaaf, SHH kwt 833 akka tumutti erga qabeenyi dhaalaa quoddii dhiyaatee booda dhaaltuun tokko kan du'e yoo ta'e mirgi dhaalchisaa dhaaluu isaatti dhaaltota isaatti darba jedha. Gragalchoon tumaa seera kanaa akka agarsiisutti, dhaaltuun osoo dhaalchisaan jiru du'e mirgi inni dhaalchisaa dhaaluu ilaachisee qabu gara dhaaltota isaatti hin darbu yaada jedhu dabarsa.

Gara biraan yoo ilaalamu garuu SHH kwt 831(3) akka tumutti dhaaltuun osoo dhaalchisaan hin du'iin sababa du'eef gahumsa dhaalchisaa dhaaluu kan dhabu yoo ta'ellee, gahumsa kana dhabuun isaa bu'uura tumaalee seeraa bakka bu'ummaatiin dhaaltotni dhaaltuu sanaa bakka bu'ummaan dhaalchisaa kan dhaalan ta'u. Sababa dursanii du'uutiin dhaaltuun tokko gahumsa dhaalchisaa dhaaluu kan dhabe yoo ta'es, mirga namni sun dhaalchisaa dhaaluu qabu dhalattootni isaa bakka isa bu'anii quoddii qabeenya dhaalaa dhaalchisaa irratti hirmaachuu akka

¹⁶ SHH kwt 830

danda'an aanga'anii jiru.¹⁷ Eenyetu bakka bu'ummaan dhaalchisaa dhaaluu akka danda'u ilaachisee yaadota garaagarummaa qaban lama yoo dhiyaatan hubatamu:

- a. Yaadni jalqabaa akka jedhutti, dhaaltuun dhaalchisee booda kan du'e yoo ta'e dhaaltuu sana bakka bu'uun dhaalchisaa dhaaluu namni danda'u ilmaan dhaaltuu sanaa (dhaaltuu asii gadi lakkaa'aman) qofa; dhaaltotni dhaaltuu kanneen asii ol lakkaa'aman, dhaaltuu sana bakka bu'anii dhaalchisaa dhaaluu hin danda'an jechuu dha. Yaadni kun tumaalee SHH kwt 831(3), 842(3) fi 853 irraa kan maddee dha.¹⁸
- b. Namni bakka bu'amee dhaalamu ilmaan dhaalchisaa (dhaaltota asii gadi lakkaa'aman) qofa osoo hin taane, namootni dhaalchisaa dhaaluu danda'anii fi qabxiilee armaan gadii sadan guutan kamiyyuu bakka bu'amanii dhaaltota isaaniitiin dhaalchisaa dhaaluu ni danda'u. Yaadni kun tumaalee seerichaa kwt 843-848tiitti kan jiran irraa kan maddee dha

Barreeffama olii kana irraa hubachuu akka dandeenyu, namni tokko bakka bu'ummaan dhaalchisaa dhaaluuf ulaagaaleen armaan gadii sadii wal-faana guutuu qaba:

1. Namni bakka bu'ummaan dhaalaaf dhiyaatu dhaalchisaa wajjiin firooma kan qabu ta'uu (SHH kwt 856)
2. Namni bakka bu'amu nama dhaalchisaa dhaaluu hin malle ta'uu dhabuu (SHH kwt 855)
3. Namni bakka bu'amu dhaaltuun bakka bu'ummaan dhiyaatu qabeenya dhaalaa sana hin dhaaluu jedhee kan hin dhaamne ta'uu dhabuu qaba (SHH kwt 854)

Walumaagala, dhaaltuun dhaalchisaa dura du'e dhaalchisaa dhaaluu hin danda'u tumaan seeraa jedhu taatee maalii qabaachuu mala? Dhaaluu hin danda'u jechuun qabeenya dhaalaa isa gahuu malu qabeenya isaa hin godhatu jechuu dha. Qabeeniyi dhaalchisaa qabeenya dhaaltuu du'ee ta'uu hin danda'u jechuun, mirgaa fi dirqamni dhaaltuu du'e sanaa qabeenya sanaa wajjiin hidhata hin qabaatu jechuu dha. Dhaaltotni dhaaltuu du'ee bakka dhaaltuu sanaa bu'anii qabeenya dhaalchisaa kan dhaalan yoo ta'ellee, isaan mirgaa fi dirqama dhaaltuu sanaa osoo hin taane mirgaa fi dirqama dhaalchisaa dhaalu jechuu dha. Haaluma kanaan, namootni mirga garaagaraa dhaaltuu du'e irraa qabaatan qabeenya dhaalaa sana irratti akka raawwatamu gochuu hin danda'an. Gama biraan, fakkeenyaaaf, dhaaltota sadarkaa wal-fakkataarra jiran keessaa

¹⁷ SDFHH kwt 853(2) fi 856

¹⁸ Yaadni kun Abbaa Seeraa fi Gulaalaa moojulii kanaa ogeessa ta'aniin kan dhiyaatee dha

tokko dhaalchisaa dursee kan du'e yoo ta'ee fi ilmaan kan hin qabne taanaan, namni qabeenyicha fudhatu osoo hin jiraatiin akka dhaalamu taasisuu ta'a.

Qabxiin biraasitti ka'uu qabu kan biraabakka bu'ummaan qabiyyee lafa baadiyyaa dhaaluun kan danda'amu ta'uu fi dhabuu kaasnee ilaaluun barbaachisaa dha. Labsiin Bulchiinsaa fi Itti-fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa¹⁹ akka tumutti, abbaan qabiyyee lafa baadiyyaa mirga itti-fayyadama lafa isaarraa qabu miseensa maatii isaatiif akkaataa seera dhaalaatiin mirga dhaalchisuu qaba.²⁰ Bu'uura tumaa yaada kanaatiin ijoolleen abbaa qabiyeerraa dhalatanii, fi namootni biroon galii hin qabnee fi dhaabbataan abbaa qabiyyee wajjiin jiraatan kamiyyuu qabiyyee lafa baadiyyaa dhaalu ni danda'u jechuu dha.²¹ Hata'u malee, labsichi tumaa seerichaa ittaanu keessatti dhaaltotni galii qabiyyee lafa sanarrraa madduun jiraatan ykn dhaaltotni galii ittiin jiraatan hin qabne mirga dursa qabiyyee dhaalchisaa dhaalu akka qaban tumee jira. Labsichi 'mirga durasaa' kan jedhu maal jechuu akka ta'e hiikoo kan itti kenne ta'uu baatus ibsa tumaa labsichaa fi dambii labsicha irratti hundaa'ee baheen, namni galii qabiyyee lafa sanarrraa argamuun bulan ykn ijoolleen dhaalchisaa ykn ijoolleen ijoolleen dhaalchisaa galii biraahin qabne dhaalaan qabiyyee lafa baadiyyaa dursa argachuu danda'u.

Namootni maqaan isaanii eeraman kanneen mirga dursa dhaalchisaa dhaalu qabu yoo jennu, ijoolleen dhaalchisaa galii mataa isaanii qaban gonkumaa qabiyyee lafa baadiyyaa abbaa isaanii dhaalaan hin argatan jechuu miti. Bu'uura Dambii 151/2005 kwt 10(10)tti namootni mirga dursaa qaban qabiyyee jiru keessaa namni tokko lafa midhaanii heektaara tokko, lafa jallisi heektaara 0.25 fi qabeenya dhaabbataa heektaara 0.25 kan hin caalle erga kennameefii booda qabiyyee hafe ammoo ijoollota dhaalchisaa mirga dursaa hin qabne wajjiin kan qooddatan ta'u. Hata'u malee, ijoolleen ijoolleen abbaa qabiyyee wajjiin kan hin jirre yoo ta'ee fi abbaan/haati isaanii kan dhaalchisaarraa dhalatan du'aniiru yoo ta'e abbaa/haadha isaanii bakka bu'anii qabiyyee akaakayyuu isaanii dhaalu hin danda'an. Hima biraan kaa'uuf, abbaan qabiyyee lafa baadiyyaa tokko ijoolleen ykn namoota biroo galii hin qabnee fi dhaabbiin isaa wajjiin jiraatu hin qabu yoo ta'e, dhaaltuu qabiyyee isaa dhaalu hin qabu jechuu dha. Qabiyyee sanarra biqiltuun dhaabbataa akka bunaa fi jimaa kan jiru yoo ta'ee fi dhaalchisaan namoota

¹⁹ Labsiin Bulchiinsaa fi Itti-fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa, labsii lak 130/1999

²⁰ Miil jalee olii, kwt 9(1)

²¹ Miil jalee olii, kwt 2(16)

miseensa maatii jedhamnii olitti eeraman hin qabu taanaan, qabiyyeen biqilaa dhaabbataa ofirraa qabu bu'uura seera dhaalmaatiin dhaaltota isaatti kan darbu ta'a jechuu dha.²²

Dhimma 3^{ffa}

Himataan Mana Murtii Aanaa Heexosaatti himata dhiyeeffateen himatamaan lafa akkoo isaa kan abbaan isaa osoo hin dhaaliin du'e qabatee waan jiruuf, abbaan isaa osoo lubbuun jiraatee dhaaluu kan malu akka qooduuf gaafateera. Haaluma kanaan, Manni Murtichaa himataan abbaa isaa bakka bu'ee akkoo isaa dhaaluu ni danda'a jechuun lafti tushaa 2.25 dhaalaan akka kennamuuf murteesseera.²³ Manni Murtii Olaanaa Godina Arsiis murtii kana mirkanesseera.²⁴ Murtii kenname kan komachuun, himatamaan ol'iyyannoo MMWOTTI gaafate. Haaluma kanaan, d/kennaan bu'uura seera bulchiinsaa fi itti-fayyadama lafa baadiyyaatti miseensa maatii akkoo isaatii waan hin taaneef qabiyyee lafa baadiyyaa akkoo isaatii abbaa isaa bakka bu'ee dhaaluu hin danda'u jechuun murtii kennuun, murtiwwan Manneen Murtii jalaa kennan diigeera.²⁵

1.6. Gosoota Dhaalaa (Kinds of Succession)

Qabeenyi dhaalaa haala lamaan gara dhaaltotaatti darba (dhaalama): mala dhaala dhaam-maleessaa (intestate succession) fi dhaala dhaamoo (testate succession) jedhamu. Warri Roomaa dursa gosti dhaala dhaam-maleessaa akkamitti akka hogganamu irratti seera erga tumanii booda, gosa dhaala dhaamootiif ammoo seera tumuun lafa qabsiisanii addunyaan akka beekuu fi akka itti fayyadamuuf gumaachaniiru.²⁶ Haaluma kanaan, armaan gaditti akaakuwwan dhaalaa kanneen attamitti bu'uura seera keenyaatiin hojiirra oolan ilaaluu yaalla.

1.6.1. Dhaala Dhaam-Maleessaa (Intestate Successions)

Dhaalchisaan haala qabeenyi dhaalaa isaa itti dhaalamu ilaalcissee dhaamoo kan hin dhaamne yoo ta'e ykndhaamoon dhaamame bu'uura tumaa seeraatiin fudhatama kan dhabe taanaan, qabeenyi dhaalaa isaa bu'uura seera dhaala dhaam-maleessaatiin dhaalama. Namni yeroo

²² Dambii lak 151/2005 kwt 10(6)

²³ MMA Loodee Heexosaa galmeek lakkofsa 10357 ta'e irratti himataa Tolaa Xiguu fi himatamaa Haayiluu Gabree, gidduutti murtii kenname ilaallata.

²⁴ MMOL Godina Arsii galmeek lakkofsa 97363 ta'e irratti iyyataa Haayiluu Gabree fi waamamaa Tolaa Xiguu gidduutti murtii kenname ilaallata

²⁵ DhIMMWO galmeek lakkofsa 97363 ta'e irratti iyyataa Haayiluu Gabree fi waamamaa Tolaa Xiguu, gidiutti murtii kenname ilaallata.

²⁶ George A. Pelletier Jr. & Michael R. Sonnenreich, A Comparative Analysis of Civil Law Succession, 11 Vill. L. Rev. 323 (1966) fuula 323 (Available at: <https://digitalcommons.law.villanova.edu/vlr/vol11/iss2/3>)

lubbuun jirutti namootni isarrea dhalatanii fi inni irraa dhalatu akka irraa jala walitti-siqeenya qabanitti namoota isa dhaalan akka ta'anitti amana.

Seerri hariiroo hawaasaa keenya tumaalee garagaraa dhaalli dhaam-maleessa itti gaggeeffamu kwt 842 hanga 856tti jiran jalatti tumamanii jiru; bu'uura tumaalee seera kanaatti namootni dhaalchisaa tokko dhaaluu danda'an sadarkaa afuritti tartiibeffamaniiru. Isaanis, dhaaltota sadarkaa tokkoffaa, dhaaltota sadarkaa lammaffaa, dhaaltota sadarkaa sadaffaa fi dhaaltota sadarkaa arfaffaa jedhamu. Dhaaltota sadarkaa tokkoffaa kaasanii hanga sadakaa arfaffaatti jiran tartiiba duraa-duuba maqeessa isaaniitti dhaalchisaa dhaaluuf namoota dhiyaachuu danda'anii dha.

A. Dhaaltota Sadarkaa Tokkoffaa

Bu'uura SHH kwt 842tti, ijoolleen/ilmaan dhaalchisaa dhaaltota firoota biroo dura qabeenya dhaalaa dhaalchisaa dhaaltota dhaalanii dha. Dhaalchisaan ijoolleee kan qabu taanaan isaan dhaaluu hin barbaadan yoo ta'e malee abbaa/haati yookaa akaakayyootni isaa mirga isa dhaaluu hin qaban jechuu dha. Mirga dhaaluu hin qaban yoo jennu, dhaalchisaan qabeenya hedduu kan qabu yoo ta'eellee, ijoollotni isaa qabeenya dhaalaa sana hunda fudhatu malee gamisa/muraasa isaa abbaa/haati yknakaakayyotni isaa mirga nuuf qoodi itti jedhan hin qabaatan; ijoolluma dhaalchisaa qofatu daguugee qabeenya dhaalaa jiru fudhata jechuu dha.

B. Dhaaltota Sadarkaa Lammaffaa

Dhaalchisaan ijoolleee kan hin godhanne yoo ta'e yknijoolleen isaa hundi osoo ijoolleee hin godhatiin kan du'an yoo ta'e yknijoolleen isaa fi ijoolleen ijoolleee isatii (akaakayyootni isaa) asii gadi lakka'aaman sadarkaa kamirrayyuu ha jiraatanii kan du'an taanaan, mirga dhaalchisaa dhaaluu kan gonfatan abbaa fi haadha dhaalchisaa dha. Abbaa fi haati dhaalchisaa qoddii qabeenya dhaalaa ilmaan isaanii irratti mirga wal-qixa qabu. Abbaan walakkaa qabeenya dhaalaa sana dhaala; haatis walakkaa qabeenya dhaalaa sana dhaalti. Abbaan yknhaati yknlamaan isaanii dhaalchisaa dursanii kan du'an yoo ta'e, ijoollotni isaan irraa dhalatanii fi dhaaltuu isaanii ta'an bakka isaanii bu'uun qabeenya dhaalchisaa dhaalu. Hima biraan, abbaan yknhaati dhaaltota kanaa (akaakaa fi akkoon dhaalchisaa) bakka abbaa fi haadha dhaalchisaa bu'anii dhaalchisaa dhaaluu hin danda'an akkasumas ijoollotni abbaa fi haadha dhaalchisaa gahumsa isaan dhaaluu hin qabne bakka isaanii bu'anii dhaalchisaa dhaaluuf gahumsa hin argatan jechuu dha.

C. Dhaaltota Sadarkaa Sadaffaa

Ijoollee, abbaa fi haati dhaalchisaa yknnamootni dhaaltota kanneen irraa dhalatan hin jiran taanaan, sadarkaa sadaffaatti dhaaltuu qabeenyaa dhaalaa ta'anii kan dhiyaatan akaakawwanii fi akkowwan dhaalchisaa dha. Akaakaa fi akkoo gama toora haadha isaatiin jiranii, fi akaakaa fi akkoo gama toora abbaa isaatiin jirantu dhaaltota qabeenyaa dhaalchisaa ta'u jechuu dha. Akaakaa fi akkoon dhaalchisaa gama haadha isaatiin jiran walakkaa qabeenyaa dhaalaa sana dhaalu; akaakaa fi akkoon dhaalchisaa gama abbaa isaatiin jiranis walakkaa qabeenyaa dhaalaa sana dhaalu jechuu dha. Warri abbaa isatii yknwarri haadha isatii bakka hin jirretti warri abbaa yknwarri haadha isaatiin lubbuun jiran ykndhaaltuu asii gadi lakkaa'aman guutummaa qabeenyaa dhaalaa sana fudhatu.

D. Dhaaltota Sadarkaa Arfaffaa

Seerri hariiroo hawaasaa kwt 847 irratti akka tumutti dhaaltotni sadarkaa tokkoffaa, sadarkaa lammaaffaa fi sadarkaa sadaffaa bakka hin jirretti, akaakilootni (great-grand-parents) dhaalchisaa qabeenyaa dhaalaa isaa namoota dhaalan ta'u. Walakkaan qabeenyaa dhaalaa akaakiloota gama haadhaatiin jiiraniif kennama; walakkaan hafe ammoo akaakiloota gama abbaatiin jiraniif kennama. Akaakilootni gama haadhaatiin jiran afur akkasumas akaakilootni gama abbaatiin jiran afur waan ta'aniif, tokkoo tokkoon isaanii tokko-saddeetaffaa qabeenyaa dhaalaa qooddatu; isaan lubbuun hin jiran taanaan ammoo dhaaltotni isaanii gahee dhaaltuu sana gahuu malu bu'uura baay'inaa fi sadarkaa dhaaltummaa isaanitiin qabeenyaa dhaalaa sana qixxeetti hirmaatu.

E. Seera *Paterna Paternis Maternal Maternis*

SHH kwt 849 qajeeltoo *paterna paternis maternal maternis* jedhamu biyya keenya keessatti hojiirra akka oolu taasiseera. Bu'uura qajeeltoo kanaatti, dhaalchisaan qabeenyaa hin sochoone (immovable property) dhaalaan yknkennaan warra abbaa isaarrraa yknwarra haadha isarrraa kan argate taanaan, qabeenyaa dhaalaa sana warri gama abbaa isatii ykngama haadha isatii dhaaluu hin danda'an. Qabeenyaa hin sochoone gama maati warra abbaa dhaalchisaa irraa dhaalaan yknkennaan kan argame taanaan, gama warra abbaa isaa kanaan dhaaltun isa dhaaluu danda'u kan hin jirre yoo ta'e malee dhaaltotni gama waraa haadha isaatiin jiran qabeenyaa hin sochoone kana dhaaluu hin danda'an jechuu dha.²⁷ Qabeenyi hin sochoone kan akka lafaa, manaa, hundee bunaa fi jimaa ta'an maallaqaan kan tilmaamaan qofa osoo hin taane eenyummaa fi hidhata

²⁷SHH kwt 849-851

maatii tokkoo ibsa jedhamee fudhatama ture; ammas yoo ta'e bakka baay'eetti warra soddaan dhaaalamuuun aadaa miti jedhamee amanama.

Haata'u malee, Qabeenyi hin sochoonee fi qabeenyi guddaan lafa yoo ta'u, bu'uura Heera Mootummaa biyya keenyaatiin lafti qabeenya dhuunfaa namootaa osoo hin ta'iin qabeenya waloo uummataa fi mootummaa waan ta'eef, akka bara sirna fiwudaalizimii qabiyyeen lafaa eenyummaa abbaa qabiyyee hin ibsu. Qabeenyi hin sochoone kan biroon, fakkeenyaaaf, hundeen bunaa, hundeen jimaan fi manni sirna ittiin bulmaata qabeenye lafaa wajjiin walitti hid jedhatanii kan deeman waan ta'eef, qajeeltoon *paterna paternis maternal maternis* jedhamu guutummaatti hojiirra oolaa hin jiru jechuun ni danda'ama.

F. Qabeenya Dhaalaa Mootummaatti Dabarsuu

Tumaaleen seera hariiroo hawaasaa keenya akka ibsanitti, armaan olitti akka ilaalle, dhaaltota sadarkaa tokkoffaa, sadarkaa lammaffaa, sadarkaa sadaffaa fi sadarkaa arfaffaa qofatu jira. Namni du'e tokko ilmaanii fi ilmaan ilmaan isaanii hin qabu yoo ta'e, abbaa/haadha fi ilmaanii fi ilmaan isaanii hin qabu yoo ta'e, akaakaa/akkoo fi ilmaan ilmaan isaanii hin qabu yoo ta'e ykn akaakilii fi ilmaan ilmaanii isaanii hin qabu yoo ta'e, nama dhaaltuu hin qabneedha jedhamee fudhatama. Dhaaltota kan qabu yoo ta'el ee dhaaltotni isaa nama dhaalchisaa dhaaluu hin qabne (unworthy) taanaan yknqabeenya dhaalaa sana hin dhaalu kan jedhan taanaan, namni du'e sun nama isa dhaalu hin qabu jechuu dha.²⁸ Haala kanaan, qabeenyi dhaalchisaan irraa du'e sun, qabeenya abbaa hin qabne (bona vacantia) ta'a malee, mirga nama sana dhaaluu waan hin qabaanneef qabeenyicha fudhachuu hin danda'an. Qabeenyi abbaa hin qabne, bu'uura SHH kwt 852ti qabeenya dhaalaa dhaaltuun dhaaluuf mirga qabu irratti hin argane mootummaatu fudhata; mootummaatti darba jechuu dha.

Gaaffilee Marii

1. Dhimma 1ffaar armaan olii irratti murtiwwan manneen murtii Naannoo Hararii kennanii fi Manni Murtii Waliigalaa Federaalaa kenne keessaa isa kamtu sirriidha jettu? Maaliif?
2. Mata-duree xiqaan Bakka Bu'ummaan Dhaaluu jedhu jalatti, bakka bu'ummaan dhaalchisaa dhaaluu namni danda'u eenu kan jedhu irratti yaadota lamaan dhiyaatan keessaa yaada isa kamtu sirrii dha jettu?

²⁸ SHH kwt 854 fi 855

3. Sirrummaa murtii dhamma 3ffaa olii irratti kennname akkamitti ilaaltu. Bu'uura seera bulchiinsaa fi itti-fayyadamaa lafa baadiyyaa Oromiyaatti haalli qabiyyee lafa baadiyyaa bakka bu'ummaan itti dhaalan guutummaatti hafeera jettuu? Qabiyyeen lafa baadiyyaa hanga dhaloota meeqaatti dhaalaan darbuu danda'a?
4. Namni hidhata dhiigaa dhaalchisaa wajjiin qabu dhaalchisaa dursee kan du'e yoo ta'e, gahumsa dhaaltuu ta'u hin argatu jechuun dhaaltotni isaa bakka isa bu'uun qabeenya dhaalchisaa dhaaluu hin danda'an jechuu dha? Yaadota lamaan armaan olii keessaa isa kamtu caalaatti dhama qabeessa jettu? Dhaaltotni isaa qabeenya dhaalchisaa dhaaluu ni danda'u taanaan ammoo gahumsa dhaaluu dhabeera jechuun ergaa maalii kan dabarsu isinitti fakkaata?
5. Falmii A/de Abajesh Yirsaawu fi Obbo Yirsaawu Damsisi gidduu ture irratti²⁹, A/de Abajesh iyyannoo mana murtiitti dhiyeessaniin obboleettiin isaanii Tsehaayinesh Yirsaawu kan jedhaman Magaalaas Asmaraatti du'anii waan awwaalamaniif, dhaaltuu ta'uun koo beekamee waraqaan ragaa dhaaltummaa naaf ha kennamu jedhaniiru. Waraqaa ragaa dhaaltummaa sana qabachuun Mana Murtii Godina Umaraa Naanno Tigiraayi jirutti hitamta dhiyeessuun bakka bu'aan duutuu qabeenya maqaaa isheettiin jiru akka isaanitti dabarsu gaafataniiru. Bakka bu'aan sun (Obbo Yirsaawu Damsisi) mormii dhiyeesse irratti duutuu ijoollee deessee kan qabdu waan ta'eef, osoo ijolleen duutuu jiranii obboleettiin ishee mirga dhaaluu hin qabdu jechuun falmeera. Manni Murtii Olaanaa, mormii himatamaan kaase kuffisuun himatamaan qabeenya dhaalchisaa bakka bu'ummaan bulchaa jiru himattuutti haa dabarsu jechuun murtii kenneera. Dhaddachi Ijibbaataa Naanno Tigiraay gama isatiin dhaalchistuu ijoollee kan qabdu ta'uu fi isaanis lubbuun kan jiran ta'uun haala qabatama jiru irraa kan tilmaamamu yoo ta'eliee akkasumas bu'uura SHH kwt 843ttis osoo ijolleen jiranii obboleettiin dhaalchistuu bakka abbaa isaanii bu'uun dhaaluu kan hin dandeenye yoo ta'es, alagaan/ormi bulchiinsa qabeenya dhaalchistuu irratti sababa duraan bakka bu'ummaa fudhateef qabeenya sana haa fudhatu jechuun seerummaas ta'e haqummaa hin qabaatu jechuun murtii kenneera.

²⁹DhIMMF galmeekakkoofsa 13634 ta'e irratti Iyyattuu Abajesh Yirsaawu vs. Obbo Yirsaawu Damsisi gidduutti murtii kenne ilaallata, Hidha Murtiwwan Mana Murtii Waliigala Federaalaa Dhaaddacha Ijibbaataa, (Jildii. 1, lak. 2, bara 1998, fuula fuula 78-86)

Manni Murtii Waliigalaa garuu himattuun himannaa dhiyeessan keessattis haata'u falmii gaggeessan keessatti dhaalchistuun ijoollee hin qabdu jedhanii hin haalle akkasumas ijoolleen dhaalchistuu du'aniiru ykneessa-buuteen isaanii dhabameera jechuun murtii mana murtiin akka murtaa'u osoo hin taasisin dhaaltuudha jechuun qabeenya dhaalchistuu akka dhaaltu gochuun seeraa ala jechuun murtii mana murtii gadii diigeera. Manni murtii waliigala federaalaa dhaaddachi ijibbaataa adeemsa murtii kennuu keessatti d/kennaan ijoollee/dhaaltota gadee dhaalchisaa waan hin taaneef, iyyatuu wajjiin mirga wal-qixa ta'e hin qabaatan; bakka ijoolleen dhaalchiftuu hin dhiyaatanii hin falminetti dhaaluu hin dandeessu jechuun murtiin kennamee fi waraqaan ragaa dhaaltummaa mana Murtii Waliigalaa Dhaddacha Idileen kennamae fudhatama hin qabaatu jechuun ejanno isaa ibseera. Itti dabaluun, ijoollotni dhaalchistuu osoo falmicha keessatti hin hirmaatiin iyyattuun dhaaltuu ta'uu hin dandeessu jechuun murtii kennamae kaayyoo tumaa SHH kwt 843ttis fudhatama kan qabu miti jechuun baay'ina qabeenya ilaalchisee bitaa-mirgi irratti waldhaban irratti murtii akka kennutti gara Mana Murtii Waliigalaa Dhaaddacha Idilee Naannoo Tigiraayitti gadi deebiseera.

- a. Dhimma armaan olii irratti murtiawan mana murtii sadarkaan jiraniin kennaman irra deebi'aa ilaala. Murtii mana murtii waliigalaa moo murtii mana murtii waliigalaa dhaaddachaalee ijibbaataatu sirriidha jettu?
- b. Osso dhaalchistuun ijoollee qabaachuun isaa amanamaa jiru dhaaltuun dhaaltota sadarkaa lammaffaa bakka bu'ummaan dhaaltu qabeenya dhaalaa sana akka fudhatu gochuun ijaa tumaalee seera keenyaatti akkamitti ilaaltu?

1.6.2. Dhaala Dhaamoo (Testate Succession)

Seera dhaalaa keessatti gosti dhaalaa aguuggii seeraa bal'aa argate gosa dhaala dhaamoo dha. Dhaamoon ibsa dhaalchisaan barreeffamaan yknafaaniin yeroo du'u eenyu qabeenya isaa akka dhaalu (fudhatu) ittiin ibsuu dha.³⁰ Dhaamoon ibsa diqama gam-tokkeen keessatti ibsamu yoo ta'u ibsi/waadaan sun guutuu fi raawwatiinsa kan qabu ta'uuf, hayyamni nama qabeenyi sun dhaamamuuf dhaamoo sana keessatti ibsamuun hin barbaachisu yknyeroo dhaamoon sun dhaamamu hayyama isaa kennuun irraa hin eegamu.³¹ Dhaamoon foormii seerri ifatti adda

³⁰ Seera maatii mootummaa federaalaa kwt 133 fi 222

³¹ SHH kwt 879

baasee kaa'e qofaan ibsamuu kan qabu ta'uun isaa, dhaamoo waliigalteewwan irraa dhimmoota gurguddoo adda ta'uu isaanii ibsuu dha.

A. Dhaamoon Dhuunfaan Kan Dhaamamu Ta'uu

Dhaamoon abbaa qabeenyaa dhaamoon sun irratti raawwatu qofaan dhaamama; namni biraan abbaa qabeenyaa bakka bu'ee qabeenya nama sanaa irratti dhaamoo dhaamuu hin danda'u. Gaheen hojii kun hojii dhuunfaa nama dhaamoo dhaamuuti; abbaan qabeenyaa gahee hojii kana nama biraatti dabarsuu hin danda'u jechuu dha. Namni qabeenya dhaalchisaa bakka bu'ummaa waliigalaa yknbakka bu'ummaa addaa fudhatee bulchu, bakka nama sanaa bu'ee qabeenya isaarratti dhaamoo dhaamuu hin danda'u.³²

Abbaan qabeenyaa nama bakka isaa bu'ee qabeenya isaarratti dhaamoo dhaamu waliigaltee bakka bu'ummaan bakka kan buuse yoo ta'ellee dhaamoo fudhatama qabu namni sun dhaamuu hin danda'u. Bulchaan qabeenya daa'imaa (tutor), daa'ima sana bakka bu'ee qabeenya daa'ima sanaa irratti dhaamoo dhaamuu akka hin dandeenye seerri maatii dhorkee jira.³³ Bakka bu'ummaan dhaamoo dhaamuu qofa osoo hin ta'iin, namni biraan bakka nama sanaa buhee nama dhaamoon dhaamamuuf akkasumas haala dhaamuun nama sanaaf itti dhaamamu qabu adda baasuu irraa dhorkameera. Dhaamoon ibsa dhuunfaa dhaalchisaa tokkooti; dhaalchistootni lama yknisaa ol ta'an ibsa tokkoon dhaamoo dhaamuu hin danda'an. Namni lama yknisaa ol waliin qabeenya tokko kan qaban yoo ta'ellee, gahee isaan qabeenya sana keessaa qaban irratti dhuunfaan dhaamoo dhaamuu danda'u malee abbootiin qabeenya sunniin waliin ta'anii dhaamoo tokkoon qabeenya sana dabarsuu hin danda'an.³⁴ Bu'uura tumaa seeraa kanaan, abbaanmanaa fi haatimanaa qabeenya waliinii isaanii dhaamoon ijoolee isaaniitiif dabarsuu hin danda'anlamaan isaaniyyuu dhuunfaa dhuunfaan qabeenya waliinii sana keessaa gahee qaban irratti dhaamoo dhaamuu qofa danda'u jechuu dha.

B. Gahumsa Nama Dhaamoo Dhaamuu (Capacity of the Testator)

Namni tokko dhaamoo fudhatama qabu dhaamuuf, gahumsa seerri gaafatu guuttachuu qaba. Gahumsa seerri gama kanaan gaafatu sadan jechuunis umurii seerri namni tokko gahoomeera itti jedhu guutuu, maraatuu seeraa (*notorious insane*) ta'uu dhabuu fi maraatuu seeraa ta'eera

³² SHH kwt 857

³³ Seera maatii mootummaa federaalaa, kwt 295(1)

³⁴ SHH kwt 858

jedhamuun murtiin irratti kan kennname ta'uu (*judicially interdicted*) dhabuu dha.³⁵ Gochawwan namni umuriin isaa waggaa 18 osoo hin guutiin raawwachuu akka danda'u seerri aangesse keessaa tokko dhaamoo dhaamuu dha; seerra maatii akka tumutti namni waggaa 16 guute kamiyyuu dhaamoo dhaamuu ni danda'a. Osoo namni sun waggaa 16 hin guutuun dhaamoo inni dhaame, namni sun erga waggaa 16 guutee booda dhaamoo sana kan hin haqne yoo te'elée, fudhatamummaa hin qabaatu.³⁶

Namni sababa dhukkuba sammuu dhukkubsatuuf jecha wallaansaaf jecha ykneegumsaaf jecha mana wal'aansaa (hospital) ykndhaabbilee fayyaa fi kkf keessatti yaalamaa fi to'atamaa jiru akkasumas namni sababa dhukkuba sammuu namni sun qabuun maatii fi hawaasni naannoo namni sun akka olii-gadi (asii-achi) hin deemne to'atamu rakkoo dhukkuba sammuu hammaataa qaba jedhamee beekama.³⁷ Dhaamoo namni maraatuu seeraa ta'e dhaame, sababa namni sun dhukkuba sammuu qabu qofaaf fudhatama hin dhabu.³⁸ Bu'uura SHH kwt 343tti bakka bu'aan isaa ykndhaaltotni isaa dhaamoo namni sun haala sana keessa osoo jiru dhaame akka diigamuuf mana murtiitti iyyata dhiyeessuu ni danda'u; dhaamoo namni maraataa seeraa ta'e dhaame rakkoo dhukkuba sammuu keessa osoo jiruu dhaamoon sun kan dhaamame ta'uu kan mul'isu taanaan manni murtii dhaamoo sana guutummaatti haquu danda'a jechuu dha.

1.7. Dhaamoo Ifaa (Public Will)

Dhaamoon ifaa dhaamoo dhaalchisaan ofii isaatii waan dhaamamu (qabiyyee dhaamoo sanaa) barreessuun ykn waan dhaamamu tokko tokkoon nama barreessutti himee akka barreffamu gochuun, bakka raga-baatotni afur jiranitti dhaamoo dhaamamu dha. Dhoomoon kun bakka dhaalchisaa fi raga-baatotni afuran sunniin jiranitti dubbifamuu, fi bakka namootni kanneen jiranitti dubbifamuusaa fi guyyaa dhaamoon sun itti dhaamame dhaamoo sana keessatti haammachuu qaba. Namni dhaamoo sana dhaamee fi raga-baatotni battaluma dhaamoon sun barreffamee xumuramee fi dubbifameen mallattoo barreffamaa ykn mallattoo quba isaaniin dhaamicha mallatteessuu qabu jechuu dha.

Baay'ina raga-baatotaa ilaalchisee SHH kwt 881 irratti, dhaamamuun dhaamoo ifaa, namoota afuriin ragaa bahamuu akka qabu tuma. Haata'u malee, rajistiraarri mana murtii ykn ogeessi

³⁵ SHH kwt 193

³⁶ Seera Maatii Mootummaa Federaalaa Kwt 295

³⁷ SHH Kwt 341 fi 342

³⁸ SHH kwt 863

mirkaneessa fi galmeessa sanadaa keessaa tokko hojii isaanii osoo hojjechaa jiranii raga-baatota dhaamoo ifaa taanaan, ogeessi seeraa sunii fi namni biraan tokko dhaamamuu dhaamuu sanaa ragaa baanaan dhaamoon sun kan fudhatama qabu ni ta'a jechuu dha.³⁹ Baay'inni raga baatotaa barbaachisu afur ykn lama ta'us, raga-baatotni sun haal-dureewwan armaan gadii guutuu qabu:

- Tokkoo tokkoon raga-baatotaa afaan (qooqa) dhaamoon sun ittiin dhaamame dubbisanii ykn dhaggeeffatanii sirnaan namoota hubachuu danda'an ta'uun qabu. Raga-baatota keessaa, fakkeenyaaaf namni tokko, dubbisee ykn dhubbifameefii dhaamoo dhaamame hubachuu kan hin dandeenye taanaan, baay'inni raga-baatota barbaadamu hin guutne waan ta'eef dhaamoon sun raawwatiinsa hin qabaatu jechuu dha.⁴⁰
- Baay'inni namoota raga-baatuu ta'anii lama ykn afur yoo ta'es raga-baatotni sunniin dhaalchisaan dhiibbaa/sodaachisa kamirraayuu bilisa ta'uun, sammuu fayya-qabeessaan dhaamoo sana dhaamuu isaa fi qabeenyee dhaamoo sanaa adda baasuu danda'uun qabu⁴¹
- Raga-baatotni dhaalchisaan dhaamoon akka barreffamuuf jecha isaa kennaa jiru ykn isa barreessaa jiru dubbatu qofa osoo hin taane, dhaamoon waraqaa irratti barreffame yaada dhaalchisaa ta'uusaa dubbisanii ykn dubbifameefii hubachuu isaanii erga qulqulleeffatanii booda mallatteessuun mirkaneeffachuu qabu⁴²

Ulaagaaleen kanneen kallattii tokkoon hubatamanii hojiitti hiikamuurratti garaagarummaa guddaatu mul'ata. Haaluma kanaan, armaan gaditti ulaagaalee kanneenii fi haala isaanii qabatamatti hojiitti hiikaman yaalla.

A. Baay'ina Raga-Baatotaa

Baay'ina raga-baatota dhaamamuu dhaamoo ifaa irratti barbaachisaan, armaan olitti akka ilaalle, rajistiraarri mana murtii (abbaan seeraa) ykn ogeessi mirkaneessa sanadaa hojii idilee irratti

³⁹ SHH kwt 882

⁴⁰ SHH kwt 883

⁴¹ SHH kwt 1729-1730; Dhaaddachi Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa addeemsaa kenniinsa murtii keessatti gahumsaa fi barbaachisummaa raga-baatota dhaamoo ilaalcisee murtii kenne ilaala (A/de Zibaad Taayyee vs. Bitsuwaan Taayyefaa N-3, Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaaddacha Ijibbaataa, Galmee Lak 59268, Jildii 11)

⁴² SHH kwt 883

ramadamuun hojjechaa osoo jiruu raga-baatuu ta'ee dhiyaannaan, bakka nama sadii bu'ee raga-baatuu ta'uu danda'a. Dhimma kana irratti qabxiilee armaan gadii xiyyeffannoон haa ilaallu:

- Ogeeyyiin kanneen osoo hojii rajistiraarummaa ykn hojii sanada mirkaneessuu hojjechaa jiranii raga-baatuu ta'anii kan dhiyaatan ta'uu qabu. Himni kun kallattii lamaan hiikamuu mala. Hiikkoon jalqabaa fi soorgoo isaa, ogeessotni kanneen sanada dhaamoo tokko irratti hojii isaanii hojjechaa osoo jiranii raga-baatota jedhamanii maqaan akkasitti adda bahanii ibsamuu qabu kan jedhuu dha. Hiikkoon lammafaan ammoo raga-baatota jedhamnii ibsamuu yoo baatanillee dhaamoo isaan biratti dhaamame kan mirkaneessan ta'anii maqaan isaanii sanadicha irratti galmeeffamnaan akka raga-baatotaatti fudhatamuu danda'u kan jedhuu dha. haalaTumaa SHH kwt 882 keessatti gaaleen *rajistiraarri* ykn ogeessi mirkaneessa sanadaa hojii isaa hojjechaa osoo jiruu... jechuun osoo hojii sanada mirkaneessuu hojjetu raga-baatuu kan ta'e jechuu yoo ta'u, namni tokko yeroo tokkotti hojii lama waan hin hoijenneef hojii sanada sana mirkaneessuuyyuu sirnaan dhaamamuu dhaamoo sanaa ragaa bahuu hikkoo jedhu kan dabarsu fakkaata.
- Ogeeyyiin kanneen hojii rajistiraarummaa ykn hojii mirkaneessa sanadaa hojjechaa jiraachuu qofa osoo hin taane, bakka mootummaan isaan ramadee fi beekamtii qabu ta'anii hojii isaanii sana hojjechaa osoo jiranii raga-baatuu ta'anii kan dhiyaatan ta'uutu irraa eegama. Bakka mootummaan itti isaan remade yoo jennu garuu yeroo hunda waajjira keessatti hojii isaanii hojjetu jechuu miti; keessattuu ogeessi mirkaneessa sanadaa beekamtii/ajaja waajjira fi gahumsa guutuu ogummaa isaatiin mana nama dhaamoo dhaamuu ykn dhaabbilee biroo deemuun dhaamoo dhaamamu mirkaneessuu danda'a⁴³; bakka sanatti yeroo sana hojii idilee isaatii hojjechaa jira jechuu dha
- Keewwata/buufata olii keessatti hiikkoon tokkoffaa irratti kennname ogeenyiin kanneen raga-baatuu ta'anii dhaamoo dhaamamu sana dhaggeeffatanii caalaatti dhama-qabeessa yoo ta'e, ogeessotni kanneen hojii isaanii idilee hojjechaa osoo jiranii akka raga-baatuu tokkootti dhiyaatanii mallatteessuu qabu. Haala sanaan, ogeessi sun mirkaneessaa sanada dhaamoo isaaf dhiyaate osoo hin taane, dhaamamu dhaamoo keessatti raga-baatuu ta'ee kan dhiyaate ta'uu qaba jechuu dha. Raga-baatuu ta'uu fi mirkaneessaa sanadaa ta'uu gidduu garagarummaa guddaatu jira. Ogeessi sanada mirkanaa'uuf jechu irratti namootni mallatteessuuf jedhan ykn dursanii mallatteessan hayyama, gahumsa (capacity), mirgaa fi

⁴³ Labsii Mirkaneessaa fi Galmeessa Sanadootaa Mootummaa Federaalaa, lak 922/2008, kwt 19(1)

aangoo qabaachuu isaanii qulqulleessa⁴⁴; namoota mallatteessan keessaa tokko raga-baatota waan ta'aniif ogeessi qaama gahumsa raga-baatuu qulqulleessu malee ofii isaatii raga-baatuu miti. Haata'u malee, Dhaddachi Ijibbaataa falmii armaan gaditti dhiyaate irratti, ogeessi mirkaneessa sanadaa dhaamamuu dhaamoo tokkoo mirkaneesse, raga-baatuu jedhamee maqaan isaa ibsamuu yoo baatellee akka raga-baatuutti lakkaa'amuu kan danda'uu ta'uu ibseera.

Dhimma 4^{ffaa}

Falmii Saamu'eel Faranjii fi Girmaa Tafase giddutti gaggeeffame keessatti⁴⁵, Mana Murtii Olaanaa Federaalaati qabxiin ijoo falmii ta'e tokko, dhaamoon qaama sanada mirkaneessuu fi galmeessu biratti dhaamame baay'ina raga-baatotaa afur SHH kwt 881(2) gaafatu kan guuttate miti kan jedhoo dha. Manni murtichaa ijoo falmii sanarratti murtii yoo kenuu, dhaamoon deebii kennitootaaf dhaamame qaama aangoo sanada mirkaneessuu fi galmeessu qabu biratti kan dhaamame yoo ta'eloo, raga-baatotni dhaamoo sana irratti caqasaman lama qofa yoo ta'an isaan keessaa namni tokkooyyuu ogeessa sanada mirkaneessu ykn abbaaseeraa waan hin taaneef qaama sana biratti dhaamamuun isaa qofti lakkofsa raga-baatotaa 4 irraa gara lamaatti gadi kan buusu miti jechuun dhaamoo sana kufaa taasisseera. Haata'u malee, MMWFDHI dhimmicha ol'iyyannoona ilaluun, ogeessi aangoo sanada mirkaneessuu qabu sun yeroo dhaamoon dhaamamu namni dhaamoo dhaame sun dhiibbaa kamirraayyuu bilisa ta'ee dhaamuusaa caqasuun sirna dhaamsaa fi mirkanaassa dhaamoo kan gaggesse waan ta'eef, ogeessi sun raga-baatuu miti jechuun hin danda'amu jechuun murteesseera. Itti-fufuunis, *ogeessi sanada dhaamoo tokko mirkaneesse raga-baatuudha jedhamee maqaan isaa eeramuu yoo baatellee bu'uura SHH kwt 882tti raga-baatuudha jechuun dhaamoo falmiin irratti ka'e sana baay'ina raga-baatotaa seericha gaafatu kan guuteedha jechuun murteesse.*⁴⁶

Bu'uura murtiawan olitti kennaman kanaatiin, ogeessi sanada dhaamoo mirkaneesse tokko sirnaan dhaamamuu dhaamoo sanaa kan argee fi hubate waan ta'eef sanada sana irratti akka raga-baatutti lakkaa'amuu danda'a. Dhaamoon qaama aangoo qabu biratti dhaamamuun raga-

⁴⁴ Labsii Mirkaneessaa fi Galmeessa Sanadootaa Mootummaa Federaala, lak 922/2008, kwt 8(6), 16(3) fi 17

⁴⁵ DhIMMWF galmee lak 37562 ta'e irratti Iyyataa Saamu'eel Faraji fi Girmaa Tafase, giddutti kenne ilaallata (Jildii 8 fffaa)

⁴⁶ DhIMMWF galmee lakkofsa 10981 ta'e irratti Iyyattuu Wayinisheet Maammoo fi W/Mikaa'el Tasammaa, giddutti murtii kenne ilaallata. (hidhaa murtiawan MMWFDHI jiildii 1, lak 2, 1998)

baatuu tokko qofaan ragaa bahame, bu'uura murtii dirqisiisaa olii kanaa fi tumaa SHH kwt 882tti, baay'ina raga-baatuu seerichi gaafatu guuteera waan ta'eef raawwatiinsa ni argata jechuu dha. Haata'u malee, labsiin mirkaneessaa fi galmeessa sanadootaa Federaalaa lak 922/2008 kwt 17(1c) irratti dhaamoon ifaa qaama sanada mirkaneessuu fi galmeessu biratti dhaamamu raga-baatota lamaan mallattaa'u qaba jechuun tumee jira. Raga-baatotni lamaan kanneen ifatti namoota raga-baatota ta'anii dhiyaatan malee isaan keessaa tokko ogeessa hojii sanada mirkaneessu ta'ee hojiisaa hojjechaa osoo jiruu ragaa kan ta'e akka hin taane tumaalee labsii sana irraa hubachuun ni danda'ama. Haala ibsa kanaan, tumaa seera SHH kwt 882 labsii lak 922/2008 kwt 17(1c) fooyya'eera jechuun ni danda'ama. Kanaafuu yeroo si'annaa kanatti sanada qaama aangoo qabu biratti mirkanaa'u yoo ta'ellee baay'inni raga-baatotaa barbaachisan, ogeessa sanadicha mirkaneesuu ala nama lama ta'uutu eegama jechuu dha.

Tumaan SHH kwt 882 fooyya'ee jira taanaan, ogeessi sanada mirkaneessu sanada dhaamoo mirkaneesse irratti raga-baatuudha jedhamuun hiikkoon falmii Wayinisheet Maammoo fi W/Mikaa'el Tasammaa gidduutti gaggeeffame irratti murtii MMWFDhI murteesse irratti ibsame gamisaan fooyya'ee jira jechuun ni danda'ama. Hata'u malee, hiikkoon seeraa MMWFDhIin kenne manneen murtii naannoo fi federaalaa irratti aangoo dirqisiisummaa akka qabaatuu fi hiikkoon kenne sunis hiikkoo biroo Dhaaddacha sanaan kennamuun fooyya'uu akka qabu labsiin hundeffama MMWF ni ibsa.⁴⁷ Olitti akka ilaalle, tumaan labsii 922/2008 kwt 17(1C) alkallattiin murtiawan MMWFDhI dhimma 3ffaa oliirratti kenne fooyyesseera jechuun ni danda'a. Hiikkoon seeraa mana murtii sanaan kenne manuma murtii sanaan fooyya'uu osoo qabu labsii biraan fooyya'uu kan danda'u ta'uun qabxii mariin gabbachuu qabuu dha.

B. Dubbisuu fi Dubbifamuu Dhaamoo Caqasuu

Olitti akka ilaalle, dhaamoon ifaa, barreffamee dhaamama; tokkoo tokkoon waan dhaamamu, sirnaan barreffamaan ibsama. Qabiyyeen dhaamoo barreffamaan ibsame tokko, akka SHH kwt 881(2) tumutti, bakka dhaalchisaa fi raga-baatotni jiranitti dubbifamuun osoo qilleensa gidduu hin baasiin namoota kanneeniin malatteeffamuutu irraa eegama. Haala tumaa seera kanaatti, keessumaa bara-duriitti, yeroo dhaamoon itti barreffamuu fi dhaamoon sun itti mallatteeffamu yeroo hunda tokko ta'uu dhabuu ni danda'a; bakka raga-baatotni hin jirretti erga barreffamee booda raga-baatota waamanii akka mallatteessan carraan itti taasisan jira. Dhaalchisaan ofii

⁴⁷ Labsii Manneen Murtii Federaalaa hundeessuuf bahe, labsii lakk. 25/96 akka labsii lakk. 454/97tiin fooyya'e kwt 10(4)

isaatii kan barreesse yoo ta'e raga-baatoni qabiyyee barreffama sanaa osoo hin dubbifamaniif sirnaan waan hubatan hin qaban. Dhaalchisaan afaniin waan dhaamaa jiru namni biraan gara barreffamaatti kan jijiire yoo ta'e, dhaalchisaa fi raga-baatotni qabxiilee barreffaman hunda hubataniiru jechuun rakkisaa dha.

SHH kwt 881(2) akka tumutti, dhaamoon barreffamaan erga ibsamee booda, qabiyyeen isaa dhaalchisaa fi raga-baatotaa dubbifamuun gahaa miti; dhaamoon sun bakka mallatteessitootni kanneen jiranitti kan dubbifame ta'uun isaa dhaamicha keessatti ibsamuu/caqasamuu qaba. Hima biraan ibsuuf, dhaamoo sana keessatti '*Qabiyyeen dhaamoo kanaa bakka mallatteessitootni jiranitti dubbifameera*' jedhamee barreffamuu qaba jechuu dha. Qabiyyeen dhaamoo kanaa 'bakka dhaalchisaa fi raga-baatotni jiranitti dubbifameera' jedhamee dhaamoo sana keessatti ibsamuu, dhaalchisaa fi raga-baatotni qabiyyee sanada sanaa guutummaatti maal akka jedhu adda baafachuu isaanii mirkaneeffachuu isaanii kan ibsu qofa osoo hin taane, qabiyyee isaa sirriitti adda kan baafatan ta'uu isaanii namoota bakka sana hin jirrefis mirkaneessuu ibsuu isaaniiti.

Ulaagaaleen mata-duree xiqqaan kana jalatti ibsaman lamaan, qabatamatti haala tumaa seeraa kanaan hojjirra oolchuu irratti qaawwii garaagaraa ni mul'ata. Armaan gaditti, murtiilee dhimma kanaa wajjiin wal-qabatanii kennamanilaaluu yaalla'

Dhimma 5^{ffaa}

Falmii A/dee Loomii Hordofaa fi Tasfaayee Kabbadee gidduu ture irratti⁴⁸ dhimmi ijoo falmii ta'e tokko, *bakka dhaalchisaa fi raga-baatotni jiranitti dhaamoon dhaamame dubbifamuu dhaamoon sun waan hin ibsineef raawwatiinsa qabaachuu hin qabu kan jedhuu dha*. Dhaamoo ifaa Obbo Kabbadaa Daadhii bakka raga-baatotni afur jiranitti dhaaman keessatti ibsi/barreffamni dubbifamuu isaa ibsu hin jiru. Dhaamoo sana irratti maqaan raga-baatota afur erga barreffamee booda, himni '*Nuyi raga-baatotni maqaan keenya olitti ibsame, dhaalchisaan sammuu nagaan dhaamoo kana dhaamuu isaanii dhageenyee kan jirru yoo ta'u dhagahuu keenya mallattoo keenyaan ni mirkaneessina*' jedhuu gaditti mallattoo isaanii mallatteessaniiru. Manni Murtii

⁴⁸ DhIMMF galmeekakkoofsa 17429 ta'e irratti Iyyattuu Loomii Hordofaa fi Waamamaa Tasfaayee Kabbadaa, gidduutti murtii kenname ilaallata. (Jildii 2ffaa)

Sadarkaa Tokkoffaa fi Manni Murtii Olaanaa Federaalaa, dubbifamuun dhaamoo sanaa ifatti hin barreeffamne jechuun dhaamoon sun raawwatiinsa hin qabaatu jechuun murteesaniiru.

DhIMMF murtii kana ol-iyyataan ilaaluun, dhaamoo sana keessatti himni '*Nuyi raga-baatotni dhaamamuu dhaamoo kanaa dhageenyeerra, argineerras*' jedhu dubbifamuun dhaamoo sanaa kan ibsu waan ta'eef, jechi dubbifameera' jedhu ibsamuu dhabuun isaa qofti sanadicha raawwatiinsa hin dhabsiisu jechuun murteesseera.

Dhaamoon qaama aangoo sanada mirkaneessuu qabu biratti yeroo dhaamamu, ogeessi hojii kana hojjetu wantoota baay'ee qulqulleeffachuuun sanada isaaf dhiyaatu mirkaneessa. Namni dhaamoo dhaamu gahumsa dhaamoo dhaamuu qabaachuusaa (umurii fi fayyummaa gahaa), qabiyyeen dhaamoo sanaa seera ykn safuu hawaasaa kan hin faallessine ta'uu, qabeenya dhaamamu irratti aangoo qabaachuu isaa fi haayyama isaatiin dhaamoo sana dhaamuu qulqulleessuun adda erga baafatee booda mirkaneessa; sanada fudhatama qabuu fi eessattuu raawwatamuu danda'u taasisa jechuu dha.⁴⁹ Gaheen ogeessa sanada dhaamoo mirkaneessu maala akka ta'e DhIMMF adeemsa kenniinsa murtii armaan gadii keessatti ibsuu yaaleera. Haaluma sanaan, ogeessi sanada dhaamoo mirkaneessu tokko, dhaalchisaan hayyama isaa guutuun dhaamoo sana dhaamuu isaa fi dhaamoon dhaamame kan isaa ta'uu qulqulleessee erga hubatee booda mallatteessuun mirkaneessa.

Dhimma 6^{ffa}

A/dee Abbabechi Bulchaa dhaamoo abbaan-manaa isaanii Obbo Baqqalaa Badhaane dhaaman akka mirkanaa'uuf Mana Murtii Sadarkaa Tokkoffaa Magaalaa Finfinneetti iyyata dhiyeeffatan.⁵⁰ Manni murtii dhaamoon sun 'dhaalchisaa fi raga-baatota arfaniif dubbifamuu isaa hin ibsu waan ta'eef', bu'uura SHH kwt 881(2) dhaamoo raawwatiinsa qabaatu miti jechuun kufaa taasisseera. Murtiin kun manneen murtii magaalichaa ol'iyyata dhagahuu fi dhaaddacha ijibbaataan fudhatama argatee cimeera.

⁴⁹ Labsii mirkaneessaa fi galmeessa sanadaa federaalaa, lak 922/2008, kwt 2(2), 7(3), 13 fi 14

⁵⁰ DhIMMF galmee lakkofsa 70057 ta'e irratti iyyattuu Abbabechi Bulchaa fi d/kennaa hin qabne irratti murtii kennname ilaallata. (Jildii 13ffa)

Iyyattuun murtii kanname irratti ol'iyyata DhIMMWF yoo gaafattu tarree komii ishee keessatti, dhaamoo gaaffiin irratti ka'e qaama aangoo sanada mirkaneessuu fi galmeessuu qabu birratti kan dhaamame waan ta'eef, dubbifamuun isaa dhaamoo sana keessatti hin ibsamne jechuun kufaa taasisuun sirrii miti; manni murtiis dhimma kana ofii isaatii kaasuun dogoggora waan ta'eef murtiin kennname kufaa akka ta'u gaafatteetti. Manni murtii tumaalee SHH kwt 881, 882 fi 857 xiinxaluun, dhaamoon dhaamame raga-baatota afuriin ragaa bahamuu, fi bakka dhaalchisaa fi raga-baatotni jiranitti dubbifamuu akka qabu SHH kwt 881 yoo tumu, *tumaan seera kanaatti aansee dhufu kwt 882 dhaamoon qaama aangoo sanada mirkaneessuu qabu biratti yoo dhaamame baay'inni raga baatotaa afuri irraa gara lamaatti gadi bu'uu akka danda'u qofa kan ibsu malee dubbifamuun dhaamoo fi dhaamoo sana keessatti ibsamuu dhabuun dubbifamuun isaa raawwatiinsa isaarratti dhiibbaa fidu hin qabu.* Ulaagaan kun kwt 882tiin irradarbamuun kan danda'u ta'uu kan hin ibsamne taanaan, tumaan kwt 881(2) akkuma ragga'etti jira jechuu dha. Kanaafuu, Manni Murtichaa akka murteesetti, dhaamoon qaama aangoo sanada mirkaneessuu qabu biratti dhaamame kun dubbifamuu dhaamoo sanaa hin ibsu waan ta'eef, ulaagaa seerri gaafatu waan hin guutneef fudhatama hin qabu jechuun murtii manneen murtii jalaa cimseera.

C. Haalamuu Qabiyyee Dhaamoo

Jiraachuun dhaamoo fi qabiyyeen isaa nama dhaamoon sun anaaf dhaamame jedhuun akka dhiyaatu ta'ee mirkaneeffama. Jiraachuu fi qabiyyeen dhaamoo ifaa, sanada dhaamoon sun irratti dhaamame ykn garagalchi dhaamoo sanaa qaama aangoo sanada mirkaneessuu fi galmeessuu qabuun ykn mana murtiin mirkanaa'ee galmaa'ee duraan taa'een mirkanaa'a.⁵¹ Garagalcha sanadichaa hin mirkanoofneen, ragaan namaa ykn tilmaama sammutiin mirkaneessuun hin danda'amu jechuu dha. Haaluma wal-fakkaatuun, mallattoon sanada dhaamoo irra jiru kan haalame taanaan, SHH kwt 896 akka tumutti, namni dhaamoo tokko irraa mirga fayyadamuun qaba jedhu, dirqama jiraachuu fi qabiyyee isaa ibsuu bahachuu akka qabu tuma. Bu'uura kanaan, namni dhaamoon isaaaf dhaamameera jedhu mallattoon sanada sana irra jiru, mallattoo dhaalchisaa ta'uusaa mirkaneessuu qaba; ragaa barbaachisaa fi rogummaa qabu dhiyeessuun gita

⁵¹ SHH kwt 897(1)

mirkaneessa barbaadamuun mirkaneessuu baannaan gaaffiin itti fayyadamummaa isaa fudhatama dhaba jechuu dha.

Dhaalchisaan yeroo sanatti lubbuun kan jiru waan hin tanee fi mallatteessuu isaa ibsuu waan hin dandeenyeef, dhaaltotni isaa haala salphaa ta'een mallattoo sanada dhiyaate irra jiru haaluu danda'u. SHH kwt 2007(2) akka tumutti, mallattoo yknbarreeffamni sanada irra jiru *kan dhaalchisaa isaanii akka ta'etti kan hin fudhanne ta'uu ibsuu qofti* sanadicha haaluuf gahaa dha. Yeroo akkasii kanatti mallattoo yknbarreeffamni sanadicha irra jiru kan eenyuu akka ta'e ogeessi qoratee akka qulqulleessu *manni murtii ajajuu danda'a*. Akka haala dhangala'iinsa tumaalee seera kanaatti, keessumaa kwt 2007 ija tumaa kwt 2005tti yoo ilaalamu, mallatoon sanada irra jiru haalamnaan manni murtii yoo barbaade akka qoratamu ajajuu ykn akka ragaatti fudhachuu dhabuu danda'a jechuu dha. Hima biraatiin, waliigaltee barreeffamaan hundeffamuu qabuu fi ijoo irratti wal-falman mirkaneessuuf ragaan barreeffamaa kan dhiyaate taanaan, mallatoon barreeffamicha irra jiru kan haalame yoo ta'e ijoo falmii ragaan namaatiin mirkaneessuun hin danda'amu jechuu dha.

Akka waraabbi afaan Ingiliitti yeroo mallatoon ykn barreeffamni sanada irra jiru haalamu, mallattichi kan himatamaa ta'uu isaa adda baasuuf manni murtii qorachiisuu akka qabu ibsa. Haala dirqisisaa fakkaatuun kaa'uun tumaa seerichaa ergaa lama kan dabarsu fakkaata. Isaanis, sanada mallatoon irra jiru haalamnaan, sanada sana akka ragaatti fudhachuuf carraa manni murtii qabu qorachiisuu qofa akka ta'e ibsa. Mallatoon sun kan himatamaa ta'uu ykn ta'uu dhabuu isaa adda baasuuf ragaan namaa kan dhiyaatu akka hin taane ibsa jechuu dha. Itti fufees, ijoon falmii himataa fi himatamaan irratti wal-dhaban, dhimma ka'umsa falmichaa ta'ee jiru barreeffamaan hundaa'uu kan qabu taanaan, ragaan namaa ykn tilmaama sammuun kan mirkanaa'u akka hin taane kallattii kan agarsiisu akka ta'etti fudhatamuun danda'a.

Gara dhaamoo ifaa dhaamamutti yoo deebinu, gosti dhaamoo kanaa marreffamuun dhaalchisaan mallattuu kan qabu yoo ta'u, mallatoon dhaalchisaan kan haalame taanaan namootni raga-baatota ta'an dhaamamuu dhaamoo sanaa ragaan yoo bahan gahaa hin ta'u jechuu dha. Manni murtii mallatoon sanada dhiyaaterra jiru kan dhaalchisaan ta'uunsa ogeessaan akka qoratamu ajaja. Ogeessi qorannoo foorensikii gaggeesse mallatoon haalame kan dhaalchisaati ykn kan dhaalchisaan miti ifatti kan jedhe taanaan murtii kennuun salphaa dha. Mallatoon sun kan dhaalchisaan ta'uu ykn kan dhaalchisaan ta'uu dhabuusaa adda baasuun hin danda'amne kan

jedhamu taanaan garuu falmii ka'utti furmaata kennuun salphaa miti. Yaada kana qabatama gochuuf, dhimma armaan gadii akka fakkeenyatti ilaaluu yaalla.

Dhimma 7^{ffaa}

Falmii Asmarat Nagaasii fi Tsigeeredaa Siyyum gidduu ture irratti⁵², iyyattuun dhaamoo isheef dhaamame mirkanaa'ee dhaaltuu ta'uun ishee akka murtaa'uuf mana murtiitti iyyata dhiyeffachuun, dhaamoo dhaamamee fi raga-baatota caqasaman dhiyeessuun dhaaltummaa ishee bakka deebii kennaan hin jirretti mirkaneeffatte. Deebii kennituun ammaa kun dhaamoon dhaamame kan hin jirree ta'uu fi mallattoon sanada dhiyaate irra jiru kan dhaalchisaa akka hin taane falmiteetti. Mallattoon qubaa sanada dhaamoo dhiyaate irra jiru akka qoratamutti, manni murtii qaama qorannoo foorensikii gaggeessutti erge. Ogeessi foorensiikii qorannoo gaggeessuun mallattoon sanada irra jirutti haalluun waan baayyateef, mallattoon sun kan dhaalchisaa ta'uu fi ta'uu dhabuu isaa adda baasuun akka hin danda'amne ibseera. Gabaasa dhiyaate kana irratti hundaa'uun, *mallattoon sanada sanarra jiru kan dhaalchisaa ta'uu dhabuun isaa kan hin mirkanoofne waan ta'eef, dhaamoon dhiyaate fudhatamummaa hin dhabu jechuun murtii duraan kenne cimseera.* Manni murtii ol'iyyata dhagahe murtii sana cimseera.

DhIMMWF murtii gaditti kenname ol'iyyataan dhagahee, *iyyattuun dirqama dhugummaa dhaamoo dhiyessite mirkaneessuu kan qabu yoo ta'ellee, mallattoon sanada dhaamoo irra jiru kan haalame ta'ee osoo jiruu fi mallattoon sanada sana irra jiru kan dhaalchisaa ta'uunsaa foorensikiitiinis ta'e ragaa namaatiin hin mirkaneessine. Kanaafuu, dhaamoon dhiyaate akka ragaatti kan fudhatamu miti jechuun, murtii manneen murtii gadii diiguun iyyattuun dhaaltuu ta'uu hin dandeessu jechuun murteesseera.*

DhIMMWF dhimma kana ol'iyyataan ilaaluun, iyyattuun dirqama jiraachuu fi qabiyyee dhaamoo sanaa mirkaneessuu kan qabdu yoo ta'u, mallattoon sanada sanarra jiru kan dhaalchisaa ta'uunsaa kan haalamee fi qorannoo foorensikiin adda kan hin baafamne taanaan, manni murtii gadii iyyattuun ragaa namaa dhiyeffattee akka mirkaneessitu carraa kennuufii qaba ture. *Mallatoon haalame mallattoo dhaalchisaa ta'uusaa*

⁵²DhIMMWF galmeek lakkofsa 54013 ta'e irratti iyyattuun Asmeret Negaasii fi Tsigereda Siyyum, gidduutti murtii kenname ilaallata.

qorannoona foorensikii qulqulleessuu kan hin dandeenye yoo ta'e, raga-baatota yeroo dhaamoon sun dhaamame ragaa ta'anii mallatteessan dhagahuun mallattoon haalame sun kan dhaalchisaa ta'uusaa qulqulleessuun murtii kennuu qabu turan jechuun murtii manneen murtii jalaa kennan diiguun, raga-baatota sana dhagahuun murtii akka kennutti mana murtii jalqaba dhimmicha dhagahetti gadi deebiseera.

Gaaffilee Marii

1. Tumaan labsii lak 922/2008 kwt 17(1C) hiikkoon tumaa seeraa SHH kwt 882 irratti MMWFDHItiin falmii Wayinisheet Maammoo fi W/Mikaa'el Tasammaa gidduutti gaggeeffame irratti kenname, fooyesseera jettanii yaaddu? Hiikkoon seeraa dhaaddacha sanaan kenname dhaaddachuma sanaan fooyya'uu akka danda'u labsii lak 454/1997 tumee waan jiruuf, tumamuun labsii olii kun hiikkoo seeraa kenname sana irratti jijjiirama fiduu ni qaba jettuu?
2. Falmii tokko keessatti iyyattuun⁵³, deebii kennitootni dhaamoo abbaan keenya hin dhaamne dhaamoo inni dhaame fakkeessanii kan mirkaneessisan akka haqamu yoo gaafattu, deebii kennitootni dhaamoon sun dhaamoo dhugumatti abbaan isaanii dhaame ta'uu ibsanii falmaniiru. *Manni murtii mallattoon sanadicha irra jiru kan abbaa isaanii ta'uu foorensikiin akka qoratamu taasisuun, qaamni qoranno sana gaggesse mallattoon sun kan abbaa isaanii ta'uu ykn ta'uu dhabuusaa adda baasuun akka hin danda'amne ibseera.* Raga-baatota dhaamoo sanarratti ibsaman waamuun jecha ragummaa isaanii akka kennan yoo taasisuun, jechi ragoota sanaa kan wal-faallessu waan ta'eef dhaamoon sun amanatummaa hin qabu jechuun haqeera. Manni murtii ol'iyyata dhagahe gama isaatiin, falmiin dhaamoo mormii kaase irratti dhiyaate mallattoon dhaamicha irra jiru kan abbaa wal-falmitootaa miti kan jedhu yoo ta'u, manni murtii ragaa namaa dhagahuun dhaamoo sana kufaa taasisuun isaa adeemsa seera falmiirraa maquun gaaffii hin gaafatamne ijoo falmii gochuusaa waan ta'eef, gaaffii wal-falmitootni hin kaafne irratti hundaa'ee dhaamoo sana diiguun mana murtii gadii sirrii miti jechuun, dhaamoon falmii kaase seera qabeessa jechuun murteesseera. DhiMMWF dhaamoon dhaamame ulaagaalee dhaamoo ifaa SHH kwt 881 diriirse hunda kan guuttate ta'uu jechi ragummaa raga-baatotaa eenu nama dhaamoo sana dubbise, raga-baatotaa fi namoota

⁵³DhIMMWF galmeek lakkofsa 59268 ta'e irratti iyyattuu A/de Zibaad Taayyee fi Waamamaa Bitsuwaan Taayyefaa N-3, gidduutti murtii kenname ilaallata. (Jildii 11ffaa)

dhaamoon sun dhaamameef keessaa eenu akka ture akkasumas eenu dhaamoo sana akka dubbise ilaachisee kan wal-faallessu ta'uu ibsaniiru. Barbaachisummaan raga-baatotaa namni dhaamoo dhaamu hayyama (fedha) isaa guutuu fi sammuu sirrii ta'een kan dhaamee ta'uu fi qabiyyeen dhaamoo sana keessatti ibsaman kan isaa ta'uu akka mirkaneessan yaadameeti. Iyyattuun dhaamoon sun ulaagaa seerri gaafatu kan hin guutne waan ta'eef akka diigamu erga gaafattee, manni murtii hanqinaalee gama seeraatiin jiran hunda sakatta'uun adda baasee murtii kennuun gahee mana murtiiti. Kanaafuu, *manni murtii aanaa amanamummaa dhabuu jecha raga-baatotaa irratti hundaa'ee dhaamoo sana haquun isaa adeemsa gaggeessa falmii kan faallesse miti jechuun*, murtii mana murtii olaanaa diigee kan mana murtii aanaa cimseera. Murtiwwan olii kana keessaa isa kamtu sirriidha jettu?

1.8. Dhaamoo Hiikuu (Interpretation of Wills)

Dhaamoon qabiyyee garaagaraa qabaachuu mala. Dhaalchisaan dhaamoo dhaamu keessatti mirga, dirqamaa fi idaa qabu hunda ykn muraasa nama tokkoo fi isaa ol dhaalchisuu, kennaa kennuu, dhaaltummaa keessaa dhaaltota isaa buqqisuu, haala qabeenyi isaa ittiin bulu ibsuu, guddiftuu ijoollee isaa adda baasuu, haala sirni awwaalcha isaa itti gaggeeffamu ibsuu, fi namni qabeenya isaa dhaalu/fudhatu amala fi eenyummaa akkamii qabaachuu akka qabu ibsuu danda'a.⁵⁴ Dhaamoon nama du'ee waadaa dha; hanga seeraa wajjiin wal hin faallessinetti haala dhaalchisaan dhaameen hojiitti hiikamuu qaba. Hiikkoo jechi dhaalchisaan kennu irratti hundaa'ee dhaamoon hiikamuun raawwata. Jechi ykn ibsi dhaalchisaan dhaamoo keessatti ibse ifa-galaa taanaan, haala ergaa jechootni sunniin dabarsaaniin qaamni dhaamoo sana raawwachiisu hojiitti jijiiruu qaba malee, dhaalchisaan kana ykn sana jechuu barbaade ykn akkas jedhe jechuun jechoota barreeffamaniitti hiikkoo kennu yaaluun hin danda'amu.⁵⁵

Jechii fi ibsi dhaamoo keessatti ibsame haala barbaadameen ifa ta'uu yoo baate, jechi ykn ibsi sun tumaalee dhaamoo sanarraa ka'uun kallattii yaadaa fi kaayyoo dhaalchisaan yeroo sana qaba jedhamee tilmaamamuu fi haalota dhaamamuu dhaamoo sanaa wajjiin kan wal-qabatu biroo irratti hundaa'uun hiikamuu qabu.⁵⁶ Fakkeenyaaaf, dhaalchisaan haadhamanaa kan hin qabne yoo ta'ee fi dubartii akka abbaa-manaa fi haadha-manaatti waliin jiraatu kan qabu yoo ta'e, dhaamoo

⁵⁴ SHH kwt 909

⁵⁵ SHH kwt 910(2)

⁵⁶ SHH kwt 910

dhaame keessatti haati-manaa isaa qabeenya isaa akka dhaaltu kan dhaame taanaan, jechi haadha-manaa jedhu sun eenyuun akka ibsu adda baasuuf hiika itti kennuun barbaachisaa dha. Dubartii namni sun waliin jiraatu haadhamanaa isaa osoo hin ta'iin durbartii akka abbaamanaa fi haadha-manaatti wajjiin jiraatu yoo ta'eliee, haadha-manaa kan biraa waan hin qabaanee fi isheedhumaan haadha-manaa jechaa kan ture waan ta'eef, dhaalchisaan qabeenya isaa isheef dhaame jedhamee hiikama jechuu dha.⁵⁷

Dhimma 8^{ffa}

Obbo Dabalaa Labuu bara 1956 haadhamanaa isaanii A/de Kibbinash Guwandulif mana Magaala Finfinnee keessaa qaban dhaamoo yoo dhaamaniif⁵⁸, *mana jireenyaa kana haga lubbuun jirtutti guutummaa ykn gamisa isaa gurgurtee itti fayyadamuu dandeessi, yoo gurgurachuu barbaadde dhaaltotni koo ykn dhaaltotni ishee yoo isheen hayyamtee laaterraan kan hafe akka hin gurguranne mormuu hin danda'an; qabeenya kana yoo barbaadde gurgurte akka ittiin of-jiraachiftu (soortu)f kannaa kanan kenne yoo ta'u, qabeenyi kun soora isheerraan kan hafe taanaan garuu dhaalaan intala koo Ariyaanaa fi ilma ishee Haayile-raagu'eelif qofa osoo hin ta'iin qabeenya dhaalaa koo hafan kan biroo wajjiin walitti dabalamuun ijoollota koo A/de Mulunash fi Kibbinas irraa dhaalatanifi akka gahee isaanitti akka qoodamu haata'u jechuun dhaamaniiru.* Dhaamoon sun bara 1969 mana murtii olaanaa fi waliigalaatti mirkanaa'uun galmaa'eera. Haata'u malee, A/de Kibbinash Guwaandul maqaa abbaa qabeenyummaa mana dhaamameef sana gara isaaniitti naanneffatanii yeroo dheeraa erga turanii booda, qaama aangoo sanada mirkaneessuu qabu biratti dhaamoon firoota isaaniif bara 1996 dabarsaniiru; firootni isaanii dhaamoon dhaamameef manicha simatanii keessa jiraachaa jiru.

Ol'iyyataan ilmi Obbo Dabalaa, qabeenya abbaan isaanii A/de Kibbinashif dhaaman aangoo dhaamoon dabarsuu osoo hin qabaatiin firoota isaaniif kan dhaaman waan ta'eef, dhaamoon sun haqamee qabeenyi sun isaanii fi dhaaltota abbaa isaaniif akka darbu gaafataniiru. D/kennitootni mormii iyyataan dhiyeesse qabxiwwan falmii hedduu

⁵⁷ Fakkeenyi kun barruu 'Mellese Damtie And Solomon Kikre, Law Of Succession, Teaching Material, 2009, fuula 69 irraa fudhatame

⁵⁸DhIMMF galmeek lakkofsa 47487 ta'e irratti iyyataa Haayileraagu'eel Dabalaa fi Waamamaa Alemtsehay Felege, gidduutti murtii kenname ilaallata. (Jildii 10ffa)

kaasanii falmaniiru. Manni murtii sadarkaa tokkoffaa Federaalaa, A/de Kibbinash qabeenya dhaalaan argatan sana aangoo dhaamoon dabarsuu osoo hin qabataatiin kan dhaaman waan ta'eef, d/kennitootni qabeenya sana gadi akka lakkisan murteesseera. Haata'u malee, manni murtii olaanaa fi waliigalaa Federaalaa, dhaalchisaan dhaamoo dhaame keessatti, A/de Kibbinash yoo gurgurachuu barbaadde dhaaltotni koo ykn dhaaltotni ishee yoo isheen hayyamtee laaterraan kan hafe akka hin gurguranne mormuu hin danda'an jechuun kan ibse waan ta'eef, qabeenya sana dhaamoon nama biraatti akka hin dabarsine hin dhorkine jechuun murtii mana murtii jalaa diiguun murteessaniiru.

Dhaddachi Ijibbaataa gama isaatiin, manni murtii ibsi dhaamoo tokkoo ifa ta'uu yoo baate qofa jechoota dhaamootti hiikkoo kennuu qaba. Barreffamni dhaamoo tokkoo ifa taanaan, yaadni dhaalchisaa inni sirii fi dhugaan kami jedhanii hikkoo jechi sun dabarsu dhiisanii hiikkoo biraa kennuu akka hin danda'amne SHH kwt 910, 911 fi 925 ni tumu. Manni murtii yaada waliigalaa dhaalchisaan dabarsu dhiisee jecha ykn gaalee dhaamoo tokko qofa irratti hundaa'ee murtii kennuu hin qabu. Haaluma kanaan, tumaaleen dhaamoo falmii kaase kanaa akka waliigalaatti yoo dubbifamu A/de Kibbinash qabeenya dhaamame sana hanga jiranitti daangaa tokko malee akka itti jiraatan kan aangessu malee faayidaa nama biraaf akka oolutti dhaamoon qabeenyicha dabarsuu akka hin qabne ni ibsa jechuun, murtiilee manni murtii olaanaa fi waliigalaa kennan diiguun murtii manni murtii sadarkaa tokkoffaa federaalaa kenne cimseera.

Qabiyyee isaa ilaachisee dhaamoon bakka lamatti qoodamuu danda'a: dhaamoo waliigalaa (*legacy by universal title*) fi dhaamoo baaqgee (*legacy by singular title*) jedhamu. Dhaamoon waliigalaa gosa dhaamoo afaaniin, dhaamoo ifaan ykn hologiraafiin dhaamamuu danda'uu dha. Dhaamoo waliigalaatiin dhaalchisaan qabeenya dhaalaa isaa adda osoo hin fo'iin/gargar osoo hin baasiin guutummaatti ykn gamisaan nama tokkoo ykn namoota baay'eef kan dhaame taanaan, namootni qabeenyi sun dhaamameef akka dhaaltota dhaala dhaam-maleenyiitti fudhatamu. Namoota dhaamoon gosa kanaa dhaamameef, osoo dhaamoon hin jiraatiin namoota isa dhaaluu danda'an ykn hin dandeenye yoo ta'anillee akka dhaaltuu isaatti fudhatamuun bu'uura seera dhaala dhaam-maleessaan dhaaltota sadarkaa tokkoffaa ta'anii lakkaa'amu. Dhaaltuun kun qabeenya dhaalaa hunda, nuusa ykn kurmaana dhaaluuf kan dhiyata malee qabeenya dhaalaa keessa qabeenyi tokko adda bahee akka fudhatan namoota taasifaman miti.

Dhaamoon baaqgee gosa dhaamoo qabeenyi maqaan ykn gosaan adda bahe tokko ykn isaa ol qofti nama tokko ykn isaa oliif itti dhaamamuu dha. Fakkeenyaaf, dhaalchisaan nama Obbo Guutaa jedhamuuf qabeenya dhaalaa isaa keessaa qarshii 2000, farda isaa, mana jireenyaa isaa Magaalaa Moojotti argamu fi kkf jedhe kan dhaameef yoo ta'e, gasti dhaamoo kanaa dhaamoo baaqgee jedhamee waamama. Dhaamoon kun dhaamoo gadaanaa qabeenyi muraasti qofti ittiin dhaamamuu fi yeroo baay'ee nama dhaaltota seeraa dhaalchisaa hin taanee fi namoota idaa dhaalchisaarraa qabaniif kaffaltii raawwachuuf jecha dhaamoo dhaamamuu dha.

Haata'u malee, dhaalchisaan dhaamoo waliigalaatiin dhaaltota isaa seeraa namoota ta'anii dhaamoo dhaametti dabalee gosa dhaamoo baaqqeetiin qabeenya tokko ykn isaa ol maqaan adda baasee dhaaltota seeraa isaa keessaa nama tokkoof dhaamuu danda'a. Fakkeenyaaf, dhaalchisaan ijjooleen isaa sadan qabeenya isaa wal-qixa akka qooddatan erga dhaamee booda, ilmi isaa inni angafaa konkolaataa manaa itti fayyadamaa ture akka dhaalu kan dhaame yoo ta'e, konkolaataan manaa ilma angafaaf dhaamame gosa dhaamoo baaqqeetiin dhamame jechuu dha.⁵⁹

Dhaamoo hiikuu keessatti dhimmi xiyyeffannoo barbaadu tokko dhaamoo waliigala fi dhaamoo baaqgee attamitti qabeenya dhaalaa tokko eenyu hafudhatu (assignment) kan jedhu adda baasuu dha. SHH kwt 913 irratti dhaalchisaan qabeenya dhaalaa isaa hunda ykn gamisa ykn qabeenya qabu keessaa tokko maqaan adda baasee eenyu akka dhaalu agarsiisuun, qooddii qabeenya dhaalaa keessatti qabeenyi maqaan ibsame tokko gahee dhaaltuu isa kamiin keessatti hammatamuu akka qabu (rule of partition) adda baasuu yaaleera. Fakkeenya olii kana keessatti akka ilaalle ilmaan dhaalchisaa sadan qabeenya dhaalaa abbaa isaanii waliin wal-qixa erga qooddatanii booda, dhaalchisaan haala kanaan ifa baasee waan dhaameef, ilmi angafaa dabalataan konkolaataa manaa fudhata jechuu dha. Dhaalchisaan ifatti adda baasee ilmi isaa inni angafaa qabeenya dhaalaa keessaa gahee isaa 1/3 erga fudhatee booda dabalataan konkolaataa manaa akka fudhatu waan dhaameef, ilmi angafaa obboloota isaa lamaan caalaa qabeenya dhaalaa kan argatu ta'a jechuu dha. Haala kanaan, dhaalchisaan ifa baasee kan hin dhaamne taanaan, dhaaltota isaa keessaa namni tokko qabeenya kana ykn qabeenya sana hafudhatu jedhee dhaamuun isaa gasti qabeenya dhaalaa sana eenyu akka fudhatu agarsiisuun qooddii qabeenya dhaalaa (rule of partition) gaggeessuu isaati malee qabeenya nama tokkoof dhaamame sana

⁵⁹SHH kwt 912

keessaa dhaaltuun biraan gahee kamiinuu qabaachuu hin qabu jechuu miti.⁶⁰ Hima biraan, dhaalchisaan qabeenya dhaalaa keessaa gosa tokko ykn hanga tokko dhaaltota isaa keessaa nama tokkoof maqaa dhagee kan kenne ta'uun, dhaaltotni hafan gonkumaa qabeenya dhaaltuu sanaaf kennname/hirmeef keessaa gahee hin qaban jechuu miti. Qabeenya dhaalaa sana keessaa qabeenya maqaan isaa waamame dhaaltuun sun akka fudhatu abbaa itti gochuu yoo ta'u, dhaaltuun sun qabeenya isaaf qoodame sana fudhachuun qabeenya dhaalaa waliigalaa keessaa kan isa gahuu malu kan hafe taanaan hanga hafe qofa dhaaltota warra kaan irraa fudhata; qabeenya isa gahuu maluu ol kan kennnameef taanaan ammoo hanga isatti darbe dhaaltota hafan biroof qabeenya dhuunfaa isaa keessaa kannaaf jechuu dha.

Dhimma^{9ffaa}

Falmii A/de Tsahaayi Yiidagoo fi A/de Tihshi Barhee gidduutti gaggeeffame irratti⁶¹ himattuun abbaan manaa ishee mana jirenyaa tokko akka ishee fi ijoollee isaa keessaa nama tokkoof dhaame ibsuun, isaan qofti dhaaltuu mana sanaa akka ta'anitti manni murtii waraqaa ragaa dhaaltummaa akka kennuf gaafatte. Dhaaltotni sadarkaa tokkoffaa dhaalchisaa dhaamoon dhiyaate akka hin mirkanoofne mormuun kufaa akka ta'u gaafataniiru. Manni murtii gadii dhaamoon sun dhaaltota dhaalchisaa arfan hafan sababa malee dhaaltummaa keessaa kan buqqise waan ta'eef, dhaamoon sun fudhatama hin qabu jechuun murteesseera.

Dhaddachi Ijibbaataa gama isaatiin dhaalchisaan ijoollee isaa keessaa isa tokko qofaaf dhaamoo kan dhaame yoo ta'e, dhaaltota hafan dhaaltummaa keessaa kan buqqisu hin ta'u. SHH kwt 913 dhaalchisaa qabeenya dhaalaa isaa keessaa haga tokko ykn qabeenya tokko dhaaltota isaa keessaa isa tokkoof dhaamuun isaa yeroo qoddii qabeenya dhaalaa qabeenyi maqaan ibsame gama eenyutti goruu akka qabu kan agarsiisu malee qofatti qabeenya isaa dhaaltuu sana qofaaf dhaamuun isaa hin agarsiisu. Haaluma kanaan, dhimma qabannee jiru keessatti dhaalchisaan qabeenya dhaalaa qabu dhaaltota isaa gidduutti bifaan adda yoo hiru, manni dhaamoo irratti caqasame qabeenya dhaalaa namoota dhaamoon dhaamame sanaaf kennamu keessatti akka kufu ibsuu isaati malee

⁶⁰ SHH kwt 913

⁶¹ DhIMMWf galmeek lakkofsa 32337 ta'e irratti iyyattuu A/dee Tsahaayi Yiidagoo fi A/dee Tihshi Barhee gidduutti murtii kennname ilaallata.

dhaaltotni dhaamoon hin dhaamamneef manicha keessaa gahee tokkollee akka hin arganne kan taasisu miti jechuun murteesseera.

1.9. Dhaaltummaa Keessaa Buqqisuu

Dhaalchisaan namoota isa dhaaluu danda'an kamiinuu dhaaltummaa keessaa buqqisuu danda'a. Dhaamoo dhaamu keessatti dhaaltota isaa kanneen isa akka hin dhaalle barbaadu maqaan ifa taasisuun, kanneen akka isa dhaala barbaadu ammoo dhaamoo dhaamuufii danda'a. Sirni dhaaltota asi-gadi lakkaa'amanii fi asi-ol lakkaa'aman dhaaltummaa keessaa itti buqqisan garaagarummaa qaba. Dhaalchisaan ilmaan ykn ilmaan ilaaman isaa dhaaltota keessaa buqqisuuf, sababa dhiyeessuutu irraa eegama. Gochaa dhaaltuun sun raawwate ykn gochaa inni raawwachuu dhabe diddiriirsee ibsuu qaba jechuu dha.

Buqqa'uun dhaaltuu tokkoo mana murtiitti ijoo falmii kan ta'e taanaan, *manni murtii sababni dhaaltuu sana dhaaltota keessaa buqqise, nama sana buqqisuuf gahaa ta'uusaa qulquelleessuun dhaamo dhaamame sana mirkaneessuu ykn diiguu danda'a*. Hata'u malee, Sababa dhaalchisaan dhaaltuu sana buqqisuuf ibse gahaa ta'uusaa madaaluurra darbee, dhaalchisaan sababoota sana akka caqasu kan isa taasise maal akka ta'ee fi haalli dhaalchisaan keessa ture ejjennoo sanarra gahuu kan isa dandeessisu ta'uusaa madaaluu hin danda'u.⁶²

Dhaalchisaan qabeenya dhaalaa isaa nama tokkoof kan dhaame yoo ta'ee fi dhaaltota asi-gadi lakkaa'aman kan hin qabne taanaan, dhaaltota isaa sadarkaa lammaffaa, sadarkaa sadaffaa fi sadarkaa arfaffaa dhaaltota keessaa buqqisuu isaa ibsa. Dhaalchisaan dhaaltota isaa asi-gadi lakkaa'aman haala ifa ta'een osoo hin buqqisiin qabeenya isaa nama tokkoo qofaaf kan dhaame yoo ta'e, dhaamoon sun mana murtii duratti kan ragga'u hin ta'u. Namni dhaamoon dhaamameef sun qabeenya dhaamameef hunda qofaa isaa kan fudhatu osoo hin taane, ofii isaa akka dhalataa dhaalchisaa fi dhaaltuu sadarkaa tokkoffaatti lakka'amuun dhaaltota biroo wajjiin dhaalaaf kan dhiyaatu ta'a.

Dhimma 10^{ffaa}

Obbo Tsigee Zagganaa dhaamoo gaafa 07/11/98 dhaamaniin *ijoolleen isaanii rakkoo cimaa jiirenyaa (lubbuu) isaaniirraan kan gahan waan ta'ee* tokkoon tokkoo isaanii qarshii shan shan (5) akka dhaalan dhaamuun, qabeenya hafe

⁶²SHH kwt 938

hunda ammoo ilmi obboleessa isaani akka dhaalu dhaamaniiru. Manni murtii sadarkaa jalqabaa fi ijibbataa M/Finfinnee, hangi qabeenya ijoollee dhaalchisaatiif dhaamamee muraasa ta'e malee dhaaltota keessaa hin buqqifamne jechuun murteessaniiru. Hata'u malee, DhIMMWF akka murteessetti dhaalchisaan qabeenya isaa gara qarshii 600,000tti tilmaamamu keessaa qarshii shan shan qofa ol'iyyattootaa kenuun ol'iyyattata dhaaltummaa keessaa buqqisuu agarsiisa. Dhaaltota keessaa buqqisuuuf sababni dhiyaate-rakkoo cimaa jirenya dhaalchisaa irraan gahuu-jedhu tarreeffamee kan ibsame miti. Kanaafuu, duuchaatti *jirenya koorratti rakkoo cimaa natti uume* jedhamuun sababni dhiyaate sababa gahaa dhaaltuu buqqisuuuf gahumsa qabu miti jechuun ol'iyyattootaa fi d/kennaan waliin qabeenya dhaalchisaa akka qooddatan murteesseera.⁶³ Isin, sirrummaa murtii kanaa akkamitti ilaaltu?

Dhaalchisaan dhaaltota sadarkaa tokkoffaa ykn sadarkaa biroo irra jiran dhaaltota keessaa buqqisuu kan danda'u yoo ta'u, dhaamoo dhaalchisaan dhaaltota isaa ittiin buqqisa guutummaattis ta'e gamisaan sababoota garagaraatiif hanqina qabaachuun isaa kan hubatame taanaan tumaa dhaamichaa hanqina qabu sana qofa osoo hin taane guutummaan dhaamichaa fudhatama kan dhabu ta'a. Fudhatama dhabuun dhaamoo kanaa ammoo namootni qabeenya dhaalaa akka hin arganneef maqaan isaanii eerame, carraa mirga dhaaltummaa isaanii deebifatanii ni argatu jechuu dha.

Gaaffilee Marii

1. Murtii dhimma 10ffaa olitti dhiyaate irratti, Manni Murtii dhaamoo waliigala fi dhaamoo baaqfee (SHH kwt 912) fi qabeenya dhaaltuun tokko fudhattu adda baasuu (SHH kwt 91) sirriitti hiikeera jettuu? Ademsa murtii keessatti haala tumaaleen seerichaa itti ibsamani kamyuu hata'u, murtoo (ejjannoo dhuma) manni murtichaa irra gahe attamitti ilaaltu?
2. Dhimma 11ffaa olitti ibsame ilaaluun gaaffii ittaanan deebisaa! Dhaalchisaan mana jirenyaa dhaamoo irratti caqasameen ala qabeenya dhaalaa qabaachuun isaa falmii keessatti osoo hin ibsamiin, dhaalchisaan qabeenyi dhaalaa sun (manni jirenyaa) yeroo qooddiin qabeenya dhaalaa gaggeeffamu gama dhaaltuu isa kamii goruu qaba yaada

⁶³DhIMMWF galmeek lakkofsa 58338 ta'e irratti iyyataa Daani'el Tsigee N2 fi Asallef Tsige gfiddutti murtii kennname ilaallata. (jildii 11ffaa)

jedhu yaadee kan dhaame isinitti fakkaataa? Qabeenyi dhaalaa jiru tokko qofa yoo ta'e carraa sirni 'rule of partition' hojiirra ooluu hangam ta'a jettu?

3. Dhimma 2ffaa olitti dhiyaate irra deebi'aa ilaala. Nama dhaalchisaa dhaaluu hin qabne (unworthy) ta'uu fi dhaaltummaa keessaa buqqisuu gidduu garaagarummaa fi tokkummaan jiru ilaalcissee murtii kennname irratti yaadni qabdan maal fakkaata?
4. Fiqaaduu Shifarraawuu fi Girmaa Ermiyaas dhaamoo A/de Balaayinash G/Yessuus d/kennaaf dhaaman irratti wal-falmu. Ol'iyyataan ilama dhaalchistuu yoo ta'u d/kennaan ammoo mucaa mucaa (akkoo) dhaalchiftuu fi nama dhaamoon dhaamameefidha. Ol'iyyataan dhaamoon dhaamame kara seeraa alaa dhaaltota keessaa kan na buqqise waan ta'eef akka diigamu mana murtiitti iyyateera; d/kennaan ammoo ol'iyyataa ammaa kanaaf qarshiin 100 (dhibba tokko) dhaamicha keessatti kan ibsameef waan ta'eef, dhaalota keessaa hin buqqifamne jedheera. Manni murtii dhimmicha jalqaba ilaales, dhaalchistuu iyiyataaf qarshii 100 waan dhaamaniif dhaaltummaa keessaa hin buqqifne jechuun iyyata dhiyaate kufaa godhaniiru. Manni Murtii Ol'iyyataa Fi Ijibbaataa Magaalaa Finfinnee murtii kana ol'iyyannoон cimsaniiru. Manni murtii waliigalaa federaalaa dhaddacha ijibbaataa gama isaatiin dhaalchistuu qabeenya hin sochoone magaalaa finfinnee keessaa qabdu hunda d/kennaaf dhaamuun qarshii 100 qofa ammoo ilma isheetiif dhaamuun ishee al-kallattiin dhaamoo keessaa isa buqqisuu agarsiisa. Dhaaltuu sadarkaa tokkoffaa sababa gahaa malee dhaaltota keessaa buqqisuun bu'uura SHH kwt 938 fi 939 waan hin danda'amneef, ol'iyyataan d/kennaa wajjiin qabeenya dhaalaa dhaalchistuu waliin akka dhaalan jechuun murteesseera.
 - a. Murtiwwan sana keessaa isa kamtu sirrii dha?
 - b. Qabeenya dhaalaa keessaa muraasa qofa dhaaltuu tokkoof kennuun buqqisuu akkamitti jedhama?

BOQONNAA LAMA

SIRNA QULQULLEESSA QABEENYA DHAALAA

2.1. Seensa

Lammiin Itoophiyaa kamiyyuu mirga namoota biroo hanga hin morminetti, qabeenya isaa dabarsee dhaalchisuudhaaf mirga akka qabu tumaalee Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa fi Heera Mootummaa Federaalaa irraa ni hubatama.⁶⁴ Tumaalee heeraa kana keessatti ‘dhaalchisaan haala mirgaa fi dantaa qaama biraan hin mormiinetti mirga isaa dabarsee dhaalchisuu danda’aa’ himni jedhu; dhaalchisaan mirga hintuqamne ykn mirga qulqulluu dhaaltotaaf dabarsuu akka qabu nu qajeelcha. Qajeeltoon heera mootummaa kuni kabajamee kan hojiirra ooluu danda’u bu’uura seerota sirna qulqulleessaa qabeenya dhaalaa(Kana booda SQDh jedhamee dubbisamu) hoggananiitiin akka ta’e hubatamuu qaba. Sababiin isaas, kaayyoo QQDh keessaa inni tokko mirgaa fi dirqamni dhaalchisa gara dhaaltotatti yeroo darbu dantaa qaamni 3ffaa dhaalchisa irraa qabu akka hin miidhamne tiksudha. Idaan dhaalchisa dursa abbaa mirgaatiif akka kaffalamuu fi dantaa qaamni 3ffaa dhaalchisa irraa qabu dursee akka kabachiifamu erga ta’ee booda mirgi qulqulluun dhaalchisaan dhiisee du’e qofti dhaaltotatti akka darbu gochuun adeemsa bu’uuraa SQDh yoo ta’u kunis qajeeeltoo tumaa heeraa armaan olii kan bu’uureffate akka ta’e hubatamuu qaba.

Boqonnaa kana jalatti adeemsa qulqulleessituun dhaalaa itti muudamu fi aangoo qulqulleessituun dhaalaa, dhimmoota waraqaa ragaa dhaaltummaatiin wal-qabatan,hojiwwaan gurguddoo qulqulleessituu dhaalaatiin raawwatamuu qaban fi rakkowwan hojimataa keessatti mul’atan wal-duraa duubaan kan ilaalamu yoo ta’u,heerri mootummaa tumamuun durattis ta’e heerri mootummaa erga labsamee booda seerota rogummaa qaban ilaaluudhaan, bu’uura tumaa heera mootummaa kanaan wal-simsiisuudhaan, adeemsa qulqulleessi qabeenya dhaalaa hojiirra oolu kan itti ilaallu ta’a jechuudha.

Xumura leenjii boqonnaa kanaatti leenjifamtootni,

- ✓ Adeemsa qulqulleessituun dhaalaa itti filamuu fi aangoo qulqulleessituu dhaalaa adda baasanii ni tarreessu,

⁶⁴ Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya’e lakk.46/1994,Heera Mootummaa Federaalawaa Dimokiraatawaa Republika Itoophiyaa,lakk.1/1987, kwt.40

- ✓ Gahee manni murii adeemsa qulqulleessaa qabeenyaa dhaalaa keessatti qabu adda ni baafatu, hojiirra oolchuudhaaf gahumsa ni horatu,
- ✓ Adeemsa Mirkaneessa mirgoota dhaaltummaa keessatti qaawwa seeraa jiruu fi kallattii furmaataa gama kanaan jiran irratti hubannoo qaban ni gabbifatu,
- ✓ Hikkoo seeraa fi hojmaata gama qulqulleessa qabeenya dhaalaatiin jiru dhimoota qabatamoo irratti hundaa'anii adda baafachuun kallattii hojii gara fuul-duraa ni qulqulleeffatu

2.2. Sirna Qulqulleessaa Qabeenya Dhaalaa

A. Maalummaa Qulqulleessa Qabeenya Dhaalaa

Qulqulleessuu'liquidation' jechuun waliigalteedhaan ykn falmii mana murtiitti taasifamuutiin hanga tilmaama sirrii gosa tokkoo murteessuu, idaa ykn beenyaa duraan hin mirkanoofne mirkaneessuu, ykn adeemsa qabeenyaan gara maallaqa callaatti jijiiramee idaan itti kaffalamu akka ta'e hiikoo kuusaa jechaa irratti kennamerraan ni hubatama.⁶⁵ Akkasumas dhaabbata daldalaan kisaaraan irra gahe ykn diigamu ilaachissee adeemsa idaan dhaabbatichaa adda bahee kaffalamuu fi qabeenyi dhaabbatichaa abbaa mirgaatiif itti hiramuu akka ta'e hubatamuu qaba.⁶⁶

Akka kuusaa jechootaa kanaatti gochi qulqulleessuu'liquidation' bu'uura waliigaltee namoota dhuunfaa gidduutti taasifamuutiin ykn bu'uura ajaja falmii mana murtiitti taasifame bu'uureffatee darbuutiin kan raawwatamu yoo ta'u, tilmaama qabeenyaa sirriiti adda baasuudhaan, gara maallaqaatti jijiiruu,gaaffii idaa adda addaa dhiyaatu keessummeessuun abbootii mirgaatiif kaffaluu, akkasumas qabeenyaa abbootii mirgaatiif hiruu akka dabalatu ni hubatama.

Seera Hariiroo Hawaasaa keenya keessatti qulqulleessa qabeenyaa dhaalaa jechuun ; dhaala kan fudhatu eenyufaa akka ta'e murteessuu, qabeenyi dhaalaa maal akka ta'e murteessuu,kaffaltii dhaalaa simachuu, idaa dhaalaa dirqama kaffalamuu qabu kaffaluu fi dhaalchisaan dhaamoo addaatiin kennaa taasise yoo jiraate kaffaluu fi dhaamoo raawwachiisuuf tarkaanfiwwaan

⁶⁵ Blacks law dictionary 7th edition pg.942

⁶⁶⁶⁶ Id pg.941

barbaachisaa ta'an kan biroo raawwachuu akka ta'e tumaalee gocha qulqulleessituu dhaalaa fi aangoo qulqulleessituu dhaalaa tarreessan irraa ni hubatama.⁶⁷

Gaaffilee Marii

1. Akka seera dhaalaa biyya keenyaatti Yaad-rimeen qabeenyaa dhaalaa qulqulleessuu jedhu hiikoo kuusaa jechoota armaan olitti ilaalle waliin wal-fakkaata moo garaagarummaa qaba jettu?
2. Akka hiikoo armaan olii qabeenyaa hangi isaa hin beekamne murteessuudhaan gara maallaqaatti jijiiruu ni dabalataa moo hin dabalatu?
3. Qulqulleessuu jechuun qabeenyaa dhaabbata daldalaa addaan hiruu akka ta'e hiikoo armaan olii irraa ni hubatama, haata'u malee dhimma dhaalaa keessatti qabeenyaa dhaalaa qulqulleessuu jechuun qabeenyaa dhaalaa dhaaltotaaf addaan hiruu ni dabalataa moo hindabalatu jettu?

Hiikoon qulqulleessaa qabeenyaa dhaalaa seera dhaalaa keessatti ifatti hinteenye, haata'u malee qabiyyeen qulqulleessa qabeenyaa dhaalaa maal maal akka ta'e SHH keessatti ifatti tarreffameera⁶⁸. Kaayyoo fi gochaawan adeemsa qulqulleessa qabeenyaa dhaalaa keessatti raawwataman duraa duubaan ilaaluun maalummaa qulqulleessaa qabeenyaa dhaalaa adda baasuudhaaf nu fayyada waan ta'eef akkaataa itti aanutti haa ilaallu.

B. Kaayyoo Qabeenyaa Dhaalaa Qulqulleessuu

1. Mirga dhaalchisaa fi abbootii mirgaa kabachiisuu;- mirgi dhaalchisaa dhaaltotaatti darbuun duratti namoota dhaalchisaa irraa mirga ykn gaaffii kaffaltii qaban dursa keessummeessuu jechuun,fakkeenyaaaf, dhaalchisaan du'uun duratti mirga kaffalatii waliigaltee irraa madde qabaachuu danda'a. Haata'u malee, bu'uura waliigalteetiin yeroon kaffaltii isaaf raawwatu gahee otoo jiruu garuu dhaalchisaan kaffaltii kana otoo hindeebifatin kan du'e yoo ta'e, bakka isaa bu'anii kaffaltii kana simachuu, akkasumas faallaa kanaa bu'uura waliigalteetiin yeroon kaffaltii gahee garuu immoo dhaalchisaan abbaa mirgaatiif dirqama kaffaltii raawwachuu otoo hinbahin kan du'e yoo, ta'e dursa adda baasuudhaan kaffaltii

⁶⁷SHH kwt.944 fi kwt.956,tumaaleen kuni; sirni qulqulleessa dhaalaa maal akka of keessaa hammatu fi aangoo qulqulleessituu dhaalaa maal maal akka ta'e kan tarreessan waan ta'eef maalummaa qulqulleessaa qabeenyaa dhaalaa adda baasuudhaaf nu fayyadu jechuudha.

⁶⁸ SHH kwt. 944

raawwachuuun; akkasumas dhaaltota dhaamoon addatti taasifameef yoo jiraatan dursa keessummeessuu fi dhumarattis dhaaltota seeraan ykn sirna dhaamoo waliigalaatiin dhaaluu danda'aniif gahee gahee isaanii ibsuudhaan gabaasa gochuudha. Qabeenyaan dhaalaa hanga hin qulqulloofnetti akka 'qabeenya of danda'etti 'distinct estate'itti kan lakkaa'amu ta'u seerri ifatti kaa'eera.⁶⁹ Akkasumas, qabeenyaan dhaalaa adeemsa qulqulleessuu qabeenya dhaalaa keessa darbee dhaaltotaaf hanga hinqoodamnetti akka qabeenya dhaalaa waliiniitti akka lakkaa'amu fi mirgi dhaaltonni qabeenya dhaalaa waliinii kana irraa qabanis bu'uura seera qabeenya waliinii ykn 'joint ownership' kan qajeelfamu akka ta'e ifatti tumameera.⁷⁰ Tumaalee kanarraa akka hubatamutti kayyoolee qabeenya dhaalaa addatti tursiisuu keessaa tokko eegumsa namoota mirga kaffaltii gaafataniif godhamuuti jechuu dandeenya. Sababiin Isaas, qabeenyaan dhuunfaa dhaaltotaa idaa dhaalchisaatiif wabummaan qabamuu akka hindandeenye seerri ifatti kaa'eera. Kanaafi, namoota dhaalchisaa irraa mirga kaffaltii qabaniif wabii kan ta'u qabeenyaan du'aati waan ta'eef, hanga qulqulleessaan qabeenya dhaalaa raawwatamutti addatti tursiifamuu akka qabuu fi qabeenya dhuunfaa dhaaltotatti makamuu akka hinqabne seerri daangessee jira.⁷¹

2. mirga dhaaltotaatiif eegumsa gochuuf kan yaadamedha:- Sababiin Isaas qulqulleessaan qabeenya dhaalaa otoo hinraawwatamiin qaamni dursee qabate qabeenya dhuunfaa ofii kan taasifatu yoo ta'e mirga dhaaltotaa fi namoota dhaamoodhaan kennaa argatan miidhuu waan danda'uuf hanga dhaalli qulqulla'uutti qabeenyaan dhaalaa of danda'ee akka turu kan yaadameef kanumaaf jechuu dandeenya.
3. Haala Salphaa ta'een haqa abbootii mirgaa kabachiisuudhaaf; Akkuma dhaalchisaan du'een dhaamoo sakatta'anii yoo argame kunuunsanii ol kaa'uun,iddee dhaamoon kuufametti ykn naannoo jirenya muummee dhaalchisaatti dhaamoon akka banamu gochuun, dhaaltota fi abbootiin mirga gaaffii maallaqaa dhaalchisaa irraa qaban akka dhiyaatan beksisuun fi kkf yoo ilaalle, hanga yeroon dheerachaa deemuun ragaan barreffamaas ta'e ragaan namaa dhimma dhaalchisaatiin wal-qabate baduun ykn maq-famuun haqa baasuu irratti rakkoo walxaaxaa waan hordofsiisuuf kana hambisuuf kan yaadameedha jechuu dandeenya.

⁶⁹ SHH kwt.942

⁷⁰ SHH, kwt.1060, kwt.1257-1277

⁷¹ SHH, kwt.943

2.3. Qulqulleessituu Qabeenyaa Dhaalaa Filachuu

Dhaaltummaan dhaamoodhaanis ta'e dhaamoon ala taaasifamu nama qulqulleessaa dhaalaa jedhamee aangeffameen raawwatamuu akka qabu seerri ni ajaja⁷². Namni hundi qulqulleessaa dhaalaa ta'ee hojjachuu hindanda'u. Aangoon qabeenyaa dhaalaa qulqulleessuu karaa sadiin argamuu akka danda'u seeraan ifatti tumamee jira.⁷³ Kunis;-

1. Qulqulleessaa Qabeenyaa Dhaalaa Seeraan Filamu
 2. Qulqulleessaa Qabeenyaa Dhaalaa Dhaamoon Filamu
 3. Qulqulleessaa Qabeenyaa Dhaalaa Mana Murtiin Filamudha.
1. Qulqulleessituu Qabeenyaa Dhaalaa Seeraan Filatamu

QQDh seeraan filatame jechuun nama qabeenyaa dhaalaa akka qulqulleessu seeraan aangeffame ykn aaangoon isaa seera irraa madde jechuu akka ta'e tumaa seerichaa irraa ni hubatama.⁷⁴ Namni haala kanaan aangoo QQDh argatu bu'uura irraa nama mirga dhaaltummaa seera irraa madde qabu ykn 'heirs-at-law' akka ta'e hubachuun barbaachisaadha.⁷⁵

QQDh seeraan filatamu yeroo namni kennaan dhaamoo waliigalaatiin argate jirutti aangoo qulqulleessaa dhaalaa ni qabaata moo miti? Gaaffii jedhuun wal-qabatee ijannoona adda addaa ogeessota seeraa irraa yeroo calaqqisu ni mul'ata.

Ijannoona inni 1ffaan aangoon QQDh seera irraa kan madde yoo ta'e, guyyaa dhaalchisaan du'ee eegalee haal-duree tokko malee kan argamu waan ta'eef, sababa kennaan dhaamoo waliigalaatiin hafaa hinta'u. Akkasumas, SHH kwt.948(3) hiikoo Afaan Ingiliffaa yoo ilaalle, namni mirgi dhaaltummaa isaa seera irraa madde nama kennaan dhaamoo waliigalaat argate waliin aangoo QQDh akka qabaatu ibsa. Kunis hafaa kan ta'u mirga dhaaltummaatti hirmaachuu isaa yoo dhiise qofa waan ta'eef sababa kennaan dhaamoo waliigalaatiin hafaa ta'uu hindanda'u jechuudhaan yaada isaanii cimsu.

Ogeessonni seeraa ijanno 2ffaa deeggaran immoo aangoon qulqullistuu seera irraa kan madde yoo ta'e, kan inni hojiirra ooluu danda'u namni dhaamoodhaan aangoo qulqulleessituu hin arganne yoo jiraate fi kennaan dhaamoo waliigalaatiin mirga dhaaltummaa kan argate yoo hinjirre qofa ta'uu qaba jedhu. Dhaamoodhaan qulqulleessituun kan hin muudamne ta'ee garuu immoo

⁷²SHH, Kwt.946

⁷³SHH, Kwt.947,948,950

⁷⁴ SHH,kwt.947

⁷⁵ Miiljalee olitti caqafame.

kennaa dhaamoo waliigalaatiin mirga dhaaltummaa kan argate yoo jiraate aangoon QQDh seera irraa madde hojiirra ooluu hindanda'u jedhu. Warri ijannoo kana deeggaran tumaadhumaa SHH kwt 948(3) hiikoo Afaan Amaariffaatiin kenname caqasuudhaan kan falmaniidha.

Gaaffii Marii

1. Isin ijannoo isa kamtu dhama qabeessa jettuu? Maalif?

2. Qulquelleessituu Dhaalaa Dhaamoon Aangeffame ‘Liquidator By Will’

Dhaalchisaan du'uun duratti dhaamoo bifaa addaa sadii gochuu akka danda'u boqonnaa darbe keessatti ilaallee jirra, isaanis;- dhaamoo barreeffama ifaa ,dhaamoo barreeffama dhuunfaa fi dhaamoo Afaniiti.⁷⁶ Dhaalchisaan dhaamoo barreeffamaa lamaan armaan olii yammuu taasisu qabeenyaa dhaalaa kuni dhaaltotatti darbuun duratti hojiin QQDh eenyuuun raawwatamuu akka qabu maqaadhaan adda baasee muuduu danda'a jechuudha. Haata'u malee, dhaamoo Afaniin taasifamu keessatti dhaalchisaan maal maal dhaammachuu danda'a gaaffiin jedhu seeraan daangeffamee waan jiruuf QQDh dhaamoo afaniitiin muuduun waan danda'amu hinfakkaatu.⁷⁷ Tumaa seera dhaalaa keenya keessatti aangoon QQDh tartiibaan kan kaa'ame fakkaata.⁷⁸ QQDh dhaamoodhaan muudame bakka hin jirretti kan aangeffamu QQDh kennaa dhaamoo waliigalaatiin filatame yoo ta'u, bakka kennaan dhaamoo waliigalaa hinjirretti namoonni mirga dhaaltummaa seera irraa madde qaban'heirs-at-law' jedhaman aangoo QQDh kan qabaatan ta'a. kunis, kwt.948(3)waraabbii Afaan Amaariffaa fudhachuudhaan ta'a jechuudha.

3. Qulquelleessituu Qabeenyaa Dhaalaa Mana Murtiin muudamu

Galmeessa ragaalee ykn nama biraa kamiyyuu muuduu danda'a manni murtii.Haata'u malee,dhaaltuun kan hinbeekamne yoo ta'e, fudhatamummaa dhaamoo irratti mormiin yoo jiraate, dhaaltonni seeraa'heirs at-law'dhaaluu kan hinbarbaanne ykn hundi isaanii qulquelleessaa dhaalaa irratti kan walii hingalle ta'uu yoo ibsanii dha. Iyyata nama na galcha jedhuun dhiyaatu irratti hundaa'ee manni murtii qulquelleessituu dhaalaa muuduu akka danda'u tumamee jira.⁷⁹

²^{ffaa} dhaammataan nama isa dhaalu kan hinqabne fi mootummaan itti darbee kan dhaalu yoo ta'edha.Haal-dureewwaan caqafaman bifaa filannootiin kan taa'an waan ta'aaniif tokko hir'atee kaan yoo guutes manni murtii aangoo muuduu ni qabaata jechuudha. Haata'u malee qabatama

⁷⁶ SHH Kwt.880

⁷⁷ SHH, kwt.893

⁷⁸SHH, 948(2,3,4)

⁷⁹ SHH,Kwt.950(1)

jiru yoo ilaalle,nama dhaamoo keessa hinjirre ykn dhaaltuu seeraa hintaane fi mana murtiitiin hinmuudamnetu akka koreetti hundaa'ee qabeenyaa dhaalaa qulqulleessa.Akkasumas, daangaa yeroo tokko malee koree qulqulleessituu dhaalaa filatanii, qabeenyaa dhaala qulqulleessanii, manni murtii mirkaneessee ragaa dhaaltummaa akka kennuuf gaaffiin yammuu dhiyaatu jira. Qabatamni jiru maal akka fakkaatu dhimma armaan gadii waliin wal-qabsiisuun ilaaluun barbaachisaadha.

Dhimma 11^{ffaa}

MMAMJtti lakk.galmee 45700 ta'erratti dhaaddacha gaafa guyyaa 14/07/2010 ooleen dhimma murtii argateedha. Galmee kana irratti iyyattooni A/de Isheetuu Warquufaa(N-4) iyyata gaafa guyyaa 20/04/10 barraa'eetiin "du'aan abbaa keenya ob.Warquu Abdii Baadhaanee dhibee irra buleen gaafa guyyaa 23/11/1984 du'aan boqoteera. Du'aan abbaa keenya yeroo lubbuun jirutti qabeenyaa horatee qabu qulqulleessitooni dhaalaa guyyaa gaafa 8/3/2010 waan qulqulleessaniif nuuf mirkanaa'ee, nutis ijoollee du'aa ta'uun nuuf mirkanaa'ee ragaan dhaaltummaa akka nuuf kennamu" jechuun gaafataniiru.

Manni murtiis ragaa dabalataa EMMLM Jimmaatti ajajuudhaan qabiyyeen iyyata iyyattootaa keessatti caqafame kan du'aa ta'u gabaasni dhiyaate, gabaasa koree qulqulleessituu dhaalaanamoota shaniin gaafa 8/3/2010 barraa'e fi ragaa namaa hundee godhachuudhaan iyyattooni dhaaltota sadarkaa duraa du'aa ob.Warquu Abdii ta'uun isaanii, akkasumas manneen jirenyaa fi qabiyyee lafaa baldhinni fi daangaan caqafame Magaalaa Jimmaatti argamu kan du'aa abbaa isaanii waan ta'ee fi iyyattoonis dhaaltuu waan ta'aniif kan qixxee isaaniiti jechuudhaan bu'uura shh kwt.996(1)tiin murteesseera.

Gaaffilee Marii

1. Dhimma armaan olii keessatti koreen qulqulleessituu bu'uura seera kamiitiin hundaa'e jettuu?
2. du'aan abbaa iyyattootaa bara 1984 kan du'e yoo ta'u, bara 2010, erga dhaalchisaan du'ee wagga 26 booda qulqulleessaan qabeenyaa dhaalaa taasifamee sirriidha jettuu? Gabaasa haala kanaan qulqulla'ee dhiyaate manni murtii callisee ofitti fudhatee mirkaneessuun sirriidha jettuu?

2.4. Wal-diddaa Qulqulleessa qabeenyaa dhaalaa Jaarsummaan Hiikuu

Yeroo ammaa imaammata Manneen Murtii keenyaa keessaa tokko maloota furmaata wal-dhabbi Filannoo ‘ADR’titti fayyadamuun falmiwwaan dhimma hariiroo gara mana murtii dhufaniitiif furmaata laachuudha.Dhimmi kuni labsii haaraa keessatti hammachiifamuun isaas dhimmi wal-diddaa araaraan xumurachuu hangam xiyyeffannaal itti kennamee hojjatamaa akka jiru nu agarsiisa.⁸⁰ Kana jechuunis mirgoota dhaaltummaa seera irraa maddanii fi mirgoota dhaaltummaa dhaamoo irraa maddan bu’uureffachuu falmiwwan ka’an jaarsummaadhaan hiikamuu akka danda’an seerri ifatti teechiseera. Dhaaltonni dhimma qulqulleessa qabeenyaa dhaalaa fi dhimma qoodinsa qabeenyaa dhaalaa ilaachisee wal-diddaa isaan gidduutti uumamu jaarsummaan akka furamu dursanii waliigaluu danda’u jechuudha.⁸¹ Kunis, dhimmoonni gara mana murtii osoo dhufanii yeroo dheeraa fudhatan fi abbootii dhimmaa baasiif dhamaatii ol’anaatiif saaxilan karaa gabaabaa ta’ee fi hariiroo hawaasummaa isaanii hin miineetiin furmaata akka argatan godha. Kanaaf, qulqulleessa qabeenyaa dhaalaa keessattis adeemsi wal-diddaa araaraan hiikuu faayidaa ol’anaa waan qabuuf xiyyeffannaal itti kennuun barbaachisaadha.

2.5. Qulqulleessituu Aangoo irraa kaasuufi bakka buusuu

Manni murtii aangoo QQDh muuduu akkuma qabu qulqulleessituu dhaalaa karaalee sadaniin filataman aangoo irraa kaasuudhaan kan biraatiin bakka buusuudhaaf aangoo qaba.⁸² Manni murtii aangoo kana kan qabaatu haalawwaan seericha keessatti tarraa’an guutamanii yoo argaman ta’uu qaba. Xiyyeffannaaf akka tolutti haalawan kana akkaataa armaan gadiiti. Isaanis:

1. *Qabiyyee dhaamoo QQDh muude ilaachisee seera qabeessummaa isaa irratti falmiin yoo jiraate,*
2. *QQDh hedduu jiraatanii adeemsa bulchiinsa fi qulqulleessaa dhaalaa irratti kan walii hin galle yoo ta’e,*
3. *Dhaaltota keessaa kan gaa’ila hingeenye,murtiin kan dhorkame ykn mirgasaa kabachiifachuu kan hindandeenye yoo jiraate,*

⁸⁰ Labsii Gurmaa’ina Aangoo Fi Hojii Mannee Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe Lakk.216/2011 Kwt.43

⁸¹ SHH kwt.945

⁸² SHH kwt.951

4. *Adeemsi qulqulleessaa qabeenyaa rakkoo addaa kan uume yoo ta'e,*
5. *QQDh dadhabaa ta'ee, amanamaa ta'uu yoo baate, dandeettii raawwachiisummaa kan hinqabne yoo taa'ee dha.*

Seera qabeessummaa qabiyyee dhaamoo irratti falmiin yoo ka'e karaa al-kallatiitiin fudhatamummaan aangoo QQDh irratti waliigalteen hinjiru jechuudha. Fakkeenyaaf, yeroo baay'ee falmiin mana murtiitti dhiyaatu du'aan dhaamoo addaa ykn dhaamoo waliigalaa yoo taasise dhaaltonni mirga dhaaltummaa seera irraa madde qaban 'heirs at-law'kan jedhaman dhaamoo akkasii fudhatamummaa hinqabu, dhaamoon dhaalchisaan taasifame hinjiru jechuudhaan mormanii ni dhiyaatu, yeroo akka kanaa QQDh dhaamoodhaan muudame yoo jiraateyyuu manni murtii aangoo irraa kaasee kan biraatiin bakka buusuu akka danda'u seerri dhaalaa keenya aangoo mana murtiitiif kenneera.⁸³

Gama biraatiin dhaaltota keessaa daa'imni, namni murtiin dhorkame ykn mirgasaa kabachiifachuu kan hindandeenye yoo jiraate manni murtii QQDh duraanii haqee kan biraat akka muudu seeraan aangeffamuun isaa namoonni sagalee hinqabne ykn dubbatanii mirga isaanii kabachiifamuu hindandeenye kuni miidhamuu waan danda'aniif, haqummaa mirkanneessuuf kan yaadamedha jechuu dandeenya.

“Adeemsi qulqulleessa qabeenyaa dhaalaa rakkoo addaa kan uume yoo ta'e” gaaleen jedhu waraabbi Afaan Amaariffaa keessatti kwt.951(4)irratti argama,kunis tariitii dhimmoota wal-xaxoo ogummaa addaa gaafatan ta'uu danda'u.

Walumaagalatti Manni murtii iyyannoo abbaa dhimmaa irratti hundaa'ee haalonni armaan olitti caqafaman yoo guutaman QQDh duraan dhaamoo keessatti muudaman, kan seeraan filataman, ykn kenna dhaamoo waliigalaatiin ykn kanuma ofii muude aangoo irraa kaasee kan biraat bakka buusuu akka danda'u hubatamuu qaba.

2.6. Aangoo Qulqulleessituu Qabeenyaa Dhaalaa

Hojiiwaan QQDhtiin raawwataman ilaaluun gaaffiwaan maaltu? Eessatti? Yoom? haala kamiin qulqulla'a? Jedhan deebisuu caalaayyuu daangaa hojii qulqulleessituu dhaalaa adda baasuudhaan hojimaata fi seera wal-simsiisuuf nama fayyadama.

⁸³ SHH,kwt.951(1)

Dhaaltummaan kan banamuakkuma dhaalchisaan du'een akka ta'e SHH kwt.826 irraa ni hubatama. QQDh mana murtiitiin muudamuakkuma muudameen hojii eegala jedhamee kan yaadamu yoo ta'u, kan dhaamoodhaan ykn seeraan filatameakkuma dhaaltummaan banameen hojii eegaluuutu irra jiraata. Sababiin isaas, dhaamoon kan banamu/dubbifamu/ dhaalchisaan du'ee guyyaa 40^{ffaatti} waan jedhuuf qulqulleessituun dhaala sana duraakkuma dhaalchisaan du'een qorannoo gaggeessuudhaan dhaamoon jiraachuuf dhiisuu mirkaneeffachuu qaba jechuudha.

QQDhtiin hojiiwwan gurguddoona hojjataman; dhaamoo barbaaduun dhaaltota adda baasuu, qabeenyaa dhaalaa bulchuu, idaa dhaalaa kaffaluu, dhaamoo addaatiin namoota kennaa argataniif kaffaluu, fi jecha dhaamoo hojiirra oolchuudhaaf gochaawwan raawwatamanidha.⁸⁴ Gochaawwan kana bal'inaan ilaaluun barbaachisaa waan ta'eefi, akka armaan gadiitti kan ilaallu ta'a.

A. Dhaamoo Barbaaduu

QQDh namoota mirga dhaaltummaa qaban adda baasee murteessuun duratti wantoota qulqullaauu qaban keessaa tokko dhaamoo du'aan taasise yoo jiraate adda baafachuudha. Dhaamoo dhaalchisaan taasise keessaa dhaamoo barreeffama ifaatiin taasifamee fi dhaamoo dhaalchisaan dhuunfaatti taasise qaama 3ffaa harka, ykn Qondaala Galmeessaa Dhimma Hawaasummaa ykn mana gal mee mana murtiitti kaa'amuu akka qabu ilaalleerra.⁸⁵ Toorri barbaachi dhaamoo itti taasifamu tokko waraqaa du'aa keessa yoo ta'u inni kaan immoo bakkuma dhaamoon ol taa'u ykn Qondaala Galmeessa Dhimma Hawaasummaa fi Mana Murtii naannoo du'aan jiraachaa turetti argamutti dhiyaachuudhaan sakatta'uun barbaachisaa akka ta'e seerri ifatti kaa'ee jira.⁸⁶

Dhaamoon jechaan taasifamu dhimma awwaalcha du'aa, guddisaa fi bulchaa daa'immanii ykn kennaa dhaamoo qabeenyaa tilmaama qarshii 500 hincaalle irratti du'aan afaaniiin bakka ragooliin namootaa lama jiranitti dhaamoo taasifamu battalumatti ragoota jiraniin barreeffamatti jijiiramee galmaa'uun kaa'amuu qaba waan ta'eef, idduma dhaamoo armaan olii ykn ragoota olka'aan jedhaman biratti barbaachi taasifamuu akka danda'u nutti agarsiisa.⁸⁷ Kana malees,

⁸⁴ SHH,Kwt.952

⁸⁵ SHH, Kwt.891

⁸⁶ Miiljalee armaan olii, kwt.962

⁸⁷ SHH, kwt.892,893,964(2)

namoonni du'aan dhaamoo taasisuu isaa beekan qulqulleessituu qabeenya dhaalaatti beeksisuu akka qaban seerri ni ibsa.⁸⁸ Kanarrraa akka hubannutti, QQDh, dhaamoo dhaalchisaan taasise namoonni beekan yoo jiraatan akka isa beeksisan, naannoo du'aan jiraachaa ture ykn du'etti namoota itti dhiyeenyaan jiraachaa turanitti beeksisuun barbaachisaa ta'a jechuudha.

Gaaffilee Marii

1. Dhaamoo qabiyyee lafa baadiyyaa Irratti taasifamuun wal-qabatee barreffamaan moo afaaniin taasifamuu qaba jettuu?. Dhamoo qabiyyee lafaa irratti labsii lakk.130/99 moo tumaa SHHtu raawwatiinsa qaba jettuu?
2. Ragaan dhaamoo qabiyyee lafa baadiyyaa eessatti kuufamuu ykn oltaa'u qabaa? Qulqulleessituun essatti barbaacha gochuu qaba jettanii yaaddu?
3. Mirga dhaamoo irraa madde qaba namni jedhu kamyuu ragaa barreffama dhaamoo muummee ykn waraabbi qondaala galmeessa ragaalee ykn mana galmee mana murtiitiin mirkanaa'e dhiyeessuudhaan dhaamoon jedhame jiraachuu isaa fi qabiyyee dhaamoo jedhame mirkaneessuu akka qabu seerri ni ajaja.⁸⁹ Haata'u malee, guddistuu fi bulchiinsa daa'immani dhaamoo jechaatiin aangessuun akka danda'amu ilaalleerra. Kanaan wal-qabatee gareen tokko anatu dhaamoodhaan aangeffame yoo jedhu gareen biraan lakki anatu bulchuu fi guddisuu qaba jechuudhaan yeroo mormu ni jiraata? Falmii akkasii dhugoomsuudhaaf ragaaakkamiitu rogummaa qaba jettanii yaadduu? SHH kwt.896,902,964(2) waliin xiinxalaa!
4. Dhaamoon jechaan taasifamu barreffamatti jijiiramuu yoo baate fudhatamummaa qaba jettanii yaadduu?

B. Dhaamoo Banuu

Dhaamoon barbaadamee argame qaama ragaa galmeessuu fi kuusuudhaaf aangeffame ykn mana murtiitti ol kaa'amuu qaba.⁹⁰ Barbaachisummaan isaa dhaamoon akka hin badne ykn hinjijiiramne eegumsa gochuudhaaf fi of eeggannoon taasifamuufi kan qabu ta'u nutti agarsiisa.

⁸⁸ SHH, kwt. 963, kwt.107 ,qulqulleessituun dhaalaa qabeenya dhaalaa akka galmeeffatu dhaaltonni qulqulleesituu dhaalaatiif odeeefannoo fayyadu kenuun dirqama seeraati.

⁸⁹ SHH, Kwt.896,kwt.897

⁹⁰ SHH,kwt.965(3)

QQDh dhaamoo barbaadee kan arge yoo ta'e, dhalchisaan guyyaa du'ee kaasee guyyaa 40^{ffaa} isaatti dhaamoo kana dubbisuu qaba. Guyyaa afurtama booda dhaamoo barbaadee kan arge yoo ta'e, ji'uma guyyaa argamee sana keessatti dhaamoo jedhame dhaaltotaaf dubbisuu qaba. Haata'u malee, haala addaatiin dhaalchisaan yoo dhaammate, ykn sirna awwaalcha isaatiif barbaachisaa yoo ta'ee fi dhaaltonni sagalee caalmaan yoo waliigalan guyyaa 40 dura dhaamoon banamu ni danda'a.⁹¹

Dhaamoon eessatti banama gaaffii jedhu ilaachisee;-dhaalchisaan du'uun durattidha. Kunis, nama dhuunfaa qaama 3ffaa, galmeessaa dhimma hawaasummaa ykn mana galmee mana murtii ta'uu akka danda'udha. Haata'u malee, dhaamoon dursee qaamolee caqafaman kana biratti kan hin teechipamne yoo ta'e, bakka jireenyaa muummee dhaalchisaan du'etti banamu akka danda'u seeraan taa'ee jira.⁹²

Akkamitti banama kan jedhu ilaachisee;-Dhaaltonni dhaamoo malee dhaaluuf mirga qaban ykn bakka bu'aa isaanii akka ergan ni waamamu, haala kamiinuu namoonni umurii gaheessa ta'an fi seeraan hin dhorkamne lakkofsaan afurii oli ta'an bakka jiranitti dhaamoon dubbifamuu akka qabu seerri ni ajaja.⁹³

Namoonni achitti argamanis foormii dhaamoo fi fudhatamummaa dhaamoo dubbifamee ni qoratu. Dhaaltota gidduu garaagarummaan yaadaa ykn wal-dhabbiin yoo jiraate jaarsoliin araaraa hanga danda'ametti furmaata akka itti kennan Seera hariroo hawaasaa kwt.969(3) waraabiin afaan Inigiliffaa ni ibsa. Waraabbii Afaan Amaariffaa irra garuu hinjiru.

C. Mirgaa Fi Dirqama Nama Du'e Adda Baasuu

Dhaamoon akkuma banameen hojiin QQDh inni duraa mirgaa fi dirqama dhaalchisaa adda baasuudha. Qabeenya dhaalaa qulqulleessuu gaafa jennu, sababa dhaalchisaan du'eef mirgi ykn dirqamni hafuu hindandeenye ykn '*rights and duties of the deceased which can not be terminated due to his/her death*' kam kam akka ta'e adda baasuudhaan kan jalqabu akka ta'e dagatamu hinqabu.⁹⁴

⁹¹ SHH, kwt.966

⁹² SHH,kwt. 967

⁹³ SHH, kwt.968

⁹⁴ SHH kwt.1007(1),kwt.826

Dhumarrattis qulqulleessituun qabeenyaan dhaalaa maal maal akka ta'e ibsuudhaan namoota mirga dhaaltummaa dhaamoo irraa maddee qaban fi dhaamoo malee dhaaluu danda'an eenu eenu akka ta'an ibsudhaan, dhaalli akkamitti akka hiramu ni beeksisa.⁹⁵

QQDh namoota mirga dhaaltummaa qaban yeroo adda baasu namoota bakka bu'iinsaan mirga dhaaltummaa qaban (succession by representation), namoota dhaaltummaan itti darbee fi namoota dhaamoo keessatti dhaaltuu muummee (substitutive succession) jedhaman eenu eenu akka ta'an mirkanoeffachuu qaba. Akka qajeeltootti dhaaluudhaaf yeroo dhaalchisaan du'utti lubbuun jirachuun barbaachisaa yoo ta'eyyuu, haala addaatiin garuu, dhaalchisaan yeroo du'utti dhaaltuu muummee dhaalchisaa dursee kan du'e ta'ee garuu nama dhaaluuf mirga qabu dhiisee kan du'e yoo ta'e, bakka bu'aan dhaaltuu dura duute/ du'e bakka bu'uudhaan ykn miila dhaaltuu irra dhaabbatee dhaalchisaa booda du'e dhaaluu akka danda'u beekuudhaan qulqulleessuutiin dhaalaa mirga namoota bakka bu'iinsaan dhiyaatanii keessummeessuu qaba.

Akkasumas dhaalchisaan yeroo du'utti namni dhaaluudhaaf mirga qabu lubbuun jiraatee erga dhaalee booda garuu immoo otoo sirni qulqulleessaa qabeenyaan dhaalaa hin raawwatamiin lubbuun darbuu danda'a. Namni akkasii nama isa dhaaluudhaaf mirga qabu dhiisee kan du'e yoo ta'e, dhaaltummaa erga banamee booda mirga dhaaltummaa mirkanoeffatee du'e waan ta'eef namoota isa dhaaluu danda'anitti mirgaa fi dirqama dhaaltummaa dabarsee du'e jedhama malee bakka buusee du'e hinjedhamu.⁹⁶ Gama biraatiin dhaamoo keessatti dhaalchisaan yeroo murtaa'e duratti qabeenyaan dhaalaa eenu dhaaluu akka qabu fi yeroon murtaa'e gaafa gahe eenyudhaaf darbuu akka qabu, ykn dhaaltuu jalqabaa mirga ofii yoo dhiise ykn haal-dureen tokko hanga ta'utti eenu itti fayyadamuu akka qabuu fiakkuma haal-dureen kuni muudateen dhaalli eenyutti darbuu akka qabu duraa duuba dhaaltota jalqabaa fi dhaaltuu muummee caqasuudhaan muuduu danda'a.⁹⁷ Kanaafi, sirna qulqulleessa qabeenyaan dhaalaa keessatti QQDh yeroo dhaamoon banamu mirgoonni dhaaltotaa armaan olii kabajamuu isaanii mirkanoeffachuu barbaachisaa ta'a jechuudha.

⁹⁵ Miiljalee armaan olii,kwt.971

⁹⁶ Alii mahammad, succession law and the constitution,training manual for woreda judges and public prosecutor, 2000 E.C

⁹⁷ SHH kwt.928

D. Mormii Fudhatamummaa Dhaamoo Irratti Ka'u Keessummeessuu

Yeroo dhaamoon dubbifamu namoonni fudhatamummaa dhaamoo ykn akkaataa hirmaannaa mirga dhaaltummaa irratti komii qaban guyyaa dubbifamee kaasee bultii 15 keessatti mormii isaanii barreffamaan qulqulleessituutti, jaarsoliitti yookaan mana murtiitti beeeksisuu qabu. Guyyaa mormii isaanii beeksisanii kaasee ji'a 3 giddutti himata ykn gaaffii isaanii jaarsolii dhimma kanaaf filataman yookaan mana murtiitti dhiyeeffachuu yoo baatan gaaffiin ykn himanni sana booda dhiyaatu fudhatamummaa hinqabu. Haata'uu malee, yeroo dhaamoon dubbifamutti namoota hinjirre ykn bakka bu'aan isaanii hinjirre ilaachisee darbiinsi yeroo kuni rawwatiinsa kan qabaatu erga qulqulleessituun dhaalaa yaada qooddi qabeenyaa dhaalaa beeksisee booda ta'a.⁹⁸ Tumaan kuni dhaaltummaa dhaamoo malee taasifamu ilaachisee haala wal-fakkaatuun raawwatiinsa kan qabu akka ta'e ni hubatama. Haata'uu malee, haala kamiinuu taanaan, fudhatamamummaa dhaamoo ykn yaada qooddi qabeenyaa dhaalaa qulqulleessituu irratti mormiin dhiyaatu erga dhaamoon banamee ykn dhaalchisaan du'ee eegalee waggaa shan booda dhiyaachuu akka hindandeenye hubachuun barbaachisaa ta'a.⁹⁹

E. Daangaa Bilisummaa Mirga Dhaalamuu Dhaalchisaa Adda Baasuu

Biyyoota tokko tokko keessatti bilisummaan dhaamoo dhaalchisaa gadhiisaa akka hintaane seeraan ifatti daangeffamee mul'ata. Fakkeenyaaaf, dhaamoo dhaalchisaan taasise haaldureewwan faallaa seeraa, faallaa aadaa, duudhaa hawaasa naannoo sanaa ykn faallaa imaammata mootummaa yoo ta'e, akka dhaamoo hinjirretti kan fudhatamu akka ta'e ni kaa'u.¹⁰⁰

Heera naannoo keenyaa keessatti bilisummaan dhaalchisaan mirga ofii irratti qabu hanga mirga namoota biroo hin tuqnetti ta'uu akka qabu ifatti tumamee jira.¹⁰¹ Seera dhaalaa biyya keenyaa yoo ilaalle, qabiyyeen dhaamoo tokkoo faallaa seeraa ykn hamilee ummataa yoo ta'e fudhatamummaa akka hinqabne ni ibsa.¹⁰² sababonni dhaamoo fudhatama dhabsiisan 'haaldureewwan bu'uuraa dhaamoo' jedhamuun ibsamani jiru.¹⁰³

⁹⁸SHH, kwt. 974

⁹⁹ SHH.kwt.974(2)

¹⁰⁰ The Civil Code of Timor-Leste,art.2093

¹⁰¹ Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa lakk.46/94 kwt.40(1) "hangi mirga namoota biroo hin morminetti" gaaleen jedhu ajajni dhaalchisaan qabeenyaa irratti dabarsu dantaa fi faayidaa qaama 3ffa tuquu akka hinqabne ibsa.

¹⁰² SHH,kwt.866

¹⁰³ SHH kwt.857-879 ,kwt.934, kwt.917(2)

Akkasumas, bilisummaa dhaalchisaa (freedom of the predecessor) mirga isaa irratti qabu tumaalee seerota addaa adda keessatti daangeffamuu mala waan ta'eef dhimma dhaalaa seerota addaa waliin wal-qunnamisiisanii ilaaluun ogeessota seeraa irraa eegama. Akka naannoo keenyaatti dhimmoota baay'inaan dhiyaatan keessa tokko falmii mirgoota dhaalaa qabiyyee lafa baadiyyaa ilaallatan waan ta'eef bilisummaa dhaalchisaan mirga isaa irratti qabu seera bulchiinsa lafa baadiyyaa keessatti maal akka fakkaatu sirriiti ilaalamuu qaba.

Labsii Bulchiinsa Fi Itti Fayyadama Qabiyyee Lafa Baadiyyaa Oromiyaa jalatti dhaamoodhaanis ta'e dhaamoon ala mirga abbaa qabiyyummaa lafa baadiyyaa dhaaluudhaaf eenyutu mirga qaba? kan jedhu, Miseensa maatii ykn maxxanaa ykn nama jireenyi isaa lafa sanarratti hundaa'e akka ta'e tarreessee jira.¹⁰⁴ Akkaataa tumaa SHHtiin bilisummaa dhaalchisaan qabu bal'aa yoo ta'eyyu seerri bulchiinsa qabiyyee lafa baadiyyaa Oromiyaa garuu namoota armaan olitti caqafamaniin alatti abbaan fedhe qabiyyee lafa baadiyyaa dhaaluu akka hinqabne ni daangeessa. Haaluma wal-fakkaatuun, adeemsa QQDh keessatti qabeenyaan dhaalchisaa irratti gaaffileen adda addaa kan akka: mirga dursaa wabummaan qabachuu,dhorkaa mana murtii, idaa gibiraa fi taaksii, kaffaltii mindaa hojjattootaa, idaa waliinii haadha manaa fi abbaa manaa fi kkf dhiyaachuu danda'u waan ta'eef,mirga dhaalchisuu dhaalchisaa, tumaa seera hariiroo hawaasaa fi seerota biroo dhimma kanaaf rogummaa qaban waliin wal-simsiisuun hojiirra oolchuun barbaachisaadha.

Akka qajeeltootti,dhaamoon kamiyyuu fudhatatummaa argachuuf ykn hojiirra oluudhaaf adeemsa mirkaneessa mana murtii keessa darbuun barbaachisa miti. Hanga mormiin hinkaanetti kallattiidhaan raawwatiinsa qabaata jechuudha.¹⁰⁵ Haata'u malee, ulaagaa barreffama dhaamoo 'foormii' fi qabiyyee ykn seera qabeessummaa dhaamoo irratti mormiin yoo dhiyaate manni murtii dhaamoon falmiif sababa taa'e seera duratti fudhatama qaba moo miti? Ijoo jedhu qabachuudhaan ragaa fi seera rogummaa qabuun xiinxalee yaada bitaa fi mirgaa dhagahee murteessuu akka qabudha.¹⁰⁶ Afuura tumaa shh kwt.969 fi 996 irraa akka hubannuti QQDh's

¹⁰⁴ Labsii Bulchiinsa fi Itti fayyadama Lafa baadiyyaa Oromiyaa lakk.130/99 kwt 9,kwt.2(16)

¹⁰⁵ Dhaamoon tokko seera duratti fudhatama qaba jedhamee naaf ha mirkanaa'u jechuun mana murtii gaafachuun barbaachisa akka hintaane hiikoo dirqsiisaa murtii DHIMMWF jildii 4ffaa, lakk.galmee17058 ilaaluun ni danda'ama.

¹⁰⁶ DHIMMWF Jildii 7ffaa lakk.galmee 32414 ta'erratti, dhaamoo haquudhaaf fi waraqaa ragaa dhaaltummaa haquudhaaf komiin dhiyaatu adda adda akka ta'e, iyyata bu'uura shh kwt.998'tiin waraqaa ragaa dhaaltummaa

ta'e Manni Murtii fudhatamummaa dhaamoo sanaa ragaa barreffama dhaamoo dhiyeessisuudhaan ija seeraatiin ilaaluun deebii itti kennuun kan irraa eegamu waan ta'eef gaaffii garee tokko qofaan dhiyaate gareen biraaa mormee dhiyaachuu yoo bates manni murtii kaka'umsa mataa isaatiin akka hin ilaalle kan dhorku hinfakkaatu. Garuu akka hiikoo dirqisiisaa Murtii Dhaaddacha Ijibbaataa MMWFtti, waraqaa ragaa dhaaltummaa naaf haa kennamu gaaffiin jedhu bu'uura dhaamootiin yoo dhiyaate, foormaalitii dhaamoo guute moo hinguunne? Ijoo jedhu manni murtii kaka'umsa mataa isaatiin kaasee ilaaluu akka hinqabneedha.¹⁰⁷

Gaaffilee Marii

1. Seera hariiroo hawaasaa kwt.974 fudhannee yoo ilaalle dhaamoon akka haqamu mormiin eenyu enyuun dhiyaachuu qaba kan jedhu teechiseera. Akka keewwata kanaatti, qaamni caqafame mormuu yoo baate qulqulleessituun dhaalaa ykn manni murtii dhaamoo seeraan ala ta'e callisee ofitti fudhachuu qaba jechuudha?
2. Bu'uura SHH kwt.969tiin QQDh barreffama fi fudhatamummaa dhaamoo'forms and validity of the will' mirkaneessuu akka qabu, Manni Murtii immoo bu'uura SHH kwt.996'tiin gabaasa QQDh dhiyeesse mirkaneessee waraqaa ragaa dhaaltummaa kenna waan ta'eef, manni murtii kaka'umsa mataa isaatiin foormaliitii dhaamoo mirkaneessuu hinqabu jechuudhaan hiikoo dhaaddachi ijibbaataa armaan olitti kenne waliin akkamitti madaaltu?
3. Dhaaltuu jechuun nama mirga ykn dirqama nama gara biraa dhaalu, nama du'aa bakka bu'u ykn mirgaa fi dirqama du'aa hordofu jechuu akka ta'e beekamaadha. Nama gaafa jennus nama uumamaa'physical person' fi dhaabbata seeraan qaama namummaa argate' artificial person' dabalachuu akka danda'u hubatamuu qaba.¹⁰⁸ Akka biyya keenyaatti namni namtolchee 'artoficial person' yookaan dhaabbileen seeraan qaama namummaa argatan dhaalchisaa ykn dhaaltuu ta'uu ni danda'u moo hindanda'an? Tumaalee SHH kwt.826, 831,835,881,884,889, 852, waliin wal-bira qabuudhaan irratti mari'adhaa!

haqsiisuuf dhiyaatu bu'uureffachuun dhaamoo ifatti taasifame haquun sirrii akka hintaane ibseera. Foormiin dhaamoo ifaa ulaagaa kwt.881 hanga guutetti, seera qabeessummaa isaa ilaachisee qabeenyaa nama biraa irratti taasifame falmiin jedhu galmee of danda'e irratti dhimma ilaalamu qabudha jechuudhaan murteesse jira.

¹⁰⁷ DHIMMWF jildii 23 lakk.galmee 159474

¹⁰⁸ Blacks Law 7th edition

Gama biraatiin QQDh seera rogummaa qabu erga adda baafatee booda sadarkaa fi gahuumsa dhaaltotaa adda baasuun gahee dhaaltotaa ibsuu akka qabu beekuun barbaachisaadha. Kana jechuun,boqonnaa darbe keessatti akkuma ilaalle,dhaaltota seeraa (dhaaltuu dhaam- maleessa) fi dhaaltota seeraa dhaamoo waliigalaa ‘universal successor’ fi dhaaltuu addaa ykn singular successor’ kan jedhaman mirga fi dirqama qaban adda baasuun beeksisuun hojii qulqulleessituu dhaalaa ta’ a jechuudha. Haata’uu malee, dhaaltonni mirga dhaaltummaa dhaamoo irraa ykn seera irraa madde yoo qabaatanis dhaaluudhaaf gahuumsa dhabuu ni danda’u ykn mirga isaanii dhiisuu danda’u waan ta’eeif qulqulleessituun dhaalaa gahee dhaaltotaa adda baasuun duratti dhaaltuun eenyu akka ta’ e adda baasee murteessuut irraa eegama. Kana raawwachuuf immoo namni dhaalchisaan dhaamoo irraa buqqise jira moo hinjiru? dhaamoo isa dhumaati moo dhaamoo biraatiin haqameera? namni mirga dhaaltummaa dhiise ‘renunciation of rights of succession’jiramoo hinjiru? dhaaltuun dandeettii dhaaltummaa qaba moo hinqabu? qabxiwwaan jedhan adda baafachuudhaan murteessuun aangoo QQDh akka ta’ e beekuun barbaachisaadha.¹⁰⁹

Boqonnaa darbe keessatti akka ilaletti,dhaalchisaan kenna dhaamoo waliigalaa eenyuuf akka taasise otoo hin ibsin dhaaltota dhaamoo malee dhaaluuf mirga qaban jecha ifa ta’een dhaamoo irraa buqqisuu ni danda’ a. Haala kanaan dhaaltuun dhaamoo irraa buqqaa’ e dhaalchisaa dursee akka du’etti waan ilaalamuuf du’aa dhaaluu kan hindandeenye akka ta’ e ni hubatama.¹¹⁰ Haata’uu malee, dhaalchisaan sababii dhaaltummaa irraa buqqise ifatti otoo hin ibsin dhaalattoota gadi lakka’aman dhaaltummaa irraa buqqisuun fudhatama hinqabu.¹¹¹ Kanaaf, sababii dhaalchisaan dhaamoo irraa buqqise sababii dhugaa ykn sirrii akka ta’etti fudhatamee, garuu sababiin jedhame gahaadha moo miti? qabxii jedhu qorachuun namoota mirga dhaaltummaa qaban adda baasuun adeemsa qulqulleessaa qabeenya dhaalaa keessatti murteessaadha.¹¹² Akkasumas kenna dhaamoo waliigalaa Dhaalchisaan taasise yoo jiraate, dhaamoon kan bira kana faalleessu hanga hin jirretti, dhaaltota sadarkaa 2^{ffaa}, 3^{ffaa} fi 4^{ffaa} lubbuun jiran dhaamoo irraa kan buqqisu akka ta’ e beekamaadha.¹¹³ Haata’uu malee, dhaalattooni dhaalchisaa ifatti hin buqqifamne dhaaltota kenna dhaamoo waliigalaa argatan

¹⁰⁹ SHH,Kwt.944(a), 854,976ff, 937, 838-841

¹¹⁰ SHH,kwt.937

¹¹¹SHH,kwt.938(1)

¹¹² SHH,kwt.938(2)

¹¹³ SHH,kwt.939(1)

waliin dhaaltummaa hirmaaachuuf mirga wal-qixa kan qaban ta'uu beekuun gahee qabeenyaa dhaalaa eenu argachuu akka danda'u murteessuudhaaf fayyada jechuudha.¹¹⁴

Gaaffilee Marii

1. Sababiin dhaaltummaa keessaa buqqisuuf ibsame gahaa dha moo miti? kan jedhu ulaagaa maaliitiin madalaamuu akka qabu seerichi ifatti waan kaa'e hinqabu. Sababa kanaaf abbootiin seeraa tokko tokko ulaagaa dandeettii dhabuu ykn 'untrustworthy' jedhu jalatti kaa'ame tumaa kanaafis yeroo itti fayyadaman ni muldhata, isin maal jettu?
2. Dhaalchisaan dhaaltuu dhaamoo irraa buqqisuu akka danda'u beekamaadha. Haata'uu malee qaama dhaamoo irraa buqqaa'eetiin mormiin yoo dhiyaate Sababiin dhaamoo irraa buqqisuu gahaadha moo miti? qabxii jedhu QQDh ilaalee murteessuudhaaf aangoo qaba moo hinqabu? Mormiin dhiyaatu haala kamiin keessummeeffama?
3. Tumaalee seera dhaalaa waa'ee mormii fudhatamummaa'validity objection' fi qabiyee dhaamoo irratti dhiyaatu qajeelchan kwt.973, kwt.974 ilaallee jira, mormiin bu'uura kanaan dhiyaatu mormii gosa akkamiiti jettu? Gaaffilee armaan olii jiran dhimma marii 15^{ffaa} armaan gadii waliin wal-bira qabuun xiinxalaa!

Dhimma^{12ffaa}

Dhimmi kun gal mee lakk.45905 ta'erratti DHIMMWF dhaaddacha gaafa guyyaa 03/02/2003 ooleen murtii kennamedha. Falmiin kan eegale MMO Federaalaatti yoo ta'u, himattooni maqaan isaanii Handirii Pismaljii fi Moonikaa Pismaljii Jedhaman mana MMFSDtti dhaaltuu akkoo isaanii akka ta'an ibsuudhaan dhaaltummaan qulqullaa'ee mana murtiitiin erga mirkanaa'ee booda ragaa kana qabachuudhaan qoodinsi qabeenyaa dhaalaa gahee isaanii qoodamuufi qaba jechuudhaan himatamaa nama Mr.Jorji Pesji Maljii jedhamurratti MMOFtti himanna hundeessaniiru.Manni murtiis erga falmisiisee booda himattoonni fi himatamaan qabeenyaa dhaalaa akka qooddatan murtii kenne.

Qoodinsa qabeenyaa dhaalaa booda, murtii mormitoonni Miss. Melan Pisjii fi Mis.Selvi Pisjii kan jedhaman "Nuti duutuu haadha keenyaa irraa waan dhalanneef dhaaltuu haadha keenyaa yoo taanubakka bu'iinsaan immoo dhaaltuu obboleettii keenyaa waan taaneef murtiin qoodinsa qabeenyaa dhaalaa haadha keenyaa irratti kennamedha keenyaa waan tuquuf sirraachuu qaba" jechuudhaan dhiyaatanii jiru.

¹¹⁴ SHH,Kwt.939(3)

MMOF dhaaltummaan kan qulqullaa'e QQDh MMFSDtiin muudameetiin waan ta'eef, mana murtii gabaasa qulqulleessituu dhaalaa mirkaneessetti mormii isaanii dhiyeeffachuu qabu malee mana murtii murtii goodinsa qabeenyaa dhaalaa kennetti mormiin dhiyaate fudhatama hinqabu jechuudhaan kufaa godheera. MMWF dhaaddacha Idileetiin ilaale bu'uura SDFHH kwt.337'tiin hindhiyeessisu jechuudhaan ol iyyannoo haqeera.

DHIMMWF aangoon QQDh;- namoota mirga dhaaltummaa qaban murteessuu, dhaamoon jiraachuufi dhiisuu mirkaneeffachuu, bu'uura dhaamootiin namoota mirga qaban murteessuu, qabeenyaa dhaalaa bulchuu, kaffaltii dhaalaa sassaabuu, idaa kaffaluu, qabeenyaa du'aa barbaaduun adda baasuu fi kenna dhaamoo kaffaluu akka ta'e SHH kwt.944,946 fi 956 irraa ni hubatama. QQDh adeemsa qulqulleessaa dhaalaa erga raawwatee booda bu'uura kwt.960'tiin gabaasa isaa dhaaltota fi mana murtiitiif gochuu qaba. Kana booda bu'uura gabaasichaatiin waraqaan ragaa dhaaltummaa shh kwt.996 jalatti caqafame dhaaltotaaf ni kennama. Tokkoon tokkoo dhaaltuu qabeenyaa dhaalaa irraa gahee inni argatu adda bahee ragaa dhaaltummaa kennname bu'uura godhachuudhaan dhaaltonni goodinsa qabeenyaa dhaalaa raawwatu. Wal-dhabdeen isaan gidduti kan uumame yoo ta'e immoo qaama aangoo qabutti gaaffii goodinsa qabeenyaa dhaalaa dhiyeeffachuu danda'u. Kanaaf, gabaasni qulqulleessituu dhaalaa akka ragaatti tajaajiluun alatti bu'aa homaayyuu waan hinqabne irratti bu'uura sdfhh kwt.358'tiin mormiin dhiyaachuu qaba jechuudhaan murtii MMOF kenne dogoggoradha. Gabaasni qulqulleessituu qabeenyaa dhaalaa mana murtiitti mirkanaa'uun gabaasicha murtii raawwatamu danda'u hintasisu. Murtii mirga murtii mormitootaa tuquu danda'uu fi raawwatamu danda'u kan kenne murtii goodinsa qabeenyaa dhaalaa MMOF'tiin kennname waan ta'eefi, bu'uura sdfhh kwt.358'tiin iyyata dhiyaate simatee falmisiisee akka murteessu jechuudhaan qajeelfamaan gadi deebiseera.

Gaaffilee Marii

1. Murtii Mana Murtii isa kamtu dhama qabeessa jettu?
2. Gabaasa QQDh irratti akkasumas bu'uura shh kwt.996'tiin ragaa kennamu qaamni mormu bu'uura kwt.358'tiin mormuudhaan yoo dhiyaate fudhatama qaba moo hinqabu jettu?
3. Bu'uura kwt.998 fi 358'tiin mormii dhiyaatu maaltu garaagara godha?

Dhimma 13^{ffaa}

Dhimmi kuni DHIMMWF gal mee lakk. 108328 ta'erratti dhaaddacha gaafa 13/7/2008 ooleen murtii kennamedha. Iyyattuu Ad.Caaltuu Waaqoyyaa "Qabiyyee du'aa haadha fi abbaa kootii miseensota maatii waliin waliigalteen qulqulleessuu waan hindandeenyeef, manni murtii gal mee lakk. 20782 ta'erratti dhaaltonni dhiyaatanii qabeenyi akka qulqulla'u naannoo mana jirenyaa isaaniitti beksisa kan maxxanse yoo ta'u, dhaaltonni dhiyaachuu waan hafaniif qulqulleessituun dhaalaa gahee qabiyyee dhaalaa lafa kaaree 2262 adda baasee erga naaf kennee booda, himatamaa ob.Fiqaaduu Waaqoyyaa eeyyama koo malee bara 2004/2005 qabiyyee gahee kan koo najalaa qabatee qotatee garbuu waan facaafateef tilmaama garbuu kuntaala 4 qar.4,000 naaf kaffalee qabiyyee kan koo akka gadi naaf dhiisu akka itti naaf murtaa'u" jechuudhaan Murtii Aanaa Walmaraatti himatanii jiru.

Himatamaanis waggaan shanif qabiyyicha waan fayyadameef darbiinsa yeroo bu'uura kwt.1001(1)'tiin himanni dhiyaate kufaadha. Gabaasni qulqulleessaa dhaalaas qabeenyaa dhaalaa maal akka ta'ee fi gaheen dhaaltotaa maal maal akka ta'e ifatti hin ibsu jechuudhaan kufaa akka ta'u falmeera.

Manni Murtii A/Walmaraas, mormii sadarkaa duraa himatamaa kufaa gochuudhaan qabiyyee falmiif sababa ta'e dhaaltummaan qulqulla'e harka himattuu kan seene ta'uu ragaa namaa himattuutiin waan mirkanaa'eef himatamaan tilmaama midhaanii kaffaleefii qabiyyee jedhame akka gadhiisu jechuun murteesseera. Himatamaanis, murtii kana komachuudhaan ol iyyate MMO GOANF murtii jalaa cimseeera. Haata'uu malee, DHIMMWOTti ol iyyannoodhaan ilaalee "Gabaasni QQDh'tiin dhiyaate qabeenyaaan dhaalaa maal akka ta'e? dhaaltonni eenu eenu akka taa'an? gaheen gahee isaanii kan ibsu waan hintaaneef manni murtii jalaa ofitti fudhatee mirkaneessuun murtii kenname dogogoradha. Iyyattuu yeroon otoo hindarbin gahee dhaaltummaa qabeenyaa haadha isaanii gaafachuu danda'u jechuudhaan murtii manneen murtii jalaa diigeera.

DHIMMWF dhimmicha ilaale;- Qabeenyaaan dhaalaa sirnaan otoo hin qulqulla'in murtii kenname jechuudhaan haalli murtii mana murtii ol'aanaa fi mana murtii Aanaa itti diigame sirriidha moo miti? qabxii jedhu qabchuudhaan: "Gabaasni QQDh dhaaltonni eenu akka ta'an, qabeenyaa dhaalaa socho'aa fi hinsochoone maal akka ta'e, tokkoon tokkoo dhaaltotaatiif qoodni gahu hangam akka ta'e haala ifaa ta'een wanta ibsu hinqabu. QQDh

sirnaan yoo raawwatame dhaaltonni gahee isaanii gaafachuudhaaf bu'uura SHH keewwata 1062tiin mirga qabu. Qajeeltoon qoodinsa qabeenyaa dhaalaa gosaan addaan qooduu ta'ee gosaan addaan qooduun kan hindanda'amne yoo ta'e wal-dandeessisuudhaan addaan qoodamuu akka qabu, akkasumas yeroo dhaaltummaan qoodamutti dhaaltuun bakka sanatti kan hin argamne ykn bakka hinbuune yoo jiraate mana murtiitti dhiyaatee mirkanaa'uu akka qabu seerri tumee jira. Haata'uu malee, dhimma kana keessatti dhaaltonni akka irratti argaman QQDh beeksisa maxxansee dhaaltonni kan biroo dhagahanii otoo irratti hin argamin kan hafan ta'uu ragaan ibsus hinjiru. DHIMMWO gabaasni qulqulleessaa sirnaan hin taasifamne jechuun isaa sirriidha. Haata'uu malee, himattuun gahee dhaaltummaa gaafachaa waan jirtuuf, himata fooyeffatanii kaffaltii seerummaa malu kaffalsiisuun mana murtii A/W/Maraatti galmeedhuma duraanii irratti dhimmichi akka ilaalamu gochuu osuu qabuu gal mee haaraa akka banattu haala affeeriun murtiin DHIMMWO tiin kennname kaayyoo SDFHH waliin hin simatu" jechuudhaan murtii DHIMMWO fooyeessuun murteesseera.

Gaaffiilee marii

1. Murtii mana murtii kamtu sirrii akka ta'e ibsa itti kennaa!
2. Himattuun gahee dhaaltummaa naaf malu himatamaan akka naaf deebisu jechuun bu'uura SDFHH kwt.999 tiin gaafattee, garuu himatamaan himanna dhiyaate irratti gabaasni QQDh fudhatama hinqabu jechuun mormii kaasee fudhatama yoo argate, himanni dhiyaate kufaa ta'uu qaba moo? gahee dhaalaa himattuudhaaf malu himatamaan jalaa qabatee jira moo miti? ijoon jedhu ilaalamuu qaba ture jettuu?
3. Gabaasa qulqulleessituu qabiyyee dhaalaa mirkanaa'e irratti namni mormii otoo hindhiyeessin hafee, gal mee kan biraa gahee qabiyyee dhaalaa quoddachuuf saaqame irratti gabaasicha komachuun mormiin dhiyaatu fudhatama qaba jettuu?
4. Gabaasa QQDh mirkaneessuu fi bu'uura kwt.996(1) ragaa dhaaltummaa gahee dhaalaa ibsu kennun, sadarkaa bu'aatti garaagarummaa inni fidu jira yoo jettan gargaarummaan isaa maali?

2.7. Mirga Dhaaltummaa Dhiisuu fi dhaaltummaa simachuu

QQDh dhaaltonni mirga dhaaltummaa dhiisani'waiver of rights' jiraachuuf dhiisuu isaanii adda baafachuu qabu. Dhaaltun dhaaltummaa simachuuf dirqama hinqabu.¹¹⁵ Haata'uu malee, dhaaltuun tokko mirga dhaaltummaa otoo qabuu itti darbee dhaaluu kan hinbarbaanne yoo ta'e

¹¹⁵SHH,kwt.976

barreeffamaan ykn bakka ragaan namoonni 4 jiranitti mirga isaa dhiisuu ykn dhaaltummaa hin fudhu jechuu danda'a. Kunis, ofumaan'personally'kan taasifamu fi guyyaa qulqulleessituun dhaalaa dhaaltuu ta'uu isaa beeksisee kaasee ji'a 1 keessatti qulqulleessituu qabeenya dhaalaatti beeksifamuu qaba. Dhaaltummaa fudhachuuf barreeffamaan ykn ragaa biratti yaada ibsachuun dirqama miti.

2.8. Murtii Dhaaltummaa Dhiisuu Haqsiisuu (Revocation Of Renunciation)

Dhaaltummaa hinfudhu jecha jedhu diiguun kan danda'amu haalawwaan seericha irratti teechifaman yoo guutaman qofaadha. Isaanis: dhaaltuun sababa dhiibbaa humna seeraan alaatiin mirga isaa kan dhiise yoo ta'e, gocha dogoggorsa nama dhaaltummaaf waamame ykn ilmoo, abbaa, obboleewan ykn obboleettiitiin dogoggoree kan dhiise yoo ta'e qofaadha.¹¹⁶ Iyyanni jecha dhaaltummaa dhiisu diiguuf dhiyaatu guyyaa gochi dirqsiisaa dhaabbate ykn gochi dogoggorsiisuu beekamee kaasee waggaa 2 keessatti mana murtiitti dhiyaachuu qaba. Haala kamiinuu waggaa 10 booda iyyanni dhiyaatu fudhatama akka hinqabnee fi bu'aan diigamuu jecha dhaaltummaa diduu akkaataa bu'aa waligaltee haqsiisuu ykn SHH kwt.1808 -1818;titti jiruun ilaaluun kan murtaa'u akka ta'e hubatamuu qaba.¹¹⁷

2.9. Waraqaa Ragaa Dhaaltummaa

Dhaaltuun kamiyyuu dhaaltuu ta'uun isaa beekamee hanga gahee dhaalaa argachuu danda'u ragaan ibsu akka isaaf kennamu mana murtii gaafachuu akka danda'uu fi manni murtiis yoo barbaachisaa ta'ee argame wabii akka qabsiisu gochuudhaan ragaa kennuu fi akka qabu beekamaadha.¹¹⁸ Hangi wabii jedhame hangam akka ta'e ibsamuu baatus hanga qabeenya dhaalaa ragaa dhaaltummaa irratti caqafameen kan wal-gitu otoo ta'e dhama qabeessa ta'a.

Falmii gaaffii dhaaltummaa dhiyaateetiin himatamaan mo'ame qabeenya dhaalaa fudhate himataadhaaf deebisuu qaba. Qabeenya kana yaada gaariitiin ykn 'good faith' qabadhe jechuudhaan abbaa qabeenya ta'uun hindanda'amu. Akkasumas, qabeenya kana irraa mirga tokko malee seeraan ala itti fayyadame yoo ta'e bu'uura tumaa seeraa seeraan ala badhaadhuutiin itti gaafatatummaa hordofsiisuu danda'a.¹¹⁹

¹¹⁶SHH Kwt.991

¹¹⁷ SHH,Kwt.992

¹¹⁸ SHH,kwt.996,998

¹¹⁹ SHH,Kwt. 1001, 1002

2.9.1. Faayidaa Waraqaa Ragaa Dhaaltummaa

Akka tilmaama seeraatti, namni waraqaa ragaa dhaaltummaa(WRDh) of harkaa qabu tokko ragaa dhaaltummaa kuni hanga hin haqamnetti, mirgoota WRDh iratti caqafaman akka qabutti fudhatama.¹²⁰ Tilmaamni seeraa kunis,ragaa faallaatiin fashalaan'uu akka danda'u hubatamuu qaba. Dhaaltuun dhugaa qabeessi, mirgi dhaaltummaa isaa akka beekamu, WRDh seera duratti fudhatummaa hinqabne akka haqamu, qabeenyaan dhaala bu'uura waraqaa kanaatiin jalaa fudhatame akka isaaf deebi'u mana murtiitti gaafachuu akka danda'u fi manni murtiis haquu akka danda'u seerri ni aangeessa.¹²¹

Qabiyyeen WRDh wantoota lama of keessaa qabaachuu danda'a; inni jalqabaa qaamni waraqaa ragaa dhaaltummaan kennameef mirga dhaaltummaa qabaachuu isaa kan ibsu yoo ta'u inni 2^{ffaan} immoo qaama WRDh of harkaa qabuuf qabeenyaan dhaalaa keessaa hanga gahee dhaaltummaa isaa kan mirkaneessu ta'uu danda'a.

Faayidaan WRDh hedduudha.Dhaaltuun tokko mirgoota dhuunfaa sababa du'a dhaalchisaatiin hafaa ta'uu hindandeenye irraa dantaa qabaachuu isaa ykn itti darbee dhaaluudhaaf mirga qabaachuusaa karaa ittiin mirkaneessu keessaa tokko WRDh mana murtii irraa isaaf kenname qaama ilaallatutti dhiyeffachuu ta'uu danda'a.

Fakkeenyaaaf dhaalchisaan tokko haguuggii inshuraansii lubbuu dhaaltota isaatiif kan seene yoo ta'e, kaffaltii inshuraansii jedhame gaafachuudhaaf dhaaltonni WRDh akka dhiyeffatan dhaabbanni ishuraansii gaafachuu danda'a.¹²² Balaa sababa hojiitiin qaqqabuun hojjataan tokko yoo du'e faayidaa dhaaltota umuriin gaa'ilaa hingeenyeef kaffalamuu malu raawwachuuf WRDh akka dhiyaatu hojjachiisaan gaafachuu danda'a.¹²³ Hojjattoota mootummaatiin wal-qabatee sababa du'aatiin kaffaltii xooramaa daa'imman du'aatiif yeroo kaffalamu ragaa akka dhiyeffatan gaafatamuu danda'u.¹²⁴ Falmii himatamaan jalqabee dhiisee du'e sababa du'a isaatiin mirga hafaa ta'uu hindandeenye yoo ta'e itti fusiiisuudhaaf dhaaltonni yeroo waamaman WRDh akka dhiyeffatan gaafatamuu danda'u.¹²⁵ Akkasumas, qabeenyaan maallaqa socho'aa himatamaan qaama 3ffaa ykn dhaabbata faayinaansii ykn Baankiidhaa kuufatee qabu yoo jiraate

¹²⁰ SHH,kwt.997

¹²¹ SHH,kwt.998,kwt.999

¹²² SHH Kwt.827, Seera Daldalaa Itoophiyaa Labsii Lakk.166/1960,Kwt.691

¹²³ Labsii Hojjataaf Hojjachiisaa Lakk.1156/2011 Kwt.110

¹²⁴ Labsii Soorama Hojjattoota Mootummaa Lakk.714/2003 Kwt.42

¹²⁵ SDFHH, kwt.48,49(1)

dhaaltuun WRDh qaama ilaallatutti dhiyeffachuudhaan gaheen isaa akka kaffalamuuuf gaafachuu danda'a.

WRDh maqaa abbaa qabeenyummaa dhaalchisaa irraa gara dhaaltuutti naanneffachuuf fayyaduu danda'a. Fakkeenyaaaf, bulchiinsi lafaa WRDh dhaaltuun dhiyeffatu irratti hundaa'ee unka qabiyyee lafa baadiyyaa irratti haala arganna "dhaalaan" jechuun maqaa abbaa qabiyyummaa gara dhaaltuutti naanneessee yeroo galmeessu fi waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa yeroo itti kenuu jira.

Bu'aa WRDh hordofsiisu kan biraa darbinsa yeroo hafaa taasisuu dha. SHH kwt.996-1002tti kan jiran gaaffii mirga dhaaltummaa bu'uura kwt.999tiin dhiyaatu fi WRDh waliin kan wal-qabataniidha.¹²⁶ Bu'uura kwt.1000(1)'tiin daangaa yeroo kaa'ame keessatti qaamni qabeenyaa dhaalaa qulqulleeffatee, dhaaltummaa mirkaneeffate, WRDh of harkaa qabu tokko, itti aansee gaaffii dhiyeffatu gaaffii qoodinsa qabeenyaa dhaalaa bu'uura 1060-1113tiin ilaalamu ta'uu danda'a. Bu'uura SHH kwt.1062'tiin qabeenyaa dhaalaa hinqoodamne irratti yeroo kamiyyuu himanna dhiyeffachuu akka danda'u waan eeyyamuuf mormii darbiinsa yeroo hafaa godha jechuudha.

Gama biraatiin WRDh of harkaa qabaachuun qaama 3ffaa mirga dorgomaa'rival interest' qabaatee dhiyaatu ykn mirgoota waraqaa ragaa irratti caqafame sanarrraa dantaa qaba jechuudhaan qaama mormu irratti bu'aa akkamii hordofsiisuu danda'a? waraqaan ragaa dhaaltummaa ofii isaatii murtiidha moo ragaadha? Yaada jedhu irratti garagaarummaan ni jira.

Oggeessonni seeraa tokko tokko WRDh bu'uura SHH kwt.996(1)tiin kennamu gonkumaa akka murtii dirqisiisaatti fudhatamee raawwachiifamuu hinqabu yaada jedhu qabu. Ogeessonni yaada faallaa kanaa qaban immoo, WRDh akka murtiitti fudhachuudhaan yeroo raawwachiisan ni mul'ata. Fakkeenyaaaf, WRDh manni murtii kenne dantaa kan koo tuqe jechuudhaan bu'uura SDFHH kwt.358'tiin gaaffiin dhiyaatee, manni murtiis akka gidduu seenanii falman eeyyamee wal-falmisiisuudhaan murtii waraqaa ragaa dhaaltummaa duraan kennname yeroo haquu ykn cimsu ni mul'ata. Haata'u malee, bu'uura SDFHH kwt.358'tiin "bakka ani hinjirretti murtiin darbe dantaa kan koo tuqa waan ta'eef gidduu seenee falmee mirga kan koo akkan kabachiifadhu" jechuudhaan qaamni murtii mormu raawwii murtiitiin duratti iyyachuu akka danda'uudha. Kunis, bu'uura SHHkwt.358'tiin falmii dhiyaatu irratti murtiin dirqisiifamee

¹²⁶Murtii DHIMMWF -lakk.galmee-38533

raawwachiifamuu danda'u jiraachuu isaa nutti agarsiisa. Haata'u malee, bu'uura shh kwt.996'tiin ragaan kennamu falmiin bitaa fi mirgaa dhagahamee kan keennamu otoo hintaane iyyata gareen tokko dhiyeeffatu bu'uura godhachuudhaan bu'uura sirna falmii ariifachiisaa'accelerated procedure' jedhamuun ilaalamamee qaama gaafateef kan kennamu dha.¹²⁷ WRDh irratti himatamaas ta'e murtiin abbaa idaatiin qaamni moggaafamu hinjiru. Kana yoo ta'e, gabaasni qulqulleessituu dhaalaa mirkanaa'ee waraqaan ragaa kennamu qabeenyaa dhaalaa irraa dantaa'vested interest'qabaachuu kan mirkaneessuudha malee bu'uura sdfhh kwt.378'tiin murtii raawwatamuu danda'u akka hintaane nu hubachiisa.¹²⁸ Qabatamaan dhimmoonni kanaan wal-qabatan akkamitti keessummeeffamaa akka jiran haa ilaallu:-

Dhimma 14^{ffaa}

Dhimma DHIMMWF Galmee lakk.18576 ta'erratti dhaaddacha gaafa guyaa 26/09/2000 ooleen ilaalamee murtii argateedha. Dhimmichi kan eegale MMSDFtti yoo ta'u, r/himattuu A/de Massaluu Geetahunfaa(N-2) r/himatamtuu A/de Dastaa Makkonnin irratti, "R/himatamtuu qabeenyaa dhaalaa akka nuuf quoddu gaafannee manni murtii QQDh muudee qabeenyi qulqulla'ee, gabaasni mana murtiitiif dhiyaatee, bu'uura gabaasa kanaatiin qabeenyaa quoddachuu waan hindandeenyeef mana jirenyaa fi mana daldalaa akka nuuf quoddu" jechuudhaan gaafataniiru.M/Idaa immoo deebii isaaniitiin "Gabaasa QQDh jechuun murtii mana murtiiti miti. Murtii mana murtii yoo hintaane immoo himanni raawwii adeemsa malee dhiyaate kufaadha" jechuudhaan falmaniiru. MMFSD's "kana dura QQDh hundeffamee akkaataa ajajameen qulqulleessee gabaasa dhiyessee xumuree jira. Kan itti aanu bu'uura gabaasichaatiin quodinsa qabeenyaa raawwachuudha. Bu'uura SHH kwt.1060tiin waliigaltee dhaaltotaatiin ta'uu yoo baate iyyata gareen tokko dhiyeessutiin mana murtiitiin quodinsi raawwachuu waan danda'uuf mormiin r/himatamtuu fudhatama hinqabu jechuudhaan qabeenyaan dhaalaa karaa qajeelcha raawwii murtiitiin caalbaasiin gurguramee bu'uura gabaasa QQDhtiin akka addaan quoddatan" jechuun murteesseera.

¹²⁷ SDFHH,Kwt.300 fi itti ananii jiran dubbisuun.

¹²⁸ DHIMMWF,jildii 15ffaa lakk.galmee 79871 irratti, ragaa dhaaltummaan mirkanaa'ee kennname irratti bu'uura SDFHH kwt.358tiin mormiin dhiyatu fudhatama akka hinqabne hiikoo dirqsiisaa kenneera.

M/A/Idaas ajaja kana komachuudhaan komii dhiyeffatan MMOF ol iyyannoona ilaa “bu’uura gabaasa QQDhtiin waliigalteedhaan addaan qooddachuu yoo hindandeenye himanna hundeessanii murteessisu irraa kan hafe gabaasni QQDh murtii dirqisiisaa waan hintaaneef kallattiidhaan raawwiidhaaf dhiyaachuu hinqabu waan ta’eef, manni murtii jalaa gabaasa QQDh kallattii fudhatee akka raawwatu gochuun sirrii miti” jechuudhaan murtii jalaa diigeera. R/Himattunis murtii kana komachuudhaan MMWFtii iyyatanii, manni murtichaas “gabaasni QODH yeroo dhiyaatutti m/a/idaa hinmormine waan ta’eef gabaasicha akka simatanitti fudhatama.Gabaasni erga cufamee booda mormiin dhiyaatu fudhatama hinqabu waan ta’eef saababii qoodinsi qabeenya dhaala hin raawwatamneef hinjiru” jechuudhaan murtii mana murtii ol’aanaa diiguudhaan kan man murtii sadarkaa jalqabaa federaalaa cimseera.

M/A/Idaa murtii kana komachuudhaan DHIMMWFTti iyyataniiru, DHIMMWFT’s “gabaasa QODh irratti hundaa’ee iyyanni raawwii dhiyaachuu danda’amoo miti?” Qabxii jedhu qabachuudhaan, “aangoon qulqulleessituu dhaala dhaaltota ykn namoota mirga dhaaltummaa qaban murteessuu,dhaamoon yoo jiraate barbaaduu,fayyadamtoota dhaamoo murteessuu, qabeenya dhaala bulchuu, kaffaltii dhaala sassaabuufi idaa kaffaluu, qabeenya dhaalchisaa qulqulleessuu, barbaaduu fi kenna dhaamoo kaffaluudha(SHH kwt.944,946,956).QQDh hojji qulqulleessaa akkuma raawwateen mana murtiitiif gabaasa gochuu qaba(kwt.960). kana booda, akkaataa gabaasichaatiin dhaaltonni bu’uura SHH kwt.996’tiin WRDh argachuu danda’u.Bu’aan QQDhs gahee dhaala tokkoon tokkoo dhaaltotaa adda baasuudhaan WRDh kennuudha. WRDh erga fudhatanii booda qoodinsa ilaachisee walii galteen yoo hinjirre, waraqaan ragaa dhaaltummaa himanna hundeessuudhaaf mirga ykn dantaa ‘vested interest’qabaachuu isaanii mirkanessuu irraa kan hafe ofii isaatii murtii waan hintaaneef kallattiidhaan raawwiin irratti gaafatamuu hindanda’u. Bu’uura WRDhtiin waliigalanii addaan qooddachuu yoo hindandeenye gareen barbaade hanga gahee isaatiin seerummaa kaffalee mirgi isaa murtiidhaan akka mirkanaa’u gaafachuu osoo qabanuu haala kanaan seerummaa otoo hingaafatin bu’uura gabaasa QQDhtiin akka raawwatamu himata raawwii dhiyeessuun wanta hin murtoofne akka raawwachiifachuuuti fudhatama” jechuudhaan murtii MMOF cimsuudhaan, murtii MMWF fi kan MMFSD diigeera.

Dhimmi kuni dhimma MMAMJ galmeed lakk.55212 ta'erratti dhaaddacha gaafa guyyaa 08/03/2012 ooleen murtii argatedha. Iyyata gaafa guyyaa 5/2/2012 barreeffameetiin, iyyattuu 1ffaa A/de Amalawarq Baqqalaa haadha manaa du'aa Ob.Aleeliny Massalee, Iyyattootni Lamlam Aleeliny fi Tasfaayee Aleeliny jedhaman ijoollee du'aa ob.Aleeliny Massalee ta'uu isaanii ibsuudhaan, "du'aan dhibbee irra buleen gaafa 14/9/2010 du'aan waan boqoteef, qabeenyaa mana jirenyaa Magaalaa Jimmaa Ganda Bachoo Booree keessatti argamu tilmaama qar.200,00 ta'u, ballinni 350^{km2} ta'ee fi daangaan isaa iyyata keessatti kan caqafamee, akkasumas qarshii 8854.88 Baankii Daldala Itoophiyaa Damee Muummeetti maqaa du'aatiin walitti qabamee jiru, walakkaa isaa gahee haadha manummaa iyyattuu 1ffaa ta'ee walakkaa hafe gahee du'aa iyyattoota 2ffaa fi 3ffaa waan ta'eef qixxeeti dhaaluu akka dandeenyu koreen QQDh gaafa guyyaa 5/2/2012 qulqulleessee waan ta'eef, manni murtii ragaa qabnuun erga qulqulleessee booda iyyattuu 1^{ffaan} haadha manaa du'aa ta'uu, iyyattooni 2^{ffaan} fi 3^{ffaan} immoo ijoollee du'aa ta'uun beekamee bu'uura shh kwt.996'tiin mirkanaa'ee waraqaan ragaa dhaaltummaa akka nuuf kennamu" jechuun gaafataniiru. Akkasumas, koree qulqulleessituu dhaalaa namoota afuriin walgahii gaafa guyyaa 5/2/2012 gaggeeffameetiin kan barraa'e, iyyattuu 1ffaan haadha manaa du'aa, iyyattooni 2ffaa fi 3ffaan ijoollee du'aa akka ta'an, du'aan ijoollee gara biraa kan hinqabne fi qabeenyaa iyyata keessatti caqafame kan qabuu fi idaa irraa bilisa ta'uusaa kan ibsu akka ragaatti wal-qabsiisuudhaan dhiyeffataniiru.

MMAMJ's qabeenyaan mana jirenyaa jedhame fi maallaqni hangisaa caqafame maqaa du'aatiin jiraachuuf dhiisuu isaa EMMLMJ fi Baankii Daldala Itoophiyaa Muummee Damee Jimmaatti ajajee qulqulleeffachuun, akkasumas ragaa namootaa erga dhagahee booda, dhaaddacha gaafa guyyaa 02/04/2012 ooleen, iyyattuu 1ffaa haadha manaa du'aa ta'uun ragaa namaatiin waan mirkanaa'eef, bu'uura Labsii SMO kwt.93, kwt.79 fi 117'qabeenyaan caqafame kan waliinii waan ta'eef walakkaan gahee iyyattuu ta'uu mirkanaa'ee jira. Walakkaa hafe bu'uura SHH kwt.842 fi 996'tiin 'iyyattonni ½ gahee dhaaltummaa mata mataan akka argatan mirkaneessineerra erga jedhee booda, Baankiin Daldala Itoophiyaa lakkoofsa herrega maqaa du'aatiin jiru keessa qar.10,436.45 keessaa 50% gahee haadha manummaa iyyattuu 1ffaa yoo ta'u, walakkaa hafe iyyattonni 1ffaa fi

2ffaan qixxeeti kan isaan gahu ta'uu beekee bu'uura kanaan kaffaltii iyyattootaaf akka kaffalu, garagalchi ragaa iyyattootaaf akka kennamu ajajuun galmee cufeera.

Gaaffilee Marii

1. Dhimma kana keessatti “Baankiin Daldala Itoophiyaa gahee iyyattootaa akka kaffalu” jechuudhaan ajaja manni murtii dabarse sirriidha moo miti jettuu? Seerummaa iyyattooni gaafatani waliin akkamitti ilaaltu?
2. Dhimma armaan olii lamaan, galme lakk.55212 ta'erratti baankiitti barraa'ee fi murtii DHIMMWG Galme lakk.18576 ta'erratti kenne waliin yoo madaaltan, waraqaa ragaa dhaaltummaa bu'uura godhachuudhaan ajajni Kaffaltii raawwachiisuuf baankiitti barraa'e sirriidha jettuu? Baankiin kaffaltii raawwachuu yoo dide manni murtii galme kanarratti haalli itti dirqsiisu jira jettanii yaadduu? Furmaanni hoo maal ta'uu qaba jettu?
3. Dhimma armaan olii keessatti iyyattuu 1ffaan haadha manaa du'aa, guddistuu fi bulchituu ijoollee(iyyattoota lamanii)osoo taatee fi maallaqni mana Baankiitti maqaa du'aatiin argamu gahee haadha manummaa fi gahee dhaaltummaa ijoollee harka iyyattuuti akka kaffalamu manni murtii akka ajaju yoo gaafatte, Baankiin Daldala Itoophiyaa Damee Jimmaa maaallaqa jedhame harka iyyattuuti akka kaffalu manni murtii ajajuu ni danda'a jettuu?
4. Falmii qabeenyaa dhaalaa hinsochoonee fi qabiyyee dhaalaa lafa baadiyyaa ilaachisee yeroo baay'ee mana murtii dhiyaatu keessaa tokko: qaamni mirga fooyee qabu “dhaaltuu ta'uun isaa mirkanaa'ee waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa seeraan ala kennname akka haqamu” yammuu gaafatu manni murtiis ragaan qulqulleeffatee ‘WRDh fudhatamummaa hinqabu’ jechuun haqee qabiyyeen lafa dhaalaa dhaaltotaaf akka qoodamu yammuu ajaju ni mul'ata. Qaamonni qabeenyaa hinsochoone galmeessuudhaaf aangeffamanis WRDh hanga dhiyatetti galmeessuu malee, bu'uura SHH kwt.1637'tiin, waraqaan kuni seera duratti fudhatamummaa qabaachuuf dhiisuu mirkaneessuu aangoo keenya miti jechuudhaan yeroo dubbatan ni mul'ata. Namni tokko dursee dhaaltummaa mirkaneeffatee WRDh fudhachuun maqaa abbaa qabiyyummaa naanneffachuudhaan deeggarsa seeraa qaba jettanii yaadduu? Tumaa SHH kwt.1196 ‘namni ragaa abbaa qabeenyummaa qamaa bulchiinsaatiin kennname of harkaa qabu akka abbaa qabeenyaa qabeenyichaatti tilmaamama’ waan ta'eef, bu'uura WRDhtiin

waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa kennamuun tilmaama seeraa kana goonfachuun ni danda'ama moo hindanda'amu jettu? Ni danda'a yoo ta'e tilmaama seeraa kana ragaadhaan fashaleessuun dirqama eenyuuti?

2.9.2. Aangoo QQDh fi Mirkaneessa Waraqaa Ragaa Dhaaltummaa

Leenjiin waa'ee aangoo mana murtii dhimma hariiroo hawaasaa akka waliigalaatti, moojulii SDFHH keessatti of danda'ee kan kennamu yoo ta'eyyuu, haala addaatiin dhimmi QQDh fi gaaffiin WRDh haala kamiin? Eessatti? dhiyaachuu qaba kan jedhu kutaa kana keessatti ilaaluun barbaachisaadha.

Gaaffiin seerummaa dhimma QQDh fi WRDhtiin wal-qabatee mana murtiitti dhiyaatu gaaffii mirga ofii mirkaneeffachuudhaaf dhiyaatu 'declaration of status' malee dhimma maallaqaan tilmaamamee seerummaan itti kaffalchiifamuu danda'uutii miti. Dhimmoota akkasii ofitti fudhatanii ilaaluun aangoo mana murtii aanaa akka ta'e seerri ni ajaja.¹²⁹ Haata'u malee, QQDh erga raawwatee booda akkaataa gabaasa QQDhtiin gaheen qooddii qabeenyaa dhaalaa akka murtaa'uuf (bu'uura SHH kwt.1062tiin gaaffiin dhiyaatu) ykn dhaaltummaan mirkanaa'ee qabeenyaa dhaalaa qaama ragaa dhaaltummaa fudhatatummaa hinqabneen qabamee jiru deebifachuuf bu'uura SHH kwt.999tiin himanni dhiyaatu tilmaama qabeenyichaa irratti undaa'ee mana murtii aangoo hundee dubbii qabutti dhiyaachuu waan qabuuf yeroo hunda mana murtii aanaatti dhiyaata jechuun hindanda'amu.¹³⁰

Falmiin qooddii qabeenyaa dhaalaa bakka dhaalli banametti mana murtii aangoo hundee dubbii fi aangoo tooraa qabutti dhiyaachuu akka qabu fi dhaalli immoo banamuu kan qabu yeroo dhaalchisaan du'etti iddo jirenya muummee dhaalchisaatti 'principal residense of the deceased'

¹²⁹ Akka SDFHHti bu'uura kwt.18tiin seerummaan maallaqaan ibsamuu hindandeenye mana murtii 'awraajjaatti' dhiyaachuu akka qabu ibsa. Bu'uura labsii gurmaa'insa, hojii fi aangoo manneen murtii Oromiyaa irra deebiin murteessuuf bahee lakk.216/2011 kwt.31(5)tiin dhimmoonni ifatti aangoo mana murtii ol'aanaa jalatti hiinkufne irrattimanni murtii aanaa aangoo akka qabu ibsa. Dhimmi QQDh fi WRDh tilmaamaan dhimma dhiyaatu waan hintaaneef sadarkaa jalqabaatti ofitti fudhatanii ilaaluun aangoo mana murtii aanaa ta'a jechuudha.

¹³⁰ Murtii DHIMMWLF Lakk.galmee 124313, murtii kana irratti gaaffiin qooddii qabeenyaa dhaalaa adda bahee tilmaamaan hanga dhiyaatetti aangoon hundee dubbii tilmaama qabeenyichaa dhiyaate irratti hundaa'ee murtaa'uuf akka qabu ibsa.

ta'uu akka qabu seerri ni ajaja.¹³¹ Qabeenyi dhaalaa yeroo qulqullaa'u dhaamoon kan banamu iddo dhaalchisaan dhaamoo kuusetti ta'uu akka qabuudha. Bakki addaa dhaamoon kuufame yoo hinjjirre iddo jirenya muummee dhaalchisaatti dhaamoon banamu akka qabu seerri ni ajaja.¹³² Kaayyoon duuba tumaa kanaa, dantaa ykn gaaffii dhimma dhaalaatiin wal-qabatee ka'u kabachiisuudhaaf, ragaa sassaabuun haqa baasuuuf, kan salphaatu bakka jirenya muummee dhaalchisaa waan ta'eefidha. Haata'u malee, bu'uura SHH kwt.998tiin waraqaan ragaa haqsiisuudhaaf iyyanni dhiyaatu dirqama gal mee duraan WRDh ittiin kennname irratti ta'uu qaba seerri jedhu hinjiru. Iyyataan gal mee haaraa irratti WRDh akka haqamu yoo gaafate wanti isa daangessu jechuudha.

Qabatamaan:yeroo tokko tokko iddo jirenya muummee dhaalchisaa dhiisanii iddo qabeenyaan dhaalaa itti argamutti ykn iddo jirenya muummee dhaaltotaatti dhaaltummaa mirkaneeffachuudhaaf iyyanni yeroo dhiyatuu fi manni murtiis simatee yeroo mirkaneessu ni mul'ata. Mee dhimmoota araan gadii seera waliin wal-bira qabnee haa xiinxallu; -

Dhimma 16^{ffaa}

Dhimma MMAMJ gal mee lakk.55136 ta'erratti dhaaddacha gaafa guyyaa 01/03/2012 murtii argateedha.Iyyattooni Takiluu Waajjuufaa(N-2)iyata gaafa 27/01/2012 barraa'eetiin "Ilmi Keena Baayiluu Takiluu kan jedhamu Magaalaa Jimmaatti uummannee sababa hojiitif Magaalaa Adda Adaamaa deemee hojjataa otoo jiruu, dhukkuba irra buleen du'aan booqotee sirni awwaalcha isaa Naannoo Sabaaf sab-lammoota Kibbaatti raawwateera.Du'aan ilmoo isa dhaaltu kan hinqabne waan ta'eef, dhaaltummaan keenya mirkanaa'ee qabeenya bajaajii Magaalaa Adaamaa harka nama dhuunfaa jirtuu fi achuma Abbaa Taayitaa Geejjibaa Bulchiinsa Magaalaa Adaamaa biratti galmooftee jirtu gahee keenya dhaaluu akka dandeenyu WRDh akka nuuf kennamu jechuudhaan gaafataniiru. Manni murtiis ragaa namaa fi abbaa taayitaa geejjiba Magaalaa Adaamaa irraa erga qulqulleeffatee booda, dhaaltummaa iyyattootaa mirkaneessuudhaan baajaajii jedhame qixxeetti itti darbanii dhaaluuf mirga dursaa qabu jedhee murteessuun garagalchi murtii akka kennamuuf ajajeera.

¹³¹ SDFHH, kwt.23, SHH kwt.826(1)

¹³² SHH,kwt.967

Gaaffilee Marii

1. Dhimma kana keessatti Manni murtii Aanaa Magaalaa Jimmaa aangoo tooraa qaba jettuu? Manni Murtii Aanaa Adda Adaamaa hoo?
2. Adeemsa qulqulleessa qabeenyaa keessatti, yeroo dhaamoon banamu, dhaamoonis ta'e seeraan namoonni mirga dhaaltummaa qaban achitti argamuun komii yoo qabaatan akka dhiyeffatan waamichi taasifamuu akka qabu ilaallee jirra. Dhimma kana keessatti, du'aan hojjidhaanis ta'e jirenyaan Magaalaa Adaamaa akka ture qabiyee iyyata iyattootaa irraa ni beekama. Kana yoo ta'e, dhimma QQDh fi dhaaltummaa mirkaneeffachuuuf dhiyaatu iddo jirenya dhaalchisaatti mana murtii aangoo qabutti dhiyeessuu dhiisanii bakka biraatti akka dhiyaatu gochuun, naannoo jirenya dhaalchisaatti namoota silaa komii dhiyeffachuu danda'an odeeffannoo akka hin arganne, komii akka hin dhiyeffanne gochuun deeggarsa seeraa qaba jettuu? Akkamitti?
3. Dhimmi qulqulleessaa qabeenyaa dhaalaa bu'uura shh kwt.18'tin waan dhiyaatuuf, aangoo dhimma qulqulleessaa qabenya dhaalaa ofitti fudhatanii mirkaneessuu ykn qulqulleessituu muuduu kan mana murtii Aanaa Naannoo Oromiyaa akka ta'e ni hubatama.¹³³ Haata'u malee, qabeenyaa du'aa keessaa qabeenyaan hin sochoone biyya alaatti kan argamu yoo ta'e ykn du'aan lammii biyya alaa waan ta'eef, bu'uura seera biyya lammummaatiin ilaalamuu qaba falmiin jedhu yoo ka'e aangoo mana murtii ni jijiira moo miti? Seerri raawwatiinsa qabu hoo isa kam ta'a jettu?

Dhimma 17^{faa}

Dhimmi kuni gaaffii ragaa dhaaltummaa DHIMMWf lakk.galmee 110022 ta'erratti dhaaddacha guyyaa gaafa 29/11/2007 ooleen murtii argateedha. Dhimmichi kan jalqabe mana murtii Aanaa Ambootti yoo ta'u, iyyattuu Ad.Tashaager Miratee kan jedhaman dhaaltuu duutuu haadha isaanii

¹³³ SHH kwt.18, akkasumas Labsii Gurmaa'ina,Aangoo Fi Hojii Manneen Murtii Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe, Lakk.216/2011 Kwt.31(5), dhimmoota ifatti aangoo mana murtii ol'aanaa jalatti hiinkufne irratti aangoo ni qabaata jedha, dhimmi dhaaltummaa qulqulleessuu tilmaamaan dhimma dhiyaatu waan hintaaneef ol iyyannoон yoo ta'e malee haalli itti aangoo MMO jala kufu hinjiru.

Ad.Maammitee Dassaaleny ta'uun isaanii mirkanaa'ee WRDh akka isaaniif kennamu jechuudhaan kan gaafatan yoo ta'u, Manni Murtii Aanaa Amboos qabeenyi dhaalaa qulqulla'a'ee dhiyaate hinjiru jechuudhaan iyyaticha kufaa kan godhe yoo ta'u, Manni Murtii Godina Shawaa Lixaa fi DHIMMWO's dhimmicha ol iyyannoona ilaalanii murtii jalaa cimsaniiru.

Haata'uun malee, DHIMMWF gahee qabeenyaa dhaalaa mirkanaa'uu malee iyyattuun WRDh gaafachuu hindandeessu jechuudhaan murtii manneen murtii jalaatiin kennaman dogoggora hiikoo seeraa qabu moo hinqaban? Ijoo jedhu jalatti "Bu'uura SHH kwt.996(1)tiin namni dhaaluu danda'u tokko dhaaltuu du'aa ta'uun isaa mirkanaa'ee gahee dhaaltummaa argachuu danda'u ragaan ibsu akka isaaf kennamu mana murtii gaafachuu ni danda'a. Haata'uun malee, iyyataan yoo barbaade WRDh qofti akka isaaf kennamu gaafachuu danda'a. Yookaan immoo dhaaltummaan qulqulla'a'e yoo jiraate ragaan dhaaltummaa fi gaheen dhaalaa isaa hangam akka ta'e ragaan ibsu akka isaaf kennamu gaafachuu akka danda'u mirga filannoo iyyataadhaaf kennameedha. WRDh fi dhaaltummaa qulqulleessuun adeemsa adda addaa waan ta'eef, dirqama ragaa dhaaltummaa fi gahee dhaaltummaa otoo addaan hinbaasin(cumulatively) bakka tokkotti yoo gaafatte malee manni murtii WRDh kennuu hindanda'u" hiikoo jedhu itti kennuu dogoggora jechuudhaan murtii manneen murtii jalaa diigeera.

Gaaffiilee Marii

1. Murtii mana murtii kamittu dhama qabeessa jettu? Faayidaa WRDh abbichaaf argamsiisu waliin wal-bira qabuun xiinxalaa!
2. Qabatamaan qabeenyaa du'an dhiisee du'e tarreessuudhaan dhaaltuu ta'uun isaa/isaanii/ishee beekamee WRDh bu'uura SHH kwt.996tiin akka kennamuuf iyyanni dhiyaatu gaaffii qulqulleessa qabeenyaa dhaalaati moo gaaffii WRDh qofa jettuu?

Dhimma 18^{ffaa}

Dhimmi kuni, DHIMMWF'tiin lakk.galmee 113529 ta'e irratti dhaaddacha gaafa guyyaa 28/6/2008 ooletiin ilaalamii murtii kan argatedha. Galmee kanarratti Iyyattoonni, Iteetee Kanbew jedhaman qabeenyaaan dhaala haadha abbaa isaanii ykn akkawoo isaanii

A/de.Laaqach Chaarinat akka isaaniif qulqullaa'u waamamtuu A/de.Qalamowaa Alamaayyoo irratti MMFSDtti iyyata dhiyeeffataniiru. Manni murtiis deebii kennituun iyyata dhiyaaterratti deebii akka laattu erga simatee booda ajaja dabarse bu'uureffachuun gabaasni qulqulleessituu dhaalaa dhiyaateefi jira. Gabaasni dhiyaates, "du'aan abbaa iyyattootaa yeroo haaati isaanii yknakkawoon iyyattootaa duutu lubbuun kan jiran yoo ta'u, garuu erga haati duutee booda turanii dhaaltummaa otoo hin mirkaneeffatin kan du'an waan ta'eef, iyyattoonni abbaa isaanii bakka bu'uudhaan akkawoo isaanii dhaaluun seera qabeessa hinta'u. A/de.Laaqech Chaarinet booda kan duutee A/de.Shawaamaabiraat Warqineen dhaaltuu duutuu haadha ishee ta'uu mirkaneeffattee waan duuteef, dhalattuu duutuu A/de.Shawaamaabiraat kan taate waamamtuun ammaa duutuu haadha ishee bakka buutee kan dhaaltuu akka ta'ee fi dhaaltonni gara biroos yoo jiraatan akka dhiyaatan beeksisfni bahee kan dhiyaatan Ad.Maariyaamwarqi Warqinee waliin ta'anii kan dhaalan ta'a" kan jedhuu dha. Manni murtiis gabaasa dhiyaate irratti yaada bitaa fi mirgaa erga dhagahee booda yaada iyyattuu ammaa kufaa goochuudhaan gabaasa QQDh'tiin dhiyaate mirkaneesseera. MMOF's hin dhiyeesisu jechuun komii ol iyyannoo murtii kanarratti dhiyaate haqeera.

Dhimmi kun; ol iyyannoodhaan DHIMMWFTti kan dhiyaate yammuu ta'u,dhaaddachii ijibaataa kun immoo "namni tokkoakkuma du'een dhaaltummaan banamee mirgaa fi dirqamni sababa du'aatiin hafaa hintaane dhaaltota isaatti kan darbu akka ta'e SHH kwt.826 fi 833 irraa ni hubatama. Duutuun akkawoo iyyattootaa erga du'anii abbaan iyyattootaa turtii wagga dheera booda ragaa dhaaltummaa mirkaneessu otoo hin fudhatin kan du'an ta'us, yeroo haati duututti abbaan iyyattootaa lubbuun jiraachuu isaatiin fi dhaaluudhaaf hin maltu hanga hin jedhamnetti bu'uura shh kwt.830'tiin haadha isaanii dhaaluudhaaf mirga qabu. Du'aa abbaan iyyattootaa akkawoo iyyattootaa irraa dhaalaan wanta argate dhaaltota isaa kan ta'an iyyattoota ammaatiif kan darbu malee abbaan iyyattootaa otoo lubbuun jiruu dhaaltuu akkawoo iyyattootaa ta'uusaa ragaa mirkaneessu waan hinfudhanneef qofa mirgaa fi dirqamni abbaan dhaalee du'e gara iyyattootaatti sababii hindarbineef hin jiru.Dhaaltummaan akka qulqullaa'u mana murtii jalqabaatti iyyattoonni iyyata yeroo dhiyeeffatanitti, waamamtuun ammaa iyyattoonni mana dhaaluuf gahee akka keessaa qaban amanuudhaan yoo qulqullaa'e mormii kan hinqabne ta'uu ibsanii otoo jiranuu, manni murtii jalaa seerummaa falmitoonni ifatti hin gaafanne

irratti murtii kennuu akka hindandeenye SDFHH kwt.182(2) otoo ajajuu komiin dhiyaate bakka hin jirretti gaheen dhaaltummaa abbaan iyyattootaaakkawoo iyyattootaa irraa dhaale iyyattootattii hindarbu murtiin jedhu doggogoradha” jechuudhaan erga diigee booda, gabaasa qulqulleessituu dhaalaa dhiyaate sirreesssuudhaan qabeenyaa mana dhaalaa duutuu akkawoo isaanii kutaa Bulchiinsa Gullalleetti argamu iyyattoonni waliin ta’uudhaan gahee abbaa isaanii harka 1/3^{ffaa}, waamamtuun harka 1/3^{ffaa} fi dhaaltuu A/de.Maariyamwarqi obboleettii abbaa iyyattootaa kan taate harka 1/3^{ffaa} dhaaluuf gahee keessaa qabu jechuudhaan murteesseera.

Gaaffiilee Marii

Dhaaltummaan erga banamee booda kan du’e ta’e garuu ragaa mirkaneessa dhaaltummaa otoo hin baafatin nama du’e ilaachisee murtii kennname kan mana murtii kamtu dhama qabeessa jettu?

Akka murtii dhaaddacha ijibbaataatti adeemsaa qulqulleessaa dhaalaa keessatti komii abbootiin dhimmaa hinkaafne kaasuudhaan seerummaa hingaafatmne irratti murtii dabarsuun dogoggora jedhameera, kana jechuun dhaaltonni komii dhiyeessuu yoo baatan namni dhaaluudhaaf hin malle akka itti darbe dhaalu carraa banuu hinta’u jettanii yaadduu? Fakkeenyaaaf haal-duree dhaamoo faallaa seeraa ta’e, qabiyyee lafa baadiyyaa irratti nama miseensa maatii hintaaneef dhaamoo godhame ykn “yoo gaa’ila kee diigde ykn yoo ebeluu naaf reebde caccabsite qabeenyaa koo dhibbeentaa 25% situ dhaala” jechuudhaan dhaamoo taasifame bu’ura godhachuudhaan gaaffii dhiyaatu irratti komiin yoo hinjirre QQDh callissee simachuu qaba jettanii yaadduu? Manni murtii oo ofitti fudhatee mirkaneessuu qaba jettuu?

2.10. Qabeenyaa Dhaalaa Bulchuu

Qabeenyaan dhaalaa dhaaltotaaf hanga hinqoodamnetti akka qabeenyaa of danda’etti ‘distincitive estate’ lakkaa’ama jenneerra. QQDh guyyaa filatamee kaasee dhaaltonni gahee dhaaltotaa hanga harkaa simatanitti ni bulcha.¹³⁴

Qabeenyaan dhaalaa kunis baduu, manca’uu danda’a waan ta’eef, bulchiinsa of danda’e gaafata. Kanaaf, QQDh qabeenyaa dhaalaa akka bulchu barbaachise jechuudha. Qabeenyaa dhaalaa

¹³⁴ SHH,kwt.1003

bulchuu jechuu maal jechuu akka taa'e hiikoon ifa ta'e taa'uu baatus, gochaawwaan keewwata qabeenya dhaalaa bulchuu jalatti tarreeffaman tokko tokkoon yoo ilaalle aangoo bakka bu'iinsa waliigalaa' general agency' tiif kennname waliin wal-fakkaata.¹³⁵ QQDh dhaalchisaan dhiisee du'e guyyaa dhaalchisaan du'ee eegalee guyyaa 40 keessatti galmeessuu qaba. Qabeenyaan sana booda argaman yoo jiraatanis guyyaa argamee kaasee guyyaa 15 keessatti galmaa'u qaba. Galmeessuu qofa otoo hintaane yeroodhaaf tilmaamuudhaan ykn yoo barbaachisaa ta'ee ogeessi akka tilmaamu gochuudhaan galmeessuun barbaachisaadha.¹³⁶

QQDh akka abbaa qabeenya gaariiti qabeenya dhaalaa of eeggannooodhaan bulchuu qaba. Qabeenya dhaalaa eeguudhaaf himata hundeessuu, himata qabeenya dhaalaa irratti dhiyaate ofirraa ittisu, abbootii mirgaa qabeenya dhaalaa mirgi isaanii bilchaate ykn yeroon kaffaltii gaheetiif kaffaltii raawwachuu, wantoota dafanii badan, ykn eeguudhaaf, kunuunsuudhaaf , olkaa'uudhaaf baasii ol'aanaa wantoota gaafatan, kanneen akka midhaanii, firiwwaanii fi qabeenya socho'aa ta'an gurguruun hojii bulchiinsa qabeenya dhaalaa keessatti kan hammatamu akka ta'e seerri dhaalaa keenya ifatti ni kaa'a.¹³⁷ Haata'uu malee, idaa kaffaluudhaaf barbaachisaa ta'ee yoo argame hanga idaa kaffaluudhaaf barbaachisu yoo ta'e malee qabeenya dhaalaa socho'aa gurguruu akka hinqabnee fi waliigaltee dhaaltotaatiin ykn ajaja mana murtiitiin yoo ta'e malee qabeenya dhaalaa hin sochoone gurguruun aangoo qulqulleessituu dhaalaa akka hintaane haala addaatiin seerri teechiseera.¹³⁸ Dabalataan, idaa falmisiisaa ta'e fi yeroon kaffaltii isaa hin geenyee kaffaluun gahee QQDh akka hintaane hubatamuu qaba.¹³⁹ Tartiibni kaffaltii idaawwaniis akka itti aanutti wal-duraa duubaan taa'ee jira.

a. Idaa awwaalchaa:-

Jalqaba kaffalamuu kan qabu idaa sirna awwaalcha dhaalchisaatiif bahe yoo ta'u, haala addaatiin garuu akkaataa haala hawaasummaa naannichaatiin baasii haqa qabeessa yoo ta'e malee dursa hin argatu. Akkasumas baasiwwan yaadannoo du'aatiif bahan kan akka 'taskaaraa' baasii awwaalchaa keessatti kan hin hammatamne akka ta'e hubatamuu qaba.¹⁴⁰

¹³⁵SHH, Kwt.2204

¹³⁶ SHH,Kwt.1005, 1006

¹³⁷ SHH, kwt.1010-1013

¹³⁸ miiljalee armaan olii

¹³⁹ SHH,Kwt. 1014

¹⁴⁰ SHH, kwt.1015

b. Baasiwwan ykn idaa qabeenyaa dhaalaa Bulchuudhaaf bahe;-

Qabeenyaa dhaalaa galmeessuu fi saamsuudhaa fi qulqulleessuudhaaf baasii bahu,akkasumas kunuunsa gaarii fi bulchiinsa qabeenyaa dhaalaatiif baasi bahu,qabeenyaa dhaalaa addaan qooduufi dhaaltotatti dabarsuudhaaf baasiwwan bahan fi dhaala naannessuudhaaf baasiwwan bahan akka dabalatu seerri ifatti tarreessee jira.¹⁴¹ Akkaataa tumaalee kanaatti, dhaaltonni gahee isaanii yeroo qooddatanitti QQDh kaffaltii baasiwwan dhimma kanaaf barbaachisan ni kaffala jechuun QQDh aangoo irra turuu akka qabu waan akeekan fakkaata.

c. Kaffaltii idaa namoota dhaalchisaa irraa gaaffii maallaqaa qabaniitiif kaffalamu;

QQDh dhaamoon jiraachuuf dhiisuu isaatiif barbaacha taasisuu akka qabu ilaallee jirra. Haaluma wal-fakkaatuun namoonni dhaalchisaa irraa kaffaltii barbaadan yoo jiraatan barbaacha gochuun, barbaachisaa ta'ee yoo argame beeksisa maxxansuun waamichaa gochuun qulqulleessituu dhaalaa irraa eegama. Bu'uruma kanaan, namoota dhiyaataniif kaffaltii raawwachuun duratt kaffaltii idaa yeroon isaa gahee ta'uuf dhiisuu, idaa falmisiisaa hintaane ta'uuf dhiisuu, qabeenyaaan dhaalaa idaa kaffaluudhaaf gahaa ta'uuf dhiisuu adda baafachuudhaan kaffaltii raawwachuun gahee QQDh ta'a jechuudha.¹⁴²

d. Qallaba Fudhattootaaf Kaffaluu; -

QQDh kennaa dhaalaa bu'uura dhaamootiin taasifame raawwachuun duratt gaafattoota mirga qallaba ykn soorama qabaniif kaffaltii raawwachuu qaba.¹⁴³ Namoonni qallaba gaafachuun danda'an namoota akkamiiti? haal-dureen jiru maali? kan jedhu sirriiti hubachuun barbaachisaadha. Haal-dureewwaan gurguddoo armaan gadii guutamuu qabu.¹⁴⁴ Isaanis:

1. Haadha manaa, abbaa manaa du'aa yoo ta'an.Maatii du'aa ol lakkaa'aman, dhalattoota du'aa fi obboleewan du'aa bu'uura seeraatiin qabeenyaa du'aa guutummaatti ykn gar-tokkee dhaaluu danda'an (legal heirs) yoo ta'ani fi sababa dandeetti dhabuutiin dhaamoo irraa kan hin ittifamne (worthy person) fi dhaaltota mirga dhaaltummaa fooyyee qaban ta'uu qabu.¹⁴⁵

¹⁴¹ SHH,kwt.1016

¹⁴²SHH, Kwt.1017-1019

¹⁴³SHH, Kwt.125

¹⁴⁴ SHH,Kwt.1026, 1027

¹⁴⁵ SHH,Kwt.1029

2. Firooma armaan olii nama hinqabne yoo ta'e illee du'aa kan dhaalu mootummaa yoo ta'e, yeroo du'aan lubbuun jirutti namni du'aa waliin jiraachaa ture ykn yeroo du'aan lubbuun jirutti gargaarsa du'aatiin jiraachaa namni ture qallaba gaafachuuf mirga qaba.
3. Ulaagawan armaan olii yoo guutaniyyuu, dabalatatti 'cummulative' namoonni kuni namoota hojjatanii galii argachuudhaaf dandeetti hinqabneefi namoota rakkoo keessa jiran (persons in needy) ta'uu qabu.

Gaaffiin qallabaa dhaalli otoo hin qoodamiin dursa QQDhti dhiyaachuu akka qabu beekuun barbaachisaadha.¹⁴⁶ Qallaba fudhataan abbaa warraa ykn haadha warraa du'aa ykn nama umurii waggaa 60 guute yoo ta'e, haalli kaffaltii bifaa qallabaatiin hanga umurii guutuu qallaba fudhataatti kan kaffalamuuf ta'a. Kanarraa kan hafe garuu hanga murtaa'e qallaba fudhataadhaaf kaffaluun kan raawwatamu ta'a. Hangi qallaba namoota ulaagaa 1ffaa irratti caqafamaniin gaafatamu otoo dhaamoon isaan miidhu taasifamuu baatee hanga qabeenya dhaaltummaan argachuu danda'an waliin kan wal-gitu gaafachuuf mirga qabu. Akkasumas, du'aan du'uun duratti waggoota sadan darban keessatti kenna taasise akka kenna dhaamootti waan fudhatamuuf gaaffiin kaffaltii qallabaa kan irratti raawwatiinsa qabaatu ta'a.¹⁴⁷

e. Kaffaltii Kenna Dhaamoo Raawwachuu:-

Dhumarrattis, QQDh kaffaltiwwan armaan olitti A-D'tti kaffalamuu malan kaffalee erga raawwatee, namoota mirga kaffaltii falmisiisaa hintane qabaniif kaffaltii raawwatee, namoota dhaamoodhaan kenna addaa argataniitiif kaffaltii rawwatee, qabeenyaan dhaalaa erga dhaaltotaaf darbee booda hojiin QQDh kan cufamu akka ta'e tumaa seera dhaalaa waraabbii Afaan Ingiliffaa kwt.1052 irraa hubachuun ni danda'ama. Haata'u malee, waraabbii Afaan Amaariffaa waliin wal-bira qabnee yoo ilaalle gargaarummaa kan qabu fakkaata. Waraabbii Afaan Amaaraa irraa akka hubannutti du'aan erga du'ee eegalee wagga tokko booda hojiin qulqulleessaa qabeenya dhaalaa xumura kan argatu fi kan cufamu ta'uu isaa ibsa.sana booda qabeenyaan dhaalaa qabeenya dhaaltuutti makachuu akka danda'u tumaa SHH kwt.1053 irraa ni hubatama. Kanaaf, SHH kwt.1052 fi 1053 bu'uura godhachuun aangoon QQDh hanga qoodinsa qabeenya dhaalaa raawwachuu ni dabalata jechuun kan falman ni jiru.

QQDh dhaamoodhaanis ta'e dhaamoon alatti namoonni mirga dhaaltummaa qaban eenu akka ta'an erga adda baasee booda, idaa awwaalchaa, kaffaltii qallabaa, sooramaa, idaa dhaalchisaa fi

¹⁴⁶ SHH,KWT.1029,1031,1032

¹⁴⁷ miiljalee olii

kennaa addaa dhaalchisaan dhaamoodhaan kenne yoo jiraate kaffaluudhaan gaheen dhaalaa dhaaltotaa hangam akka ta'eefi dhaaltonni eenu eenu akka ta'an ibsuudhaan mana murtiitiif gabaasuu gochuu qaba. Akkasumas, qabeenyaa dhaalaati garee jedhuu fi lakki qabeenyaa dhaalaa miti kan jedhu gidduu falmiin ka'e yoo jiraate, ragaadhaan qulqulleessuudhaan mana murtiitiif gabaasa gochuu qaba malee idaa falmisiisaa ta'e kaffaluu ykn qabeenyaa falmisiisaa ta'e kan dhaalaati ykn kan dhaalaa miti jechuudhaan murtii itti kennuu akka hindandeenye hubatamuu qaba.¹⁴⁸ Haala kanaan aangoo mana murtii ofitti fudhachuun aangoo malee raawwachuudhaan gabaasa kan dhiyeesse yoo ta'e, manni murtii ofitti fudhatee mirkaneessuu hinqabu. Haata'uu malee, qabatamaan qulqulleessituun dhimmoota falmisiisaa armaan olii ta'an irratti aangoo malee murtii itti kennuudhaan gabaasa mana murtiitiif dhiyeessee manni murtiis ofitti fudhatee yeroo mirkaneessu ni mul'ata.¹⁴⁹

Gaaffilee Marii

1. Qabeenyaaan dhaalaa dhaaltotaaf hanga hinqoodamnetti akka qabeenyaa of danda'etti 'distincitive estate' akka lakkaa'amu seerri ni ibsa. QQDh guyyaa filatamee kaasee dhaaltonni gahee dhaaltotaa hanga harkaa simatanitti ni bulcha.¹⁵⁰ Qabeenyaa dhaalaa dhaaltotaaf addaan quoduufi dhaaltotatti dabarsuudhaaf baasiwwan bahan fi dhaaltummaa naannessuuf kaffaltii mootummaaf barbaachisu hanga kaffaluutti QQDh aangoo akka qabu seerri ifatti tumee jira.¹⁵¹ Tumaa SHH,kwt.1052 waraabbii Afaan ingiliffaa '*liquidation shall be closed where all the property in the inheritance has been disposed of*'gaaleen jedhus qabeenyaaan dhaalaa harka dhaaltotaatti erga darbee booda hojiin QQDh ni cufama waan jedhu fakkaata. Faallaa kanaa immoo QQDh qoodinsa qabeenyaa dhaalaa hin hammatu jechuudhaan kan falman ni jiru. SHH kwt.1052 waraabiin afaan Amaariffaa hojiin QQDh waggaa 1 booda cufamuu akka qabu ibsa. Akkasumas, SHH kwt.1079 dhaaltonni waliigalteedhaan qabeenyaa dhaalaa addaan quoddachuu yoo baatan, dhaaltota keessaa namni hojatu karoori quoddii qabeenyaa dhaalaa akka mirkanaa'u mana murtii gaafachuu akka danda'u ni ibsa. Kanaaf, dhaaltonni yoo waliigalan ni quoddatu, waliigaluu baannaan karaa mana murtii

¹⁴⁸ Murtii DHIMMWF lakk.galmee 23322 irratti dhaaddacha gaafa guyyaa 13/10/2000 oole kenne fi lakk.galmee 42525 irratti murtii dhaaddacha gaafa 27/9/2001 oole kenname irraa hubachuun ni danda'ama.

¹⁴⁹ Miil-jalee armaan olii

¹⁵⁰ SHH,kwt.1003

¹⁵¹ SHH,kwt.1016

xumurama malee QQDh aangoo qoodinsaa hinqabu jedhu. Isin yaada isa jalqabaa moo isa 2ffaa sirriidha jettu? DhIMMWF jildii 7^{ffaa} irratti, “QQDh gahee qabeenyaa dhaalaa dhaaltonni irratti walii hin galle maal akka ta’e, ragaan maal akka jedhu ibsuun mana murtiitti gabaasuu malee ragaa bitaa fi mirgaa dhagahee gahee qabeenyaa dhaalaa murteessuun aangoo QQDh mit” jechuun murtii kenne waliin yaada xiinxala keessan ibsaa!

2. QQDh qabeenyaa dhaalaa yeroo bulchu, himachuu fi himatamuu akka danda’u armaan olitti ilaallee jirra. Haata’u malee gaaffii mirga qaama 3ffaa dhiyeessu ofirraa ittisuuf ykn mirga dhaalchisaa kabachiisuu falmiin jalqabame hangam xumura argatutti waggoota dheeraa fudhachuu danda’ a waan ta’eef hojiin QQDh hanga waggaa tokkootti cufamuu qaba kan jedhu waliin akkamitti wal-simsiiftu? Tumaa SHH kwt.1052(1) fi 1052(2) waliin ilaala!
3. Sababa du’attiin gaa’illi yoo diigame baasiin awwaalchaa qabeenyaa waliinii irraa kaffalamuu qabamoo erga qabeenyi abbaa manaa fi haadha manaa addaan qoodamee booda qabeenyaa gahee du’aa qofa irraa kaffalamuu qaba jettu?
4. Qoodinsi qabeenyaa waliinii abbaa manaa fi haadha manaa murtii mana murtiitiin osoo hin gaggeeffamin qabeenyaa dhaalaa qulqulleessuun ni danda’ama hin danda’amu? Ni danda’ama kan jettan yoo ta’e haadha manummaa fi abbaa manummaa(hariiroo gaa’ila irratti wal-haaluuun) yoo jiraate hoo?
5. Qabeenyaaan dhaalaa osoo hin qoodamin dura QQDh namoota du’aa irraa kaffaltii gaafachuuf mirga qabaniif idaa bilchaate qulqullaa’ e fi mormii hinqabne kaffaluu akka qabu ilaallee jirra. Haata’uu malee, idaan jedhame idaa waliinii abbaa manaa fi haadha manaa ta’ee garuu qoodinsi qabeenyaa waliinii kan hinraawwatamiin yoo ta’e qabeenyaa waliinii haadha manaa fi abbaa manaa irraa kaffaluun ni danda’ama jettuu?

2.11. Sirna Qulqulleessa Qabeenyaa Dhaalaa fi Qabatama jiru

Guyyaa dhaaltummaan banamee eegalee sirni qulqulleessaa qabeenyaa dhaalaa hojii irra ooluu akka qabu ilaallee jirra. Akkuma kutaa darbe keessatti ilaalle, QQDh karaa sadan keessaa karaa kamiinuu yoo muudame dhaalchisaan akkuma du’een ykn du’ee guyyaa 40 gidduutti hojii eegaluu qaba jenneerra. Dhaamoon yoo jiraate du’aan erga du’ee booda gaafa guyyaa 40^{ffaa} dubbifamuu akka qabu, dhaamoon sana booda argame yoo ta’e ji’ a guyyaa dhaamoon argame sana gidduutti dubbifamuu akka qabu, dhaamoon yoo hinjirre immoo yoo baay’ate guyyaa 40

booda QQDh: qabeenyi dhaalaa maal akka ta'e, mirgi dhaaltotaa maal maal akka ta'e fi haala kamiin qoodamuu akka qabu dhaaltota dhaamoon ykn dhaamoo malee mirga dhaaltummaa qabaniif beeksisuу akka qabu ilaalle jirra.¹⁵² Tumaalee kana keessattuu,SHH kwt.971,972,973,974 yoo ilaalle,hojiin QQDh inni guddaan mirga dhaaltotaa beeksisuу fi yaada karoora qooddii gahee qabeenyaa dhaalaa beeksisuу fi komii dhaaltonni dhimma kanarratti dhiyeessan keessummeessuu dha. Hojiin QQDh guyyaa armaan oliitti caqafametti kan eegaluu yoo ta'eyyuу yeruma sanatti xumuramuу qaba jechuu akka hintaane hubatamuу qaba. Sababiin isaas, bu'uura aangoо qulqulleessituу dhaalaatiif kennameetiin idaawwaan dhaalaa, kaffaltiin sooramaa fi kennaan dhaamoo addatti taasifame yoo jiraate qulqulleessanii raawwachuun yeroo gaafata.

QQDh karaalee sadan keessaa karaa kamiinuu aangeffamus, yoo baay'ate hanga waggaа tokko giddutti hojiin QQDh cufamee mana murtiitiif gabaasni dhiyaachuu akka qabuu fi eeyyama mana murtii malee yeroon isaa dheerachuu akka hinqabne seerri ni ajaja.¹⁵³

Qabatama jiru yoo ilaalle, hojimaata sirna seera QQDh irraa maqeen hojjatamaa kan jiru ta'uu isaa nutti muldhisa. Dhimmoota dhaalaa gara mana murtii dhufan baay'een isaanii adeemsa qulqulleessa qabeenyaa dhaalaa keessa otoo hin darbin kallattiidhaan himanni qooddii qabeenyaa dhaalaa yammuu hundeffamu ni mul'ata. Keessattuu, dhimma falmii qabeenyaa fi qabiyee dhaalaa lafa baadiyyaatiin wal-qabatee seerri QQDh hojiirra hnjiru jechuun ni danda'ama. Dhaaltota gidduuus haata'u nama mirga dhaaltummaa hinqabne irratti himanni qoodinsa qabeenyaa dhaalaa kallattiidhaan dhiyaataa jira.

Darbee darbee QQDh manni murtii akka nuuf muudu jechuudhaan maqaan namootaa tarreessuun iyyanni dhiyaatus, qulqulleessituun dhaalaa dhaamoodhaan ykn seeraan ykn waliigaltee dhaaltotaatiin muudamuу akka danda'u carraa dursaa seerri dirsiise cinaatti dhiisuudhaan kallattiin manni murtii akka nuuf muudu jechuudhaan gaaffiin dhiyaatus seera irraa kan maqe ta'uu nutti mul'isa. Sababa kanaaf, dhimmoonni falmii qabeenyaa dhaalaa mana murtii keessatti hedдуммаачuu caalaa, wal-xaxaa fi dafanii xumura akka hin arganne, qabeenyi, humni nاما,yeroon kan mana murtii fi kan abbootii dhimmaa akka malee akka qisaaasa'u ta'aa jira.

¹⁵² SHH,kwt.965-975

¹⁵³ SHH,kwt.1052, hiiкoo Afaan Ingiliffaa fi Afaan Amaariffaa garaagarummaa waan qabuuf, sirni qoodinsa qabeenyaa dhalaa mata duree of danda'e kutaa itti aanee jiru keessatti kan ilaalamu waan ta'eefi, aangoon QQDh qabeenyaa dhaala addaan qooduu kan dabalatu hinfakkaatu. Akkasumas, daangaa yeroo waggaа 1 giddutti hojiin QQDh cufamuу qaba yaadni jedhu, waraabbi Afaan Amaariffaa irratti ibsame, hojiirra yoo oole gaarii ta'a.

Daangaa yeroo kennname keessatti sirni QQDh hojirra oolaa waan hijirreef, sababa turtii yerootiin, ragaaleen barbaachisaa ta'an baduun, maq-famuun, laaqamuun waan mul'atuuf, kaayyoo sirna QQDh keessa tokko haqa baasuu waan ta'eef,kunis akka galmaan hingeneye godhaa jira. Fakkeenyaaaf,dhimma armaan gadii, Mana Murtii Aanaa Gumaay lakk.galmee 09689 ta'erratti murteesse yoo ilaalle: wal-falmitoonni arfanuu ijoollee dhaalchistoota abbaa fi haadha tokkoo ta'anii erga abbaan du'ee waggaa 12, erga haati du'anii waggaa 8 booda himata qooddii qabeenyaa kna dhiyeeffatan ta'uu isaati. Dhimma kana keessatti ragaa himattoonni wal-qabsiifatanii dhiyeeffatanis yoo ilaalle, sirni qulqulleessaa dhaalaa raawwatame kan hinjirre fi ragaa dhaaltummaa gaafatames kan hinjirre ta'uu isaa nutti mul'isa. Yeroo baay'ee himanni haala kanaan mana murtiitti dhiyaatu manni murtii galmeedhuma tokkoratti al-tokkotti hojii QQDh silaa hojjachuudhaa qabuu ofitti fudhatee qabeenyaa dhaalaa akka qulqulleessu,dhaaltummaa akka mirkaneessuu fi qoodinsa qabeenyaa dhaalaa akka raawwatu gochuun hojii mana murtiitti dabaluu caalaa mirgi abbootii dhimmaa qulqullinaan akka hinilaalamne dhiibbaa uumaa kan jiru akka ta'e hubachuun barbaachisaadha.

Hanga tokko naannoo Magaalaatti fooyee qabaatus, daangaan yeroo bu'aa QQDh seeraan kaa'ame erga darbee booda, dhaalchisaan du'ee waggoota hedduu erga lakkofsisee booda, gaafuma dhaaltummaa mirkaneeffachuubaarbaadanitti koree qulqulleessituu dhaalaa hundeessanii guyyuma tokkotti gabaasa qulqulleessituu dhaalaa qopheessanii "gabaasni qulqulleessituu dhaalaa nuuf mirkanaa'ee ragaan dhaaltummaa akka nuuf kennamu" jechuun dhimmoonni dhiyaatanii keessummeeffamaa kan jiran akka ta'e dhimmoota qabatamaa armaan gadii irraa hubachuun ni danda'ama. Mee dhimmoota armaan gadii waliin wal-bira qabnee haa xiinxallu.

Dhimma 19^{ffaa}

Dhimmi kuni dhimma falmii qooddii qabeenyaa dhaalaa, Godina Jimmaatti MMAGU lakk.galmee 09689 ta'erratti dhaaddacha gaafa guyyaa 12/07/09 ooleen murtii argateedha. Himattoonni Saadiyya Faaris(N-2) himanna gaafa guyyaa 9/5/09 barraa'eetiin abbaan isaanii bara 1997, haati isaanii immoo bara 2001 du'an waan boqotaniif, himatamtoonni obboleewan isaanii kan ta'an Yaaqub Faaris(N-2), gahee dhaaltummaa isaanii otoo hin qoodin qabiyyee lafa qonnaa sangaa 12 fi ashaakiltii hundee bunaa Ganda Quudaa Qifiitti argamu daangaan isaa caqafame qofaatti qabatanii waan jiraniif gahee jaraa akka qoodaniif

gaafataniiru. Himatamtoonis deebii laatanitiin, himatamtooni obboleettii isaanii waan ta'aniif haadha abbaa isaanii dhaaluudhaaf mirga akka qaban kan amanan yoo ta'u, himatamaa 1ffaan qabiyyee fi qabeenyaa himattooni caqasan harka isaa fi harka himatamaa 2ffaa waan jiruuf, gabbara (kennaa gaa'ilaa) haadha manaa isaatiif abbaan otoo lubbuun jiruu quodee kennerraa kan hafe gaheen himattootaa qoodamee yoo kenname kan hin mormine ta'uu ibseera. Himatamaa 2ffaan immoo qabiyyee lafaa otoo abbaan lubbuun jiruu keniinaan kan itti fayyadamaa jiru ta'uu, qabeenyaa ashaakiltii bunaa harka isaatiin kan inni dhaabee fi ragaa abbaa qabiyyummaa itti baafatee qabu ta'uu ibsuudhaan himanni dhiyaate kufaa akka ta'u falmeera.

Manni murtiis ragaa bitaa fi mirgaa erga dhagahee booda, himamatamaa 2ffaatiif qabiyyee lafa falmii abbaan falmitootaa kennaa kenneefi kan du'e ta'uu ragaan ibsu hinjiru, qabeenyaa ashaakiltii hundee bunaa dhaalaa dhaaltotaa qoodamu qabu irratti waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa isaaf kenname fudhatama hinqabu jechuudhaan, qabiyyee lafa qonnaa sangaa 6 fi ashaakiltii hundee bunaa falmiif sababa ta'e gahee dhaala isaanii qixxeetti bakka 4'tti akka qooddatan jechuudhaan murteesseera.

Gaaffilee Marii

1. Akkaataa dhimma armaan oliitti qabeenyi dhaalaa qulqulla'a'ee dhaaltummaan otoo hin mirkanaa'in himanna qoodinsa qabeenyaa dhaalaa kallattiin dhaaltotaa giddutti dhiyaatu gama mootummaa fi gama abbootii dhimmaatiin miidhaa maalii akka qabu tarreessuun irratti mari'adhaa!
2. Qabeenyaa fi qabiyyee dhaalaa lafa baadiyyaa ilaachisee, sirna qulquelleessa qabeenya dhaala fi dhaaltummaa mirkaneessuutiin akka hoogganaman haala kamiin hojniira oolchuun akka danda'amu irratti mari'adhaa!
3. Aangoo qulquelleessituu muuduus ta'e, yeroo qulquelleessituun dhaamoo banu namoonni akka achitti argamaniif waamichi taasifamu, fi komii dhiyeessuu danda'an namoota mirga dhaaltummaa qaban akka ta'e tumaa SHH kwt.971(3),973 irraa ni hubatama. Bu'aa qulquelleesa qabeenyaa dhaalaa keessaa tokko, dhaaltonni himanna qoodinsa qabeenya dhaalaa daangaa yeroo malee gaafachuu akka danda'an kan gargaaru ta'uu isaa SHH kwt.1062 irraa ni hubatama. Haaluma wal-fakkaatuun qulquelleessi qabeenya dhaalaa qaama 3^{ffaa} qoodinsa qabeenyaa dhaalaa keessatti hin

hirmaannee fi nama dhaaltuu hintaane irratti bu'aa fidu qaba jettanii yaadduu?
Akkamitti?

Dhimma 20^{ffa}

Dhimmi kuni MMAMJtti lakk.galmee 33270 ta'erratti dhaaddacha gaafa guyyaa 9/2/2008 ooleetiin murtii argatee jira. Iyyataa ob.Dassaalany Zallaqaa; haati deessuu isaanii A/de.Amaatee Aarkoo dhukkuba irra buleen Onkoloolessa 24/2002 du'aan boqotaniiru. Iyyaatanis: "duutuun yeroo lubbuun turanitti dhaamoo dhaammatan hinqaban,duutuun Magaalaa Jimmaa Ganda Hermaataa Mantiinaa keessatti mana jirenyaa balbala 1 kaaree 105, lakk.kaartaa 4513, tilmaama qar.80,000 maqaa isheetiin qabdi. Duutuun ana malee ilmoo biraa ishee dhaalu hinqabdu. Manaa fi qabiyyee haadhakoo irraa dhaalaan argadhe koree qulqulleessituutin gaafa Guyyaa 12/07/2007 qulqulla'ee naaf murtaa'e waan jiruuf, murtiin koree qulqulleessituu dhaalaa naaf mirkanaa'ee, ragaan dhaaltummaa akka naaf kennamu fi ragaan isaas xalayaa gaggeessituu wajjin mana qopheessaa Magaalaa Jimmaatti naaf barraa'ee qabeenyaan dhaalaa gara maqaa kootitti akka naaf naanna'u" jechuudhaan gaafateera.

Manni murtiis ragaa iyyataa dhagahee, EMMLMJ irraa qabeenyaan iyyata irratti caaqafame maqaa eenyuutiin galmaa'ee akka jiru ajajee erga qulqulleeffatee booda, "ragaan namootaa fi ragaan qulqulleessituu dhaalaa: iyyataan ilma duutuu ta'uu isaa, duutuun ilmoo gara biraa kan hinqabne ta'uu isaa fi qabeenyaan iyyata irratti caaqafame kan duutuu ta'uu ragaan mirkanaa'ee jira" jechuudhaan bu'uura sdfhh kwt.842(1)'tiin iyyataan qabeenyaan mana jirenyaa lakkofsi fi daangaan isaa caaqafame itti darbee dhaaluudhaaf mirga ni qaba jechuudhaan murteessee gargalchi akka kennamuuf ajajeera.

Gaaffilee marii

1. Dhimma kana keessatti gabaasa QQDH dhaalchistuun duutee wagga 5 booda qulqulla'ee iyyataan wal-qabsiifatee dhiyeeffatee jira. Haata'u maleemanni murtii irra deebiidhaan ragaa namaa dhagahee, bulchiinsa lafaa irraayis qulqulleeffatee murteesse waan ta'eef, gabaasa QQDh iyyataan wal-qabsiifatee dhiyeeffateetu mirkanaa'e jenna moo mana murtiitu ofumaa hojii qulqulleessaa raawwate jennaa?
2. Dhimma kana keessatti gabaasni QQDh jiraachuu yoo baates murtii manni murtii dhumarratti dabarse irratti dhibbaa qaba ykn jijiirsisuu danda'a jettuu?

3. Manni murtii garagalchi murtii iyyataadhaaf akka kennamu jechuudhaan kan ajaje kuni waraqaa ragaa dhaaltummaa ‘certificate of heirs’ bu’uura SHH kwt.996’tiin kennamuun tokkuma moo gargaarummaa qaba jettu? Ragaan bu’uura kanaan kennamu iyyataadhaaf faayidaa maalii qaba jettanii yaaddu?

BOQONNAA SADII
QABEENYA DHAALAATTI MAKUU /COLLATION/ FI QOODDII
QABEENYA DHAALAA

3.1. Seensa

Namni kamuu qabeenya dhuunfaa isaa dhaalaan dabarsuuf mirga qabaachuun eegumsi heeraan taasifamuufii isaa tumaa heeraa rogummaa qabu irraa kan hubatamudha.¹⁵⁴ Seera dhaalaa Itoophiyaa keessattis mirgi kun akkaataan itti hoogganamu fi raawwatamu diriiree kan jiru dha. Seera dhaalaa keenya keessatti sirni qabeenya dhaalaa qulqulleessuu erga raawwatee dhaalli cufameen booddee, kutaan itti aanee ilaalamu qabeenya dhaalaa jedhamee adda baherratti qooddiin qabeenya dhaalootaa fi dhaaltuu dhaamoo waliigalaatiifakkamiin qoodama kan jedhutu ilaalamu. Boqonnaa kana jalatti tumaalee sirna qoddii qabeenya dhaalaa taasisuuf diriire jiru akkaataa wal duraa duubaan seerichaan tumamee jiruu fi kaayyoo isaa galmaan gahuun haala danda'amuunakkamiin qoodinsa raawwanna kan jedhu ball'inaan iddo itti ilaalamudha. Hojimaata Manneen Murtii keessatti sirna qoddii qabeenya dhaalaatiin alatti seera haala dirqisiisaa ta'een tumamee jiru irraa maquun sirna qoddii hojimaataan gabbatee jiru hordofuun jiraachuu isaa dhimmoota qabatamoo murtii argatan waliin kaasnee kan ilaallu ta'a. Boqonnaan kun qajeeltoo qabeenya dhaalaatti makuu jedhu waliin wal-qabatee, dhaalatti makuun (collation) maal akka ta'e, kaayyoo isaa, raawwii isaa fi hojimaata jiru iddo itti kaafnee ilaallu dha. Akkasumas sirna dhaalatti makuu waliin wal qabatee qabiyyee lafaa dursee kennaadhaan dhaalchisaan yeroo lubbuun jiru dhaaltuu isaa tokkoof kenne irratti sirni kun irratti raawwii qabaachuuf dhabuun isaa boqonnaa kana keessatti kan kaasnee ilaallu ta'a.

Akka waliigalaatti qabeenyi nama du'e tokkoo dhimma fedhii du'aa ykn dhaaltotaa qofaan murtaa'uun kan danda'u yoo ta'es murtiin isaanii kun sirnaa fi haqa seeraan diriire kan hordofe ta'uun isaa to'achuun bakka barbaachisaa ta'etti manneen murtii bu'uura heeraa fi seeraa kan hordofe ta'uun isaa mirkaneessuu qabu. Bu'uruma kanaan kaadhimamtoonni Abbootiin Seeraa fi Abbootiin Alangaa seera dhaalaan hiikuu keessatti ykn hojiirra oolchuu keessatti yaad rime dhaalatti makuu fi sirna qoddii qabeenya dhaalaa sirnaan hojiirra oolchuuf leenjidhaan hubannoo gahaa argachuun gamanumaan of qopheessuun isaanirraa kan eegamu dha.

¹⁵⁴ HMRDFI kwt 40(1,2,7)

Xumura Leenjii boqonnaa kanaatti leenjifamtoonni:

- Qabeenya dhaaltonni kennaadhaan yeroo dhaalchisaan lubbuun jiru argatan bifa kamiin dhaala keessatti akka makan, haala kamiin dhaala keessatti akka heerragamu ni xiinxalu. Akkasumas Kaayyoona dhaalatti makuu maal akka ta'e ni ibsu.
- Dhaalchisaan yeroo lubbuun jiru ijoollee isaa keessaa tokkoof kennaadhaan qabiyyee lafaa kennee fi dhaaltuun kennaa argate sirni dhaalatti makuu irratti raawwii qabaachuuf dhabuu isaarratti ykn rakkoo raawwii kallattii kanaan jiru irratti xiinxala gaggeessuu.
- Gosa qooddii qabeenya dhaalaa qooddii maatiidhaan taasifamu, qooddii dhaaltonni ofiin taasifatan fi qooddii mana murtiidhaan taasifamu addaan baasanii xiinxalu.
- Qooddii qabeenya abbaa haati fi maatiin ol lakkaa'amu ijoollee isaaniitiif, ijoollee ijoollee isaaniitiif yeroo lubbuun jiran taasisan bu'aa seeraa inni qabu kennaa kaanirraa adda baafatu.
- Sirna qooddii qabeenya dhaalaa seerichaan diriiree jiruu fi raawwii qooddii qabeenya dhaalaa ni xiinxalu.
- Mirga gaafattoota maallaqaa fi dhaaltuun erga qooddiin qabeenya dhaalaa raawwateen booddee dhufan mirga isaanii ilaachisee bu'aa seeraa hordofsiisu ni xiinxalu.

3.2. **Qajeeltoo Qabeenya Dhaalaatti Makuu (Collation)**

Kennaa dhaalchisaan yeroo lubbuun jiru dhaaltuu isaa tokkoof kenne sirna ittiin dhaalatti makamu ilaaluu keenyaan dura qabeenya dhaalaatti makuun maal jechuudha kan jedhu haa ilaallu. Sirna dhaaltonni du'aa qabeenya dhaalaa waliinii osoo hin qooddatiin qabeenyaan bifa kennaatiin dursanii/dursee yeroo dhaalchisaan lubbuun jirutti isaaniif kenname qabeenya dhaalaatti akka makan itti ta'u dha. Seera Dhaalaa Mata Duree 5ffaa boqonnaa 3ffaa kutaa 2ffaa SHH keessatti sirni qabeenya dhaalaatti makuu hoogganu ifatti diriiree kan jirudha. Qajeeltoo qabeenya dhaalaatti makuu sirna isaa tarreessuun alatti seerri dhaalaa Itoophiyaa hiikkoon qabeenya dhaalaatti makuuf kenne hin jiru.¹⁵⁵ Seera dhaalaa keenya keessatti hiikkoon qabeenya dhaalaatti makuuf kenname jirachuu baatu illee hiikkoo guuboo jechoota seeraan kenname fi barruulee keessatti hiikuuf yaalame ilaaluun barbaachisaadha.

¹⁵⁵ SHH kwt 1065 fi kan itti aananiin.

Guuboon jechoota seeraa Black's Law hiikkoo kenneen:

Collation, n. 1. The comparison of a copy with its original to ascertain its correctness; the report of the officer who made the comparison. 2. An estimate of the value of advancements made by an intestate to his or her children so that the estate may be divided in accordance with the intestacy statute. 3. The Eccles, law. The act (by a bishop) of conferring a benefice where the bishop holds the right of advowson, thus combining the acts of presentation and institution.¹⁵⁶

Bu'uuruma kanaan qabeenya dhaalaatti makuun dhaalchisaan ijoollee isaa keessaa tokkoof dursee yeroo lubbuun jiru kennaan kenuu tilmaamni qabeenya dursa dhaaltuun bifa kennaatiin argate kun dhaala keessatti sirna itti makamee bu'uura seera dhaalaatiin dhaaltoota kaan waliin akka qoodamuuf ta'udha jechuu dandeennya.

Collation is the bringing back of properties that were given by donation to a descendant by the ascendant during the lifetime of the latter into the succession.¹⁵⁷

Collation is the principle according to which the executor of an estate must under certain circumstances take benefits given to certain heirs by the deceased during his lifetime into account when distributing the estate among certain beneficiaries. Collation is based on a presumption that parents wish to treat their children on an equal basis as far as succession is concerned.¹⁵⁸

Bu'uuruma kanaan qajeeltoon qabeenya dhaalaatti makuu jedhu kennaa dhaalchisaan yeroo lubbuun jiru dursee dhaaltuu isaa tokkoof kenne yeroo sirna qooddii qabeenya dhaalaa keessa seenamu kennaa duraan fudhate akka dursee dhaala keessaa fudhatetti lakkaa'amee qabeenya dhaalaatti akka makamu itti ta'udha.¹⁵⁹ Kaayyoona qajeeltoo qabeenya dhaalaatti makuus dhaaltoota gidduutti wal qixxummaa uumuu akka ta'e hubachuun kan danda'amudha.

Waa'ee maalummaa qabeenya dhaalaatti makuu hanga kana yoo jenne kanatti aansuun dhaalchisaan kennaa dhaabbiidhaan kennee jiru dhaaltooni deebisanii qabeenya dhaalaatti makuu qaban eenyu fa'a akka ta'an, qabeenya kennaadhaan kennname keessaa isa kamiin akka

¹⁵⁶ Black's Law P.257

¹⁵⁷ Mellese Damtie v. Solomon Kikre (2009). Law of Successions Teaching Material. (Justice and Legal System Research Institute) p. 154

¹⁵⁸ <https://lawblogsa.files.wordpress.com/.../summary - law of sucession>

¹⁵⁹ SHH kwt 1065 – 1078

dhaalatti makan, qabeenyaa deebisanii dhaalatti makuu qaban hangam akka ta'e, fi qabeenyaa kennaadhaabbiidhaan dhaalchisaan kenne maaf deebi'ee qabeenyaa dhaalaatti akka makamu haa ilaallu.

Sirni qabeenya dhaalaatti makuu jedhu kan dhufu qabeenyaa dhaalaa erga qulqullaa'een booddee kan dhufu malee deemsaa qabeenyaa dhaalaa qulqulleessuu keessatti kan ilaalamu miti. Akkaataa gurmaa'ina seerichaa irraayis kun kan hubatamu kanuma dha. Qajeeltoon qabeenya dhaalaatti makuu jedhu cufinsa qabeenya dhaalaa qulqulleessuun booddee ta'u isaa SHH kwt 944 irraa kan hubatamudha. Sirni kun, sirna qoodinsa qabeenya dhaalaa keessatti kan ilaalamuu fi qaamuma qooldii qabeenya dhaalaati.

Kennaadhaalchisaan yeroo lubbuun jiru dhaaltuu isaatiif kenne akkaataa itti deebi'ee dhaala keessatti makamu yoo kaasnu, akka waliigalaatti kennaadhaalchisaan taasisu maali? kennaadakkamiitu deebi'ee gala? Kan jedhu wal faana kaasuun keenya barbaachisaa ta'a. Bu'uruma kanaan, saaynsii seeraa keessatti kennaad gosa lamatu jira. Inni jalqabaa du'aan osoo lubbuun jiru kennaad hojjirra ooludha (Donation enter vivos) jedhamu yoo ta'u du'aan qabeenyaa kenne sana yeroo lubbuun jiru nama kennaan kennameef sanatti dabarsee kan kennuufi waliigaltee kennaadtaasise kanaanis foormii seerichi addatti barbaaduun kan raawwatamudha.¹⁶⁰ Gosti kennaad inni lammataa immoo, du'aan kennaad yeroo lubbuun jiru kenne yeroo du'aan darbutti raawwatinsa akka qabaatu yaadee kennaad taasisudha. Kennaan kun erga namni kennaad raawwate sun du'aan darbeen booddee akka raawwatinsa qabaatuuf yaadamee kennaad taasifamudha (" Donation Mortis Causa ") yoo jedhamu, kennaan akkasii yeroo jiraatutti tumaleen dhaamoodhaaf tumaman kanarrattis raawwatinsa kan qaban ta'u seerichaan tumameera.¹⁶¹

Dhaalchisaan dhaamoodhaan ifatti yoo beeksise malee du'aan dhaamoodhaan qabeenyaa murtaa'e tokko dhaaltuu isaatiif akka kennamu yoo ibse dhimmichi dambii qoqqooddiin dhaalaa kamuu ittiin taasifamu malee akka kennaad dhaamootti (legacy by singular) kan lakkaa'amu miti.¹⁶² Kana jechuunis Fkn dhaalchisaan dhaaltuu isaa tokkoof Maashinoota huccuu hodhu haafudhatu yoo jedhee dhaame, akka kennaad dhaamoo addaatti (legacy by Singular title) hin lakkaa'amu ykn hin fudhatamu garuu akka dhaalchisaan maashinoota huccuu hodhu gahee dhaaltuu sanaa keessatti akka oolu (rule of partition) yaada akka qabu tilmaamsisa. Haata'u

¹⁶⁰SHH kwt 1118 ilaallata

¹⁶¹SHH kwt 2428 ilaallata

¹⁶²SHH kwt 913 jalatti tumamee jira.

malee, dhaalchisaan dhaaltuu kana dhaaltoota kaanirra caalatti fayyadamaa taasisuu yoo barbaade ifatti dhaamoo keessatti kaahuu danda'a. Fkn olitti ibsame keessatti maashina huccuu hodhu dantaa dhaaltuu ibsame sana qofaaf jedhee yoo dhaamoo keessatti ibse yeroo sanatti kennaa dhaamoo addaa (legacy by singular title) ta'a jechuudha. Dhaamoon kennaa addaa kunis akka idaatti kan ilaalamudha¹⁶³ fi bu'uura kanfaltii idaa wal duraa duubaan raawwatamutti kan kanfalamudha.¹⁶⁴ Kennaan dhaamoo baaqkee fi waliigalaan maal akka ta'e boqonnaa 1ffaa keessatti kan ball'inaan ilaalamera waan ta'eef boqonnaa 1ffaatti deebi'uun qabxii asitti ka'e waliin ilaaluu barbaada.

Akka waliigalaatti dhaaltuun du'aa qabeenya dursa kennaadhaan kennameef akka deebisee qabeenya dhaalaatti makuuf kan ta'u qabeenya kennaa du'an yeroo lubbuun jiru kennaa raawwatinsa qabu (donation enter vivos) jedhee yaadee kenneen dhaaltoota fayyadamoo ta'anii argamanidha.

3.2.1. Namoota Kennaa Qabeenya Dhaalaatti Makuuf Dirqaman

Kennaa addaa dhaamoodhaan fayyadamaa kan ta'e akkasumas kennaa waliigalaan dhaamoo namni taasifameef haala addaatiin dhaalchisaan yoo fayyadamaa isaan taasiseen ala qabeenya dhaalaatti makuuf dirqamu.¹⁶⁵ Qajeeltoon qabeenya dhaalaatti makuu kaayyoon isaa waliigalaan walqixxummaa fiduuf yammuu ta'u, yoo kun hin danda'amnellee garaagarummaa dhaaltoota gidduu jiru dhiphisuuf ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama. Kanaaf dhimma dhaamoo waliigalaan fi dhaamoo addaatiin kennaan taasifamu kan boqonnaa 1ffaa keessatti ilaalle yaadachuun barbaachisaa ta'a. Namni kennaadhaan dhaamoon addaa taasifameef tokko mirgi inni qabu gaafattoota maallaqaa qabeenya dhaalaan irraa gaafataniin kan wal fakkaatudha. kunis sirna qabeenya qulqulleessuu keessatti kanfaltii gaafachuu fi argachuuf mirga qaba ykn dhaaltooni sadarkaa duraa osoo hin qooddatiin dursee kan kanfalamu dha. Namni dhaamoon waliigalaan taasifameef garuu mirga dhaaltooni seeraa qabaniin kan wal fakkaatu ta'a. Qabeenyaan dhaalaan qulqulla'ee hafe irraa kunis idaan dhaalchisaan fi dhaamoon kennaa addaa erga kanfalameen booddee kan hafe irratti dhaaltoota waliin qooddata.¹⁶⁶ Garaagarummaan kun garuu namni

¹⁶³Murtii MMWF Dh/Ij lakk galmee 57836 ta'erratti Jildii 11ffaa irratti murteesseen.

“እንደ ከዚ ለየ የኩብ ስጋት መሆኑ ከተረጋገጧ የግም እንድመርስ እና ተቆጥር በፊት/አ/ክጥር 1014 ዓ.ም ቀጥጥል መሆኑን የሚያሳይቷል፡፡”

¹⁶⁴ SHH kwt 1014

¹⁶⁵ SHH kwt 1067(3) fi 1074(1).

¹⁶⁶ SHH Kwt.915 fi 1014(e).

(dhaaltuun) dhaamoon addaa bifaa kennaatiin taasifameef dambiin deebisanii ykn qabeenya dhaalaatti makuun irratti hin raawwatamu jechuun hin danda'amu.¹⁶⁷

Asirratti wanti hubatamuu qabu abbaa fi haati ijoollee isaanii hundaaf ykn dhalattoota isaaniitiif dhaabbiidhaan qoodinsa ittiin raawwataniif seerichi beekumtii yoo kenu gama biraatiin immoo dhaalchisaan yeroo lubbuun jirutti dhaaltoota keessaa dhaaltuu tokkoof kennaan taasifame booda dhaaltuun kennaan fudhate du'a dhaalchisaatiin booda akka deebisuuf seerichi maaf barbaade? gaaffii jedhu kaasisuu danda'a. Seerichi dhaaltooni qabeenya dhaalchisaa qixxee akka irraa fayyadamaniiif dhaaltooni akka wal hin caallee fi hariiroo maatii gidduu jiru cimsuu (family solidarity) barbaaduurraan kan ka'e seerichaan deebii kenuun barbaadameeti jechuun ni danda'ama.¹⁶⁸ Kana ta'uu isaa madda seera HH keenyaati jedhaman keessaa Seerri Hariiroo Hawaasaa Faransaay tokko yoo ta'u kaayyoo wal fakkaataa akkasii qabaachuu barrulleen adda addaa kan hubachiisanidha.¹⁶⁹

Dhaaltooni du'aa qabeenya du'aa irraa kennaadhaan argatan akka dhaalatti makaniiif dirqaman ijoollee du'aa asii gadi lakkaa'amanii fi dhaaltoota haala kamiinuu bakka bu'ummaadhaan dhaalan ta'ee ofif du'aarrea kennaadhaan kan argatan ykn namni isaan bakka bu'anii dhaalan sun qabeenya inni dursee fudhate akka deebisu qaban tumaalee adda addaa seera dhaalaa keenya irraa hubachuun kan danda'amu dha.¹⁷⁰

3.2.2. Qabeenya Dhaalaatti kan Makamuu fi Hin Makamne

Bu'uruma kanaan ijoolleen du'aa asi gadi jiran fi dhaaltooni bakka bu'ummaan dhaalan qabeenya du'aan osoo inni lubbuun jiruu kennaadhaan kenneef keessaa:

- Kennaa gaa'ilaa mana dhaabbiif kennname
- Idaa isaanii akka kanfalaniif kennaa kennname
- Sirna kaadhimmachuu ykn Naqata raawwachuu kennaan kennname akka deebi'uu qabu SHH kwt 1066 jalatti tumamee jira.

Gama biraatiin immoo dhaaltuun tokko du'aan yeroo lubbuun jiru kennaan kenneef seerichaan haalli itti hin deebines jiraachuu isaa seerichi ni hubachiisa. Kennaan hin deebine kunis:

¹⁶⁷SHH kwt 1074(1) kan ilaallatudha

¹⁶⁸Mellese Damtie, (2008). ‘Collation under Ethiopian Law of Succession: Payment by taking Less’ MIZAN p.236

¹⁶⁹Nicolas Boring, (2015). Introduction: Inheritance Law Before the French Revolution.

¹⁷⁰SHH kwt 1065, kwt 1070 fi 1072 ilaallata

- Du'aan kennaan kennname kan hin deebine dha jedhee ifatti kan hin deebine jedhee kennaa yoo taasiseefi;¹⁷¹
- Dhaaltuu nama ta'eef baasii barnootaaf jecha itti bahe ykn kanfalame;¹⁷²
- Du'aan faaydaa dhaaltuuf jecha Inshuuraansiif kanfaltii taasifame;¹⁷³
- Dhaaltuun dhaaltummaa hin barbaadu yoo jedhe kennaa duraan fudhate tilmaama isaa hin deebisu.
- Dhaaltuun du'aa waliin waliigaltee taasiseen ykn waldaa waliinii irraa bu'aa argame yoo ta'e dhaala keessatti deebi'ee kan hin makamne ykn kan hin deebine dha.¹⁷⁴

Kanneen asii olitti tarreffaman keessaa tokko yoo fudhanne dhaaltuun dhaaltummaa hin barbaanne kennaa duraan fudhate kan hin deebisne ta'uu olitti ibsameera. Sababiin isaa immoo dhaaltuun dhaaltummaa hin fudhanne bu'uura SHH kwt 995(1) tiin dhaaltuu miti waan ta'eefidha. Dhaaltuun dhaalaaf waamame tokko dhaala fudhachuuf akka hin dirqamne tumaa seeraa SHH kwt. 977 irraa hubatama. Bu'uura SHH kwt 1065 jalatti tumameen dhaaltuun kennaa duraan fudhate kan deebisee qabeenya dhaalaatti maku dhaaltummaa yoo fudhate qofa dha.

Qabxiin asitti ka'uu qabu kennaa kennameen alatti qabeenyaan dhaalaa hafe kan biraaj yoo hin jiraanne fi dhaaltuun dursee kennaa argate dhaaltummaa yoo fudhachuudha baate akkam ta'a? kan jedhudha. Osoo kennaan dhaalchisaan qabeenya qabu hunda dhaaltuu tokkoof kenne yeroo dhaalchisaan lubbuun darbu hojiirra kan oolu osoo ta'e namni kun fayyadamaa dhaamoo waliigalaa waan ta'uuf akka dhaaltuu seeraatti fudhatamee dhaaltoota kaan waliin kan qooddatu ta'a.¹⁷⁵ Qabxii amma kaafneen garuu kennaan dhaalchisaan kenne yeroo lubbuun jiru kan hojiirra oole waan ta'eef dhaalchisaan yeroo du'utti mirga inni qabtu dhaalama, yeroo du'utti qabeenyaan inni qabu yoo hin jiraanne dhaaltooni waan dhaalan hin qaban gara jedhutti nugeessa.

Gama biraatiin immoo kennaa dhaamoo addaatiin namoota adda addaatiif yoo dhaalchisaan qabeenya isaa yeroo lubbuun jiru kenne ykn dhaalchisaan qabeenyaa isaa bifaa kanaan kennee raawwatee dhaaltooni yoo dhaban yoo? Madda seera keenyaa ykn biyyoonni sirna koodifikeeshinii hordofan seera Romaan irraa fudhataman waan ta'eef madda sana yeroo ilaallu

¹⁷¹ SHH kwt 1067(1)

¹⁷² SHH kwt 1066(3)

¹⁷³ SHH kwt 1068(2)

¹⁷⁴ SHH kwt 1067 – 1073

¹⁷⁵ SHH kwt 915(1)

dhaalchisaan qabeenyaa isaa irratti dhaamoo taasisuun bilisummaa qaburratti daangaan kan taasifamu ta'uu isaa dhaamoo addaa (legacy) haata'uu kaan dhaaltoota sadarkaa duraatiif qabeenyaa dhaalchisa keessaa hangi ¼ hafuufii akka qabu kaaha (Falcidian portion).¹⁷⁶ Haalli kun Seera dhaalaa keenyaan yeroo dhaalchisaan dhaamoo taasiseen miidhaa dhaaltuu isa tokkorra gaheen kan hojiirra oolu malee haala olitti ibsameen yeroo lubbuun jiru kenna taasiseen kenna hojiirra ooleef hin hojjatu. Ejjannoон gama kanaan Obboo Ali Mahaammad Alii qaban dhaalchisaan qabeenyaa qabu bifa kenna dhaamoo addaa (legacy), lamaa fi sanaa oli gochuun dhaaltooni sadarkaa duraa akka homaa hin arganne gochuu waanti isa dhowwu hin jiru ejjanno jedhu qabu.¹⁷⁷ Sababiin isaammoo kennaan dhaamoo addaa akka idaa dhaalaatti dursee kan kanfalamu waan ta'eef dhaala keessa buqqaaneerra jechuu dhaaltoota hin dandeessisu waan ta'eefidha.

3.2.3. Qajeeltoo Xiqqaa Fudhachuu (Taking Less Principle)

Dhaaltooni kenna du'aan yeroo lubbuun jiru kenneef tilmaama isaa dhaalatti maku gaafa jedhamu qabeenyaa kennaadhaan fudhatan gosaan deebisanii dhaalatti makuu jechuu akka hin taane kan hubatamudha. Qabeenyaa osoo dhaalchisaan lubbuun jiruu dhaaltuu tokkoof kennname gosaan deebisi qabeenya dhaalaatti maki jechuun qabeenyaa kennameef sana kunuunsaa, eegaa, baasii biraatiin gatii irratti dabalachaa ture waan ta'eef akka jirutti gosaan deebisi yoo jedhame haqummaas hin qabaatu raawwiin isaas rakkisaa kan ta'u dha. Seerri dhaalaa biyya keenyaakka olitti tuquuf yaalle tilmaama qabeenya kenna fudhatee tilmaama yeroo kennae fudhate sanaan kan deebisu ta'a. Garuummoo qabeenyaa dhaalaa dhaaltooni yeroo qooddatanitti dhaaltuun du'aan yeroo lubbuun jiru kennaan kennameef tilmaamni qabeenyaa kennaan argate sun tilmaama keessa galee qoodinsi qabeenya dhaalaa taasifama (taking Less Principle). Dhaaltuun kenna duraan argate hanga tilmaama qabeenyaa kennaan argate sana akka qoodinsa dhaalaa keessatti gahee isaa dursee fudhatetti itti lakkaawama jechuudha. Kana jechuun immoo, garaagarummaa jiru qofa dabalataan dhaaltuun duraan kennaan taasifameef argata jechuu dha. Dhimmoota qabatamaan murtii argatan gara boodaatti kan kaafnee ilaallu ta'ee gamanumaan akka ifa ta'uuf fakkeenya armaan gadii haa ilaallu.

¹⁷⁶ Lord MacKenzie. (1862), Studies in Roman Law with comparative views of the Laws of France, England and Scotland, Harvard Law School Library. P. 255

¹⁷⁷ Alii Mahaammad Ali (2000). Maanuwaalii Leenjii Seera Dhaalaa fi Heera Mootummaa. Abbootii alangaa Fi Abbootii Seeraa Federaalaaf Maanuwaalii qophaa'e Fuula 151

A/de. Qananiin ijoollee dhiiraa lama Sibiiluu Xaafaa fi Allabbaa Xaafaa jedhaman qabu haajennuti, Ilmi hangafaa Sibiiluun yeroo fuudhu Ad. Qananiin mana bahiidhaaf sangoota lamaaf qorqoorroo manaan ijaarratu akka bitatuuf qr. 5,000 (kuma shan) kennaadhaan kenniteefii jirti. A/de Qananiin yeroo duutu idaan barbaachisu qabeenya dhaalaa keessaa kanfalamee qabeenyaan dhaalamu akka waliigalaatti qabeenya tilmaamni isaa qr. 200,000 baasutu jira. Qabeenyaan Sibiiluun ammaan dura kennaadhaan argate tilmaama sangoota lamaa fi qarshiin walitti ida'amee tilmaamni sangoottaa maallaqaan yeroo kennaa argatutti qr. 10,000 kan baasan yoo ta'e walumaagala qabeenya qr. 15,000 ta'u qabeenya dhaalaatti ida'amee qr. 215,000 yoo ta'u qr. 15,000 akka gahee isaa keessaa dursee akka fudhatetti heerragamee yeroo qabeenyaan dhaalaa qoodamu gaheen Sibiiluu kan silaa Qr. 107,500 ta'u ture qr. 92,500 (kuma sagaltami lamaaf dhibba shan) ta'a jechuudha. Allabbaan garuu gaheen dhaala keessaa qr. 107,500 (kuma dhibba tokkoof kuma torbaaf dhibba shantu) isa gaha jechuu akka ta'e tumaa seerichaarraa kan hubatamudha.¹⁷⁸

Fkn biraatiin yoo ilaalle qabeenyaan dhaalaa qulqullaa'ee hafee jiru qabeenya tilmaamni isaa qr. 15,000 (kuma kudha shan) gahutu hafe haa jennu. Fkn asii olitti ilaalleen Sibiiluun qabeenyaan deebisee galchuu qabus qabeenya hanga tilmaamni isaa qr. 15,000 (kuma kudha shan) yoo ta'e qabeenya hanga maallaqa kana baasu duruma waan fudhateef qabeenya qulqullaa'ee hafe kan olitti ibsinerra Obboo. Sibiiluun waan argatu hin qabu jechuudha.

Dhaaltonni qabeenyaan bifaa kennaatiin dursanii dhaalchisaa irraa argatan haalli itti deebi'ee qabeenyaan dhaalaatti makamee qoodamu hariiroo dhaaltoota du'aa waliinii ta'an qofa dhimma ilaallatu dha. Dhaaltoota waliinii du'aatiin alatti namoonni biraa maallaqa dhaalaa gaafatan ykn dhaamoon taasifameef dhaaltuun dursee kennaa argatee jiru waan qabuuf dhaalatti haamaku jedhanii falmuunii hin danda'an. Kana jechuun, kennaa dursee dhaaltuun argate akka dhaalatti makuuf namoonni gaafachuuf mirga qaban dhaaltoota waliinii keessaa qofa malee namni biraa gaaffii kana dhiyeessuuf mirga hin qabu jechuu dha.¹⁷⁹ Dhaaltuun dursee kennaa argate deebisii galchi jedhamee kan gaafatamu gahee isa gahu akka dursee dhaalaan argatetti gahee isaa keessaa hirr'isuun ta'a yoomiyuu taanaan dhaaltuun gahee isaa olitti deebisuuf hin dirqamu qabeenyaan gosaan ykn gosa qabeenya fudhate sana gosaan akka deebisuuf hin dirqamu, qabeenyaan dursee kennaadhaan argates tilmaamni qabeenyaan kennaan argate gatii isa yeroo kennaa fudhateen

¹⁷⁸SHH kwt 1074 ilaallata

¹⁷⁹SHH kwt. 1075 jalatti waan tumamee jirudha

heerragamee ykn tilmaamameetu deebi'ee akka galu ta'a, qabeenyaan tilmaamni isaa yeroo kennaan taasifamu turetti tilmaamamee hanga sanaan qabeenya dhaalaatti deebi'ee kan galu ta'uu isaati seerri dhaalaa keenya kan nutti himu.¹⁸⁰

Dhaaltuun dursee osoo dhaalchisaan lubbuun jiruu kennaan argatee jiru yoo bade ykn yoo manca'e akkam ta'a? hanga qabeenya duraan argate sanaan akka waan dhaala keessaa dursee fudhatetti itti lakkaa'amee qabeenya dhaalaa keessatti deebi'ee makamaa? gaaffii jedhu waliin ilaaluun barbaachisaadha. Gaaffii kana yoo ball'isnemmo dhaaltuun dhaalchisaan isaa osoo lubbuun jiruu kennaan argate sun sababa dirqama seeraatiin garee 3ffaatti osoo darbe ykn qoodame Fkn dhaaltuun dursee kennaa argate kennaan sun gaa'ilaa keessatti kan kenname waan ta'eef yeroo diigga gaa'ilaa yoo haati manaa inni hooke irraa qoodatte dhaaltuun qabeenyaan deebisee galchu hanga duraan fudhate ta'uu danda'aa? kan jedhu faana ilaaluun barbaachisaa ta'a.

Seerri dhaalaa keenya kallattiin inni kaahee jiru dhaaltuun kennaa dursee fudhate sanaan yoo badhaadhuun isaa dhaabbate ille, ykn kennaan duraan dhaaltuun dursee argate yoo manca'elle hanga qabeenya kennaa dursee argate sanaan qabeenya dhaalaatti makuu akka qabu tumamee kan jiru dha.¹⁸¹ Tumaa SHH kwt 1078 irraa gaaffiwwan olitti kaasne keessattuu dirqama seeraatiin garee 3ffaaf akka qoodu yoo ta'e kan jedhu waliin walitti firoomsuun yoo ilaalle kennaan duraan argate sun kan manca'es ta'u haala biraatiin gareen 3ffaa sababa irraa qoodateef ittiin badhaadhuun isaa yoo hafes kennaa duraan argate sana hanga qabeenya yeroo kennaa argatee sanaa qabeenya dhaalaatti deebisee galchuuf kan dirqamu akka ta'etti yaada (afuura) tumaa seeraa olitti ibsinerra ni hubatamudha.

Qabxiin biraakka olitti tuquuf yaalle dhaaltuun kennaa duraan argate qabeenya dhaalaatti akka makuuf kan dirqamu yoo dhaaltummaa fudhate dha jenneerra. Dhaaltuun dhaaltummaa fudhate tokko deemsaa keessa kennaan dhaalatti makuuf deemu hanga qabeenya dhaalaa qoodamuufiin olitti yoo ta'ee dhaalatti makuuf dirqama moo? Dhaalatti makuun filannoo dhaaltuu dhaaltummaa fudhate kanaa ta'ee murtaa'a? ykn dhaaltummaa duraan fudhate sana booda gahee mirga dhiisuu ni qabaa? kan jedhu waliinis ilaaluun barbaachisaa dha. Haalli akkasii kan uumamuu danda'u keessattuu namoota qabeenyaan dhaalaa isaan bira jira jedhamanii himatamanii waakkatan garuu immoo qabeenya dhaalaa garee himattootaa bira jiru gaafatan

¹⁸⁰ SHH kwt 1076 – 1087 jiran irraa hubatama

¹⁸¹ SHH kwt 1078

ilaalchisee qabeenyi dhaalaa isaan bira jiraachuun yoo ragaadhaan mirkanaa'e fi qabeenyaan duraan fudhate kan dhaaluuf deemu sana kan caalu yoo ta'e carraa filannoo dhaaltummaa dhiisuu ni qabuu? kan jedhu waliin kaasanii ilaaluun barbaachisaa dha.

Dhaala fudhachuu fi dhiisuun jalqaba kan beekamu ta'ullee yeroo kamiyyuu taanaan dhaaltuun kennaan duraan fudhate hanga dursee kennaan argateen olitti deebisee dhaala keessatti galchuuf kan hin dirqamne ta'uu SHH kwt 1076 (2) irraa kan hubatamudha. Tumaa kana ilaalchisee garaagarummaan waraabbii Afaan Ingiliffaa fi Amaariffaa gidduu jiru gaaleen "...yeroo kamiyyuu jedhu ..." waraabbii isa Afaan Amaariffaa keessa jiru kan Ingliffaa keessa kan hin jirree fi yeroo akkasii tumaa isa Afaan Amaariffaa fudhachuuuf dirqama seeraan jiru ta'a. Duraan dhaaltummaa fudhachuuudhaan himanna dhaaltummaa kan dhiyeessan ta'ullee deemsaa keessa yoo qulqulla'uutti kennaan duraan argataniin qabeenyaan deebisanii galchuuf deeman qabeenya dhaalaa quodamuuf sanaa olitti ta'uuf kan jiru yoo ta'e yeroo kamiyyuu deebisuuf akka hin dirqamnetti tumaan seeraa olitti ibsine waan akeekuuf akka deebisuuf Manni Murtii kan dirqisiisuun waan fakkaatu miti.

Kana malees haalli kun kan uumamu yeroo hedduu kallattii himattootaan waan ta'uuf, himattooni dhaaltummaa fudhatanii garuu deemsaa falmii keessa qabeenya dhaalaatti kan makuu qaban dhaala keessa argachuuf kan deemanirra caaluuf deema yoo ta'e himattooni kun himannaan isaanii illee bu'uura SDFHH kwt 278 - 279 tiin haalli itti addaan kutu danda'anillee jira. Kun immoo, dhaaltuun dursee dhaalchisaa isaa irraa kennaan argatee, kan dhaalatti makuuf deemu sun gahee isaa dhaalaan argachuuf deemu irra kan caalu yoo ta'e dhaalatti makuuf yoomiyuu akka hin dirqamne hubachiisa.

Gaaffii Marii

Dhaaltuun qabeenyaan kennaan duraan fudhate keessa sababa dirqama seeraatiin garee 3ffaaf darbee yoo jiraate Fkn, haati manaa kennaan gaa'ilaa keessatti argamedha jechuun yoo dhaaltuu kanarraa quoddatteetti ta'e dhaaltuun dursee kennaadhaan qabeenyaan argatee boodammoo diiggaa gaa'ilaa tiin haati manaa inni hiike yoo irraa quoddatte dhaaltuun kun hangam qabeenya dhaalaa keessatti deebisuuf qaba?

DhIMMFtiin¹⁸² ilaalamee murtiin irratti kennamedha. Himataan duraa qabeenyaa dhaalaa abbaa fi haadha isaanii himatamootaan qabamee jiru gahee isaa 1/6^{ffaa} akka qoodamuuf gaafateera. Himatantuun 1ffaa deebii kenniteen Manni Hoofcoofi manni isaa haadha kiyyaan yeroo lubbuun jirtu kennaadhaan kan kennitee fi yeroo lubbuun jirtu maqaa isheetti qabeenyummaan isaa naanna'ee kan dhuunfaa ishee akka ta'e qabeenyaa dhaalaa akka ta'uun hin dandeenye kan hafe garuu akka qooddannu kan jedhuun deebii kenniteetti. MMA ragaa Bulchiinsa Magaalaa jiru fchisiisee ilaaluun kennaan bu'uura seeraan taasifame akka hin jirre xiinxalee akka gaheen himatamaa 1/6^{ffaan} akka qoodamuuf murteessee jira. MMOL godinichaa komii ol-iyyanno dhaggeeffachuun qabeenyaa hoofcooon mana isaa waliin yeroo haati ykn dhaalchistuuun lubbuun turtetti qabeenyummaan isaa maqaa ol-iyyattuutti waan darbeef qabeenyaa dhaalaa ta'uun hin danda'u jechuun murtii MMA diigee jira. Dhaddachi Idilee MMWO sababa isaa fi xiinxala dabalataa taasisuun murtii MMOL diiguun murtii MMA tiin kennname cimsee jira. DhIMMWO's kennaa duraan iyyattuun argatte kan deebi'ee qabeenyaa dhaalaa keessatti hin galle ta'uun ifatti bakka hin jirretti qabeenyaa dhaalaatti makamuu akka qabu xiinxalee murtii dhaddachi Idilee MMWO isaatiin murtii MMA cimsuun kennet ture mirkaneessuun murteessee jira.

DhIMMF immoo iyyattuun qabeenyaa kennaadhaan kennameef kan deebi'ee galu akka hin taane ragaan mirkaneesse akka hin jirre MM dhimmicha jalqaba dhaggeeffate mirkaneeffateera. Iyyattuun qabeenyaa dhaalaa qooddachuu akka barbaaddu fedhii ishee kan ibsite jirtu ta'uun falmii isaaniirraa hubatama jechuun ibsee, xiinxala DhIMMWO kennname fudhatee jira. Haata'u malee murtii DhIMMWO Sirna Kennaan dursee kennname tokko akkaataa itti qabeenyaa dhaalatti makamuu qabu kan hin keenye akka ta'e ibsuudhaan; qabeenyaa dhaalatti makamu tilmaama isaa yeroo kennaan raawwatamuuti malee qabeenyaa gosaan ibsame sana deebisuun miti jechuun SHH kwt 1065 fi 1074(1) akkasumas 1077 bu'uura gochuudhaan murtii DhIMMWO tiin kennname diigeera.

Akkuma olitti barreeffama keessatti ibsame yeroo kennaan dursee kennname qabeenyaa dhaalaa keessatti deebi'ee galuu fi qoodinsi qabeenyaa dhaalaa yeroo ajajamu of eeggannoo gochuun akka barbaachisu, kennaan dursee kennname dhaalatti kan makamuu qabu qabeenyichuma kennaa kennname sana osoo hin taane tilmaama qabeenyichaa gatii tilmaama yeroo kennaan taasifametti

¹⁸² DhIMMF galmeek lakkofsa 80920 ta'een iyyattuu A/de. Wuddinash Isheetuu fi Oboo Fiqraraariyaam Warquu jidduutti murtii kennamedha. (Jildii 15ffaa)

baasu ta'uu kan qabudha. Murtiin DhIMMWFTiin dhimma kana irratti kennames yaaduma kana kan deeggaru ta'uu isaa murticharraa hubachuun ni danda'ama.

Qabxiin biraan ilaalamuu qabu akka barreeffama olii keessatti ibsameen kennaan dhaaltuu tokkoof taasifamu kan hin deebine ta'uu ykn deebi'ee qabeenyaa dhaalaa keessatti kan hin galle ta'uu ifatti yoo du'aan ibse malee qabeenyaa dhaalaatti kan deebi'ee galudha jenneerra.

Gaaffii Marii

Dhimma 21^{ffa} irratti MM sadarkaan jiruun ilaalan irraa abbaan qabeenyummaa maqaa iyyattuutti ykn himatamtuu duraatti kennaan taasifame yeroo dhaalchistuuun lubbuun jirtu naanna'uun isaa fedhi ykn haayyamni dhaalchistuu akka qabeenyaa kennaadhaan kennname dhaalaatti akka hin deebine ta'uu agarsiisaa? Kana ta'uun haala kamiin mirkanaa'a?

Dhimma olitti murtii argate kana irraa kan hubatamu kennaa dhaabbiin yeroo dhaalchistuuun lubbuun jirtutti kennaa raawwatame ykn hojirra ooledha. Yeroo akkasii akka dhaaltuun deebiste qabeenyaa dhaalaatti hin galchineef yaadi dhaalchistu jecha ifa ta'een jiraachuu akka qabu SHH kwt 1067(2) irraa kan hubatamudha. Osso kennaa dhaamoodhaan kennname (legacies) ta'e yaadi dhaalchistu kennaan taasifame akka qabeenyaa dhaalaatti deebi'ee makamuuf barbaaduu ishee ykn yaaduu ykn kana ta'uu dhiisuu ragaa gosa kamiinuu mirkaneessuun akka danda'amu SHH kwt 1067(3) irraa kan hubatamudha. Deebisanii makuurraa bilisa ta'uuf dhabuun, sadarkaan mirkaneessa ragaa gosa kennaa taasifamerratti hundaa'ee adda adda ta'uu tumaa armaan gadii waraabbii Afaan Ingiliffa isaa akka armaan gadiitti ilaaluuf yaalla.

Art. 1067. - Exemption from collation.

(1) No heir shall be bound to collate liberalities which the deceased intended to make to him as a preference or in addition to his share or as exempt from collation. (2) In the case of donations, an express clause is necessary to establish such intention. (3) In the case of legacies, the intention of the deceased of exempting his heir from collation may be established by all means of evidence.

Tumaa seeraa olitti ibsine kana dhimma olitti murtii argate waliin yoo ilaallu, gasti kennaa dhaalchistuuun iyyattuudhaaf taasifte isa kami? kan jedhuufi yaadi dhaalchistuu akka kennaan sun deebi'ee qabeenyaa dhaalaatti akka hin galle yaada qabdu ykn fedha ishee ragaa gosa isa

kamiitiin iyyattuun hubachiifachuu qabdi? kan jedhu illee adda bahee beekamuun dhimma murteessaadha. Sadrkaan mirkaneessa ragaa dhimmoota olitti ibsinee kan wal caalu ta'uu isaa tumaa seerichaa kwt. 1067 kwt Xiqqaa 2 fi 3 irraa kan hubatamudha. kennaa yeroo dhaalchisaan lubbuun jirutti kennaa hojiirra oole yoo ta'e kennaan sun kan hin deebine ta'uu kennicha keessatti haala ifa ta'een ibsamuu fi kana hubachiifachuu garee kennaa dhaalatti deebi'ee galu miti jedhee falmu sanarraa kan eegamu ta'a. Kennaa addaa dhaamoodhaan taasifame garuu ragaa bifaa kamiinuu hubachiifachuu kan danda'amu fakkaata.

Dhimma 22^{ffaa}

Dhimmi kun DhIMMWF tiin gal mee lakkofsa 106856 ta'een Jildii 19ffaa irratti falmii iyyattuu A/de. Iyyerusaaleem Gammachu fi Roomaan Gammachu gidduutti ilaalamee murtii kan argatedha. Qabeenya dhaalmaa ta'an kaanirratti waliigalanii mana amma falmisiiseen immoo waamamaan ammaa Mana Jireenyaa Kutaa Magaala Kolfee Qaraaniyoo Aanaa 4ffaa G/15 lakk manaa 3215 ta'e maallaqa abbaa isaaniitiin maqaa iyyattuutiin kan bitame waan ta'eef qabeenya dhaalaati jechuun akka qoodamuuf gaafatee jira. Iyyattuun immoo yeroo dhaalchisaan lubbuun jiru mana jalqabbii maqaa kootiin jiru naaf bitanidha qabeenya dhaalaa miti jechuun falmitee jirti. Qulqulleessituun dhaalaas mana jalqabbii qr.27,000 'n maqaa iyyattuutiin kan bitame ta'uu qulqulleesse jira. MM Sadarkaa Duraa Federaalaas, manni falmii kaase maallaqa abbaa isaaniitiin maqaa iyyattuu ammaatiin bitamuun garee kaaniin waan hin haalamneef manni kun qaama qabeenya dhaalaati jechuun murtii kennee jira. MMOL Federaalaas himma kana oliyyannoon ilaaluun manni maallaqa abbaa isaaniitiin bitamuun hin haalamne, ragaan abbaa qabeenymmaa manichaa maqaa iyyattuu ammaatiin ta'uun isaa bu'uura SHH kwt 1195 tiin ragaa dhiyaterra hin hubatamu. Hanga kana ta'etti, sababiin manichi falmisiise qaama qabeenya dhaalaa hin taaneef hin jiru jechuun murtii MM Sadarkaa Duraatiin kennname cimseera.

MMWF falmii bitaa mirgatiin manni falmisiise maallaqa abbaa wal falmitootaatiin maqaa iyyattuu ammaatiin bitamuun hin haalamne. Manneen Murtii jalaa, manni falmisiise qaama qabeenya dhaalaati jechuu kan isaan dandeessise manichi maallaqa abbaa isaaniitiin bitamuun isaatiini. Akka waliigalaatti dhaaltuun dhaala tokko fudhate ykn dhaaluuf fedha isaa kenne kennaa dhaalchisaarraa yeroo lubbuun jiru argate akka dhaala keessatti deebisu SHH kwt 1065 ni hubachiisa. Ifatti du'aan qabeenya dhaalaatti deebisee makuu irraa bilisa isa taasisuu ni danda'a. Iyyattuun manni falmisiise maqaa isheetiin kan bitameef kan maqaa isheetiin galmaa'e ta'u illee

akka dhaala keessatti deebiste hin galchineef ragaan mirkaneesse hin jiru. Manneen murtii jalaa manni falmisiise qaama qabeenya dhaalaati kan isaan jedhaniif maallaqa dhaalchisaatiin bitamuu isaa bu'uura godhataniitudha. Haata'u malee manicha dhaalchisaan osoo hin du'in dura iyyattuudhaaf bituun isaa dhimmichi bu'uura SHH kwt 1065 fi tumaalee ittaananii jiraniin ilaalamuu qaba ture. Dhaaltooni qabeenya haalli itti deebisanii qabeenya dhaalaatti galchanimmoo bu'uura SHH kwt 1074 fi 1076 tiin kan hoogganamudha. Hanga qabeenya dursee dhaaltuun tokko argate kunis qr. 27,000 sanaatti qabeenya dhaala keessatti heerragamee akka gahee isaa keessaa dursee fudhatetti kan heerragamu ta'a malee manni falmisiise qaama qabeenya dhaalaati jedhamee haalli itti qoodinsi irratti taasifamuuf murtaa'e dogoggora qaba jechuun murtii Manneen Murtii jalaa diigeera.

Akka Waliigalaatti abbaan haati ykn maatin asii ol lakkaa'aman ijoollee isaanii hundaaf ykn dhalattoota isaaniitiif yeroo du'an qabeenya ijoollee ofi hanga isaan gahuu qaburratti dhaabbiin yeroo lubbuun jiran sirni ittiin qooduu danda'an beekumtii kan argateef eegumsi kan taasifameef ta'uu seericha irraa kan hubatamudha. Kanaan alatti du'aan haala biraatiin ifatti yoo ibseen alatti dhaaltuun ykn bakka bu'ummaan dhaaltuu ta'e tokko kennaa dursee argate yoo qabaate tilmaamni qabeenya kennaadhaan dursee argate qabeenya dhaalaarratti heerragamee akka dursee gahee isaa dhaala keessaa fudhateetti lakkaa'uun qabeenya dhaalaatti deebisee akka maku ta'ee qoodama, yeroo qooddiin taasifamu of eeggannoonaan kan taasifamu qabu ta'uu akka qabu hubachiisa. Qabeenya dhaalchisaa dhaaltuun dursee fudhate kan deebisuu danda'u haala qabeenya dhaala waliigala isaa irratti gahee dhaaltootaa irratti kan hundaa'u, hanaga qabeenya dirqama dhaaltuun tokko deebisuu qabu irratti hundaa'ee murtaa'a. Kallattiin fuulduraa illee hiikkoo olitti murtiwwan dhimmoota keessatti kaasneen haala hordofeen qajeeltoo deebisanii qabeenya dhaalaatti makuu hojirra oolchuun dirqama ta'a.

3.2.4. Qajeeltoo Dhaalatti Makuu fi Qabiyyee Lafaa Dursee Kennaan Argame

Sirna amma biyyi Itoophiyaa mirga itti fayyadama qabiyyee lafaa irratti qabdu faana yoo ilaalle qabiyyee lafaa dhaalchisaan yeroo lubbuun jiru ijoollee isaa keessaa tokkoof kennaan dursee kenne dambiin dhaalatti makuu kan ilaallatuun ta'uuf dhabuu irratti ejjanno wal fakkaataan hin jiru. Kana ta'uu dhimmoota qabatamaa gara boodaa kaafnee ilaallu waliin kan ilaalamu ta'a. Gareen ejjanno 1ffaa qajeeltoon qabeenya dhaalatti makuu qabiyyee lafaa irratti kan hojjatu hin fakkaatu jedhu. Gareen ejjanno kana qaban gaafa sababeessan SHH kwt 1077 irratti tumamee jiruun dhaaltuun qabeenyaan dursee fudhate akka deebisee galchuuf dirqamu

qabeenyaa gosaan fudhate sana deebisa osoo hin taane qabeenya tilmaama yeroo qabeenyicha fudhate sana dhaalatti maka. Lafti bu'uura Heera Mootummaa Federaalaa kwt 40(3) jalatti haala tumameen qabeenyaa uummataa fi kan mootummaa ta'uu isaatiin kennaan qabiyyee lafaa dhaalchisaan yeroo lubbuun jiru dhaaltuu isaa tokkoof kenne deebifamee dhaala keessatti kan hin galle ykn hin makamne ta'uu isaa hubachiisa jedhu.¹⁸³ Bu'uura Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa kwt. 40(3)tiin, mirgi abbummaa lafaa fi qabeenya uumamaa baadiyyas ta'e magaalaa, kan mootummaa fi uummataa qofadha. Lafti kan hin gurguramnee ykn kan hin geeddaramne qabeenya gamtaa uummata Naannichaati. Qabiyyeen lafaa waan hin gurguramneef hin jijiiramneef kennaadhaan dhaaltuun tokko qabiyyee lafaa dursee fudhate tilmaama isaa dhaalatti haa maku yoo kan jennu ta'e waan hin danda'amne ta'a jechuu dha. Kana malees namni kamuu qonnaan buluu kan barbaadu qabiyyee lafaa qonnaaf oolu bilisaan kan argatu ta'uu isaarraa waan tilmaama gatiidhaan qabiyyee lafaaf gatii baasnee dhaala keessatti deebisee haa galchu jedhamu dhama qabeessa hin ta'u kan jedhu qabu.

Ejjannoон 2ffaan immoo qabiyyee lafaa sirna yeroo Seerri Hariiroo Hawaasaa bahutti lafti gatiidhaan kan tilmaamamudha, bittaaf gurgurtaan illee kan hin dhorkamne waan ta'eff, gatii isaatiin qabeenya dhaalaatti makuu lafa irrattilee raawwatinsa kan qabudha jedhu. Sirna ammaatiin lafti kan uummataa fi kan mootummaa yeroo ta'etti lafti gatiidhaan ykn maallaqaan kan tilmaamamee gatiin isaa beekamu waan hin taaneef hanga qabiyyee lafaa argate sanaan safaramee kaayyoo qajeeltoo qabeenya dhaalatti makuu sana hojiirra oolchuu qabna yaada jedhu qabu. Fkn dhaaltuun kennaadhaan qabiyyee lafaa qarxii lama dhaalchisaan isaa yeroo lubbuun jiru irraa argate yoo jiraate fi dhaalchisaan booda yoo du'u qabiyyee lafaa qarxii jaha dhiisee yoo du'e; dhaaltooni jiran namoota 4 yoo ta'an; dhaaltuun dursee lafa qabiyyee qarxii lama kennaadhaan argate dhaaltummaa yoo gaafate, qajeeltoo qabeenya dhaalaatti makuu sanaatiin qabiyyee lafaa dursee qarxii lama argate qabiyyee lafaa dhaalchisaan dhiisee du'e waliin qarxii 8 waan ta'eef dhaaltoota 4'f immoo qarxii lama lamatu isaan gaha. Dhaaltuun dursee kennaadhaan argate qabiyyee lafaa qarxiidhuma lamaan isaa qabatee hafa jechuudhan hiikoo kenuu.

Kaayyoон qabeenya dhaalaatti makuu akkuma asii olitti ibsame kallattii wal qixxummaa ijoollee dhaalchisaa gidduuttiuumuudhaaf, akkasumas hariiroo maatii gama biraatiin cimsuuf

¹⁸³ Mellese Damtie , (2008). ‘Collation under Ethiopian Law of Succession: Payment by taking Less’ MIZAN Law Review vol. 2 No. 2

kaayyeffateeti erga jedhamee qabiyyee lafaa maallaqaan tilmaamnee qabeenya dhaalaatti makuu hojiirra oolchuu baannus hanga qabiyyee lafaa dursee kennaadhaan argame sanaan safaramee yoo hojiirra oole dhama qabeessaa fakkaata. Qabiyyeen lafaa xiqqaachaa ciccitaa yeroo dhufetti dhaaltuu ammaan dura kennaadhaan dhaalchisaarraa argateen qajeeltoon dhaalatti makuu jedhu isarratti hin hojjatu yoo jenneen qabiyyee lafaa haftee jirtu dabalataan dhaaltoota kaan waliin haa qooddatu jechuudha kunimmoo dhaaltuu qabiyyee lafa qonnaa duruma hin qabneef omishaaf omishtummaa isaarrattille qonnaan bulaan bu'a qabeessa akka hin taane¹⁸⁴ taasisuurratti dhiibbaa qaba waan ta'eef qajeeltoon dhaalatti makuu qabiyy'ee lafaa irratti hojiirra ooluu isaatu dhama qabeessa fakkaata. Tumaalee labsii bulchinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa Naannoo Oromiyaa lakk 130/99 fi dambii lakk 151/2005 waliin yoo ilaalle yaada olitti kaafne kan deeggarudha. Kunis, qabiyy'een lafaa heektaara walakkaa gadii ta'e dhaaltoota gidduutti kan qoodamu osoo hin taane waliin ykn waliigaltee biraatiin itti fayyadamu kan jedhu bu'a qabeessumaa itti fayyadama lafaa fi omishtummaa irratti dhiibbaa jiru hambisuudhaafi. Qajeeltoon qabeenya dhaalaatti makuu jedhu qabiyyee lafaa irrattis raawwatinsa yoo qabaate yaadi olitti kaafne kan milkaa'u danda'u ta'a. Qajeeltoo kun qabiyyee lafaa irratti yeroo hojiirra oolu waanti dagatamuu hin qabne tokko, dhaaltoota qabiyyee lafaa dhaaluu danda'anii fi sadarkaa wal fakkaataarra jiraniif qofa ta'uun isaa dagatamuu hin qabu.

Dhimma 23^{ffaa}

Falmii dhaalaan Mana Murtii Aanaa Jimmaas Gannatitti¹⁸⁵ ka'een himattooni abbaan isaanii bara 1992 du'uu haati isaanii bara 2011 du'uu isaanii ibsuudhaan qabiyyee lafaa iddo adda addaa jiru lafa oolmaa 26 fi qabeenya kaan loonii fi mana jirenyaa ibsuun himatamaan (obboleessi isaanii) qobaa qabatee jiraachuu ibsuun akka isaaniif qoodamu gaaffii abbaa seerummaa gaafatamedha.

Himatamaan gama isaatiin qabiyyee lafaa gahee abbaa isaanii ammaan dura haadha koo himatanii darbiinsa yerootiin himannaan isaanii kufaa ta'eera. Gahee abbaa isaanii gaafachuu hin danda'ani, lafa qabiyyee abbaa fi haadha keenyaa erga abbaan koo du'ee anuma harka ture

¹⁸⁴ Labsii lafa baadiyyaa Oromiyaa lakk 130/99 FKN kwt 7 fi dambii isaa lakk 151/2005 fudhachuun akkasumas kaayyoo waliigalaa isaarraa hubachuun kan danda'amudha. Kwt 9 jalattis gaaleen akkaataa seera dhaalmaatiin dhaalchisuuf mirga qaba jedhu yoo fudhanne seera dhaalaatti yeroo dhufnu qajeeltoon deebisanii galchuu sabababiin hojiirra hin oolleef hin jiraatu jechuudha.

¹⁸⁵MMA Jimmaa Gannatii lakk galme 18360 ta'een Himattoota Zallaqaa Shifarrraa N 5 fi Himatamaa Shimmallis Shifarrraa gidduutti falmii himanna dhaaltummaa dhiyaateef gaafa 01/04/2012 ooleen murtii kennamedha. MMWO Dh/Dhaabbii Lixaammoo lakk galme 222107 ta'erratti murtii kennedha.

anatu haadha koo ittiin xooraan ture, yeroo abbaan koo lubbuun jiru lafti oolmaan afur dhaamoo kennaan gaafa 11/08/1992 naaf kennamee erganaa itti fayyadamaa kanin turedha, lafti oolmaa sadii immoo haati koo yeroo lubbuun jirtu kennaan naaf kennite dhaala keessaa naaf bahee gahee haadha isaanii yoo dhaalan mormii hin qabu jechuun falmeera.

MMA ragaa bitaa mirgaa erga dhaggeeffateen booddee lafa oolmaa sadii daangaan isaa waliigaltee kennaan irratti ibsamee jiru kennaan haati himatamaa yeroo lubbuun jirtu himatamaadhaaf kennite dhaala keessaa bahee kaan akka qoddatan kan jedhuun murteesseera. Murtii kanarraa himatamaan komatee komii isaa MMOL godina HO/GU/Wallaggaatti dhiyeeffateera. MM/O/G/HO/G/Wallaggaa komii dhiyaate ilaaluun lafti qabiyyee abbaan ol-iyataa dhaamoodhaan kennaan taasiseef jedhamu daangaan isaas ta'e lafa iddo kami akka ta'e waan hin beekamneef dhaala keessaa kan bahee ol-iyataaf ta'u miti jechuun komii ol-iyataa kufaa taasissee jira. Dh Dhaabbi Lixaa MMWO's¹⁸⁶ murtii MMOL godinichaatiin kenname cimsee jira. Ejjannoona Mana Murtii Waliigalaa osoo kennaan qabiyyee lafaa komiif sababa ta'e daangaan isaa adda bahee beekamera ta'e dhaala keessaa baasee murtii kennuuf akka ture xiinxala isaa waliigalaarrraa kan hubachuun danda'amudha.

Gaaffilee Marii

1. Murtii Manneen Murtii sadarkaa sadanittuu qajeeltoon deebisanii galchuu fi qoddachuu murtii keessatti ibsamuu ykn ka'uu dhabuun sirriidha jettuu? Murtii Manneen Murtii dhimma 20ffaa olitti ibsameerratti waliigaltuu?
2. Dhaaltuun qabiyyee lafaa hunda dursee kennaadhaan dhaalchisaa isaarrraa argate haa jennuti, qabeenyaa magaala jiru kan socho'uu fi kan hin sochoone dhaaluuf yoo dhufe ykn dhaaltummaa yoo fudhate lafa qonnaa dursee kennaadhaan argate deebisee galchuuf dirqamaa? Raawwii isaarratti mari'adhaa.
3. Dhaalchisaan yeroo lubbuun jirutti qabiyyee lafa isaa irraa dhaaltuu tokkoof kutee kenne yeroo dhaalchisaan du'utti lafa qabiyyee duraan kennameef dhaalatti deebisee galchuuf dirqamaa? Kaayyoo labsii Ittifayyadama Lafa baadiyyaa Lakk 130/99 fi dambii lakk 151/2005 waliin ilaalaan irratti mari'adhaa.

¹⁸⁶Dh. Dhaabbi Lixaa, MMWO lakk galmee 222107 ta'erratti dhimma 20ffaa tiin dhimma ka'erratti murtii kennedha.

3.3. Qabeenyaa Waliinii Dhaaltootaatti Lakkaa’amuu

Dhaaltooni qabeenyaa dhaalaa hin qoodamiiniratti abbaa qabeenyaa waliinii ta’anii kan irratti hoogganan ta’uun isaanii, mirgaa qixxee qabeenyaa dhaalaa hin qoodamne irratti mirga qixxee kan qaban akka ta’e kan agarsiisu yammuu ta’u qabeenyi dhaalaa hanga dhaaltoota gidduutti qoodamee raawwatamutti osoo addaan hin baane dhaaltoota gidduutti kan turu ykn kan eegamu ta’uu isaa tumamee jira.¹⁸⁷ Dhaaltooni waliinii qabeenyaa dhaalaa hin qoodamne irratti mirgi isaan qaban Seera Hariiroo Hawaasaa tumaalee seeraa qabeenyaa waliinii¹⁸⁸ hoogganuun kan murtaa’u ta’uu isaa tumaan seera dhaalaa kan qajeelchee jirudha.¹⁸⁹ Dhaaltooni hundi qabeenyaa dhaalaa hin qoodamiini irratti mirga abbaan qabeenyaa tokko qabu sana hundi isaanii waliinii irratti qabu waan ta’eef tajaajila qabeenyaa kanaa jijiiruufis ta’e qaama biraatti dabarsuu yoo fedhan haayyamni dhaaltoota hundaa jiraachuu akka qabu tumaan seericharraa kan hubatamudha.¹⁹⁰ Dhaaltooni qabeenyaa dhaalaa hin qoodamne irratti qabeenyaa waliinii taasisanii tursuu kan danda’an ta’uu, dhaaltoota keessaa abbaan gahee isaa qoddachuu barbaadummooyeroo itti qooddiin gaafatame sababa seerichaan adda bahee taa’een yoo dheerateen ykn jijiirameen ala qooddiin gaafachuun mirga dhaaltoota waliinii daangaa malee qaban ta’uu tumaalee seera dhaalaa irraa kan hubatamudha. Gaaffii qoodinsa qabeenyaa dhaalaa sababa adda addaatiin tursiifamuu kan danda’uuf: yeroo mijawaa hin ta’iniitti gaaffii ka’e yoo ta’e; ilmi gadameessa keessa jiru hanga dhaalatu kan eegamu yoo ta’e; gama kanaan dhaamoon godhame yoo jiraate fi dhaaltoni tursiisuuf kan waliigalan yoo ta’e akka ta’e tumaan seerichaa irraa kan hubatamudha.¹⁹¹

Gaaffiin qoodinsa qabeenyaa dhaalaa kan ka’e osoo dhaaltummaan hin qulqullaa’in yoo ta’e hanga gaafa qulqullaa’utti tursiifamuu kan qabu yammuu ta’u gaaffiin kun yeroo hin mijofneti ajaja mana murtiitiin hanga wagga lamaatti tursiifamuu ni danda’a.¹⁹² Hanga daa’imni gudeeda jiru dhalatutti kan tursiifamu yoo ta’e illee eeyyama mana murtiitiin qoodinsa raawwachuuun kan danda’amu yammuu ta’u; qabeenyaa dhaalaa akka waliiniitti lakkaa’amu osoo hin qoodamne tursiisuu ilaachisee dhaamoo fi waliigalteen godhame garuu wagga shan olitti yoo kan dheeratu

¹⁸⁷SHH kwt 1060(1) ilaallata

¹⁸⁸ SHH kwt 1257 – 1277

¹⁸⁹ SHH kwt 1060(2) ilaallata

¹⁹⁰ SHH kwt 1262 ilaallata

¹⁹¹ SHH Kew. 1062 fi1063

¹⁹² SHH kwt. 1063(1)

ta'e gatii akka hinqabne yeroon waggaan shanii olitti waliigaltee keessatti dheeratee yoo jiraate waggaan shan kan dhumaan akka ta'u seerichaan tumamee jira.¹⁹³

Qooddii qabeenyaa dhaalaa gaafachuun daangaa malee mirga dhaaltootaa kan ta'ee dha jechuu dandeenya. Kunis qajeeltoo mirga qabeenyaa dhuunfaa ofii dabarsuu, gurguruu, kireessuu, kkf mirga guutuu qabeenyaa dhuunfaa irratti ajajuuf qabu mirga heeraan qaban irraa kan maddudha. Mirgi kun akka hin daangofneef jecha seerri dhaalaa beekamtii fi eegumsa taasiseef ta'uumaalee seerichaa irraa kan hubachuun danda'amudha. Akkasumas tumaalee waliigalaa seera dhaalaa¹⁹⁴ fi tumaalee seeraa rogummaa qaban kan bira¹⁹⁵ irraa kan hubatamu eenyumtuu mirga qabeenyaa qabuun garee kaan waliin qabatee turuuf kan hin dirqamne ta'uun mirga qooddii qabeenyaa waliiniirratti namni tokko qabudha

3.4. Qooddii Qabeenyaa Dhaalaa

Seerri dhaalaa Itoophiyaa qooddii qabeenyaa dhaalaa karaa sadii taasifamuuf beekumtii fi eegumsa taasisee jira isaanis:

- Qooddii abbaa fi haati dhaaltootaa yeroo lubbuun jiran qooddii ykn kennaadhaan dhaaltootaaf taasisan;
- Qooddii dhaaltooni Waliigalanii qoddataniif;
- Qooddii Mana Murtiitiin Taasifamu.

3.4.1. Qooddii Maatii Dhaaltootaatiin Ijoollee Isaaniitiif Taasifamu

Hawaasa keessatti maatiin ijoollee isaaniitiif yeroo lubbuun jiranitti qooddiin qabeenyaa taasisuun jirenya qabatamaan hawaasni itti jiraataa jirudha. Sababiin kana taasisuuf keessaa tokko dhaaltootiin nagaan akka fedha dhaalchisaa sanaatti waliigalanii jiraataniif wal dhabdee dhaalaan wal qabatee isaan gidduutti uumamu hambisuuf taasisanu waan ta'eef seerri dhaalaa qooddii gosa kanaaf beekamtii fi eegumsa taasisee jira.¹⁹⁶ Seerri dhaalaa haatii abbaan fi maatiin ol-jiru ijoollee isaaniitiif fi dhalattoota isaanii gadi lakkaa'amaniif qabeenyaa isaanii sirni ittiin kennuu fi quoduu danda'an /Partition made by donation / sirna ittiin taasisan SHH kwt 1117 – 1123 keessatti tumamee jira. Abbaan ykn haati qabeenyaan kam eenyuuf kan jedhu akkasumas

¹⁹³ SHH Kew. 1063 fi 1064 ilaallata

¹⁹⁴ SHH kwt 1060(2), 1062, 1064 irraa dubbisuun hubachuun ni danda'ama; akkasumas LA. CiV. CODE art. 1289. The action of partition is based upon the principle that no one can be compelled to hold property with another.

¹⁹⁵ SHH kwt 1274 ilaallata

¹⁹⁶ SHH kwt 1117

gaheen dhaaltuu tokkoo hangam akka isa gahu ijoolleesisaaniitiif yeroo lubbuun jiran qooddii taasisuu danda'u. Qooddiin kunis dambii fi foormii seerichi barbaaduun haala wal simuun taasifamuu akka qabu tumaa SHH kwt 1118 irraa hubachuun kan danda'amudha. Foormiin seerichi barbaadus maatiin ijoolleesisaan dhaalaniif qooddiin ykn kennaan isaan yeroo lubbuun jiranitti taasisaniif foormii seerichi barbaadu guutuu akka qaban hubachiisa. Fkn, qooddiin isaan taasisan qabeenya hin sochoone yoo ta'e foormii ykn ulaagaa dhaamoon ifa ta'e tokko barbaadu sanaan haala wal fakkaatuun taasifamuu akka qabudha.¹⁹⁷ Qooddiin gosa kanaa yeroo dhaalchisaan jirutti dhaaltoonni kennaatasaifameef kan fudhatan ta'a. Gama biraatiin qooddiin qabeenya dhaalaa maatiin dhaaltootaa ijoolleesisaan yeroo du'anitti kan hojiirra oolu (donation mortis causa) yoo ta'e seera dhaamoon tokko ittiin gaggeeffamuun ykn hoogganamuun raawwatinsa kan qabaatu ta'a jechuudha.¹⁹⁸

3.4.2. Qooddii Waliigaltee Dhaaltootaan Taasifamu

Seerri dhaalaa akka qajeeltootti dhaamoon taasifame iddo hin jirretti qooddiin dhaalaa waliigaltee ykn walta'insa dhaaltootaatiin kan taasifamu ta'uu isaa tumee jira.¹⁹⁹ Haata'u malee waliigalanii qoddachuuun yeroo hunda kan danda'amu ta'uu dhiisuu mala; yoo dhaaltoonni waliif hin galle garuu dhaaltoota keessaa tokko tattaaffii isaatiin itti dhimmee wixnee qooddii hojjatee MM tti akka mirkanaa'uuf dhiyeessuu akka danda'u tumaa seeraa SHH kwt 1079 jalatti ifaan tumamee kan jiru ta'uu isaati. Tumaa kanaa fi tumaalee seera dhaalaa kanneen biroo irraa akka hubatamutti himanna dhaalaas ta'e, qooddiin qabeenya dhaalaa hirmaannaa Mana Murtii osoo hin barbaachifne kan dhumuu danda'u ta'uu isaati. Dhaaltoonni yoo waliif hin galle qofa Manni Murtii keessatti kan hirmaatu akka ta'e hubachuun barbaachisaadha. Walumaagalatti, qooddii qabeenya dhaalaan wal qabatee dhaaltoonni yoo waliif galan MM dhaquun osoo isaan hin barbaachifne, qabeenya dhaalaa ofuma isaanii gahee gahee isaan gahu adda qoddachuu kan danda'ani dha. Sirni kunis yeroo fi dinagdee Mana Murtii (judicial economy) akkasumas kuufama dhimmootaa Mana Murtiilee hirr'isuu irratti shoora guddaa kan qabu akka ta'e ni hubatama.

¹⁹⁷ SHH kwt. 2427 hanga 2470; SHH kwt 881 hanga 883

¹⁹⁸ SHH kwt 1118 fi akka Waliigalaatti SHH kwt 2428,

¹⁹⁹ SHH kwt. 1079 (1)

Qooddiin qabeenya dhaalaa bu'uuraan wal-ta'insa²⁰⁰ dhaaltootaatiin taasifama erga jennee gaaffiin asitti kaasuu mallu dhaaltooni qabeenya dhaalaa kan hin sochoone waliigalanii waliif qooduudhaaf seeraan foormaatiin addaa hordofuuf dirqaman jiraa? kan jedhu dha. Fkn, qabeenyaan dhaalaa dhaaltooni waliigalanii ykn wal ta'anii qoddatan qabeenya dhaalaa hin sochoone yoo ta'e walta'insi ykn waliigalteen taasifame foormii addaatiin akka taasifamuuf seerichi hin barbaadaa? Kan jedhu ilaaluun barbaachisaa ta'a.

Mirgi abbaa qabeenyummaa karaa adda addaatiin argamuu danda'a. Abbummaan qabeenya tokkoo karaan itti darbu keessaa karaa dhaalaa (seeraan) ta'uu danda'a; karaa bittaa gurgurtaa fi kennaadhaan (waliigalteedhaan) ta'uu danda'a. Waliigalteedhaan abbummaan qabeenya darbu gareen waliigale foormii addaa seerichi barbaadu haala hordofeen taasifamuu qaba. Foormiin kunis, waliigaltee barreffamaan gochuu, waliif mallatteessuu, ragaa lakkaa'uu fi waliigaltee galmeessuu fi mirkaneessuu waan gaafatu yoo ta'u. Abbummaan qabeenya seeraan argamu kallattiidhaan seerichaan kan furame waan ta'eef foormiwwan olitti ibsine kan akka waliigaltee barreffamaan taasisuu, ragaa lakkaa'uu, waliigaltee mirkaneessuu fi kkf guutamuu qabuu? Kan jedhu yoo ilaallu, seerri dhaalaa dhaaltooni yeroo qabeenya dhaalaa hin sochoone wal ta'anii yeroo qoddatanitti foormiin addaa hordofuu qaban hin keenye. Qooddiin qabeenya dhaalaa dhaaltooni waliigalanii waliif qoodan wal ta'insa dha. Tumaalee seera wal ta'insaaf/ waliigaltee waliigalaa rogummaa qaban dabalataan ilaaluun barbaachisaa ta'a jechuudha. Bu'uura SHH kwt 1723 (2) waraabbiin Afaan Amaariffa isaatiin, walta'insi qabeenya hin sochoone qoddachuuuf taasifamu kamuu barreffamaan ta'ee mana murtiitti galmaahuu ykn qaama waliigaltee wal taasisu biratti galmaahuu qaba kan jedhuun tumamee jira.

Kanaaf, dhaaltooni wal ta'insa isaaniitiin ykn waliigalteedhaan qabeenya dhaalaa hin sochoone yoo waliif qoodan foormiin addaa isaan hordofan dabalataan jiraachuu isaa tumaa seeraa olitti ibsinerraan kan hubatamudha. Foormii kana hordofuun fuulduratti wal dhabdee jirullee salphaatti furuuf, mirga garee 3ffaa fi dhaaltoota qooddiin boodarra dhufaniif illee dantaa isaanii kabachiisuuf fayyaduu danda'a.

Gaaffii Marii

Waliigalteen qabeenya hin sochoone qooduu ykn abbummaa isaa jijiiruuf wal ta'insi taasifamu kamuu barreffamaa fi qaama waliigaltee mirkaneessu ykn Mana Murtii

²⁰⁰Miil jalee oliitiin

fuulduratti ta'uun dirqama akka ta'e seerichaan tumameera.²⁰¹ Qooldiin qabeenya dhaalaa qabeenya hin sochoone ilaachisee wal ta'insa dhaaltootaan taasifamu seera fuulduratti ragga'uuf foormiin addaa olitti ibsame guutamuun dirqama jettanii amantu? Garaagarummaa tumaa seeraa olii waraabbii Afaan Ingiliffaa fi Amaariffaa gidduu jiru waliin ilaala.

3.4.3. Qooldiin Qabeenya Dhaalaa Mana Murtiitiin Taasifamu

Qajeeltoon waliigala qooldiin qabeenya dhaalaa bu'uuraan wal ta'insa dhaaltootaatiin taasifama jedhu jiraatullee haala addaatiin immoo qooldii dhaalaa kana keessatti Manni Murtii sababoota ykn haaloota armaan gadiitiin qooda keessatti fudhachuu danda'a. Kunis dhaaltoonni qooldii dhaalaa irratti yoo waliif galuu baatanii fi dhaaltoota keessaa tokko wixinee qooldii qabeenya dhaalaa tattaaffii mataa isaatiin hojjatee akka mirkanaahuuf MM tti yoo dhiyeesse dha. Himannaan bifa kanaan himanna qooldii dhaalaa MMtti dhiyessu, himannaan isaa akka fudhatama argatuuf dhaaltoonni waliigaluu dhabuu isaanii akka sababaatti dhiyessuun kan irraa eegamu ta'a. Kan biraadhaaltoota waliinii keessaa dhaaltuun tokko qooldii keessa yoo hin jiraanne ykn seeraan nama isa bakka bu'u yoo hin keenye; dhaaltoota waliinii keessaa qooldiin dhaalaa osoo hin taasifamiin dura dhaaltuu isa tokkoratti maallaqa gaafataan gareen 3ffaa yoo jiraateefi abbaan maallaqaa kun qooldii qabeenya dhaalaa kanarratti ajajni akka kennamuuf yoo gaafate qooldii dhaalaa kana MM mirkaneessuun akka irra jiru tumaalee SHH kwt 1080 fi 1081 irraa kan hubatamudha. Bu'uura tumaalee seeraa kanaan hooggansi Mana Murtii kan barbaachiseef ykn hirmaannaan Mana Murtii kan barbaachiseef eegumsa mirga garee 3ffaa fi dhaaltuu qooldii keessatti hin hirmaanneef taasisuu akka ta'e tumaa seeraa kana irraa hubachuun kan danda'amudha.

Gaaffii Marii

Manni murtii qoodinsa qabeenya dhaalaa yeroo mirkaneessu gahee dhaaltuu qoodinsa keessa hinjirree ilaachisee tarkaanfii akkamii fudhachuu danda'a? akkaataa raawwii isaa irratti mari'adhaa

²⁰¹SHH kwt 1723

Art. 1723. - Contracts relating to immovable.

(1) Contract creating or assigning rights in ownership or bare ownership on an immovable or usufruct, servitude or mortgage of an immovable shall be in writing and registered with a court or notary.

(2) Any Contract by which an immovable is divided and any compromise relating to an immovable shall be in writing and registered with a court or notary.

3.5. Sirna Qooddii Qabeenya Dhaalaa



Seera dhaalaa Itoophiyaatiin qooddii qabeenya dhaalaa gaafachuu kan danda'anu eenyufaa akka ta'an tumaalee seerichaarraa kan hubatamu yammuu ta'u. Dhaaltoota waliiniitiin kallattiidhaan qooddiin qabeenya dhaalaa gaafatamuu danda'a. Yeroo tokko tokko immoo dhaaltootarraa gaafattoota maallaqaa ykn dhaaltootarratti abbootii mirgaa namoonni ta'an haalli qooddii qabeenya dhaalaa keessatti gaaffiin isaan gaafatan jiraachuu danda'utu jira.²⁰² Fkn, dhaaltuun tokko dhaala kan hin gaafanne sababa idaa kanfaluu dhiisuuf ykn idaa baqachuuf yoo ta'e haalli itti gaafattoonni maallaqaa dhaala keessatti hirmaatu itti ta'utu jira.

Qooddiin qabeenya dhaalaas karaa adda addaa taasifamu danda'a kunis:

- Waliigaltee dhaaltoota Waliiniitiin;
- Gumii jaarsota firaatiin fi
- Mana Murtiitiin ta'uu danda'a.

Akkaataa raawwii qooddii dhaala kanaas dhaalchisaan dhaamoodhaan waanti inni dhaame yoo jiraate akkaatuma dhaamoo dhaalchisaan dhaammatetti akka fedhiin dhaalchisaa galma gahuu danda'uun raawwatinsa argata jechuudha. Dhaamoon taasifame yoo hin jiraanne immoo sirni qooddii dhaalaa bu'uura seerichaan sirna diriiree jiruun akka raawwatamuu qabu tumaa SHH

²⁰² SHH kwt 977(3); SHH kwt 1081 waliin ilaaluudhaan

kwt 1083 irraa kan hubatamudha.²⁰³ Akkaataa raawwii qooddii dhaalaa ball’inaan yoo ilaallu dhaaltooni yeroo qooddiitti tilmaama qabeenya dhaalaa kan tilmaaman ta’uu isaanii, tilmaama isaa irratti yoo waliif hin gallemtoo jaarsolii dhaaltooni filataniin tilmaamni kan taasifamu ta’uu isaa seerri dhaalaa nutti hima. Qabeenyaan dhaalaa sun qabeenya hin sochoone yoo ta’e ogeessootaan tilmaamamee qaboo yaa’iidhaan qabamee tilmaamichi akka dhiyaatu akka taasifamuu qabu; tilmaamni dhiyaatu sunis akkaataa qooddiif mijatutti akkasumas akkaataa itti qoodamuufi qabulle haala ibsuun kan dhiyaachuu qabu ta’uu tumaa SHH kwt 1083 fi 1084 irraa kan hubatamudha. Qabeenyaan dhaalaa erga tilmaamni isaa dhiyaateen booddees gaheen dhaaltootaa akka hiramuuf ykn qoodamuuf dhaaltooni nama qooddii kana raawwatuuf waliigalanii filatu yoo walii hin galle MM ogeessa addaa muudeefii gaheen dhaaltootaa bu’uura kanaan ogeessa kanaan kan qoodamuuf ta’uu isaa seericharraa kan hubachuun danda’amudha. Malli qooddii isaas dambii seerichi diriirseen akka armaan gadiitti ta’uu danda’a.

3.5.1. Qabeenyaan Dhaalaa Gosaan Qooduu

Bu’uuraan qabeenyaan dhaalaa gosaan kan qoodamuu qabu dha, kunis seerichaan haala dirqisiisa ta’een kan tumamee jirudha.²⁰⁴ Dhaaltooni qabeenya dhaalaa gosaan yammuu fudhatan ta’utti qabeenyaan gosaan fudhatan tilmaamni isaa qixxee yoo ta’uu baate, dhaaltuun qabeenyaan dhaalaa gatiin isaa ykn tilmaamni isaa xiqqaa ta’e dabalataan hanga garaagarummaa sanaan maallaqaan akka argachuu danda’u SHH kwt 1087 jalatti ifatti tumee jira. Qabeenyaan dhaalaa gosaan akka qoodamuuf kan barbaadameef fedhiin hawaasichaa qabeenyaan dhaalaa maatiidhuma keessatti akka hafu barbaachuurraan kan ka’e akka ta’e yaadama. Qabeenyaan dhaalaa kan calbaasiidhaan gurguramee harka ormaa galuu danda’ullee qabeenyaan dhaalaa osoo miidhaan irra hin geeny qooduun kan hin danda’amne yoo ta’e akka ta’e SHH kwt 1092 irraa kan hubatamudha. Kana jechuun immoo yaadama olitti kaasne qabeenya dhaalaa gosaan qooduun dhaaltoota biratti akka hafuu danda’uufidha. Seerichi meeshaawwan amantii faana wal qabatee yaadannoo maatii ta’an faaydaa dinagdee qabaatanii kan gurguruun danda’amu ta’anillee dhaaltuun tokko akka hin gurguramneef yoo morme akka hin gurguramne fi maatiidhuma bira dhaaltuu tokko bira akka turu manni murtii ajajuu akka danda’u fi meeshaawwan akkasii maatii keessaa akka hin baaneef of eeggannoona cimaa taasifamuu akka qabu tumee kan jirudha.²⁰⁵

²⁰³ SHH kwt 1082 – 1096 jiraniin keessattuu SHH kwt. 1079, 1082, 1083, 1086 , 1087(2), 1092, 1093

²⁰⁴ SHH kwt 1086(1)

²⁰⁵ SHH kwt 1094(3)

kunimmoo sababuma olitti kaasne kan cimsu ykn adda dureedhaan qabeenyaan dhaalaa maatiid huma keessatti akka hafu seerichi kan barbaadu ta'uu isaa hubanna.

Qabatamaan garuu, manneen murtii sirna qooddii seerichaan haala dirqisiisaa ta'een tumamee jiru osoo hin hordofne qabeenya dhaalaa dhaaltoonni himannaa qoodinsa qabeenya dhaalaarratti dhiyeessaniif yeroo baayy'ee calbaasiin gurguramee akka qooddatan ajajuutu jira.²⁰⁶ Gama biraatiin immoo, gareen qooddii qabeenya dhaalaa wal gaafachaa jiru osoo irratti waliif hin galiin gareen tokko bu'uura tilmaama dhiyaateen gahee isa kaanii kanfalee haa oolfatu jechuun murtiin yeroo kennamu mull'ata. Qabeenyaan dhaalaa gosaan yeroo qoodamus qabeenya kamtu dhaaltuu kamiif yoo kenname caalaatti fayyada²⁰⁷ kan jedhu osoo hin madaalle qooddii dhaalaa taasisuun hojimaata jiru irraa ni hubatama. Hojimaanni akkasii immoo kaayyoo seerichaan ala akka ta'e tumaalee olitti ibsamerra hubachuun kan danda'amudha. Sirni qooddii seerichaan haala dirqisiisaa ta'een tumamee jiru Manneen Murtii hordofuu ykn hojiirra oolchuun dhimma akka filannootti taa'e waan hin taaneef akkaatuma seeraan tumamee fi qajeeltoo heera mootummaatiin walsimsiisuun hojiirra oolchuun dirqama ta'a. Sirna qooddii qabeenya dhaalaa seerichaan taa'ee jiru haala tumaalee Heera Mootummaatiin waliin wal simuun ilaalamee hojiirra ooluu qaba. Fkn murtiin ykn ajajni qaama abbaa aangootiin kennamu kamuu dantaa daa'immanii haala fayyaduu danda'uun ta'uun kan irra jiraatu dha.²⁰⁸ Qabeenyaan dhaalaa kamtu dhaaltuu kamiif caalaatti fayyada jedhu yeroo murtaa'us caalaatti dantaa daa'immanii kan fayyadu isa kami kan jedhus tilmaama keessa galchuun barbaachisaadha.

Dhimmi biraa tumaalee qooddii qabeenya dhaalaa ilaallataniin wal qabatee ilaalamuu qabu SHH kwt 1089 dha. Bu'uura tumaa kanaan qabeenya hin sochoone qoddachuu ilaalcissee dhaaltoonni yeroo lammii Itoophiyaa ta'anii fi kaan immoo lammii biyya hambaa gaafa ta'anidha. Bu'uura tumaa kanaatiin yoo danda'ame dhaaltoota lammii Itoophiyaa ta'aniif qabeenya hin sochoonerratti dursi akka kennamu tumee jira. Haata'u malee, labsii lakk 270/1994 fi dambii qajeelfama labsii kana raawwachiisuuf baheen, dhalattoonni Itoophiyaa lammii biyya alaa ta'an mirgi isaanii akka kabajamuuf sochii dinagdee fi hawaasummaa biyyattii keessatti haala guutuu ta'een akka qooda qabaataniif eegumsi seeraa bu'uura labsii kanaan

²⁰⁶ MMWF dh IJ lakk galme 94322 jildii 16ffaa; 102932 Jildii 18ffaa; jildii 19ffaa lakk galme 103049

²⁰⁷ SHH kwt 1087(2)

²⁰⁸ HMRDFI kwt 36(2); HMNO kwt 37(2)

taasifameefii jira.²⁰⁹ Bu'uura labsichaatiin dhalattoonni Itoophiyaa lammii biyya alaa ta'an mirga lammiiin Itoophiyaa tokko qabu akka qabaataniif sirna labsiin kanaan diriireen dhalattoonni Itoophiyaa lammii biyya alaa ta'an biyyattii keessatti qabeenyaa hin sochoone qabaachuu akka danda'anillee tumee kan jirudha.²¹⁰ Kanaaf, raawwatinsi SHH kwt 1089 bu'uura labsii olitti ibsameen dhalattoonni biyya Itoophiyaa lammummaan biyya hambaa ta'an yeroo dhaala keessatti hirmaanna qabaatan qooddii qabeenyaa hin sochoonee ilaachisee mirga qixxee dhaaltoota lammii biyya Itoophiyaa waliin qabaachuu isaanii hubachiisa. Gama biraatiin tumaan seera dhaalaa olitti ibsame kan raawwatinsa qabaatu dhaaltuu dhalataa Itoophiyaa hin ta'iin lammummaan isaas biyya hambaa yoo ta'e ta'uun hubatamuu qaba.

Qabeenyaan dhaalaa gosaan akka qodamuuf kan tumee jiru seera dhaalaa qofa miti. Seerri Maatii Naannoo Oromiyaa keessatti akka tumametti, fuudhaa heerumni kan diigame du'aan yoo ta'e, wal fuutoota keessaa namni lubbuun jiruu fi dhaaltoota isa du'ee gidduutti qabeenya hirachuu ilaachisee falmiin yoo ka'e, qabeenya abbaa warraa fi haadha waarras qulqulleessuu fi qooduudhaaf tumaalee Boqonnaa 7ffaa kutaa 4ffaa keessatti tumaman akkuma barbaachisumaa isaatti raawwatamaa ni ta'u.²¹¹ Tumaalee kutaa 4ffaa keessatti tumaman keessaa tokko kwt 118 yoo ta'u qabeenya abbaa warraa fi haadha warraa kan waliinii gosaan qooduun kan danda'amu gosaan qoodamuuk akka qabu tumee jira. Qixxeetti yoo hin qoodamne garaagarummaan isaa maallaqaan akka wal dandeessifamu ta'a. Tumaaleen kun fi kanneen biroo kutaa 4ffaa keessa jiran akkaataa barbaachisumaa isaatti dhalattooni du'aa fi wal fuutoota keessaa kan lubbuun jiru gidduutti falmiin qabeenya qoddachuuf ka'u irratti illee hojiirra yeroo oolantu jira waan ta'eef seera maatii rogummaa qabu waliin ilaaluun barbaachisaa ta'a.

3.5.2. Qabeenya Dhaalaa Oolfachuu Ykn Calbaasiin Gurguruun Qooduu

Olitti qabeenyaan dhaalaa bu'uuraan gosaan kan qoodamu ta'uu akka qabu ilaalle jirra. Mala qooddii kanarraa kan maquun danda'amu fi mala biraa ykn filannoo biraa kan hordofnu sababa seerichi adda baasee kaahe qofaani. Mala qooddii biraa seerichi diriirse tumaa seeraa rogummaa qabu guutuu isaa akka armaan gadiitti jal qaba haa ilaallu.

Art. 1092. – Property which is difficult to divide. - 1. Principle.

²⁰⁹Labsii lakk 270/1994 dhalattoota Itoophiyaa ta'anii Lammummaan biyya Hambaa ta'aniif biyya dhalatan keessatti fayyadamtoota mirga adda addaa akka ta'an labsii isaan dandeessisuuf bahe. Kwt 3 ilaallata

²¹⁰Miiljaleedhuma olii kwt 5(4)

²¹¹SMNO kwt.122(2), kwt. 118-119 ilaallata

If there is in the succession some other thing which cannot be divided without serious inconvenience, and if the heirs do not agree as to who among them shall have that thing in his share, the thing shall be sold and the price divided

Art. 1093. - 2. Sale by auction

(1) The sale shall made by auction where One of the heirs so requires. (2) Failing agreement between the co-heirs, outsider shall be admitted to such sale by auction.

Al tokko tokko qabeenyaan dhaalaa gosaan quoduun kan rakkisu ykn immoo tasuma quoduun kan hin danda'amne yeroon itti ta'u jira. Sirna quoddi qabeenya dhaalaa keessatti qabeenyaan osoo miidhaan irra hin gahiin quodamuun hin dandeenye yoo ta'ee fi dhaaltooni qabeenyaan kuneenyuuf akka kennamurratti yoo waliif galuu dhaban bu'uura SHH kwt 1092 tiin gurguramee maallaqni isaa dhaaltootaaf kan quodamu ta'uu isaati. Akka qajeeltootti qabeenyaan dhaalaa ykn quoddiin dhaalaa dhaaltootaaf gosaan kan quodamu ta'ullee haala addaatiin gosaan quoduun yoo hin danda'amneef filannoo seerichaan taa'edha. Qabeenyaan dhaalaa Caalbaasiin kan gurguramu yoo ta'ee fi dhaaltooni yoo waliif hin galle namoonni kaan caalbaasicha keessattilee hirmaachuu kan danda'an ta'uu seerichaan tumamee jira.²¹²

Gaaffilee Marii

1. Sababa miidhaa qabeenyicharra gahuun qabeenyaan quoduun hin danda'amu jechuudhaaf miidhaan sadarkaa kamiitti qabeenyicharra yoo gahedha seerichaan kan quoduun hin danda'amne? SHH kwt 1272 dhimma kanaaf furmaata rogummaa qabudhaa? Irratti mari'adhaa.
2. Ajaja Mana Murtiitiin qabeenyaan dhaalaa caalbaasiin akka gurguramuuf ajajameen booddee dhaaltooni eenu akka qabeenyaan dhaalaa hambifachuu danda'urratti yoo waliigalanoo raawwiin isaa akkam ta'a?
3. Qabiyyee lafa baadiyyaa dhaalaan dhaalootatti darbu sirna quoddi Seera Dhaalaa keessatti diriireen kan quodamu moo seera biraatiin hoogganama? Ffkn lafa qabiyyee heektaarri walakkaa dhaaltoota sadiif haala kamiin quodama? Qoduun ni danda'amaa? Labsii bulchiinsaa fi Itti fayyadama lafa baadiyyaa lakk 130/99 Kwt 9(3) dhaalmaan lafaa

²¹² SHH kwt 1093 (2) ilaallata

haala kwt 7 jalatti tumame kan faallessu yoo ta'e, dhaaltooni qabiyyicha osoo hin hiratiin waliin ykn bifa biraatiin waliigaltee uumanii itti fayyadamuu qabu kan jedhu waliin kaasaa mari'adhaa.

Akka waliigalaatti qooddiin qabeenya dhaalaa kan taasifamu dhaala qulqulleessuun raawwatee erga dhaalli du'aa cufameen booda dha. Dhaalli du'aa akkaataan itti raawwatu dambii du'aan teechiseen ykn waliigaltee dhaaltootaatiin taasisaniin ta'uu akka danda'u; dhaaltooni hooggansa gumii firaat ykn Mana Murtiidhaan qooddiin qabeenya dhaalaa dhaaltootaaf taasisan yoo dhaaltooni waliif galuu dhabuu isaanii yoo beekame ta'uun dhimma xiyyeffannoon hubatamuu qabu dha. Kanaaf, qooddiin qabeenya dhaalaa yeroo taasifamutti jalqaba waanti dhaalchisaadhaan ykn du'aan qooddiin dhaalaa ifa taasise yoo jiraate kanuma hojiirra oolchuu; yoo dhaalchisaan qoddii ilaachisee dhaamoon kaahe hin jiraanne qooddiin dhaalaa dhaaltoota gidduutti ta'e bu'uura tumaalee seera dhaalaa olitti kaasaa tureen kan raawwatame ta'uu mirkaneessuun dhimma murteessaa dha. Qoodinsa qabeenya dhaalaatiin walqabatee rakkinni jiru rakkoo raawwii dambii ykn sirna qoddii qabeenya dhaalaa seerichaan taa'ee jiru Manneen Murtii irraa maquun darbee darbee kan hojjachaa jiran ta'uu isaati. Kunimmoo dhimmoota asiin gadiitti ilaalluun kan hojmaata mana murtii ilaallu ta'a.

Dhimma 24^{ffaa}

Dhimmii kun falmii Iyyattuu A/de. Almaaz Baqqalaa fi Gazzaaheny Baqqalaa gidduutti DhIMMF galmeek lakkofsa 94322 ta'e irratti murtii kennamedha.²¹³ Ka'umsi falmii kanaas qoddii qabeenya dhaalaaf kun MMA Ada'aa tti dhiyaateen yammuu ta'u, waamaamaan qabeenya dhaalaa kan abbaan keenya Magaala Bishooftuu dhaa lakk kaartaa 7/17/1, lakk 290 ta'e abbaan keenya bara 2003 kan du'e yoo ta'u dhaaltooni abbaa keenya ijoollee 6 osoo jirruu dhaaltuu qobaa of gochuun qabathee waan jirtuuf tilmaamni manichaa qr. 80,000 waan baasuuf dhaaltoota hundaaf yoo qoodamu gaheen koo qr. 13,000 akka naaf murtaa'u jechuun himanna dhiyaatedha. Himatmtuuun manicha wagga 20 dura abbaa isaaniirraa kan kennameef ta'uu, kunis dhaaltootatti himamee kan fudhatan ta'uu, manicha himattuuun Mana Qopheessaa dogoggorsiisuun maqaa du'aatti taasifullee ibsaaf bishaan maqaa kootiin kan jirudha, wagga 20 olin itti fayyadamaa ture jechuun qaama qoddii dhaalaa kan ta'u miti jechuun falmiteetti. Manni Murtii Aanichaas bitaa mirga falmisiisuun himatmtuuun gahee himataa qr. 13,000 akka kanfaltu

²¹³Murtii DhIMMF tiin falmii dhaalaa A/de. Almaaz Baqqalaa fi Gazzaaheny Baqqalaa galmeek lakkofsa 94322 ta'e irratti kennameef, jildii 16ffaa

murteesseera. Himataan duraa murtii MM jalaan komachuun manichi caalbaasiin gurguramee gahee koo fudhachuun qaba jechuun komii MMO tti dhiyeeffatee jira. MMOL Godina Shawaa Bahaas komii dhiyaate ilaaluun manichi tilmaama himannaarratti ibsameen osoo hin taane caalbaasiin tilmaama gabaatiin ta'uu qaba jechuun murteesseera. Falmii himatamtuun duraa qabeenyaan kan dhuunfaa kooti jedhummoo ol-iyyanni qaxxaamuraa irraa hin gaafatamne waan ta'eef gaaffii komii sirnaan dhiyaate miti jechuun kufaa taasiseera. Himatamtuun duraa murtii kana komachuun komii ishee dhaddacha idilee MMMWO fi DhIMMWO tiif dhiyeessitus komiin ishee fudhatama hin arganne.

DhIMMWF gama isaatiin, “sirni qooddi dhaalaa seera dhaalaatiin ifatti taa'ee jira, bu'uuraan qooddiin dhaalaa kan taasifamu fedhii dhaaltootaan ta'a, dhaaltooni yoo waliif hin galle dhaaltoota keessaa tokko tattaaffii dhuunfaa isaatiin qooddi hojjatee dhiyeesse akka mirkanaa'uuf MM tti yoo dhiyeesse, haala raawwii qooddi issas bu'uura SHH kwt 1082 kan hordofe ta'uu qaba. Kunis, jalqaba du'aan dhaamoon inni akkaataa qooddi ilaachissee kaa'e yoo jiraate isa hordofuu yoo hin jiraannemmo, bu'uura tumaalee seera dhaalaa kwt 1083 fi itti aananii jiraniin hordofuu akka qabu dha. Tumaalee kanneen keessaa SHH kwt 1086 bu'uuraan qooddiin qabeenya dhaalaa jalaqaba gosaan kan qoodamu ta'uu isaa haala dirqisiisaa ta'een tumee jira. Qooddiin gosaan taasifamus qabeenyaan kam caalatti dhaaltuu kamiin fayyada kan jedhu ilaalamuu akka qabu SHH kwt 1087(2) jalatti tumamee kan jirudha. Qooddiin dhaalaa gosaan gooduun kan hin danda'amne yoo ta'e caalbaasiin kan gurguramu ta'a malee dhaaltoota keessaa tokko calbaasiin akka gurguramu waan fedheef ykn gaafateef qofa caalbaasiidhaan kan gurguramu miti. Seerichaan sababiin gahaan caalbaasiidhaan gurguriisu haalli SHH kwt 1093 jalatti tumame jiraachuun isaa yoo mirkanaa'edha. D/kennaan ammaa ykn himataan duraa manicha gosaan gooduun akka danda'amu kaase abbaa seerummaa waan gaafate hin qabu. Qabeenyicha miidhaan osoo irra hin geeny qooduun kan hin danda'amne yoo ta'ee fi dhaaltooni qabeenya hin qoodamne kana eenu akka fudhaturratti yoo waliif hin galle gara sirna ittaanutti SHH kwt 1093 darbuun caalbaasiin kan ajajamudha. Manicha caalbaasiidhaan gurguruurra gatii gabaatiin gahee himataa duraa kennaniifii yoo himatamtuun jalqabaa manicha oolfatte caalatti kaayyoon tumaalee qooddi qabeenya dhaalaa qabeenyaan dhaalaa harka ormaa salphaatti akka hin galleef barbaadamuu fi seerichaan taa'e waliin kan deemu waan ta'eef, murtiin Manneen Murtii Ol'aanaa fi isaan olitti jiran manichi caalbaasiin gurguramee gaheen

waamamaa akka kennamuuf murteessan sirna qooldii qabeenya dhaalaa seerichaan taa'e kan hordofe miti” jechuudhaan diigee jira.

Gaaffii Marii

Dhimma 24^{ffaa} olitti murtaa'e keessatti gaaffiin abbaa seerummaa jalqaba himataadhaan tilmaama manichaa isaa dhiyeessun gaheen isaa qr. 13,000 akka murtaa'uuf gaafatee jiru ilaachisee, murtiin manichi gatii gabaatiin gaheen himataa duraa akka kennamuuf murtaa'e abbaan seerummaa gaafatameen alatti murteessuu ta'a jettanii yaadduu?

Dhimma 25^{ffaa}

Dhimmi kun wal falmitoota Namoota Afewarq Darcaa N² fi Saraawit Darcaa gidduutti MM Aanaa Naannoo Uummatootaa fi Sabaa fi Sab-lammii Kibbaa irraa ka'uun DhIMMWFTiin²¹⁴ gal mee lakkofsa 102932 ta'e irratti ilaalee murtii kennedha. Ka'umsi falmii kanaas, iyyattoota ammaatiin “mana haadha keenyaa lakk kaartaa 2689 lakk manaa 911 ta'e Magaalaa Arbaaminchi keessatti argamu tilmaamni isaa qr. 60,000 (kuma jahaatama) baasu gahee himatamtuu qr. 20,000 kennineefii akka manicha nusimachiiftu” jechuun himanna bu'uressaniin yammuu ta'u; himatamtuun “manichi gaafa ijaaramu maallaqaan haadha keenya gargaaree waan jirruuf himanni isaanii kufaa akka ta'u” jechuun falmitee jirti. Manni Murtichaas gatii yeroo manichi ijaaramuu maallaqa dhuunfaa himatamtuun baafte qr. 13,284.50 ta'uu qulqulleessun tilmaama manichaa irraa hirr'isuun qr. 46715.50 jechuun himatamtuun gahee himatamootaa maallaqa kana keessaa qr. 31143.66 kanfaluun manicha akka oolfattu murteessee jira. Komiin murtii kanarraa dhiyaate MMOL godinichaa fi MMW naannichaantiin kufaa ta'ee jira.

Himatoonni falmii kanaas DhIMMWFT ti komii isaanii dhiyeessaniin, dhaddachichis sirni qooldii qabeenya dhaalaa Manneen Murtii jalaa hordofan sirna qooldii seerichaan diriireen ta'uuf dhabuu isaa akka qabxii ijootti qabatee, gaheen isaanii maallaqaan kennameefii manicha waamamtuun akka oolfattuuf abbaan seerummaa himattoota duraatiin gaafatame kan hin jirre ta'uu dha. Qooddiin qabeenya dhaalaa waliigaltee dhaaltootaan taasifamuun kan qoodamu ta'uu, yoo qabeenyaan gosaan qooduun danda'ame dursa gosaan qooduun, gosaan qooduun kan hin danda'amne qabeenya gosaan hin qoodamne ilaachisee dhaaltuun kam akka oolfachuu

²¹⁴Murtii DhIMMWFT tiin falmii dhaalaa Afewarq Darcaa N² fi Saraawit Darcaa gidduutti gal mee lakkofsa 102932 ta'e irratti kennname, jildii 18ffaa

qaburratti yoo waliif hin galle caalbaasiin gurguramee kan qoodamu ta'a jechuudhaan siirna qooddii kana osoo hin hordofne murtiin manneen murtii jalaatiin kennname dogoggora akka ta'e ibsuudhaan maallaqa manicha fooyyessuuf himatamtuun duraa baafte heerragamee akka keessaa bahu ta'uu murtaa'e cimsee, akka waliigalaatti immoo murtii Manneen Murtii jalaa fooyyesee murteesseera. Akkaataa qoodinsi qabeenya dhaalaa falmii kaase kanaa itti raawwatamu ilaachisee gareen wal falmu yoo waliif galan akkaataa manicha sadan isaaniif itti qooddatan irratti akka waliigalan; dhaaltooni akkaataa qooddii isaarratti yoo waliif hin galle manni kun gosaan qooduun yoo danda'ame akka qoodamuuf, manicha gosaan osoo miidhaan irra hin geenye qooduun kan hin danda'amne yoo ta'e akka caalbaasiin gurguramee dhaaltootaaf akka qoodamu jechuun ajaja kennee jira.

Dhimma 26^{ffaa}

DhIMMF gal mee lakkofsa 25869 ta'een Iyyattuu A/d Ayyalach Altaayyee fi Asnaaqach Ayyala giddutti falmii Mana Murtii Sadrkaa duraa Federaalaa irraa ka'een ol-iyyannoona ilaalee murtii kenne dha.²¹⁵ Ka'umsi dhimmichaa qabeenya dhaalaa kan ta'e gahee abbaa ijoollee ani guddistuu ta'eef qabeenya Mana Jireenyaa suuqii himatamtuun qabattee jirtu abbaa isaanii waliin kan waliinii isaanii ta'eef mirgi dhaaluuf qaban akka qoodamuuf himanna dhiyaatedha. Manneen Murtii jalaa tilmaama mana dhaalamuuf gaafatame ogeessa gaafatee bu'uura tilmaama ogeessa dhiyaateen himatamtuun maallaqa qr. 5,500 (kuma shaniif dhibba shan) himattootaaf akka kennitu murteesseera. MMOL Federaalaas komii dhiyaateef kufaa gochuun murtii MM Sadarkaa duraa cimseera.

Iyyattuu iyyanno DhIMMF tiif dhiyeessiteen, dhaddachichis qabeenyi dhaalaa falmiin irratti ka'e abbaan ijoollee guddistuu bakka buutee himattu fi himatamtuun duraa kan waliin horan ta'uun hin haalamne waan ta'eef qabeenyaan falmiin irratti ka'e qabeenya waliinii Ijoollee fi himatamtuu ta'a jechuudha yoo jedhu. Qabeenyaan hin sochoone kan waliinii haalli itti qoodamu immoo bu'uura SHH kwt 1272 tiin gosaan qoddachuu yoo danda'an gosaan qooddatu, gosaan qoddachuu kan hin danda'amne yoo ta'e bu'uura SHH kwt 1273 tiin caalbaasiin gurguramee isaan giddutti kan qoodamu ta'a. Manneen Murtii jalaa sirna qooddii qabeenya waliinii bitu osoo hin hordofne murtiin kennan dogoggora jechuun murtii jalaa diigee murteesseera.

²¹⁵Murtii DhIMMF tiin falmii dhaalaa Iyyattuu A/de. Ayyalach Altaayyee fi Asnaaqach Ayyala giddutti gal mee lakkofsa 102932 ta'e irratti kennname, jildii 7ffaa

Gaaffiilee Marii

1. Sirni qoodinsa qabeenya hin sochoonee kan waliinii bu'uura SHH kwt 1272, 1273 tiin taasifamuu fi Sirna qoodinsa qabeenya dhaalaa SHH kwt 1092 fi 1093 tiin taasifamu gidduu garaagarummaan jiru maali?
2. Qoodinsa qabeenyaan waliinii haadha manaa fi abbaa manaa fi qabeenyaan waliinii dhaaltoota gidduu jirurratti bu'aan seeraan hordofsiisu irratti tokkummaa fi adda addummaa isaa tarreessa!
3. Qabeenyaan dhaalaa gosaan qooduun kan hin danda'amnee fi qabeenyicha eenu akka oolfachuu qaburratti yoo waliif hin galle Caalbaasiin gurguruurra malli biraan dantaa daa'imman kan caalatti eegsisu yoo ta'e raawwii qoodinsa isatii haala kamiin raawwachiiftu? Irratti mari'adhaa.

3.6. Qooddiin Qabeenya Dhaalaa Erga Raawwateen Booda Hariiroo Dhaaltootaa

Sirni qooddiin dhaalaa raawwatinsa kan argatu dhaaltonni qabeenya dhaalaa gahee, gahee isaanii erga waliif qoodaniin (beeksisaniin) booda ta'a. Akka waliigalaatti sirni qooddiin erga taasifameen ykn raawwateen booddee dhaala ilaachisee hariiroon dhaaltoota gidduu jirullee kan dhumaan ta'a. Erga qooddiin qabeenya dhaalaa raawwateen booddee hariiroon dhaaltoota gidduutti dirqama kaahu kan seera irraa maddes ta'e waliigalteerraad madde hin jiraatu. Haata'u malee mirga dhaaltoota waliinii ykn isaan keessaa tokkoof eegumsa gochuuf jecha seerichi qooddiin qabeenya dhaalaa erga taasifameen ykn qabeenyaan kam dhaaltuu kamiif kan jedhu erga qoodameen ykn beeksifameen booddeellee hariiroon dhaaltoota gidduutti haaloota lamaan turuu danda'a. Inni jalqabaa dhimma wabii waliif dhiyeessuu kan ilaallatu yoo ta'u, dhaaltonni hanga gahee isaanii dhaala keessatti argataniirratti waliif wabii ta'u.²¹⁶ Inni 2ffaa, dhimma qooddiin dhaalaa itti diigamu ykn itti sirreeffamu ilaallata.²¹⁷ Qooddiin kan diigamu ykn kan sirreeffamu faaydaa dhaaltoota hundaaf, dhaaltoota muraasaaf ykn dhaaltuu tokkichaaf ta'u mala.

3.6.1. Wabii Waliif Dhiyeessuu

²¹⁶ SHH kwt 1097

²¹⁷ SHH kwt 1102

Dhaaltuun tokko dhaaltuu kaaniif mirkaneessa wabii kan inni dhiyeessuu fi hanga beenyaa inni tokko isa kaaniif kanfaluu qabu seerichi ifatti kaahee jira.²¹⁸ Wabii dhiyeessuun yeroo hedduu kan beekamu waliigaltee bittaa gurgurtaa keessatti kan gurguru isa bitatuuf dirqama qabeenya gurgure bitataatti abbaa qabeenyummaa qabeenya gurgureef sana akkaataa waliigaltee isaan gidduutti raawwatame sanaa ta'uu isaatiif dirqama wabummaatiin dirqama qabudha.²¹⁹ Haala waliigaltee bittaa gurgurtaa qabeenya qabatamaaf wabiin ittiin taasifamu sana fakkaatuun qooddiin qabeenya dhaalaa erga raawwateen booddas dhaaltooni du'aa akka gaheen, gahee isaanii qoodamee ykn beeksifamee jirutti dhaaltuun inni tokko hanga gahee isaa dhaala keessatti argatuun dhaaltuu isa biraatiif wabii dhiyeessuuf dirqama qaba.²²⁰ Karaa salphaa ta'een ibsuuf, seera dhaalaa keessattis dhaaltoota gidduutti dirqamni wabii waliif dhiyeessuu ni jira. Dirqamni kunis yaaddoo (risk) qooddii qabeenya taasisaniin wal qabatee akkaataa waliigalaniin gaheen dhaaltootaa nagaan harka gahuu isaa mirkaneessuu isaan dandeessisa.

Akkuma olitti mata duree qooddii qabeenya dhaalaa jalatti kaafne, qoqqooddiin qabeenya dhaalaa dhaaltoota gidduutti bu'uuraan waliigaltee dhaaltoota waliiniitiin kan taasifamu ta'uu ibsamee jira. Kunis waliigalteen qooddii qabeenya dhaalaa taasifame jechuun dirqama qabeenya yeroodhuma sanatti walii dabarsuu jechuu miti ykn immoo waliigalani qooddii taasisuun isaanii qabeenya waliif qoodan gahee, gahee isaanii waliif yeroodhuma sana ykn battalumatti waliif dabarsu jechuu miti. Karaa biraatiin ibsuuf, dhaaltooni waliinii gahee isaanii kan fudhatan waliigalteen qooddii dhaalaa erga taasifameen booddee dha. Gaheen dhaaltoota kan waliinii qoodamuuf ykn kennamuuf erga waliigalteen qoqqooddiin qabeenya dhaalaa isaan gidduutti erga raawwateen booda dha. Bu'uuraan dhaaltooni qooddiin qabeenya dhaalaa isaan gidduutti waliigalamee qoodame gaheen dhaaltuu tokkoo qabeenya isa gahu haala nagaa ta'een akkaataa waliigalaniin simachiisuu akka danda'aniif dhaaltooni kaan wabii dhaaltuu isa biraatiif dhiyeessuuf sirna ittiin dirqamanidha. Dhaaltooni waliinii wabii hanga gahee qabeenya dhaalmaa keessaa argataniin dhaltuu isa biraatiif wabii dhiyeessuuf dirqamu. Dhaaltuun tokko hanga qooddii qabeenya dhaala keessaa argatuun ala qabeenya dhuunfaa isarrraa wabii ta'uuf hin dirqamu jechuudha.²²¹

²¹⁸ SHH kwt 1097 - 1111

²¹⁹ SHH kwt. 2273 fi 2287

²²⁰ SHH kwt 1097(1)

²²¹ SHH kwt.1099

Bu'uuraan waliigaltee bittaa fi gurgurtaa keessatti kan gurguru wabii karaa lamaa bitataadhaaf dhiyeessuuf dirqama. Kunis kan gurgure qabeenyaa gurgure sana gareen 3ffaa harka bitataatti yoo qabatan ykn gurguraan qabeenyaa gurgure bitataatti qabeenyummaa isaa dabarsuu akka qabu gareen 3ffaa kooti jedhu yoo jiraate irraa deebisuuf dirqama ittiin qabudha;²²² kan biraa immoo wabii qabeenyaan sun akkaataa waliigaltee isaaniitti rakkoo ykn mudaan kan hin qabne ta'uu isaatiif dirqama gurguraan qabudha.²²³ Haala wal fakkaatuun haaloonni kun dhaaltoota qooddii qabeenya dhaalaa waliif taasisan gidduuttis raawwatinsa kan qabu akka ta'e armaan gaditti kan ilaallu ta'a.

Gosa wabii isa jalqabaa, dhaaltuu gaheen isaa waliigalteedhaan beekame ykn waliigalteedhaan erga qooddataniin booddee qabeenyaa qabatamaa kan dhaaltuu tokkoof keessaa kennname gareen 3ffaa gahee dhaaltuu kanaa kooti jedhee ragaa agarsiifachuun guutummaatti ykn gamiisaan irraa yoo fudhateef dhaaltonni biroo dirqama wabii isaaf dhiyeessuu kan qabanidha. Gosti wabii inni 2ffaan immoo dhaaltonni akkaataa waliif galanii qabeenya dhaalaa qooddataniin gaheen dhaaltuu tokkoo akka waliigalan sanaan qabeenyaan dhaalaa gahee isaa ta'e mudaan kan qabu ta'ee argamuu mala, yoo akkas ta'e dhaaltonni biroo mudaan (defect) argame qoeddachuu akka danda'aniif sirna wabii waliif dhiyeessuuf itti dirqamanidha. Gabaabinnaan, dhaaltonni biroo dhaaltuu gaheen isaa mudaan qabuuf sirna ittiin beenya'anidha jechuun ni danda'ama.

Yaada waliigalaa kanarrraa dhaaltuun tokko isa biraatiif qabeenyaa qixa isaaniitiin qoqqoodame sirna wabii ittiin waliif ta'an dirqama seerri dhaaltoota irra kaahe yoo laallu, kaayyoo guddaa lama galmaan gahuuf akeekaa kan jiru ta'uu isaa hubanna. Tokkoffaan, yeroo qabeenyaan dhaalaa qoqqoodamutti dhaaltuun miidhame yoo jiraate qooddiin qabeenya dhaalaa sun akka diigamuuf ykn akka sirratuuf yeroo gaafatutti ykn iyyatutti dhaaltuun gahee isaa fudhatee balleesse yoo jiraate fi dhaaltuun idaa isaa kanfaluu hin dandeenye yoo jiraate sirna dhaaltonni biroo sirna wabummaadhaan itti gaafatamummaa akka qabaataniif taasisuu akka ta'e tumaa seerichaa SHH kwt 1099(2) irraa kan hubatamu dha. Inni lammataa, qabeenya dhaalaa erga qooddataniin booda gaafattoonni maallaqaa yoo dhufan bu'uura SHH kwt 1111 tiin dhaaltuun idaa isaa kanfaluu hin dandeenye yoo jiraate, dhaaltonni hafan idaa kana akka haguuganiif dirqisiisuudhaaf akka ta'e hubachiisa.

²²² SHH kwt 2281 fi 2886

²²³ SHH Kwt. 2273 - 2287, SHH kwt 2887 - 2300

Bu'uura SHH kwt 1098 tiin hangi dhaaltoonni kaan dhaaltuu miidhaan irra gaheef beenya'an ykn wabii ta'aniif hanga tilmaama qabeenya gahee isaanii yeroo qooddiin dhaalaa taasifametti isaan qaqqabeen ta'uu SHH kwt 1099 fi 1099(1) irraa kan hubatamudha. Akkaataan dhaaltoonni dhaaltuu gaheen isaa mudaa qabu itti beenya'anis dhaalttota kaan gidduutti baay'ina isaaniitiin kan qoodamu ta'a.²²⁴ Haaloota seerichaan dirqama dhaaltoonni wabii itti waliif ta'an olitti ibsineen alatti haalli dhaaltuun inni tokko dhaaltoota kaaniin wabii akka isaaf dhiyeessaniif gaafatus seerichaan tumameera.²²⁵

SHH kwt 1100 irraa akka hubatamutti dhaaltuun tokko sababa yeroo qooddiin qabeenyaa taasifamutti gaheen dhaaltuu isa tokkoo xiqqaateef hanga wal-caale sanaan ykn dhaaltuu gaheen isaa jalaa xiqqaate maallaqni dabalataan kanfalamuuf yoo jiraate ykn qooddiin yeroo taasifametti dhaaltuun gahee isaa xiqqaateef maallaqni akka irratti dabalamee kanfalamuuf jedhame, dhaaltuun gaheen gahee isaarratti maallaqni dabalamuuffi qabu maallqni dabalamuuffi qabu kanfalamuun isaa yaaddessaa ykn shakkisiisu yoo ta'e battaluma qooddiin raawwateen dhaaltuun kun mirgi isaa mirkanaa'uu akka danda'uuf dhaaltoota waliinitiin akka wabii isaaf dhiyeessan gaafachuu danda'a.

Dhaaltuun dhaaltoota waliinii kaaniin wabii akka isaaf dhiyeessan kan inni dirqisiisuuf mirga dhabu haaloota armaan gadiitiin ta'a.²²⁶

- Dhaaltuun gaheen qabeenya dhaalaa isa gaheenii jiru fi miidhaan isaarra gahe badii isaatiin kan qaqqabe yoo ta'e, Fkn badii isaatiin garee 3ffaatiin qabeenyaa qooddii isaatiif oole jalaa yoo fudhatame jechuu dandeenya.
- Miidhaan gahe qabeenyaa qoodinsaan argamerratti miidhaa qooddiin qabeenyaa erga raawwateen booddee sababa biraatiin kan gaheen yoo ta'e fi
- Dhaaltoonni yeroo waliigaltee qooddii taasisanitti dhaaltoonni dhaaltuu kan biraatiif wabii waliif hin dhiyeessinu jedhanii waliigaltee qoqqooddii keessatti yoo ibsan ta'e ta'uu seerichaan ifatti taa'eera.

3.6.2. Qooddii Qabeenya Dhaalaa Diiguu Fi Fooyyessuu

Seerri dhaalaa qooddiin qabeenya dhaalaa dhaaltoota gidduutti taasifame sababiin waliigalaa itti diigamu fi sababiin addaa ittiin fooyya'uu danda'u jiraachuu tumee jira. Kunis, waliigalteen

²²⁴ SHH Kwt.1099 (1), SHH kwt. 2273 fi 2287

²²⁵ SHH kwt 1101

²²⁶ SHH kwt 1101(1)

qooddii qabeenya dhaalaa dhaaltoota gidduutti taasifame seeraan haalli itti fudhatama argachuu hin dandeenye kan jiru ta'uu agarsiisa. Tumaaleen seeraa kwt 1102 tti aananii jiranakkuma jiranitti ta'ee Sababiin Waliigalaa qooddiin qabeenya dhaalaa dhaaltoota du'aa gidduutti taasifame diigamuu itti danda'u SHH kwt 1102 jalatti tumamee jira. Tumaan seeraa kun qooddiin qabeenya dhaalaa dhaaltoota gidduutti taasifame akkaataa waliigalteen kaan ittiin diigamuun kan diigamu ta'u tumee jira. Bu'uura SHH kwt 1696 tiin akka tumamee jirutti waliigalteen tokko kan diigamu garee waliigale keessaa tokko hayyamni isaa dogoggoraan, dabaan, ykn humnaan kan argame yoo ta'e waliigaltee diiguudhaaf sababa gahaa ta'a.²²⁷ Bu'uura seera waliigaltee waliigalaatiin waliigalteen tokko kan diigamuu danda'u SHH kwt 1808 – 1818 tti jalatti tumameen ta'uu danda'a jechuu dandeenya. Fkn, garee waliigale keessaa hayyamni isa tokkoo hanqina kan qabu yoo ta'e ykn hayyama isaa bu'uura seeraatiin kennuu hin danda'u yoo ta'e waliigalteen diigamuu danda'a.²²⁸ Bu'uruma kanaan qooddiin qabeenya dhaalaa yeroo taasifamutti dhaaltoonni du'aa dhaaltuu isa tokkoratti ykn dhaaltoota muraasa irratti dabaa fi human fayyadamanii qooddii taasisan yoo ta'e ykn dhaaltuun tokko dogoggoraan qooddii qabeenya taasifame fudhate yoo ta'e qooddiin qabeenya dhaalaa akka diigamuuf ykn akka fooyya'uuf gaafachuun akka danda'u SHH kwt 1103, 1104 fi 1696 waliin dubbisuun hubannoo fudhachuun ni danda'ama.

Kana malees, seerri dhaalaa qooddiin qabeenya dhaalaa taasifame haaloota addaa qooddiin kun ittiin fooyya'uu danda'us kaaheera. Kunis qooddiin erga taasifameen booddee qabeenyaan dagatame yoo jiraate ykn yoo argame; ykn dhaaltuu isa tokkoon qabeenyaan haaraa dhokfame yoo jiraate, ykn dhaaltoota waliinii keessaa abbootiin mirgaa dhaaltuu isa tokkorraa mirga gaafatan yoo jiraataniif qooddiin kun waliin dhahuun kan taasifame fi sababa kanaan immoo mirgi keenya dhiibamera yeroo jedhanitti qooddiin ta'ee wagga sadii keessatti irra deebiin qoddichi tolfamu ykn fooyya'uu kan danda'u ta'uu isaa seera dhaalaatiin tumamee jira.²²⁹

Qooddiin qabeenya dhaalaa sababa qabeenyaan dhaalaa qooddiin booddee argame qofaaf qooddiin duraan taasifame ni diigama jechuu miti.²³⁰ Bu'uura SHH kwt 1103 jalatti tumameen, qooddiin ammaan dura taasifame akka jirutti ta'ee qabeenya dhaalaa booda argame dabalataan waliif quodu jechuudha. Dhaaltuun qabeenya dhaalaa yaada ofii qofa fudhachuuf dhaaltoota

²²⁷ SHH kwt 1697 - 1710

²²⁸ SHH kwt 1808(1)

²²⁹ SHH kwt 1102 - 1109

²³⁰ SHH kwt 1102

kaan akka hin arganneef jecha dhoksee booda argame bifaa adabbiitiin illee dhaaltuun qabeenyaa dhaalaa dhokse booda irra deebiin yoo qoodamu qabeenyaa dhokse irraa qoodaa argachuu akka hin dandeenye seerichaan taa'ee jira.²³¹

Gaaffii Marii

Sababa dhaaltuun tokko qabeenyaa dhaalamaa dhokseef, dhaaltuun kaan qooddiin taasifame akka diigamuuf gaafatu irratti darbinsi yeroo raawwii qabu, kwt 1106 keessatti tumame waggaan sadii dha moo? Darbiinsa yeroo waliigalteen tokko ittiin diigamtu raawwii qaba? jettu

Dhimma 27^{ffaa}

Dhimmi kun DhIMMWFiin²³² galmeek lakkofsa 153231 ta'e irratti falmii walfalmitoota Namoota A/d Ilfee Dabalaa N⁵ fi Ob. Nugusee Dabalaa fa'a gidduutti taasifamaa tureen murtaa'e yammuu ta'u, iyyattooni himannaa isaanii MM jalaatti, qabiyyee lafa dhaala abbaan keenya bara 2003 irraa du'e nuuf murtaa'e deebisee qabatee jira. Akkasumas qabiyyee lafaa abbaa keenya ta'uu kan nuti hin beekne ille qabatee waan jiruuf akka nuuf qoodamu kan jedhudha. Manni Murtii jalaas, ijoo DhIMMWO qabuudhaan deebise qulqulleessuun, qabiyyee lafa dhaalchisaan isaanii irraa du'e, magaala kan jiraatan waan ta'eef, haalli itti beekan kan hin turre ta'uu ibsuudhaan qabiyyeen falmii kaase kan dhokatedha jechuun bu'uura SHH kwt 1103 tiin dhaaltooni qabiyyee kana qixxeetti akka qooddatan jechuun murteesseera. MMOL Godina Kaaba Shawaas murticha yoo Cimsu; DhIMMWO's "qabiyyeen kun haalli itti irraanfatamu hin jiraatu, abbaa seerummaa qoqqoodamee dhiyaatu bu'uura SDFHH kwt 216 tiin fudhatama hin qabu, qbiyy'ee dhaalaa duraan gaafatame waliin dhiyaachuu qaba ture" jechuudhaan murtii manneen murtii jalaa sababa kanaan diigee jira.

DhIMWF haalli qabeenyaa dhaalaa haaraan duraan dhaala keessatti hin hammachiifamne jiraachuu mala SHH kwt 1103 fi 1104 kanuma akeeku waan ta'eef bifaa haaraatiin sirna qoddii dhaalaa taasisuun sirriidha jechuun dhaaltooni qixxeetti akka qooddatan murteesseera.

Gaaffilee Marii

²³¹ SHH kwt 1104

²³²Murtii DhIMMWFiin walfalmitoota Namoota A/d Ilfee Dabalaa N⁵ fi Ob. Nugusee Dabalaa fa'a gidduutti galmeek lakkofsa 153231 ta'e irratti kenname, jildii 23ffaa

1. Dhimma 27^{ffaa} kaafneen qabeenya dhaalaa dagatamee booda bu'uura SHH kwt 1103 fi 1104 tiin gaafatamu fi raawwii SDFHH kwt 216 haala kamiin waliin hojiirra oolchuu dandeenya?
2. Dhimma ibsame kanaan ijoon falmii Waamamaan beekaa yaada fayyaalummaa dhabuun dhaaltoota kaan dhoksuun isaa osoo ka'ee gaafatame ejjannoон keessan qabiyyeen lafaa booda kan dhaalchisaa ta'uun beekame qixxee haaqoodamu ejjannoo jedhuun adda ta'aa?

3.6.3. Qooddiin Qabeenya Dhaalaa Erga Raawwateen Booda Mirga ‘Gaafattoota Maallaqaa’

Sirna seeraa Sivil Law (Roman Law) keessatti mirgaa fi dirqamni dhaalchisaa hundi isaatu (de cujus), yoo dhaalchisaan sababa du'a isaatiin waantoota isa waliin hafan Fkn, hirmaannaa Siyaasa isaa, hawaasummaa isaa, gaa'illi isaa fi kanneen biroo kana fakkaataniin alatti mirgaa fi dirqamni dhaalchisaa dhaaltootatti akka darbu dha, dhaaltoonis kan waliin (jointly) mirgaaf dirqamni kun itti darbudha.²³³ Maddi seera keenyaas irra jireessi isaa sirna kanarraa kan madden yoo ta'u, haala wal fakkaatuun mirgaa fi dirqamni dhaalchisaarrraa dhaaltootatti darbuu danda'u mirgaaf dirqama sababa du'a dhaalchisaatiin isa waliin hin hafne ta'uu isaa hubanna.²³⁴ Dhimma kanas bal'inaan boqonnaa 1ffaa keessatti kan ilaalamedha waan ta'eef duubatti deebi'uun yaadachuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan, al tokko tokko qooddiin qabeenya dhaalaa dhaaltoota giddutti erga raawwatameen booda qabeenya dhaalaa irraa gaafattooni maallaqaa ta'an dhiyaachuu danda'u. Qooddiin qabeenya dhaalaa dhaaltoota giddutti qoodamee raawwatamuun isaa garuu gaafattoota maallaqaa mirga isaan qaban hin dhabsiisu. Mirgi maallaqaa gaafatichaa kan addaan hin baane yoo ta'e malee bu'uuraan maallaqa gaafataan qooddii qabeenya dhaalaan booddee dhiyaate dhaaltoota waliin qooddatan irraa hanga gahee gahee isaan argataniin gaafachuunii qaba. Yoo waliigalteen dhaaltoota giddutti haala addaatiin idaa boodarra gaafatamu hunda ykn hanga ta'e dhaaltuun kanfalu eenu akka ta'u irratti waanti waliigalame yoo jiraate waliigaltee kanaan maallaqa gaafataan fayyadamuu danda'a.²³⁵ Dhaalli bu'uura dhaalchisaan dhaamoo taasiseen qooddiin raawwachuu danda'a waan ta'eef dhaaltooni yeroo hunda gaheen isaanii qixxeedha jechuun hin danda'amu. Dhaaltoota keessaa tokko mirga

²³³George A.Pelletier Jr. Michael R. Sonnenreich, (1966) A comparative Analysis of Civil Law Succession. Vol 11 No. 2 P.325

²³⁴ SHH kwt 826(2)

²³⁵ SHH kwt 1110(2), SHH kwt 1054

bakka bu'ee dhaaluudhaan qooddii qabeenyaa yoo argate haalli itti gaheen dhaaltootaa wal caalu jiraachuu akka danda'u ilaalleerra. Kanaaf, gaafattooni maallaqaa hanga dhaaltoonni qooddiidhaan isaan gahe ykn argatan sanaan qodee gaafachuu akka qabu seerichi haala dirqisiisaa ta'een tumee jira. Mirgi maallaqa gaafataa sun kan addaan hin baane yoo ta'e dhaaltoota waliin qoddatan keessaa abbaa tokko gaafachuu danda'a. Fkn, dhaalchisaan qabeenyaa isaa keessaa Baajaajii abbaa miila sadii gurguree osoo hin simachiisiin odoo du'ee, maallaqa gaafataan kun yeroo dhaalli qulqulla'utti kan quba hin qabne yoo ta'ee fi baajaajiin abbaa miila sadii gahee dhaaltuu isa tokko bira yoo gahe 'maallaqa gaafataan' baajaajii kana kan gaafachuu qabu dhaaltuu baajaajii abbaa miila sadii argaterratti ta'a malee hanga gahee dhaaltootaatiin qodee hundarratti himanna dhiyeessa miti. Haata'u malee, dhaaltuun qofaa isaa idaa maallaqa gaafataa kanfalee jiru dhaaltoota waliin qoddatanirraa hanga darbaa kanfale sanaan dhaaltoota qoddatan kaaniin gaafachuu danda'a.²³⁶

Asirratti gaafffin ka'uu malu qooddiin booddee dhaaltuun qabeenyaa dhaalaa erga qoddateen booddee yoo kasaare hoo? Mirgi gaafattoota maallaqaa qabeenyaa dhaalaarrraa qaban fi qooddiin booddee yoo dhufan mirga isaanii haala kamiin gaafatu? Kan jedhu gaafffi ka'uu qabudha. Gaafffi kanaaf SHH kwt 1111 deebii waan kenu dha. Gaafattooni maallaqaa dhaaltoota waliin qabeenyaa dhaalaa qoddatan hanga dhaaltuun kasaare sun ammaan dura qoddate dhaaltoota kaaniif hanga gahee dhaalan dhaalaniin hiramee kan gaafataman ta'a. Qooddiin qabeenyaa dhaalaa erga raawwateen booddee dhaamoodhaan namoonni kennaan taasifameef (legatee by singular title) mirga gaafattooni maallaqaa kaan qabaniin mirga wal fakkaataa qabaachuu isaa tumaa seera dhaalaa SHH kwt 1112 irraa kan hubachuun danda'amudha. Qooddiin qabeenyaa dhaalaa erga dhaaltoota gidduutti raawwateen booddee gaafattooni maallaqaa yeroo hanga yoomiitti mirga maallaqa gaafachuu qabu ykn danda'u? Kan jedhu kaasuun barbaachisaadha. Mirgaa fi dirqamni dhaalchisa sababa du'a isatiin kan addaan citu yoo hin taane mirgaa fi dirqamni dhaalchisaan qabu (de cujus) dhaaltootatti darbee dhaaltoonni mirga kanatti kan hojjatan ta'uu tumaa seera dhaalaa irraa hubachuun kan danda'amudha.²³⁷ Bu'uruma kanaan daangaan yeroo gaafattooni maallaqaa mirga isaanii gaafachuuf qaban waliigaltee dhaalchisa waliin taasisaniin akkasumas seera rogummaa qabuun kan murtaa'u ta'a jechuudha. Daangaa

²³⁶ SHH Kwt. 1113, 1110(1, 2)

²³⁷ SHH kwt 826(2)

yeroo taa'ee jiruun ala gaafattoonni maallaqaa yoo maallaqa gaafatan dhaaltoonni mormii silaa dhaalchisaan kaasuuf mirga qabu sana kaasanii mormuu danda'u jechuudha.

Akka waliigalaatti Seerri dhaalaa qooddii qabeenya dhaalaatiin booda illee Maallaqa gaafattoota (abbootii maallaqaa) du'aarrraa mirga gaafatanis ta'e abbootii maallaqaa dhaaltoota irraa maallaqa gaafataniif eegumsi taasifamus jiraachuu isaa tumaa seera dhaalaa adda addaa olitti xiinxalamaa ture irraa hubachuun kan danda'amudha.

3.7. **Mirgaa fi Dirqama Dhaaltoota Nama Murtiin Badinsaa Irratti Darbeef Qaban²³⁸**

Sirni murtiin badinsaa ittiin darbuu fi namni murtiin badinsaa irratti darbe tokko akka nama du'etti tilmaamamuu irratti bu'aan kun hordofsiisus biyyaa biyyatti adda adda ta'uu barruleen adda addaa irraa kan hubatamudha.²³⁹ Namni murtiin badinsaa irratti labsame tokko mirgoota osoo jiraate argatu hundi, mirga dhaaluu dabalatee kan kabajamuuf ta'a. Akka seera dhaalaa biyya keenyatti namni murtiin badinsaa irratti labsame tokko gaheen dhaala keessatti inni qabu ilaachisee qooddiin qabeenya dhaalaa bif a kamin dhaaltoota giddutti raawwatama? Kan jedhu waliin kaasuun barbaachisaadha. Namoonni murtiin badinsaa irratti labsame akka nama du'eetti tilmaamni yeroon itti fudhatamu jira.²⁴⁰ Dhaaltuun murtiin badinsaa irratti darbe bu'uura SHH kwt 164 tiin sirna qooddii qabeenya dhaalaa hordofamu qooddiin qabeenya dhaaltoota kaan giddutti gaheen dhaaltuu murtiin badinsaa irratti darbe tilmaama keessa osoo hin galle qoodama. Namoonni murtiin badinsaa itti kennamee fi akka nama du'etti murtiidhaan ittiin tilmaamaman darbee darbee haalli itti deebi'anii mull'atan ykn carraan jiraachuun isaanii dhagahamu jiraachuu mala.²⁴¹ Seerii keenya kallattii kanaan mirga nama kanaa ilaachisee qabeenya dhaalaa silaa osoo jiraate isa gahuu danda'u dhaaltoota kaaniin yoo fudhatame maal akka hordofsiisullee seerri keenya kaahee jira. Dhaaltoonni qabeenya gahee dhaaltuu murtiin badinsaa irratti darbe qooddataniif wabii waamu akka qaban seerichaan tumamee kan jirudha.²⁴² Kunimmoo namni murtiin badinsaa irratti labsame carraan deebi'ee itti dhufu yoo jiraateef akka

²³⁸ SHH KWT 163 - 173

²³⁹ Jeanne Louise Carriere, (1990). The Rights of living Dead: Absent Persons in the Civil Law. Vol. 50 Louisiana Law Review p. 905

²⁴⁰ SHH kwt 165(1)

²⁴¹ SHH kwt. 170 - 171

²⁴² SHH kwt 164(2)

gahee isaa dhaaltoota qabeenya dhaalaa qooddatan irraa deebisee argachuu akka danda'uuf eegumsa seerichaan taasifame jechuun ni danda'ama.

Qabeenyaan dhuunfaa nama murtiin badinsaa irratti kennamees dhaaltooni nama kana dhaaluuf mirga qaban namni murtii badinsaatiin akka nama du'etti fudhatame tokko yoo deebi'ee argame qabeenya dhuunfaa isaa dhaaltoota isaarrraa akkaataa jiruun irraa fudhachuu akka danda'u dha SHH kwt 168 – 173 jirurraa hubachuun kan danda'amudha.

BOQONNAA AFUR

DARBIINSA YEROO SEERA DHAALAA

4.1. Seensa

Namni seera bu'uuraa keessatti mirgi isaa mirkanaa'eef daangaa yeroo seeraan taa'e keessatti mirga isaa gaafachuu danda'a. Seera dhaalaa keessattis daangaawan yeroo mormiin ykn himannoon itti dhiyaachuu qaban tumamee jira. Daangaawan yeroo kunis akkuma gosa iyyata ykn himannoo dhiyaatutti garaagarummaa kan qabu dha. Daangaa yeroo seera dhaalaatiin taa'e

keessatti abbaan mirga qaba jedhu mirga isaa yoo hin gaafannee fi mormiin sadarkaa duraa yoo irratti ka'e mirga isaa kan dhabu ta'uun beekamaadha. kaayyoon darbiinsa yeroo inni guddaanis abbaan mirgaa mirga isaa haala si'oominaa fi itti fufiinsa qabuun yeroo murtaa'e keessatti akka gaafachuu qabu, sana osoo hin taasisin hafee yeroo barbaade akkuma fedhetti mirga dhiise gaafuma yaadate gaafachuuf yammuu deemu nama biro mirga kana goonfachuu tasgabbaa'ee itti fayyadamaa jiru jeequu akka hin qabne akeekkachiisuun yaadameetudha.

Seera dhaalaa biyya keenya keessattis darbinsi yeroo gosa adda addaa akka jiru tumaalee seera dhaalaa adda addaarra kan hubatamudha. Isaanis: darbiinsa yeroo himata dhaaltummaa; darbiinsa yeroo qoodinsa qabeenya dhaalaa; darbiinsa Yeroo mormii qoodinsa qabeenya dhaalaa; darbiinsa yeroo mormii dhaamoo irratti dhihaatu; darbiinsa yeroo sirna dhaaltummaa qulqulleessuu fi darbiinsa yeroo iyyata waraqaa ragaa dhaaltummaa fa'aa yammuu ta'an, boqonnaa kana jalatti tokko tokkoon kan ilaallu ta'a.

Darbiinsa yeroo seera dhaalaatiin kaa'ame hojiirra oolchuuf jalqaba himanni ykn iyyanni dhiyaate himanna dhaaltummaa ykn kan bira ta'u isaa adda baasuun murteessaadha. Gosaa iyyannoowwan ykn himanna seera dhaalaatiin wal qabatanii dhiyaatan addaan baasuun darbiinsa yeroo dhimmicharratti raawwatinsa qabu illee murteessuu akka dandeenyu nu taasia.

Darbiinsa yeroo seerichaan tumamee jiru iddoottu ifa ta'u dhabuurraan kan ka'e raawwiin isaa fi hiikkoon Abbootii Seeraatiin itti kennamaa jiru garaagaraa fi dhimma wal fakkaatuuf murtiin adda addaa akka kennamu taasisuu irraa kan ka'e murtiin manneen murtii dhimma kana irratti tilmaamawaa akka hin taane gumaacha taasisaa kan jiru dha. Akkasumas gosa iyyanno ykn himanna dhaaltummaa waliin wal qabatee dhiyaatu adda baasurratti rakkoo jiru irraa kan ka'e dhimmoota wal fakkaatuuf hiikkoon garaagaraa akka kennamuuf sababa ta'aa kan jiru akka ta'e qabatama jiru irraa hubachuun kan danda'amudha.

Iyyanno ykn himanna bifa kamiin dhiyatetu himanna dhaaltummaati ykn himanna qoodinsa qabeenya dhaalaati jedhu xiinxaluun himanna dhiyaate haalaan qorachuudhaan darbiinsa yeroo raawwatinsa qabu ykn rogummaa qabu murteessuu kan qabu MM dha.²⁴³ Kunis darbinsi yeroo rogummaa qabu kami kan jedhu murteessuu akka dandeenyu nu dandeessisa. Iyyanno

²⁴³Jildii 10ffaa lakk galmee 38533 ta'erratti himannoowwan himata dhaaltumnmaa fi qoodinsa qabeenya ta'u adda baasuuk akka qabnu murteesserra. Falmiin dhaaltoota giddutti ka'u hundinuu yeroo hunda himata dhaaltummaa qofa akka hin ta'iin hubachuun barbaachisaadha. Qoodinsi qabeenya dhaalaas falmii dhaaltoota giddutti ka'udha. Himannoon lameenu seerummaan gaafatamu fi murtiin kennamu garaagara. Himanni dhaaltummaa qabeenya dhaalaas deebifachuuf yoo ta'u; inni kuun immoo akkuma maqaa isaatii qoodinsa qabeenya dhaala ilaallata.

dhiyaatu ykn himannaan dhiyaatullee ifatti goса iyyannoo kamii akka ta'e ulaagaa seerichi barbaaduun dhiyeessuu dhabuu abbaa dhimmaa biras kan jirudha.

Kanaaf xumura boqonnaa kanaan booda leenjiifamtoonni:

- Darbinsi yeroo himata dhaaltummaa akkasumas himanna qoodinsa qabeenyaa dhaalaa ilaallatuun walqabatee rakkina hiikkoo jiru ni hubatu. Madda rakkinichaas ni sakatta'u.
- Gosa iyyannoowwan ykn himanna seera dhaalaatiin wal-qabatanii dhiyaatan addaan baasuu akkaataan itti danda'amuu fi darbiinsa yeroo adda addaa seera dhaalaa keessatti tumaman fi dhimmichaaf raawwatiinsa qaban adda ni baafatu.

4.2. Himanna Dhaaltummaa

Darbiinsa yeroo himanna dhaaltummaa ilaaluu keenyaan dura himanni dhaaltummaa maali? Kan jedhu hubachuun barbaachisaadha. Falmiin ykn gaaffiin iyyannoон tokko himanna dhaaltummaati jechuudhaaf bu'uurri keenya tumaalee SHH Kwt 998 hanga 1004 jiran dha. Maalummaa himata dhaaltummaa siritti hubachuuf keewwata 999 isa afaan Amaarriffaa fi waraabbii Ingiliiffaa ilaaluun faayidaa waan qabuuf guutummaan keewwata kanaa akka itti aanu kanatti dhihaateera.

ቁ. 999 የወጪና ተጥቅ (1) መሰረት :

አንድ ስውጥና የለመሆኑ የወጪና ተጥቅ አይኖር ውጤት ወይም ክዃል እንዲያ ክፍል በእኔ
የደረሰ እንደሆነ እወነ ተቻወጥና ወጪና ተ እንዲታወቂለትና የተወስኩበት የወጪና ገብረቶች
እንዲመለከት በዘመና ስውላይ የወጪና ተጥቅ ክስ ለማቀርብበት ይችላል :

Art.999. “Petitio haereditatis” 1. Principle

Where a person without a valid title has taken possession of the succession or of a portion thereof, the true heir may institute an action of “petition haereditatis” against such person to have his status of heir acknowledged and obtain the restitution of the property of the inheritance.

Bu'uruma kanaan himanna dhaaltummaa jechuun himata dhaaltuun tokko dhaaltuu dhugaa ta'uun isaa beekamee qabeenyi dhaalaa akka deebi'uuf fi waraqaan ragaa duraan kennname akka deebi'u ykn haqamuuf nama waraqaan ragaa gatii qabu osoo hin qabaanne qabeenyaa dhaalaa

hunduma ykn hanga tokko harka galfate irratti dhiyeeffatudha jechuun ni danda'ama. Kanaaf, kaayyoon guddaan himata dhaaltummaa qabeenya dhaalaa deebifachuu (restitution) akka ta'e tumaa seeraa olirraa ni hubatama. Himata dhaaltummaa keessatti firiwwan dubbii bu'uuraa dirqama ibsamuu qaban: dhaaltuu dhugaa ta'uun isaa akka mirkanaa'uuf,²⁴⁴ haqaminsa haalaa (status),²⁴⁵ WRDh himatamaa haqame akka deebi'uuf akka ajajamuuf,²⁴⁶ himatamaan WRDh badee jira yoo jedhe ykn sababa kamiyyuutif deebisuu kan hin dandeenye yoo ta'e fuuldura akka itti hin fayyadamneef wabii akka qabsisuuf,²⁴⁷ fi qabeenyi dhaalaa himatamaa harka jiru akka deebi'uuf²⁴⁸ dha. Qabatamaan himanni kan dhihaatu haala olitti ulaagaa seerichi kaahuun osoo hin taane yeroo baayy'ee qabeenyi dhaalaa nama dhaaltuu hin ta'iniin qabatamee fi gahee qabeenya dhaalaa dhaaltuu birootiin qabatame akka deebi'uuf kan dhihaatanii dha malee firiwwan dubbii asiin olitti ibsine kan seerichaan akka ulaagaatti taa'e tarreessanii himanna Isaanii yeroo dhiyeessan hin mull'atu. Namoonni qabeenya dhaalaa qabatan kunniiin WRDh gatii hin qabneen qabachuu fi dhabuu ilaalchisee wanti ibsamu hin mul'atu.²⁴⁹

WRDh dhaaltuu tokkoof kennamee irratti himannoон dhaaltummaa yoo dhiyaate abbootiin seeraa waraqaa ragaa dura kenname akka deebi'u gochuu ykn haquu akka danda'an SHH kwt 998(1) jalatti tumameera. Bu'uura kanaan ragaan kun yoo hin haqamiin ykn hin deebifamiin dhaaltuun waraqaa ragaa dhaaltummaa kana harkaa qabu akka dhaaltuu dhugaatti akka tilmaamamu tumaa kwt.997(1) irraa ni hubatama. Himatamaan dhaaltuun dhugaa osoo hin ta'iin waraqaa ragaa dhaaltummaa gatii hin qabneen qabeenya dhaalaa guutummaan qabate kun himata dhaaltummaatiin yoo mo'ame qabeenyicha guutummaatti dhaaltuu dhugaatiif deebisuu ni dirqama.²⁵⁰ Himatamaan maallaqa qabeenya dhaalaa irraa argatuun qabeenya biroos horachuu ni danda'a. Kunis fayyaalummaan ta'uu ni danda'a. Fayyaalummaan kunimmoo qabeenyaa horate kanas dhaaltuu dhugaatiif deebisuu irraa akka isa hin hambifne SHH kwt 1001(2) irraa ni hubatama. Haata'u malee dhaaltuun dhugaa qabeenya kana fudhachuun akka malee badhaadhee yoo argame himatamaan qabeenya dhaalaa akka deebisu taasifameef faaydaa kana akka

²⁴⁴SHH kwt 999

²⁴⁵SHH, kwt 998(1)

²⁴⁶SHH, kwt 998(2)

²⁴⁷SHH, kwt 998(3)

²⁴⁸SHH, kwt. 1001 fi 999

²⁴⁹FKn galmee lakk. 26422, galmee lakk 32217, fi galmee lakk 44237 ta'an DhIMMF irratti dhiyaatanirraa kan hubatame: himannaan dhihaate himatamaan qabeenya dhaalaa harka isaa kan galfate waraqaa ragaa dhaaltummaa gatii hin qabneen jechuun miti.

²⁵⁰SHH kwt 1001(1)).

deebifachuu danda'u fi yeroo kanatti tumaaleen tumaaleen seeraan ala badhaadhuu ilaallatan SHH kwt 2162 hanga 2178 jiran raawwatiinsa akka qaban tumaa SHH kwt 1001(3) irraa kan hubatamuudha.²⁵¹

Qabxiin biraan iddoon kanatti ka'uu qabu himataan himannoo dhaaltummaa kana dhiheeffachuuuf waraqaa ragaa dhaaltummaa dhiheeffachuu kan qabu ta'uu isaa ykn himata dhaaltummaa keessatti mirkanaa'ee kan kennamuuf ta'uu ilaachisee ejjannoona adda addaa kan jirudha. Ejjannoona 1^{ffaan}, himanna dhaaltummaa waliin WRDh dhiheeffachuu qabu kan jedhu qabu. Waraqaaan ragaa dhaaltummaa himannoo dhiheeffachuuuf mirga ykn faayidaa (vested interest)²⁵² kan isaanii argamsiisuudha waan ta'eef waliin dhiyaachuu qaba jedhu. Ejjannoona 2^{ffaan} immoo, himanna dhaaltummaa WRDh waliin dhiheeffachuuuf hin dirqamu. Waraqaa ragaa dhiheeffachuu qaba yoo jenne dhaaltummaa irra deebi'amme qulqullaa'uu qaba kan jedhutti nu geess. Gaaffiin himata kanaan dhihaatu dogoggora raawwatame sirreessuu waan ta'eef WRDh dhiheeffachuu waan qabu hin fakkaatu; bakka tokkotti gaafachuu akka danda'u tumaa seera dhaalaa Kwt 999 irraayis kan hubatamudha. SHH kwt. 999 jalatti gaaleen "... dhaaltuu dhugaa ta'uun isaa akka mirkanaa'uuf ..." kan jedhu bu'uura seeraatiin mirga qabu mirkaneessuun falmii himata kana keessatti geggeeffamuun ragaan akka kennamuuf agarsiisa waan ta'eef waluma faana iddoon tokkotti dhimma qulqullaa'ee murtii argachuu danda'udha ejjannoona jedhu qabu.

Walumaagala firii dubbii himanna dhaaltummaa hundeessuuf akka ulaagaatti tumaa seeraa olitti kaafne keessaa WRDh akka kennamuuf gaafachuu illee of keessaa qaba waan ta'eef Ejjannoona 2ffaan dhama qabeessa fakkaata.

Qabxiin biraan himanna dhaaltummaa waliin wal qabatee ka'u, qabiyyee tumaa seeraa himanna dhaaltummaa hundeessuuf bu'uura ta'e keessatti, gaaleen "... nama waraqaa ragaa gatii qabu osoo hin qabaatiin ..." jedhu himanni dhaaltummaa eenyurratti dhiyaata? kan jedhu falmisiisa taasisa. Haata'u malee himanni dhaaltummaa namoota qabeenya dhaalaa dhaaltuu ta'anii waraqaa ragaa dhaaltummaa gatii hin qabneen qabatan, waraqaa ragaa malee dhaaltuu dha ofiin jechuun qabatan, dhaaltuu osoo hin ta'in waraqaa ragaa malee qabatan, dhaaltuu osoo hin ta'in

²⁵¹SHH kwt 1001(3) ilaallata

²⁵²SDFHH kwt 33

waraqaa ragaa gatii hin qabneen qabatan irratti kan dhihaachuu danda'u ta'uu isaatu hubatama.²⁵³ Dhimma kana tokko tokkoon kan fuulduratti ilaallu ta'a.

4.3. Garaagarummaa Himannaa Dhaaltummaa Fi Himannaa Qoodinsa Qabeenya Dhaalaa

Iyyannoo ykn himannaa bifaa kamiin dhiyaatetu himannaa dhaaltummaati ykn himannaa qoodinsa qabeenya dhaalaati jedhu adda baafachuuf himannaa dhiyaate haalaan qorachuu kan qabu Mana Murtiidha. Himanni dhaaltummaas ulaagaan isaa maal akka ta'e olitti ball'inaan ilaalleerra. Dhimmoota kana addaan baasuu danda'uun keenya darbinsi yeroo dhimmichaaf rogummaa qabu kami kan jedhu murteessuu akka dandeenyuuf nugargaara. Kutaa kana jalatti ulaagaa himannaa dhaaltummaa fi himannaa qoodinsa qabeenya dhaalaa tooftaa ittiin addaan baafnu akka armaan gadiitti ilaalla. Dhimma kana lamaan addaan baasuun darbinsi yeroo dhimmicha irratti raawwii qabu isa kami kan jedhu murteessuuf kan gargaaru ta'a.

Garee wal falmu keessaa tokko dhaaltuu ta'uu isaa yeroo seerichaan taa'e keessatti kan mirkanoeffate yoo ta'e kaan immoo haaraa gaaffii qulqulleessaa kan gaafatu yoo ta'e himannaa dhaaltummaa malee himannaa qoodinsa qabeenyaan kan ta'u miti. Sababiin asitti ka'uu malu immoo gareen falmu tokko haaraa akka qabeenyaan qulqullaa'u gaafataa jira waan ta'eef kun dhimma SHH kwt 996 kaasee hanga 999 jiru keessa darbuu waan gaafatuuf, himannaa dhaaltummaatiin fudhatama. Gama biraatiin gareen wal falmu yeroo seerichaan taa'e keessatti dhaaltuu ta'uun isaanii fi gaheen isaanii qulqullaa'ee beekame tokko falmiin isaan gidduutti taasifamu himannaa qoodinsa qabeenya dhaalaa malee himannaa dhaaltummaa kan ta'u miti. Sababiin isaa immoo gareen wal falmu ragaa dhaaltummaa yeroo seerichaan taa'e keessatti fudhataniiru yoo ta'e sirni qulqulleessa qabeenya dhaalaa raawwatameera yaada jedhu irraa ka'eeti. Bu'uura ulaagaa himannaa dhaaltummaa SHH kwt 999 tiin dhaaltuu ta'uun isaa akka beekamee gaheen isaa ykn qabeenyaan dhaalaa akka deebi'uuf namni gaafatu himannaa dhaaltummaati malee qoodinsa qabeenyaan hin ta'u.

Himannaan qoodinsa qabeenyaan dhaalaa gareen wal falmu bitaa mirgaan dhaaltuu ta'uun isaanii yeroo seerichaan taa'e keessatti beekamanii jiru garuummoo qabeenya dhaalaa osoo hin qooddatiin namoota turaniif ta'a jechuudha. Qabatamaan gahee qabeenya dhaalaa dhaaltuu dhugaatiin qabatame akka deebi'uuf dhaaltuu dhugaa birootiin dhihaatu; qoodinsa qabeenyaan

²⁵³SHH kwt 999 fi hiikkoowwan seeraa dhaddacha Ijibbaataa Federaalaatiin yeroo adda addaa kennaman FKN Dh.IJ.MMWF lakk galme 20295 lakk galme 44237 fi lakk galme 15974 irratti kennname ilaalaa

ta'uu fi himata dhaaltummaa ta'uu ilaalchise, keessattuu bu'aa kwt.1001 fi 1002 jalatti ibsaman bu'uureffachuun addaan baateen ni jira. Ulaagaa himannaq himannaan dhaaltummaa fi himannaqoodinsa qabeenya dhaalaa ittiin adda bahan murtii DhIMMWFiin kennaman waliin xiinxaluun akka itti aanutti addaan baasuuf kan yaalamu ta'a.

Dhimma 28^{ffaa}

Dhimma DhIMMWFiin²⁵⁴ galmeek lakkofsa 44237 irratti murtii kenneen “ dhaalchistuuun kan duute gaafa 17/01/1997 yoo ta'u, bitaa fi mirgi waraqaa ragaa dhaaltummaa kan fudhatan bara 1998 keessa waan ta'eef dhaaltonni lameenu waraqaa ragaa fudhachuun isaanii yoo mirkanaa'e dhaaltonni yeroo seeraan kaayame keessatti addaan bahanii beekamuu isaanii agarsiisa waan ta'eef, himannoonaan isaanii kun waa'ee qoodinsa qabeenyaati malee waa'ee dhaaltummaa qulqulleessuu ykn himata dhaaltummaa akka hin ta'in ni hubatama. Himata dhaaltummaa osoo hin ta'in himata qoodinsaa qabeenya dhaalaati sababiin isaammoo gareen wal falmu lachuu yeroo seerichaan taa'e keessatti WRDh waan fudhataniifidha jechuun hiikkoo kennametu jira. Dhimmoota biraa kana fakkaatanis haala wal fakkaatuun hiikkoo DhIMMWFiin kennameilaaluun ni danda'ama.²⁵⁵

Dhimma biraatiin immoo DhIMMWFiin galmeek lakkofsa 15974 ta'e irratti murtii kenneen “qabeenya dhaalaa dhaaltuun dhugaa tokko waraqaa ragaa dhaaltummaa fudhachuun dhaaltuun ana qofa jechuun qabeenya dhaalaa hundumaa harkaa qabu irratti himannoonaan dhaaltuun dhugaa kan biroo dhiheeffatu himata dhaaltummaati malee qoodinsa hin ilaallatu jechuun murteesee jira. Dhaddachichi qabeenyichi kan qabatame dhaaltuu dhugaatiin ta'us gahee dhaaltuu amma himanno dhiyeeffatee ilaalchisee waraqaa ragaa bu'aa hin qabneen waan qabateef himannoondhihaachuu qabu himata dhaaltummaati” jechuun murteesseera.

Ulaagaa himannaq dhaaltummaa fi himannaqoodinsa qabeenya dhaalaa ittiin addaan baasuurrattijannoonaan DhIMMWFiil ee ifa kan hin taanee fi hiikkoo wal fakkaataa kennuu dhabuun jiraachuu isaa ogeeyyiin kaasan jiru.²⁵⁶ Ogeeyyiin biraammoo WRDh baafachuun yeroo hunda sirna qabeenya dhaalaa qulqulleessuu keessa darbee ragaa kennamedha jechuu hin danda'amu, hojimaataan kan jirus sirna dhaala qulqulleessuu keessa osoo hin dabarre WRDh qofa iyyannoo

²⁵⁴DhIMMWFiin galmeek lakkofsa 44237 irratti Iyyattoota A/d Mulushawaa Boggaalaa faa fi waamamaa Ob. Masfin Boggaalaa gidduutti murtii kenname (jildii 10^{ffaa})

²⁵⁵MMWF Dh/Ij lakk galmeek 38533 ta'erratti Iyyattoota A/d Tsiggee W/Masqal N⁶ fi Waamamaa Siyyuum Kiflee

²⁵⁶Abdujabbaar Huseeniin Moojulii Leenjii Hojiirraa mata duree Darbiinsa yeroo seera dhaalaa bara 2004 qophaa'e F. 109

garee tokkoon dhiyaate irratti hundaa'ee ragaa kennamaa jirutu jira jedhu. Hojimaata qofaan osoo hin taane seerumaanuu bu'uura DhIMMF gal mee lakkoofsa 110022 ta'erratti hiikkoo kenneen,²⁵⁷ gaaffiin gaafatame WRDh gahee dhaaltummaa isaa ibsu osoo hin taane ragaan dhaaltummaa qofti akka kennamuuf iyyannoo garee tokkoon dhiyaate yoo ta'e WRDh gaafatame kana argachuudhaaf dirqama sirna dhaala qulqulleessuu keessa darbee kennama jechuu akka hin taane murtii kenneerra kan hubatamu dha. Erga kana ta'ee WRDh baafachuu fi baafachuu dhabuu isaaniirratti hundaa'ee ulaagaa himanna dhaaltummaa fi himanna qoodinsa qabeenya dhaalaa jennee ulaagaa ittiin gosa himanna addaan itti baasnu ta'uun isaa hin amansiisu gareen jedhan jiru.

Gaaffii Marii

Garaagarummaa himanna dhaaltummaa fi himanna qoodinsa qabeenya dhaalaa maali?
Kan jedhurratti ball'inaan mari'adhaa

4.4. Darbiinsa Yeroo Himata Dhaaltummaa

Akkuma armaan olitti tuqametti maalummaa fi kaayyoon himata dhaaltummaa kwt.999 fi itti aaananii jiaran jalatti ibsameera. Himatni dhaaltummaa yoom dhiyaachuu akka qabu kwt.1000 jalatti tumameera. Rakkina hiikkoo keewwata kanaan walqabatee jiru siritti xiinxaluuf akka tolu tumaa kana isa Afaan Amaariffaa fi waraabbi Afaan Ingiliiffaa olitti keenye irra deebiin ilaaluun barbaachisaa ta'a.

Tumaa seeraa SHH kwt 1000(1) irraa akka hubachuun danda'amutti himataan himata dhaaltummaa dhiyeessuu kan qabu qabeenyi dhaalaa himatamaan qabamu isaa guyyaa beekee kaasee wagga sadii keessatti dhiyeessuu qaba. Wagga sadii booda yoo himata dhiheessee fi karaa himatamaan mormii dhihaate himannaan isaa darbiinsa yerootiin kufaa ta'uu akka danda'u tumameera. Akkasumas, du'aan erga du'ee ykn himataan mirga isaatiin fayyadamu guyyaa danda'e irraa kaasee wagga 15 erga darbee booda "ristii" sanyii irraa darbe yoo ta'e malee himatni dhaaltummaa darbiinsa yerootiin kan dhorkamu ta'uu isaa kew.1000(2) jalatti tumameera.

Himata dhaaltummaa irratti mormii sadarkaa duraa gama himatamaan/himatamotoon yeroo baay'ee dhiyaatu keessaa tokko darbiinsa yeroo keewwata seeraa kana jalatti tumame jiru dha.

²⁵⁷DhIMMF gal mee lakkoofsa 110022 ta'e irratti falmii Iyyataa OBbo Tishaagar Mihirate kan waamamaa hin qabne irratti murtii kenne ilallata (jildii 18^{ffaa})

Haa ta'u malee, mormii dhiyaatu kana irratti murtiin walfakkaatu kennamaa hin turre. Ammaan dura 'darbiinsa yeroo' himata dhaaltummaa ilaallatu kana kallattii adda addaan hiikudhaan murtiileen goса shanii ol ta'an kennamaa turaniiru. Hanga tokko hiikkoo DhIMMF kennuun bu'uura hiikkoo sanaan hiikuuf Manneen Murtii kaan sababa dirqamaniif hanga tokko garaagarummaan jiru hir'atu illee rakkoon kun ammaliee kan jirudha. Yaada kana kan cimsu hiikkoon darbiinsa yeroo kwt 1000 waliin wal qabatee jiru wal xaxaa fi fuuldurattilee rakkoon kun kan itti fufuu danda'u ta'uu isaa ogeeyyiin kaasan jiru.²⁵⁸ Darbiinsa yeroo kana ilaachisee hiikkoo goса adda addaa manneen murtiitiin kennamaa turan agarsiisuudhaan leenjitoonni caalatti hiikkoo fi raawwatinsa isaa irratti akka mariin gabbisuu danda'aniif akka armaan gadiitti dhiyeessineerra.

4.4.1. Darbiinsa Yeroo Himata Dhaaltummaa “Qabeenya Socho'uu Fi Hin Sochoone”

Akkuma mata duree isaa irraa hubachuun danda'amutti hiikkoon kun kan hundaa'e darbinsi yeroo himata dhaaltummaa qabeenya socho'uu fi hin sochoone ilaallatu adda adda kan jedhu irratti hundaa'uu dha. Akka hiikkoo kanaatti darbinsi yeroo kwt.1000(1) jalatti tumame himata dhaaltummaa qabeenya socho'u kan ilaallatu yammuu ta'u, darbinsi yeroo kwt. Xiqqaa (2) jalatti tumame ammoo himata dhaaltummaa qabeenya hin sochoonee ilaallatudha²⁵⁹ jechuun hiikkoo itti kennuutu jira. Darbiinsa yeroo himata dhaaltummaa keewwata 1000 jalatti tumame kana haala kanaan hiikkoo itti kennuun Abbootiin seeraa murtii kennaa turan jiru. Akka Abbootii seeraa kanaatti qabeenyi dhaalaa nama biraaharka gale qabeenya socho'uu yoo ta'e dhaaltuun qabeenyi kun akka deebi'uuf barbaadu, bu'uura SHH kwt.1000(1) guyyaa qabeenyi kun harka nama biraahgaluu isaa beekee kaasee waggaa sadii keessatti himata dhaaltummaa dhiyeessuu qaba. Karaa biraatiin qabeenyi dhaalaa harka nama biraahgaluu isaa beekee kaasee waggaa sadii keessatti himata dhaaltummaa dhiyeessuu qaba ejjannoo jedhu kan qaban jiru.²⁶⁰

²⁵⁸Alii Mahaammad Ali (2000). Maanuwaalii Leenjii Seera Dhaalaa fi Heera Mootummaa. Abbaa Alangaa fi Abbootii Seeraa Federaalaaf Maanuwaalii qophaa'e F. 179

²⁵⁹Miil jalee olii F. 180; Murtii Mana Murtii Waliigala Oromiyaa Dh/Ij Jildii 3ffaa irratti maxxanfameen lakk galmee 231488 ta'een bara 2008 keessa murteesserra ilaala.

²⁶⁰Alii Mahaammad Ali (2000). Maanuwaalii Leenjii Seera Dhaalaa fi Heera Mootummaa. Abbaa Alangaa fi Abbootii Seeraa Federaalaaf Maanuwaalii qophaa'e . F. 180

Dheerina yeroo qabeenya hin sochooneef eegumsa addaa gochuuf malee silaa sababni keewwata lamatti goodameef kan biraan hin jiru jechuun falmu. Fkn, MMWO dhaddachi Kibbaa komii ol-iyannoo MMOG Baaleerra dhiyaateef ilaalee "... waliigalteedhaan manni falmiif sababa ta'e akka himatamtuu bira taa'u waliigalle jedhu ragaadhaan mirkanaahuu baatus falmiin gaggeeffame qabeenya dhaalaa qabeenya hin sochoonerratti waan ta'eef darbiinsa yeroo MMO ibsee murteesse raawwii irratti hin qabu..." jechuun diiguun murteesseera.²⁶¹

Ejjanno biraatiin immoo gareen biraan bu'uura kanaan darbiinsa yeroo quodduun sirrii miti jedhanis jiru.²⁶² SHH kwt.1000(2) keewwata xiqa (1) tti aanee tumamuun isaa darbiinsa yeroo kan biroo uumuuf osoo hin ta'in isuma keewwata xiqa tokkoffaa jalatti ibsameef ibsa dabalaataa kennuufii dha. Darbinsi yeroo isa keewwata xiqa tokkoffaa jalatti tumame yeroo ta'u kan keewwata xiqa lammaffaa immoo darbiinsa yeroo sana kan dhumaan ykn isa ol'aanaa gochuufii dha. Waraabiin afaan Ingiliffaa 1000(2) "It shall be absolutely barred...." kan jedhuu fi kan Afaan Amaara" አንድርብ-ግብር..." jedhus kanuma agarsiisa jedhu.

Qabxiin biraan asitti ka'uu qabu tumaa seeraa kwt 1000(2) jalatti gaaleen himataan mirga Isaatti guyyaa fayyadamuu danda'ee kaasee hanga waggaa 15 jechuun darbiinsa yeroo tumee jiru keessatti gaaleen "... mirga Isaatti guyyaa fayyadamuu danda'ee kaasee ..." jedhu maal jechuudha kan jedhu ilaaluun barbaachisadha. Qabatamaan kwt. 1000(2) jalatti gaalee "...himataan mirga Isaatiin fayyadamuu guyyaa danda'e..." jedhuun walqabatee rakoon hiikkoo ni mul'ata. Gaalee kanaaf hiikkoon addaa kan kennamaa turedha. Abbootiin seeraa gariin gaaleen olitti ibsame guyyaa WRDh kennamerra kaasee jechuudhaan fudhatu. Fkn, DhIMMF jildii 6ffaa L.G. 20295 ta'e irratti murtii kenne keessatti "...iyyattooni dhaaltuu ta'uu isaaniitiif dhaaltummaa gaafa mirkanoeffatan irraa kaasee ...". jechuudhaan hiikkoo kennames akka wabiitti kaasu. Abbootiin Seeraa kuun immoo hiikkoo yoo kennan gaaleen kun himataan mirga Isaatti akka hin fayyadamne kan daangessan sababoota humnaa olii kan ilaallatuu dha jedhu. DhIMMFtiin²⁶³ galmeek lakkoofsa 30158 ta'erratti "...daa'ima kana guddiftuu fi bulchaan isaa sirnaan mirga isaa waan hin gaafatiniif gaaleen kun gaafa umuriin isaa gaa'ilaa gahe ilaallata..." jechuun murteesseera. Dhaddachi

²⁶¹Miil Jalee oliitiin

²⁶²Miil jalee oliitiin ejjanno Dh/Ij Oromiyaa murticha keessaa ilaala

²⁶³DhIMMFtiin walfalmitoota Iyyattoota A/de Tsahaaynesh Adam fa'a fi Waamamtoota dhaaltoota koloneel Isheetuu Tasfaayee galmeek lakkoofsa 30158ta'e irrattii murtii kenname (jildii 7^{ffaa})

Ijibbaata Federaalaa²⁶⁴ dhimma biraatiin, gal mee lakkoofsa 57114 irrattis, dhaaltuu umuriin isaa waggaa 18 hin guunneef darbinsi yeroo lakka'amuu kan jalqabu, guyyaa dhaaltuun umuriin isaa 18 guutu irraa kaaseeti jedheera. Dhimma biraatiin DhIMMWFTiin²⁶⁵ gal mee lakkoofsa 120841 irrattis, "dhaaltuun umuriin isaa gaa'ilaaf hin geeny'e tokko, guyyaa umuriin isaa gaa'ilaaf ga'e irraa kaasee hanga waggaa 15 keessatti mirga dhaaltummaa gaafachuu danda'a" jechuun murteesseera. Asirratti wal falmitoonni ykn himannaan dhaaltummaa dhaaltoota gidduutti yoo ta'e fi dhaaltuu fi dhaaltuu nama hin taane gidduutti darbinsi yeroo raawwii qabu kami kan jedhu of fuulduratti kan ilaallu ta'a.

Dhimma DhIMMWF galmeewwan olitti ibsamaniin murtaa'an himattuun/himataan umuriin gaa'ila hin geeny'e umuriin isaa gaa'ila yeroo gahe irraa kaasee hanga waggaa kudha shaniitti himannaan dhaaltummaa dhiyeeffachuu akka danda'udha hiikkoon dirqisiisaa kan irratti kennamee jiru. Guddisaan isaa mirga daa'ima gaa'ila hin geenyee haalaan yoo hin kabachiisne, daa'imni umuriin isaa gaa'ila yeroo gahee kaasee mirga isaatti kan fayyadamuu danda'u ta'uun kan beekamudha. Gochawan bu'aa seeraa hordofsiisan ykn qaban raawwachuu kan danda'u dha. Kunis maqaa isaatiin himannaan seeraa dhiyeeffachuu ykn maqaa isaatiin himatamuu illee kan danda'u dha. Qabxiin asitti ka'uu qabu haala kana keessatti daa'imni umuriin isaa gaa'ila gahe mirga isaa kabachiisuu yeroo danda'ee kaasee, mirgi inni qabu nama biraatiin jalaa qabamuu yoo beeke darbinsi yeroo kwt. 1000(1) jalatti tumametu raawwii qaba moo? kan kwt 1000(2) jala jiru dha? Kan biraa qabeenya dhaalaa daa'ima gaa'ila gahe kana kan qabatee jiru dhaaltuu biraatiin osoo hin taane garee 3ffaa dhaaltuu hin taaneen yoo ta'e falmiin dhaaltuu fi nama dhaaltuu hin taane gidduutti waan ta'uuf darbinsi yeroo raawwii qabu kan kwt. 1000 jalatti tumamee jiru dha moo? Kwt 1845 jalatti tumamee jiru dha? gaaffii jedhu kaasisuun isaa hin oolu. Daa'imni umuriin gaa'ila gahe yeroo umuriin isaa gahee kaasee mirgi inni qabu nama biraatiin jalaa qabamuu yoo beekee yeroo beekee kaasee waggaa sadii keessatti himannaan dhaaltummaa yoo hin dhiyeeffanne fi himannaan isaa darbiinsa yeroon kan hin daangeffamne yoo ta'e darbinsi yeroo waggaa sadii namoota kaan irratti raawwatinsa qabu kan daa'ima gaa'ila gahe kana irratti yoo raawwatinsa dhabe qajeeltoo wal qixxummaa lammilee seera fuulduratti qaban waliin kan wal faallessu ta'a. Qabeenyaan dhaalaa harka himatamaa jiraachuu kan beeke

²⁶⁴DhIMMWFTiin walfalmitoota Iyyattuu Haannaa Tsaggaaye fi waamamaa Xaa'imu Dastaa Tsahaaynesh gidduutti gal mee lakkoofsa 57114 ta'e irrattii murtii kenname (jildii 11^{ffa})

²⁶⁵DhIMMWFTiin walfalmitoota yyattuu A/de. Kabaa Takkaa fi Obbo Dirribaa Daadhii gidduutti gal mee lakkoofsa 120841 ta'e irrattii murtii kenname (jildii 20^{ffa})

umuriin isaa gaa'ila gahee waggaa sadiin booddee himannaa yoo hundeesse darbinsi yeroo raawwii irratti qabu kami kan jedhu iftoominaan waan Dhaddachi Ijibbaataa kaahe miti. Kana malees, haala olitti ibsameen garee wal falmitootaa irratti hundaa'ee ifatti hiikkoon kenne hin jiru. Duuchaatti umuriin isaa gaa'ila erga gahee waggaa 15 keessatti himannaa dhiyeessuu qaba kan jedhuun hiikkoo kenne waan ta'eef haalota olitti kaafneen darbiinsa yeroo raawwii qabu of eeggannoon hojjirra oolchuun barbaachisaa ta'a.

Waanti dagatamuu hin qabne mirga himannaa dhaaltummaa isaa erga umuriin gaa'ila gahee waggaa kudha shan keessatti kan gaafachuu danda'u daa'imni umuriin isaa gaa'ila yeroo hin geenyetti bu'uura Seera Maatii Oromiyaa (SMO) kwt. 233(2) tiin mirga qabeenya isaa karaa guddistuu isaatiin kabachiifachuu kan hin dandeenye ykn guddistuun isaa mirga isaa kana yoo sirnaan hin kabachiifneef akka ta'u hiikkoo dhaddacha Ijibbaata Federaalaatiin kennamerraan kan hubatamu dha.

Hiikkoo dhaddacha Ijibbaataa kenne kallattii fuulduraa dhimmooni kana fakkaatan itti hiikaman irratti kan hordofamu qabu yoo ta'e illee kallattii biraatiin mee haa ilaallu. Guddisaan dantaa daa'ima gaa'ila hin geenyee bulchiinsa qabeenya isaa waliigalaa ilaachisee yoo sirnaan dantaa daa'ima hin kabachiifne, eegumsi daa'ima gaa'ila hin geenyee kanaaf seerichaan akka filannootti taa'e maaltu jira kan jedhu waliin ilaaluun barbaachisaa dha. Bu'uura SMNO kwt 233(2) tiin faaydaa qabeenya daa'ima gaa'ila hin geenyee fi walumaagalatti bulchiinsa qabeenya isaa ilaachisee guddisaan isaatiin bakka bu'ama. Hojii fi itti gaafatamummaa qabeenya daa'ima gaa'iila hin geenyee guddisaan yoo bahachuu baate namni nagalcha jedhu kamuu ykn Abbaan Alangaa yeroo gaafatutti²⁶⁶ guddistummaa isaa irraa haalli itti ka'u jira.²⁶⁷ Dhaala daa'ima gaa'ila hin geenyee bakka bu'ee dhaala ni simata, qulqulleessa qabeenya dhaalaa keessatti ni hirmaata,²⁶⁸ dantaa daa'ima kanaa kabachiisuu ni hojjata, badhaadhinaa fi faaydaa qabeenya isaa wajjiin wal qabatan kabachiisuu fi bulchuu ilaachisee guddisaan isaa of eeggannoocimaa akka gochuu qabu ni dirqama.²⁶⁹ Yoo hojii isaa sirnaan hin baane itti gaafatamummaa isaa irraa ka'ee namni biraa akka muudamuu danda'u fi dantaa daa'ima kanaa kabajuun haala danda'amu irratti eegumsi seerichaan taasifamee jira. Tarkaanfiwwan daa'imman ilaalan dhaabbattoota mootummaa fi dhaabbattoota gocha gaarii dhuunfaan yeroo fudhataman dantaan daa'ima dursa

²⁶⁶ SMNO kwt 265(1)

²⁶⁷ SMNO kwt 263

²⁶⁸ SMNO kwt 288(1)

²⁶⁹ SMNO kwt 286(2)

akka tilmaama keessa galuu qabu Heera Mootummaatiin dirqamni taa'e jira.²⁷⁰ Haala kanaan dantaa daa'immanii kabachisuu haala danda'amu irratti eegumsi Heeraa fi Seeraan taasifame jiraachuu isaa hubanna.

Gaaffii Marii

Dantaa qabeenya daa'ima gaa'ila hin geenyee guddisaan isaa kan isa bakka bu'u ta'ee, itti gaafatatummaa isaa haalaan yoo hin bahanne furmaanni seeraan taa'e bakka jirutti, daa'imni gaa'ila yeroo gahee kaasee waggaa kudha shan keessatti dhaala gaafachuu danda'a jedhamee hiikkoon kwt 1000(2)'f kennname kaayyoo darbiinsa yeroo waliin ni deema jettuu? Xiinxala keessan kallatti adda addaan kaasuun gaggeessaa!

4.4.2. Himata Dhaaltummaa Darbiinsa Yerootiin Hin Dhorkamne

Qabeenyi dhaalaa 'ristii' sanyii irraa darbe yoo ta'e dhaaltuun yeroo kameeyuu dhaaltummaan akka beekkamuu fi qabeenyi dhaalaa kun akka deebi'uuf himata dhaaltummaa dhiyeessuu akka danda'u keewwata 1000 (2) jalatti tumameera. Haa ta'u malee akka kew.1000(2) himatni dhaaltummaa darbiinsa yerootiin hin dhorkamne kun qabeenya dhaalaa akkamii ilaallata? Fakkeenyaaaf, qabeenyi dhaalaa mana yoo ta'e himatni dhaaltummaa darbiinsa yerootiin hin dhorkamne kun mana ni ilaallataa? Gaaffii kanaaf gama abbootii seeraatiin deebiin walfakkaatu kennamaa hin jiru.²⁷¹ Abbootiin seeraa tokko tokko akka kew.1000(2) himatni dhaaltummaa darbiinsa yerootiin hin dhorkamne himata dhaaltummaa mana irratti dhihaatuus ni ilaallata jechuun murtii kennaa jiru. Akka abbootii seeraa kanatti qabeenyi dhaalaa mana sanyirraa darbaa dhufe yoo ta'e dhaaltuun qabeenyi dhaalaa kun akka deebi'uuf barbaaduu yeroo kameeyuu himata dhiyeessuu ni danda'a. Falmiin jiru jechi ristii jedhu kun mana sanyii irraa darbe ni dabalaata moo miti kan jedhuu dha. Waraabbii afaan Ingiliffaa 'family immovable' jedha waan ta'eef, mana sanyirraa darbaa dhufe ni dabalaata jedhu tarkaanfachiisu. Manni Murtii Ol'aanaa Naannoo Amaaraatti ejjannoo akkasitiin murtii kennuun isaa murtii DhIMMF tiin murtaa'ee maxxanfamerraan kan hubatamudha.²⁷²

Abbootiin seeraa biroo immoo akka kwt.1000(2) tiin himatni darbiinsa yerootiin hindhorkamne kun himata dhaaltummaa mana irratti dhiyaatuu hin ilaallatu jechuun murtii kennaa jiru.

²⁷⁰Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa kwt 37(2)

²⁷¹Alii Mahaammad Ali (2000). Maanuwaalii Leenjii Seera Dhaalaa fi Heera Mootummaa. Abbaa Alangaa fi Abbootii Seeraa Federaalaaf Maanuwaalii qophaa'e. F. 181-184

²⁷²MMWF Dh/Ij lakk galmeed 34011 Jildii 6ffaa keessatti argama F. 282

Jechuuniis qabeenyi dhaalaa mana yoo ta'e dhaaltuun qabeenya kana deebisiisuuf ykn qooddachuuuf daangaa yeroo kwt.1000(1) fi (2) jalatti tumame keessatti dhiheefachuu qaba. Akka abbootii seeraa kanaatti, himatni dhaaltummaa akka kew.1000(2) tti darbiinsa yerootiin hin dhorkamne himata dhaaltummaa ‘ristii’ irratti dhihaatuu dha. Jechii ‘ristii’ jedhu sirna lafaa yeroo seerrii siviilii bahu ture kan ilaallatudha. Yeroo amma ammoo lafti kan mootummaa fi kan uummataati.

Kanaafuu, akka kewwata kanaatti manni ‘ristii’ waan hintaaneef himanni dhaaltummaa mana irratti dhihaatuu darbiinsa yeroo kwt.1000 jalatti tumameen kan daangeeffamu dha jedhu. kwt.1000(2) jalatti darbiinsa yerootiin kan hin daangeffamne ‘ristii’ maatii ykn sanyii irraa dhufee dha. Lafti kan uummataa fi mootummaa akka ta'u osoo hin tumamin duraa isa gaaffii riistii jedhamee beekamuu dha. Kanaaf, ristiin lafa malee mana hin ilaallatu. Jiddugaleessi Qo’annoo fi Qorannoo Afaanota Itoophiyaa jecha ‘risti’ jedhuuf hiikkoo kenneenis tokkoffaa lafa firoonni qotanii itti fayyadaman fi dhaalaan maatiitti darbu fi lammaffaa qabiyyee lafa dhuunfaa ykn ofii kan ilaallatu akka ta'e ibseera.²⁷³ Kunis jechichi lafa malee mana akka hin ilaallanne ni hubatama jechuun falmu.

SHH kwt. 1130 jalattis qabeenya hin sochoone jechuun ristii lafaa fi mana kan jedhu irraa ‘ristii’ kan jedhu lafa akka ilaallatu ni hubatama. Tumaaleen seera qabeenya keessatti tumaman kanneen biroos jecha ‘ristii’ jedhu lafa akka ilaallatu ni hubatama. SHH kwt.1168 (1) hima lammaffaa irraayis jechi kun lafa qofa akka ilaallatu ni hubatama jechuun DhIMMF hiikkoo kennerraan hubachuun kan danda’amudha.^{274 275}

4.4.3. Darbiinsa Yeroo Eenyummaa Garee Falmii Bu’uureffate

Eenyummaa garee wal falmurratti hundaa'uun darbiinsa yeroo kwt 1000 jalatti tumamee jiru hiikkoo gosa sadii adda addaa yeroo kennamtu mul'ata ykn ejjannoong gosa adda addaa sadiitu jira. Isaanis: Ejjanno 1^{ffaa}n, falmii dhaaltuu fi nama dhaaltuu hin ta'in gidduutti gaggeeffamu qofa irratti raawwii kan qabuu fi himanni dhaaltummaas kana qofa ejjanno jedhu warra qabu.²⁷⁶ Ejjanno 2^{ffaa}n, falmii dhaaltota ta'an qofa gidduutti gaggeeffamu irratti raawwatinsa qaba,

²⁷³Yaadannoo 114, F. 183

²⁷⁴MMWF Dh/Ij Jildii 6ffaa Lakk galme 34011

²⁷⁵ MMWF Dh/Ij Jildii 7ffaa lakk galme 30158

²⁷⁶DhIMMFtiin .Jildii 6ffaa galme 1akkoofsa 25664 ta'erratti yaada sagalee addaatiin kennname

himanni dhaaltummaas kana qofa ejjannoo jedhu warra qaban.²⁷⁷ Ejjannoo 3^{ffaa}n, falmiiwwan lameen irrattuu raawwatinsa ni qabaata. Lameenuu Himata dhaaltummaati ejjannoo jedhu warra qabanidha. Darbiinsa yeroo eenyummaa falmitootaarratti hundaa'ee qoodame ejjannoowwan sadan tokko tokkoon akka armaan gadiittii ilaalla.

Ejjannoo 1^{ffaa} Darbiinsa Yeroo Falmii Dhaaltootaa fi Garee 3^{ffaa} Gidduutti Ka'u Irratti Raawwatinsa Qaba.

Darbiinsi yeroo SHH kwt 1000 jalatti tumame falmii dhaaltota gidduutti ka'u irratti raawwatinsa hin qabu. Kunis boocamaa fi qabiyyee kwt.999-1002 irraa akka waliigalaatti kan hubatamuu danda'udha. Himanni bu'uura kwt. 999 fi 998 (1) tiin nama mirga dhaaluu ykn ragaa dhaaltummaa gatii qabu malee ykn kan sobaatiin qabeenya harkaa qaburratti dhiyaata. Dhaaltuun immoo haaloota ibsaman kanneeniin qabeenya dhaalaa qabata jedhamee hin yaadamu. SHH kwt. 1001(1) jalatti himatamaan yoo mo'ame qabeenyicha hundumaa akka gadi lakkisu tumameera. Dhaaltuun immoo qooda mataa isaa waan qabuuf haalli qabeenya hundumaa gadi lakkisuuf waan hin jirreef himanni dhaaltuu irratti kan dhihaatu miti. Warri ejjennoo kana qaban gaalee “....waraqaa ragaa gatii qabu osoo hin qabaatiin.....” jedhu kun dhaaltuu fi nama gonkumaa dhaaltuu hin ta'iin jidduu falmii gaggeeffamu kan ilaallatuu dha jedhu. Waraabbii Afaan Ingiliffaa tumaa kanaa “....with out valid title....” jedhu bu'uureffachuun akka falman ni hubatama.²⁷⁸ Warri ejjennoo kana qaban “darbinsi yeroo falmii dhaalaa dhaaltota gidduutti gaggeeffamu irratti darbiinsi yeroo raawwii qabu isa kamii dha?” gaaffii jedhu irratti ejjennoo adda addaa qabu: gariin falmiin dhaaltota gidduutti geggeeffamu himata dhaltummaa osoo hin ta'in iyyata mormii qoodinsa qabeenya waan ta'eef darbinsi yeroo raawwatinsa qabu isa kwt.1080(3) jalatti tumamee dha jechuun falmu.²⁷⁹ Kuun immoo falmii dhaaltota gidduutti taasifamuuf seerri dhaalaa darbiinsa yeroo waan hin kaayiniif bu'uura SHH kwt.1677 tiin darbinsi yeroo raawwatinsa qabu wagga kudhan isa kwt.1845 jalatti tumamee dha jedhu.

Ejjannoo 2ffaa. Darbiinsa Yeroo Falmii Dhaaltoota Gidduutti Ka'u Qofarratti Raawwatinsa
Qabu dha.

²⁷⁷ Yaadannoo 116, F.188

²⁷⁸DhIMMF tiin galmee lakkofsa 25664 irratti falmitoota Tagany Yimaam fi Obboo Kaasaahuun Dassaalenya fa'a gidduutti murtii kennameen yaada addaa murticha keessatti kennname ilaala. (Jildii 6^{ffaa})

²⁷⁹ Miil jalee olii F. 248

Gareen ejjannoo 2ffaa qabu kun immoo, SHH Kwt. 1000 qofaa isaa osoo hin taane kwt. 996-1002 wajjin walitti qabamee dubbifamuu qaba jedhu. Tumaan SHH kwt. 999 bifa waliigalaatiin kan tumame waan ta'eef kutaa seeraa tumaan kun jala jiruu fi kaayyoo fi qajeeltoo seera dhaalaa wajjin madaalamuu qaba. Bu'uura kanaan, gaaleen kwt.999 jalatti "...waraqaa ragaa dhaaltummaa gatii qabu osoo hin qabaatin....." jedhu himatamaan dhaaltuu akka ta'e agarsiisa. Dhaaltuun dura WRDh fudhate dhaaltuu dhugaa amma dhufe kana waliin yeroo ilaalamu WRDh gatii qabu hin qabaatu. Waraqaan ragaa dura kennameef kun akka haqamu himannoo irratti yoo dhiyaate ragichi guutumaa guutuutti ykn hanga tokko kan haqamu waan ta'eef gatii qabaachuun waraqaa ragicha hafaa ni ta'a jechuu dha. Warri ejjennoo kana qaban "darbiinsi yeroo himata dhaaltummaa dhaaltotaa fi namoota dhaaltuu hin ta'in gidduutti gaggeeffamu irratti darbiinsi yeroo raawwii qabu isa kamii dha?" gaaffii jedhu irratti raawwatinsa qabu kan kwt. 1677 fi kwt.1845 dha jedhu.²⁸⁰

Ejjannoo 3ffaa. Darbiinsa Yeroo Falmii Gosa Lamaanuu Irratti Raawwii Qaba.

Gareen ejjannoo kana qaban immoo, gaalee kwt. 999 "ragaa dhaaltummaa seera qabeesa ta'e osoo hin qabaatin..." jedhuuf hiika kennuudhaan ibsu. Darbinsi yeroo kwt.1000 jalatti tumame nama WRDh qabate garuu ragaan isaa seera dhabeessa (invalid) ta'eef dhaaltuu irratti himanni akka dhihaatu agarsiis; Kana qofarratti osoo hin ta'in himanni dhaaltummaa "nama WRDh tokkoyyuu hin qabaatin seeraan ala qabeenya dhaala qabatee jiru (dhaaltuu kan hin ta'in) irratti dhihaachuu ni danda'a.²⁸¹ Kanaaf kwt.1000 falmii dhaaltuu dhugaa fi namoota kan biroo gidduutti ka'u irrattis raawwatinsa ni qabaata jedhu.

Ejjannoowwan jiran keessaa kamtu dhama qabeessa kan jedhu osoo hin ibsiin dura dhimma armaan gadii irratti hiikkoo dhaddachi Ijibbaata Federaalaa kenne haa ilaallu.

Dhimma 29^{ffaa}

Dhimma DhIMMWFiin lakk galmee laccoofsa 132208 ta'erratti²⁸² murtii kennamedha. Ka'umsi dhimmichaa Waamamaan ammaa Iyyannoo isaa MMSDF irratti dhiyeeffateen "abbaan isaa Kolonel Laaqew W/Sanbat manaa bahee hin deebine jechuun murtii badinsaa gaafa

²⁸⁰DhIMMWF Jildii 6ffaa galmee lakk 25664 fi 26422 ilaallata

²⁸¹DhIMMWF galmee laccoofsa 20295 ta'erratti Iyyataa Obboo Dajanee Laggasaa fi Obboo Malaakuu Geetaachoo fa'a gidduutti murtii kennamee ilaallata. (jildii 6ffaa)

²⁸²DhIMMWF wal falmitoota A/d. Tsehaay Aggonaafir fi Waamamaa Ob. Geeraa Laaqew gidduutti galmee laccoofsa132208 ta'erratti murtii kenneen "... የመጥረት መኑ አስተቶው ወርሃ ህብት የቅረበበት ጥያቄ ስምምነት ተፈጻሚነት ተፈጻሚነት ..." (jildii 23ffaa)

21/08/2007 irraa eegalee murtiin badinsaa kan irratti kennisiisee fi qabeenya dhaalaa abbaan isaa qabu Kutaa Bulchiinsa Magaala Boolee Aanaa 2ffaa lakk manaa 24 ta'e gaheen abbaa isatii akka qoodamuuf” himanna dhiyeesseera, abbaan isaa bara 1983 kan manaa bahe yoo ta'el ee hanga Gurraandhala bara 2002 tti iyyattuu ammaa waliin kan xalayaadhaan wal argan ta'uun ragaadhaan ibsameera. Iyyattuu ammaa himannaan darbiinsa yerootiin kan daangeffamu ta'uu isaa kaastee falmiteetti. Waamamaan ammaa immoo falmicha kan dhiyeesse gaafa 06/09/2007 yoo ta'u, abbaan isaa baduummoo gaafa 21/08/2007 murteessisuu isaa kaasee darbinsi yeroodhaan himannaan isaa kan hin daangeffamne ta'uu isaa kaasee yoo falmu. Bu'uura SHH kwt 165(1) tiin nama murtiin badinsaa irratti kennameen akka nama du'etti fudhatamee nama badinsi irratti darbeen dhaaltooni mirga isaanii gaafachuu kan isaan danda'an murtii dhuma Manni Murtii murtii badinsaa itti kennee kaasee akka ta'e tumameera. Bu'uruma kanaan guyyaa murtii badinsaa murteessise gaafa 21/08/2007 kaasee dhaaltuun mirga isaa gaafachuu akka danda'uu fi himannaan dhaaltummaa himataan dhiyeesse darbiinsa yeroo SHH kwt 1000 jalatti ibsame kan hin dabarredha jechuun murtii kenneera.

Haata'u malee, ammaan dura DhIMMWF galmeek laccoofsa 32815 ta'erratti darbinsi yeroo “...SHH kwt.1000 raawwannaa kan qabu falmii qabeenya dhaalaa dhaaltota jiddutti ka'u irratti” jechuun hiikkoo kennee, xiinxala taasiseen, “...iyyattuu dhaaltuu yeroo taatu deebii kennituun niitii isa du'eeti. Kunis falmichi dhaaltuu fi nama dhaaltuu hin taane gidduutti kan gaggeeffame waan ta'eef SHH kwt.1000 raawwannaa hin qabu....” jechuun murtii kennee ture.

Akka waliigalaatti hiikkoo fi raawwiin darbiinsa yeroo kwt 1000 jalatti tumame jiru rakkoo wal-xaxaa qabaachuu isaa murtileed huma manneen murtii sadarkaa adda addaatti kennamaa jiru irraa kan hubatamedha. Yaaduma kana haala cimsuun ogeeyyiin seeraa “Murtiwwan darbiinsa yeroo kwt 1000'n wal-qabatee sadarkaa manneen murtii adda addaatti murtaa'anirraa, murtileen tilmaamamummaa dhabuu isaaniitu mull'ata” jechuun ibsan ni jiru.²⁸³ Fkn, ejjannoo 2ffaa tiin hiikkoo DhIMMWF hiikkoo kenneen kan wal-fakkaatu yoo ta'u faallaa ejjannoo 2^{ffaa} kanaan dhaddachi Ijibbaata Federaalaa falmii dhaalaa nama dhaalaa ta'ee fi nama dhaaltuu hin taane

²⁸³Alii Mahaammad Ali (2000). Maanuwaalii Leenjii Seera Dhaalaa fi Heera Mootummaa. Abbaa Alangaa fi Abbootii Seeraa Federaalaa Maanuwaalii qophaa'e F. 179; Abdujabbaar Huseeniin Moojulii Leenjii Hojiirraa mata duree Darbinsa yeroo seera dhaalaa bara 2004 qophaa'e F. 91 - 93

gidduutti darbiinsi yeroo SHH kwt 1000 jalatti tumamee jiru hin dabarre jechuun bu'uura tumaa kanaan darbiinsa yeroo xiinxaleera.²⁸⁴

Akkuma jalqaba kaasne falmiiwan eenyummaa garee wal-falmitootaa bu'uureffachuun dhihaatan kanneen olitti ibsaman keessaa kamtu dhama qabeessa kan jedhuuf, kaayyoon himannaa dhaaltummaa qabeenya dhaalaa deebifachuu (restitution) akka ta'e kaasne faana walitti finnee yoo ilaalle, himatamaan himanni dhaaltummaa irratti dhiyaate yoo mo'ame qabeenya dhaalaa guutummaa isaa akka deebisu dha kan murtaa'u yoo kana ta'e immoo, himanni dhaaltummaa dhaaltuu fi nama dhaaltuu hin taane gidduutti kan gaggeeffamu fakkaata. Akkaataa caaseffama seerichaa ykn gurmaa'ina seerichaa irraa hubatamuttis tumaaleen SHH kwt 999- 1004 jiran wal wajjiin walitti qabamee akka ilaalamuu qabuttidha kan ijaramee jiru. Falmiin dhaaltuu fi dhaaltuu gidduutti ta'ee, himatamaan dhaaltuu ta'e tokko yoo mo'ame haalli inni itti qabeenya dhaalaa hunda deebisu waan jiru hin fakkaatu. Kanaaf, falmiiwan eenyummaa garee wal falmitootaa bu'uureffachuun dhihaatan kanneen olitti ibsaman keessaa kan ejjennoo 1ffaa jalatti ibsame dhama qabeessa fakkaatullee Kallattiin fuulduraa bu'uura ejjanno Dh/Ijibbaata Federaalaa qabatee fi hiikkoo dirqisiisaa kennee ejjanno isa 2ffaa waan ta'eef hanga hiikkoo biraatiin hin jijiiramnetti hiikkoo sana ykn ejjanno 2ffaa hordofuu fi haala wal fakkaatuun hojiirra oolchuun dirqama ta'a.

Gaaffiilee Marii

1. Dhimma 29^{ffaa} gareen wal falmaa jiru dhaaltuu fi nama dhaaltuu hin taane kan gahee ishee of dandeesee qabdu gidduutti yeroo ta'utti darbinsi yeroo raawwii qabu SHH kwt 1000 ta'a moo SHH kwt 1845 raawwii qaba jettu? Ejjanno DhIMMWF murtii dhimma olitti ibsamerratti kennee fi ejjanno gal mee lakk 32815 irratti kenne wal bira qabaa xiinxala!
2. Himanni dhaaltummaa falmii dhaaltuu fi nama dhaaltuu hin taane giddutti moo falmii dhaaltuu fi dhaaltuu kan biraa gidduutti ka'udha? Moo haala lachuunu himannaa dhaaltummaa ta'uu danda'a? Tumaa SHH kwt 999 – 1004 jiru fi hiikkoo DhIMMWF dhimma 29^{ffaa} irratti ka'ee xiinxalame faana ilaalaati xiinxala gaggeessaa.

²⁸⁴DhIMMWF Jildii 21ffaa gal mee lakk 132208 ta'e falmitoota A/d Tsahaay Aggonaffir fi Waamamaa Obboo Geeraa Laaqaw gidduutti murtii kennname ilaaallata.

4.5. Darbiinsa Yeroo fi Himannaa Qoodinsa Qabeenya Dhaalaa

Darbiinsa yeroo himannaa dhaaltummaaf raawwii qabu fi hiikkoo adda addaa hojimaataan jiru olitti ilaallee jirra mata duree kana keessattimmo himanni qoodinsa qabeenya dhaalaatiif darbinsi yeroo gaaffii seerummaa kana daangessu jiraachuuf dhabuu ilaalla. Qoodinsi qabeenya dhaalaa kan ka'u bakka hedduminni dhaaltotaa jiranitti dha. Kun kan ta'u erga dhaaltummaan qulqullaa'een booda akka ta'e seericha jalatti tumameera. Akka ammaan dura mata duree qooddii qabeenya dhaalaa jalatti kaasneen, qabeenyaan dhaalaa hanga addaan hin qoodaminiti qabeenyi dhaalaa qabeenya waliinii dhaaltotaa ta'ee tura. Hangasitti, seera qabeenya waliinii fi tumaaalee seera dhaalaa qoodinsa qabeenya ilaalataniin qajeelfamu. Dhaaltummaan yoo qulqullaa'e, achii booda qoodinsi qabeenya dhaalaa yoomiyuu gaafachuun ni danda'ama.^{285 286}

Gaaffiin qoodinsa qabeenya dhaalaa sababa adda addaatiin tursiifamu kan danda'u yoo ta'u, qoodinsi gaafatame tursiifamuu kan danda'uu fi qabeenyichi kan waliinii ta'ee kan turu sababoota kwt. 1062 fi kwt. 1063 jalatti ibsamaniin qofadha isaanis: Dhaaltummaan yoo hin qulqullaa'in; gaaffiin qoodinsaa yeroo mijaa hin ta'initti yoo ka'e hanga wagga lamaa; Mucaan ulfaa'ame hanga dhalatutti; dhaamoon yoo jiraatee fi waliigaltee dhaaltootaatin hanga wagga shanii(5) tursiifamuu ni danda'a. Bu'uura kanaan yoo hin tursiifamni qoodinsi qabeenya dhaala kan taasifamu waliigalatee dhaaltotaan ta'ee yoom iyyuu gaafachuun akka danda'amu tumaa seeraa olitti kaafnerraan kan hubatamudha.

Akka mata duree qooddii qabeenya dhaalaa keessatti ilaalleen dhaaltootni gaaffii qoodinsa qabeenya dhaalaa Mana Murtiitiif ykn gumii jaarsota firaatiif kan dhiheessan gidduu isaaniitti waliigalteen yoo dhabame akka ta'e ilaalleerra. Hoj-maata mana murtii keessa jiruun dhaaltoonni qabeenya dhaalaa qoddachuuf gaaffiin isaan gaafatan darbiinsa yerootiin kan daangeffame ta'uuf dhabuu akkasumas darbinsi yeroo raawwii qabu kami kan jedhanirrattii ejjannoona adda addaatu jira. Darbiinsa yeroo qoodinsa qabeenya dhaalaa ilaachisee qabatamaan Mana Murtii keessa ejjenknowwan adda addaa jiran kaasnee ilaaluun barbaachisaadha.

Gareen ejjanno 1^{ffaa} tiin beekaman, darbinsi yeroo himannaa qoodinsa qabeenya dhaalaatiif raawwii qabu jira jedhu. Darbinsi yeroo dhimma kanaaf raawwii qabu kami kan jedhurrattilee

²⁸⁵SHH kwt 1062

²⁸⁶Yaadannoo 98^{ffaa} Murtii MMWF Dh/IJ Jildii 10 ffaaa, L.G: 44237 tiin gareen waliin falmu dursee WRD fudhatanii jennaan, himanna dhaala osoo hin taane, gaaffii qoodinsa qabeenya waan ta'uuf SHH 1062 tiin yeroo kamiyyuu gaafachuun ni danda'ama.

gareenumti kun ejjannoo tokko hin qaban. Abbootiin Seeraa tokko tokko darbinsi yeroo qoodinsa qabeenya dhaalaa irratti raawwatinsa qabu SHH kwt.1080 dha jedhu; isaan ejjennoo faallaa kanaa qaban immoo kwt.1080 waa'ee qoodinsa taasifame diigsisuuf iyyata dhihaatuudha malee waa'ee gaaffii qoodinsa yeroo jalqabaatiif dhiyaatu kan ilaallatu miti jedhu. Gareen ejjannoo 2^{ffaa} qaban immoo, gaaffii abbaa seerummaa qoodinsa qabeenya dhaalaa gaafatamurratti darbinsi yeroo rogummaa qabu fi raawwatinsa qabu SHH kwt.1000 dha jedhu; isaan ejjennoo faallaa kanaa qaban immoo, himata dhaaltummaatii fi qoodaminsi qabeenyaa garaagara waan ta'aniif SHH kwt.1000 qoodinsa irratti raawwatinsa hin qabu jedhu. Gareen ejjannoo 3^{ffaa} qaban immoo, qoodinsi qabeenya dhaalaa SHH kwt.1060-1113 jalatti kan haguugamee dha. SHH kwt.1062 jalatti dhaaltummaan yoo qulqullaa'e dhaaltonni waliinii tokkoon tokkoon isaanii yeroo barbaadanitti qoodinsa gaafachuu ni danda'u. SHH Kwt. 1060 jalatti qabeenyi dhaalaa yoo hin qoodamin dhaalli dhaaltota gidduutti osoo addaan hin bahin akka turu tumameera. Kanaaf raawwatinsa kan qabu kwt.1000 osoo hin ta'in kwt.1062 waan ta'eef dhimma darbiinsa yerootiin daangeffamu miti jechuun falmu.

Dhimmoota Manneen Murtiidhaan darbiinsa yeroo himanna qoodinsa qabeenyaatiif hojiirra oolchaa jiran akka armaan gadiitti haa ilaallu.

Dhimma 30^{ffaa}

DhIMMWFiin²⁸⁷ galmeek lakkofsa 38533 ta'erratti Iyyattoota A/d Tsiggee W/Masqal N⁶ fi Waamamaa Siyyuum Kiflee gidduu falmii ka'umsa ta'edha. Waamamaan himanna MMSDF tti dhiyeeffateen dhaalchisaan keenya koloneel Kiflee Dastaa kan du'e gaafa 28/01/80 hogguu ta'u iyyattoota waliin bara 1980 dhaaltummaa mirkaneeffanneerra. Iyyattooni mana keessaa nabaasanii kiraahanga ammaa kireessan shalaguun, gatii manichaas shalaguun gaheen koo akka naaf qoodan jechuun yoo himatu. Iyyattooni himannichi bu'uura kwt. 1000(1) tiin darbiinsa yeroo waggaasadiitiin daangeffama jechuun yoo morman. MMSDF iyyattooni cinaa manaa waamamaaf akka kennan kiraas akka kennaniif murteesseera. MMOF immoo himannaan qoodinsa qabeenya dhaalaa waan ta'eef darbinsi yeroo SHH kwt 1000 raawwatinsa hin qabu jechuun akkaataa qoodinsa qabeenyaa qofa foyyessuun murteesseera.

²⁸⁷DhIMMWFi galmeek lakkofsa 38533 ta'erratti wal falmitoota Iyyattoota A/de Tsiggee W/Masqal N⁶ fi Waamamaa Siyyuum Kiflee gidduutti murtii kenne. (Jildii 10^{ffaa})

Dh/Ij Federaalaa immoo “... tumaalee SHH kwt 996 – 1002 jiran hogguu ilaallu himanni dhaaltummaa kwt. 999 jalatti ibsame kwt, 996 fi itti aanan jalatti kan ibsame WRDh. waliin kan wal qabatedha. Kanaaf dhaaltuun tokko waraqaan ragaa dhaaltummaatiin qabeenya dhaaltuu isa biraan yoo qabate darbinsi yeroo raawwatinsa qabu kwt. 1000 (1) fi (2) dha. Dhimma harkaa qabnu gaafa ilaallu garuu iyyattoota fi waamamaan dhaaltummaa isaanii yeroon waan mirkanoeffataniif dhaaltooni yeroo seeraan kaahame keessatti addaan bahanii beekamuu isaanii agarsiisa. Kanaaf, himannoon kun waa’ee qoodinsa qabeenyaati. Qoodinsa qabeenya dhaalaan immoo, bu’uura SHH kwt 1060 – 1113 jalatti tumamaniin hoogganama. Bu’uura SHH kwt 1062 tiin dhaaltummaan yoo qulqulla’ee dhaaltooni waliinii tokkoon tokkoon isaanii yeroon barbaadanitti qoodinsa gaafachuu ni danda’u. kwt. 1060 jalatti qabeenyi dhaalaan yoo hin qoodamiin dhaalli dhaaltoota jidduutti osoo addaan hin bahiin akka turu tumameera. Kanaaf waamamaanis dhaaltummaa isaa yeroo seeraan taa’e keessatti mirkanoeffatee waan jiruuf qoodinsa immoo yeroo barbaadanitti dhiyeeffachuu waan danda’aniif tumaan raawwatinsa qabu kwt. 1000 osoo hin taane kwt. 1062 dha jechuun murteesseera.”

Akka waliigalaatti akka olitti ilaalletti yeroon qoodinsi qabeenya dhaalaan gaafatame sababa seericharra taa’een yeroo murtaa’ef yoo dheerateen ala yoomiyuu qoodinsa qabeenya dhaalaan gaafachuun kan danda’amu ta’uun ejjannoo qabatamuu qabu dha. Kana jechuun immoo qoodinsa qabeenya dhaalaan dhaaltooni yoom iyyuu gaafachuu kan danda’aniif darbinsi yeroo gaaffii seerummaa kana daangessu hin jiru kan jedhuun dha.

Dhimma 31^{ffaa}

Dhimmi kun DhIMMWOTIIN²⁸⁸ murtii kan argate dha. Falmichi MMA Agaarfaarrraa kan ka’e yoo ta’u, abbaaf haati wal falmitootaa wal duraa duubaan bara 1981 fi 1996 yoo du’an waamamtooni ammaa haati du’anii wagga lama keessatti dhaaltummaa isaanii kan mirkanoeffatan yoo ta’u, himanna dhiyeessaniin manaa fi qabiyyee lafaa waliigalanii kan qooddatan ta’uu booda mana jirenyaa gadi lakkisuun waan diddeef tilmaama manichaatiin gahee keenya qr. 100,000 akka nuuf qooddu kan jedhuun seerummaa gaafataniiru. Iyyattuun ammaa himatantuun yeroo sanaas darbiinsa yeroodhaan himanni isaanii kufaa ta’a, manni haati keenya dhaamoodhaan yeroo lubbuun jirtu kan naaf kennite bara 1995 kaasee qabadhee itti fayyadamaa kanin jirudha jechuun deebii kenniteetti.

²⁸⁸DhIMMW galmeekakkoofsa 231488 ta’e irratti Iyyattuun Ruuhii Sh/Xahaa fi Waamamtoota A/d Uumamaa Sh/Xahaa N² gidduutti murtii kennname dha. F. 111 – 113 ilaala (Jildii 3ffaa)

MMA Agaarfaas himattooni haati isaanii duutee waggaa lamatti dhaaltummaa isaanii mirkanoeffataniiru, qabiyyee lafaa kaan waliigalani qooddataniiru, manni immoo falmiirra jira jechuun qixxee akka qooddatan murteesseera. MMOG Baalees komii himatamtuun duraa dhiyeeffatte ilaalee falmii bitaa mirgaan dhaggeeffatee falmiin dhaalaa taasifamaa jiru dhaaltoota gidduu waan ta'eef darbinsi yeroo raawwii qabu waggaa sadiidha jechuun himanni himattoota jalqabaa darbiinsa yerootiin kan daangeffamu dha jechuun murtii MMA diigeera.

MMWO komii ol-iyyannoo dhiyaateef ilaalee waliigalteedhaan manni falmiif sababa ta'e akka himatamtuu bira taa'u waliigalle jedhu ragaadhaan mirkanaahuu baatus falmiin gaggeeffame qabeenyaa dhaalaa qabeenyaa hin sochoone irratti waan ta'eef darbiinsa yeroo MMO ibsee murteesse diiguun murteesseera.

DhIMMWO immoo sababa darbiinsa yeroo addaan kutu himattooni waan kaasanii falman hin qabani, ragaan dhaaltummaa waggaa lama keessatti dhiyeeffatan immoo qabeenya falmiif sababa ta'e gahee isaanii of keessatti waan qabate hin qabu, dhaaltonni qabeenyaan dhaalaa nama biraatiin qabamuu guyyaa beekanii kaasee darbiinsa yeroo SHH kwt 1000(1) jalatti ibsameen daangeffama. Darbiinsi yeroo kwt 1000 jalatti tumame SHH kwt 999 waliin yoo ilaalle garee wal falmurratti hundaa'ee tumame malee, qabeenya socho'uuf hin sochooneef jedhee waan kaahe hin qabu waan ta'eef xiinxalli MMWO dogoggora ta'uu ibsee murtii isaa diiguun murteesseera.

Dhimma olitti manneen murtiidhaan murtaa'an yoo laallu gaaffiin seerummaa himattootaa jalqaba qabeenya dhaalaa qabiyyee kaan qoddanee mana immoo gadi lakkisuu waan diddeef gaheen keenya akka nuuf qoodamu jedhu ammaan dura qabeenyaan dhaalaa qulqulla'u isaa bifa ibsuun dhiyeessan waan ta'eef gaaffiin ykn himannaan isaanii qoodinsa qabeenya dhaalaa ilaallata moo himanna dhaaltummaa ta'a? kan jedhu mana murtii jalaatti waan adda bahe miti. Fkn, qabiyyee murtichaa keessatti ammaan dura waliigallee qoddanee kan jedhu, waliigalteedhaan qabiyyee lafaa qoddachuun isaanii jira moo hin jiru kan jedhu ijoon qabatamee yoo qulqulla'edhaa kan nuti qabeenyaan dhaalaa qulqulla'era, falmiin kun himanna dhaaltummaati ykn himanna qoodinsa qabeenya dhaalaati jechuu kan dandeenyuu fi darbiinsa yeroo raawwii qabu kan murteessinu, kun ta'uu isaa dhimma olitti murtaa'e irraa waanti hubatamu hin jiru.

Gaaffiilee Marii

1. Dhimma 31ffaa^{ffa} ibsameen falmiin wal falmitootaa himannaa dhaaltummaati moo himannaa qoodinsa qabeenya dhaalaa ilaallata? Darbinsi yeroo raawwii qabu hoo jiraa? Murtii Manneen Murtii kamiin waliigaltu? Kanneen jedhan irratti mariidhaa!
2. Deebiin himatamtuu dhaamoon naaf kennemeera jedhu hoo falmicha himannaa dhaaltummaa taasisa moo? Qoodinsa qabeenya dhaalaa moo? Iyyannoo mormii dhaamoorratti taasifame ilaallata?

4.6. Darbiinsa Yeroo Qoodinsa Qabeenya Dhaalaa Irratti Mormii Dhiyaatu

Darbinsi yeroo qoodinsa qabeenya irratti moormii dhiyaatu ilaallatu SHH keewwata 1080 jalatti tumameera. Kutaa darbe keessatti ibsuuf akka yaalametti, qoodinsi qabeenya dhaalaa sirna cufiinsa dhaaltummaa qulqulleessuu booda raawwatamu dha. Qoodinsi qabeenya dhaalaas waliigaltee dhaaltootaatiin raawwatamu ni danda'a. Waliigalteen kun bakka dhaaltuun tokko hin jirreetti kan godhame yoo ta'e gaaffii isa hin jirree kanaan qoodinsi diigamuu ni danda'a. Dhaaltuun qoodinsi qabeenya irratti mormii qabu, guyyaa qoodinsi qabeenya dhaalaa godhamuu isaa beekee kaasee wagga tokko keessattifi haala biraatiin ammo erga dhaalchisaan du'ee wagga 10 keessatti dhiheefachuu akka qabu tumameera.²⁸⁹

Raawwatinsa darbiinsa yeroo SHH kwt.1080(3) ilaalchisee falmiiwan qabatamaan ka'an lamatu jira isaanis: 1^{ffaan} darbinsi yeroo tumaa seeraa kana jala jiru qoodinsa Mana Murtiitiin raggaasifame qofa ilaallata kanneen jedhan jiru. SHH kwt.1080(3) tumaa kwt.1079 waliin ilaalamuu qaba jedhu. Qoodinsiiakkanaa bu'uura seeraatiin Mana Murtiitti hin ragga'in jalqabuma "invalid" waan ta'eef qoodinsi bu'uura SHH kwt 1080(1) tiin hin jiru jechuu dha jedhu. Qoodinsi yoo hin jirre immoo waanti diigamu hin jiru. Kanaaf, darbiinsa yeroo kwt 1080(3) tiin hin daangeffamu jechuun falmu. Ejjannoonaunis MMWF dhaddacha idileetiin qabamee jiruun kan wal fakkaatu ta'uu dhimma gaditti kaasnu waliin kan ilaallu ta'a. 2^{ffaan} immoo, qooddiin taasifame ykn beeksifame Mana Murtiitiin raggaasifamuu baatus Kwt. 1080 raawwatiinsa ni qabaata. SHH kwt.1080(3) gaaffii qoodinsi karaa sirrii ta'ee hin raawwatin ykn sirna qoodinsa seeraan tumameen hin raawwatin keessa deebi'amme akka qoodamu irratti darbiinsi yeroo seerichaan taa'e ni raawwata. Kanaaf, qoodinsi Mana Murtiitiin raggaasifamuu dhabuu isaa sirna seeraan tumame hordofuu dhabuu waan agarsiisuuf kwt. 1080(3) raawwatatummaa ni qaba jedhu.

²⁸⁹SHH Kew.1080 (3)

Dhimma 32^{ffaa}

DhIMMWFiin gal mee lakkofsa 40418 irratti murtii kennamedha.²⁹⁰ Jalqaba ejjannoon Manneen murtii jalaa maal akka ta'e haa ilaallu. Iyyataan himanna MMOF tti dhiheeffateen, bu'uura gabaasa qulqulleessituu dhaalaatiin gaheen qabeenya dhaalaa koo naaf haa kennamu kan jedhuu dha. Waamamtooni mormii sadarkaa duraa darbiinsa yeroo kaasaniiru. MMOF haala kamiinuu dhaalchisaan erga du'een booddee wagga 10 booddee hin gaafatamu jedhu fudhachuun darbiinsa yerootiin daangeffama jechuun kan murteesse yoo ta'u; MMWFs ol'iyyannoona ilaalee murticha cimseera.

Dh/Ij/MMWF immoo "...himannaan qabeenyi dhaalaa bu'uura gabaasa qulqulleessituu dhaalaatiin taasifameen qooddiin taasifamuu isaa erga beekeen booddee gaheen koo naaf haa kennamu jechuun dhihaate darbiinsa yeroo kwt.1080(3) jalatti ibsame wagga tokkoon dura waan dhihaateef darbiinsa yerootiin hin daangeffamu" jechuun murteesseera. Dhaddachichi dabatalaan darbinsi yeroo erga dhaalchisaan du'een booddee darbiinsa yeroo Manneen Murtii jalaa fudhatan duraan gal mee dhaaltummaan naaf haaqulqullaa'u jedhu irratti ka'ee ture yeroo sanatti immoo darbiinsa yeroo ka'e kufaa taasisuun murteesseera waan ta'eef darbiinsa yeroo irra deebiin gal mee qooddiin irratti ka'e fudhatee himanna kufaa gochuun irra hin turre. Qulqulleessituun dhaalaa dhaala qulqulleessee gabaasa isaa Mana Murtiif kan dhiyeesse Amajji 29, 1999 yoo ta'u Iyyataan qoodinsa kan gaafate immoo Ebla 3, 1999 dha; qoodinsa qabeenya dhaalaa erga qooddiin bu'uura qulqulleessituudhaan qulqullaa'ee qooddiin beeksifameen booddee himannaan dhiyaate wagga tokko kan hin dabarre waan ta'eef darbiinsa yerootiin kan daangeffamu miti jechuun murteesseera.

Dhimma 33^{ffaa}

Dhimma raawwiin darbiinsa yeroo qoodinsa qabeenya irratti mormii dhihaatu ilaallatu maal akka fakkaatu dhimmaa mana murtii ol'aanaa fedeeraalaa irratti dhihaatee hanga dhadhacha ijibbaataatti ilaalamme murtaa'e tokkoo haa ilaalluu.²⁹¹ Dhimma kanaaf ka'uumsa kan ta'e Faqada Amaara fa'an mana qabeenya dhaalaa ta'e tokko ilaalchisee qoodinsi qabeenya keessa deebi'amme godhamuu qaba jechuun himanna bara 1983 mana murtii ol'aanaa irratti dhiheessanidha. Himatamaaniis deebii laateen qoodinsi qabeenya dhaalaa waliigalteen erga

²⁹⁰DhIMMWFiin gal mee lakkofsa 40418 ta'e irratti falmitoota iyyataa Tasfaayee Mollaa fi Waamamtoota Isheetuu Mollaa fa'a giddutti murtii kenname ilaallata. (jildii 10^{ffaa})

²⁹¹Dh/Ij/MMWF L.G.82122 ta'een Mikaa'el Fiqiruu fi Faqqada Amaara faa

raawwatamee fi dhaalchisaan erga du'ee waggaa 28 booda waan ta'eef himatichii bu'uura SHH kwt.1080 fi SHH kwt1052 darbiinsa yerootiin ni dhorkama jechuun falmeera.

Manni murtii ol'aanaas sagalee caalmaatiin himannaan dhihaate bu'uura SHH kwt1080 (3) darbiinsa yerootiin kan dhorkamudha jechuun kufaa godheera. Sagalee xiqqaan ammoo himattooni yeroo sana biyya keessa hin turree. Qoodinsa qabeenyaa godhame jedhame kana irratti hin hirmaanne. Kanaaf haala qoodinsaa bakka hin beekneetti mirgii isaanii darbiinsa yerootiin daangeeffamuu hinqabu jechuun yaadaan addaan baheera.

Murtii kana irratti oliyyannoon MMWF tti dhiyaateera. Manni murtiichaas bitaa fi mirga erga walfalmisiisee booda sagalee caalmaatiin".....kwt1080(3) hiikamuu kan qabu kwt.1079 wajjiini. Akkaataa kanaan, qoodinsi qabeenyaa dhaalaa bakka himataan hinjirretti godhame abbootii seeraatin yoo mirkanaa'e malee hin ragga'uu. Kanaaf, qoodinsi qabeenyaa abbootii seeraatiif dhihaate kan ragga'e waan hin taaneef bu'uura kwt.1080 (3) mirgii himattootaa darbiinsa yerootiin hin daangeffamu" jechuudhaan murtii sagalee caalmaan laatame diigeera. DhIMMWF iyyanno dhiyaateef ilaaluun, falmii qoodinsi qabeenyaa dhaalaa akka seerri jedhuutti kan raawwatamee miti, dhaaltota jidduutti waliigalteen godhamee hin jiru, qoodinsi qabeenyaa dhaalaa abbootii seeraatiin yoo mirkanna'u baate kufaa dha jedhu tokko tokkoon erga ilaalee booda "..... mana falmiif hundee ta'e irratti waliigalteen godhamee hinjiru. Qoodinsa manneenii ilaachisee dhaaltoota keessaa yaada qoodinsaa inni tokko itti dhimmee qopheesse mana murtiitii dhiheessee raggaasiiseen qoodinsi manaa hin taasifamne kan jedhamus yoo ta'e qoodinsi qabeenyaa sirna qoodinsaa seeraan tumameen hin raawwatamne inni jedhu qoodinsi erga raawwatamee fi qabeenyichi harka himatamaa erga seenee waggaa tokko booda qoodinsi qabeenyaa dhaalaa keessa deebi'amee akka gaggeeffamu gaafachuun kan hindanda'amne waan ta'eef falmiiwan sirni qoodinsaa karaa sirrii ta'een hin raawwatamne jedhan rogummaa kan qabaatan daangaa yeroo waggaa tokko keessatti yoo dhihaatan qofa jenneerra..." jechuun murtii mana murtii waliigalaa sagalee caalmaatiin kennamee diiguudhaan murtii mana murtii ol'aanaa sagalee caalmaatiin kennamee cimseera.

Gaaffii Marii

Dhimma 33^{ffa} keessatti murtii kennameen Murtii Mana Murtii kamtu dhama qabeessa jettanii amantu? Xiinxala ofii gaggeessaa!

4.7. Darbiinsa Yeroo Dhaamoo Irratti Mormii Dhiyaatu

Darbiinsa yeroo seera dhaalaa keessatti tumaman keessaa inni biraa dhaamoo irratti mormii dhiyeessuuf daangaa yeroo taa'eedha. Darbinsi yeroo kunis, SHH kwt. 973 fi 974 jalatti tumameera. Dirqama qulqulleessituu dhaalaa keessaa tokko dhaaltootni isa du'e eenyu fa'a akka ta'an addaan baasuu akka ta'ee fi qulqulleessituun dhaalaa dirqama kana bahuuf hojiin inni duraa isa du'een dhaamoon godhame yoo jiraate barbaaduu akka ta'e akkasumas, dhaamoon inni du'e godhe yoo argame qulqulleessituun dhaalaa dhaaltootni dhaamoo malee fi dhaamoodha bakka jiranitti dhaamicha dubbisuu akka qabuu fi sadarkaa kanatti dhaamichi gatii qabaachuu fi qabaachuu dhabuu isaa kan qoratamu²⁹² ta'u isaa boqonnaa 2ffaa keessatti ilaalamiera. Darbinsi yeroo tumaalee seeraa olitti ibsine yoom hojiirra oolu kan jedhu faana ilaaluun barbaachisaadha. Dhimma mata duree kana qofaaf moo himanna dhaaltummaa keessatti illee raawwatinsa qabu kan jedhu ilaaluun barbaachisaa dha. Fkn, namni tokko dhaamoo bu'uura gochuun kallatiidhaan WRDh fudhachuun qabeenya dhaalaa harka galfatee yoo jiraate, dhaaltuun dhugaa booda WRDh kun akka haqamuuf fi dhaaltummaan isaa akka mirkanaa'uuf gaafatu himanna dhaaltummaa akka ta'e fi darbinsi yeroo raawwii qabus eenyummaa garee wal-falmu irratti hundaa'ee kwt 1000 fi kwt 1845 akka ta'e duraan ilaallee jirra. Gama biraatiin, sirna qulqulleessuu keessa yeroo darbamutti ykn yeroo dhaalli qulqull'autti dhaaltoonni ykn namoonni dhaaltoonni sirnaan bakka bu'an dhaamoon yeroo dubbifamuufitti dhaamoo waliigala isaa irratti qabiyyee dhaamoo keessaa tokkoo isaarratti mormi yoo qabaatan dhaamichi kufaa akka ta'uuf himanna daangaa yeroo seerichaan kwt 973 fi 974 jalatti haala tumamee jiruun dhiyeessuu qabu. Akka seerichaatti dhaaltootni himanna kana dhiyeessuuf duraan dursanii yammuu dhaamichi dubbifamu himanna dhiyeessuuf yaada akka qaban guyyaa dhaamichi dubbifamee kaasee guyyaa kudha shan²⁹³ keessatti qulqulleessituu dhaalaatiif ykn Mana Murtiif²⁹⁴ barreffamaan ibsuu qabu. Darbinsi yeroo guyyaa kudha shan jedhamee taa'e himanna kan dhiyeessan ta'u barreffamaan qulqulleessituu dhaalaatti beeksisuu dha malee himanna dhiyeessuuf darbiinsa yeroo taa'e miti. Ibsa dhiyeessuun qofti garuu dhaamicha kufaa hin godhu. Dhaamichi kufaa ta'u kan danda'u, dhaaltootni mana murtiitti himata dhiheeffatanii himannaan isaanii yoo fudhatama argate qofa

²⁹²Gahee hojii qulqulleessituu dhaalaa keessatti SHH kwt 964, 968, 969 yeroo ilaallu ilaallee jirra

²⁹³SHH kwt 972(1)

²⁹⁴SHH kwt 973(2)

dha. Darbiinsi yeroo himannaan kun itti dhiyaatu immoo guyyaa ibsi barreeffamaan dhiyaatee kaasee hanga ji'a sadiitti mana murtiiti dhiyaachuu qaba.²⁹⁵

Gaaffiin asitti ka'uu qabu dhaaltuun dhaamoon yeroo dubbifamutti ykn wixnee qoqqooddi qulqulleessituu heerraga dhaalaatiin taasifame irraa mormii qabaachuu isaa guyyaa kudha shan keessatti mormuu isaa yoo barreeffamaan beeksisu baate maal ta'a? kan jedhudha. Darbiinsa yeroo himanna itti dhiyeessuu qabu seerichaan taa'e keessatti yoo himanna isaa hin dhiyeeffanee fi mormiin yoo irratti ka'e mirga isaa akka dhabu beekamaadha. Darbinsi yeroo guyyaa kudha shanii garuu darbiinsa yeroo himanna itti dhiyeessu waan hin taaneef bu'aan inni hordofsiisu tokko ta'aa? gaaffii jedhu kaasisa. Darbiinsa yeroo guyyaa kudha shan keessatti ibsa mormii barreeffamaan dhiyeeffachuu baannaan sirrummaa qoqqooddi dhaamoodhaan taasifame fudhachuu isaa ykn wixinee qooldii qulqulleessituu heerraga dhaalaatiin taasifame fudhachuu isaa ykn irratti waliigaluu isaa kan hubachiisudha.

Gaaffiin bira ka'uu qabu wixneen ramaddii qooldii qulqulleessituu heerragaatiin taasifame jedhu qabeenya dhaalaa dhaaltoota gidduutti gahee isaanii ilaachisee qoodamu sana waliin tokko moo? adda adda? moo kallattii heerragaatiin waan jirurratti wixinee qooldii qulqulleessituun heerraga dhaalaa dhiyeesse qofa ta'aa? gaaffii jedhuuf seerichi ifatti qulqulleessituun heerragaa waan heerragaan bira gahe qooldii isaa ilaachisee qooldii dhaaltotaaf hangam hangam akka isaan gahu ramaduu malee qabeenya dhaalaa adda bahee beekame goсаan qoodamurratti maal eenyuuf akka gahurratti akka hin taane seericharraa hubatamuu danda'udha.²⁹⁶ Akkasumas dhaalli erga cufameen booddee ykn dhaala qulqulleessuu erga cufameen booddee qabeenya dhaalaa ta'ee waan haferratti qooldiin qabeenya dhaalaa qooldiin isaa bu'uura dhaalchisaan dhaamoodhaan qodeen ykn waliigaltee dhaaltootaan ykn MM tiin kan ta'u waan ta'eef olitti ramaddiin qooldii qulqulleessituu heerragaatiin taasifamu jedhu sun qooldii gahee dhaaltoota gidduutti taasifamu ykn qabeenya adda bahee dhaaltuu tokkoof qoodamu sana kan hin ilaallanne ta'uutu hubatama.

Karaa biraatiin, namoota yammuu dhaamichi dubbifamu hin turre ykn bakka bu'oonti isaanii hin argamin garuu yeroon jedhame kun kan lakka'awaamu qulqulleessituun dhaalaa waa'ee kaffaltii dhaalaa dhaamoodhaan qoodamee ykn qooldii qulqulleessituun heerragaa taasisee dhaaltotatti beeksifame irratti nama hin turre sanaaf yaada qabu guyyaa itti hime irraa kaasee guyyaa

²⁹⁵ SHH kwt 973(3)

²⁹⁶ SHH kwt 973(1)

jedhame kana keessatti akka mormii isaa dhiyeessuu qabu seerichaan tumameera.²⁹⁷ Guyyaa jedhame kana keessatti jedhee seerichaan kan ibsamaa jiru guyyaa kudha shan isa SHH kwt 973(1) keessa jirutti kan qajeelchaa jiru ta'uu isaa tumaaleen kunis walitti aananii waa'ee darbiinsa yeroo guyyaa kudha shanii nama dhaamoon yeroo dubbifamu jiruu fi nama dhaamoon yeroo dubbifamu hin turre jechuudhaan mata dureen tumaalee SHH kwt 973 fi 974 tiin ibsamerraan kan hubatamudha. Akkasumas tumaaleen seeraa kun kan isaan dubbachaa jiran waa'eedhuma dhaamoo dubbisuun booddee waan ta'uu qabu dubbata waan ta'eef yeroon kun kan jedhamee ibsame guyyaa kudha shanicha ta'uu isaatu hubatama. Qulqulleedsituun dhaalaa dhaaltuu argatee itti himuu hin dandeenyeef darbinsi yeroo seerichaan taa'ee jiru erga dhaamichi dubbiifamee wagga shan booda ykn dhaamoon kan hin jirree yoo ta'e dhaalichisaan erga du'ee wagga shan booda mormii dhiheesuun goonkumaa kan hin danda'amne ta'uu isaa seerichaan tumameera.²⁹⁸

Dhimma 34^{ffaa}

DhIMMWFTiin²⁹⁹ galmeekakkoofsa 36604 ta'erratti murtii kennname dha. Dhimmi kun jalqaba MMSD Federaalaatti kan dhiyaate yoo ta'u waamamtooni ammaa WRDh Iyyataan ammaa ammaan dura Mana Murtiidhaa baafatte akka haqamuuf mormii dhiyeessaniin falmiin kun jalqabe. Mormii isaaniitiif sababa kan taasisanis Iyyattuun ammaa WRDh akka kennamuuf ragaan isheen dhiyeeffatte dhaamoo ulaagaa seeraa hin guunne fi dhaamoon akka ragaatti dhiyaate seera qabeessa miti Kan jedhuun dhiyeeffatan. MMSD Federaalaas iyyattuu ammaa waamsisee falmii dhaggeeffatee, dhaamoon WRDh irratti kennname dhaaltoota seeraa sababa tokko malee dhaala keessaa kan buqqisudha jechuun murtii duraan kenne haqee murtii kennee jira. MMOL Federaalaa dhimmicha ol-iyyannoona ilaaalee dhaamoon ulaagaa seeraa guutee kan taasifame waan ta'eef sababiin diigamuuf hin jiru jechuun murtii mana murtii jalaa diiguun, waamamtooni ammaas dhaaltoota waan ta'aniif Iyyattuu ammaa waliin qixxee haa qooddatan jechuun murteesseera. MMWF immoo dhaamoon dhaaltoota sababa malee dhaala keessaa waan buqqiseef sababiin seera qabeessa jennuuf hin jiru jechuun murtii mana murtii ol'aanaa Federaalaa diigee, qabeenya qixxeetti haaqoddatan kan jedhu cimseera.

²⁹⁷ SHH kwt 974 (1)

²⁹⁸ SHH Kwt. 974 (2)

²⁹⁹DhIMMWFTiin lakkakkoofsa 36604 ta'erratti Iyyattuu A/d Tsiggee Mangistuu fi Ob. Wandirad Mangistuu N² gidduutti kennedha. (jildii 8ffaa)

DhIMMWF gama isaatiin, dhaamoo mormuudhaan iyyannoон mormii dhiyaatu kamuu kan ilaalamuu qabu seera dhaalaa rogummaa qabaniin ilaalamuu qabu kunis SHH kwt 973 dha. Tumaan seeraa kun namoota dhaamoon taasifame kan diigamudha jedhanii mormii dhiyeessuu danda'an namoota dhaamoon yeroo dubbifamutti namoota jiran ykn bakka bu'aan isaanii nama jiru qofa ilaallata. Namootiin akkasii dhaamoon gatii hin qabu, kan diigamu dha, kan seeraan mirkanaa'u miti jedhan, yeroo dhaamoon dubbifameeffi kaasee guyyaa 15 keessatti dhaamichi kan fudhatama hin qabne ta'uu fi kan Mana Murtiitti himatan ta'uu ittiin beeksisuу qabanidha. Foormiin ittiin beeksisanis foormii addaa kunis barreffamaan qulqulleessituudhaaf ykn Jaarsa dhimma kanaaf filatameef ykn abbootii seeraaf beeksisuу kan barbaadu ta'uu isaa SHH kwt 973(2) irraa kan hubatamudha. Guyyaa beeksiifni kennamee kaasee ji'a sadii keessatti himannaan yoo hin dhiyaanne, mirgi kun kan siruma hafu ta'uu isaa SHH kwt 973(3) irraa kan hubatamudha. Dhimma kanaan, Waamamtooni yeroo dhaamoon dubbifamu jiraachuun isaanii waan falmisiise miti waan ta'eef darbinsi yeroo SHH kwt 973 jalatti tumameen himannaan isaanii darbiinsa yerootiin kan hafu ta'a. Osoodhuma illee waamamtooni yeroo dhaamoon dubbifamutti hin turre jedhame, mormii isaanii osoo hin dhiyeessiin kan isaan turan wagga 16'f dha. Kunimmoo darbiinsa yeroo SHH kwt 974 jalatti dhuma ta'ee tumame wagga shan kan darbe waan ta'eef darbiinsa yerootiin himanni isaanii kan hafu ta'a jechuun murtii Manneen Murtii Jalaa diigeera.

Dhimma 35^{ffaa}

DhIMMWFtiin³⁰⁰ galmeе lakkofsa 152134 ta'erratti murtii kennname dha. Manneen murtii jalaa gaaffii abbaa seerummaa jalqaba iyyataan ammaa gaafateen abbaan keenya bara 2007 keessa dhibee Kaansaraan dhukkubsachaa turee du'e. Dhaamoon abbaan keenya taasise jedhame dhiibbaa waamamaa 1ffaa fi hojii gaggeessaa dhabbatichaan irra gaheen, fedha isaatiin ala ta'e ta'uu ibsee akka diigamu fi dhaamoon taasifames dhaala keessaa bu'aa nu buqqisuу hordofsiisa waan ta'eef akka diigamu kan jedhu dha. Waamamtooni dhaamoon kan dubbifame guyyaan du'aa 40n gahuuf torbeen tokko yoo isa hafu dhaamoon dubbifameera, dhaamoon jiraachuu dubbifamuus Iyyattooni ni beku, bu'uura SHH kwt 973 tiin daangaa yeroo seerichi kaahe keessatti mormii isaanii hin dhiyeessine, kan mormii dhiyeessaa jiran dhaamoon erga dubbifamee wagga tokkoon booddee waan ta'eef himanni akka kufaa ta'u yoo falman. MSDFs

³⁰⁰DhIMMWFtiin galmeе lakkofsa 152134 ta'erratti Iyyattuu Tigist Nugusee fi Waamamtoota Ob. Asaffaa Nugusee N⁴ gidduutti murtii kenneen (Jildii 23ffaa)

mormiin iyyattootaan dhiyaate darbiinsa yeroo SHH kwt 973 tiin kan hafu ta'uu ibsee yoo murteessu. MMOF's iyyattuu umuriin ishee hin geenyee qofa darbiinsa yerootiin hin daangeffamu jechuun kan iyyataa 1ffaa ilaachisee murtii MMSDF cimseera.

DhIMMWF immoo qixa gaaffii abbaa seerummaa gaafatameen qabiyyeen gaaffii abbaa seerummaa gaafatamee dhaamoon taasifame miidhaa harka $\frac{1}{4}$ olitti narraan gaha waan ta'eef dhaamoon diigamuu qaba kan jedhuuf darbinsi yeroo seera dhaalaa rogummaa qabu SHH kwt 973 dhaan moo? SHH kwt 1123 dhaan ilaalamuu qaba? qabxii jedhuun qabatee xiinxale. Tumaa SHH kwt 973 jalatti darbiinsa yeroo taa'ee jiruuf nama dhaamoon taasifame dhaala keessaa kan nabuqqisudha jedhee dhaamoon taasifame akka diigamuuf iyyannoo dhiyaatuuf rogummaa hin qabu jechuun murtii MM jalaa diigeera.

Gaaffii Marii

Gaaffiin abbaa seerummaa bu'uura SHH kwt 973 fi SHH kwt 1123 tiin wal makee yoo dhiyaate darbiinsa yeroo kamiin hojirra oolchina. Lachuu bu'aan isaanii dhaamoo taasifame kan gatii dhabsiisan yoo ta'e daangaan raawwatinsa tumaalee kanaa haala kamiin addaan baafna?

4.8. Darbiinsa Yeroo Iyyata Waraqaa Ragaa Dhaaltummaa

Maalummaa WRDh fi kaayyoo isaa waliin wal qabatee boqonnaa lama keessatti ilaallee jirra. Amma immoo darbinsi yeroo dhimma mata duree kanaaf raawwii qabu kami? kan jedhurratti ejjennoo jiru kan ilaallu ta'a. Dhimma kanarratti ejjannoona wal fakkaataa ta'e Abbootii seeraa bira hin jiru. Ejjanno^{1ffaa}tiin, darbinsi yeroo raawwii qabu SHH Kwt.1677 Fi 1845 jalatti tumamee dha. Iyyata WRDh fi himannoo dhaaltummaa jidduu garaagarummaan waan jiruuf darbinsi yeroo kwt.1000 raawwii hin qabu. Kanaaf, darbinsi yeroo raawwii qabu SHH kwt.1677 fi 1845 jalatti kan tumamee dha ejjanno jedhu tarkaanfachiisu. Garee ejjanno^{2ffaa}tiin, darbiinsi yeroo dhimma kanaaf raawwii qabu SHH Kwt.1000 dha jedhu. “....himannoon dhaaltummaa gaaffiawan dhaaltuu dhugaa ta'uun koo naaf haa beekamu jechuun dhihaatu irraa jalqabee qabeenya dhaalaa seeraan ala nama bira harka seene deebifachuu waan hammatuuf, iyyanno WRDh naaf haa kennamu jedhu asuma keessatti hammatama waan ta'eef darbinsi yeroo

kwt.1000 jalatti tumame raawwatinsa ni qaba” jedhu.³⁰¹ Dhimma biraatiin DhIMMWF ejanno kana fakkaatuun Jildii 10ffaa irratti murteesses hubachuun kan danda’amu dha.³⁰²

Gareen ejanno 3^{ffaa} tiin, iyyanni WRDh naaf haa kennamuun darbiinsa yerootiin hin daangeffamu kan jedhu qabu. Yeroo sababeessanis, seerummaan himata dhaaltummaarratti gaafatamu fi iyyata WRDhtiin gaafatamu garaagaradha kunimmoo tumaalee seerichaa rogummaa qabanirraa kan hubatamu dha. Tumaaleen kun immoo, ifa waan ta’aniif hiikkoo itti kennuuunuu hin barbaachisu. SHH kwt 996 jalatti namni dhaaltuu ta’e tokko WRDh akka kennamuuf gaafachuu akka danda’u tumameera. Gaaffiin kun garuu yeroo hangam keessatti dhiyaachuu akka qabu seeraan waanti taa’ee hin jiru. WRDh dhaaltuu ta’uudhaaf haalduree waan hin ta’iiniif dhaaltuun tokko yeroo barbaadetti gaafachuu akka danda’u ni hubatama jechuun falmu. WRDh Mana Murtiidhaa fiddu malee dhaaluu hin dandeessu jedhee seerri dirqama kaahe hin qabu. Hojimaataan kun taasifamaa jiraachuun dhimmoota Mana Murtiitti keessummeessaa turre keessatti waan argaa turre dha. Dhaaltuun tokko waligaltee dhaaltootaan gaheen isaa beekame irratti ykn gumii jaarsaatiin taasifame tokko irratti yoo barbaade ragaan dhaaltummaa akka isaaf kennamu gaafachuu danda’a malee WRDh dhaaluudhaaf haala duree hin ta’u. Yoo kana ta’e immoo dhaaltuun kun yoom iyyuu WRDh gaafachuu kan danda’u dha jedhanii falmu.

4.9. Darbiinsa Yeroo Sirna Dhaaltummaa Qulqulleessuu

Sirna kana keessatti gaaffiwwan akka Qulqulleessituun dhaalaa naaf haa muudamu, dhaaltummaan naaf haa qulqulla’u, qulqulleessituun dhaalaa naaf haa bu’u fi kkf dha. Falmii bifa kanaan ka’u irratti waamamtoonni ykn himatamoonni SHH kwt 1000 kaasuun darbiinsa yeroo akka mormii sadarkaa duraatti yammuu dhiyeeffatan mul’ata. Iyyatoonni ykn himatpoonni gama isaaniitiin darbinsi yeroo SHH kwt 1000 jalatti tumamee jiru falmii kanaaf raawwii hin qabu jechuun yeroon falmantu jira. Falmiiwwanakkanaaf murtii kennuu irratti Abbootii Seeraa bira garaagarummaan mul’atus akkasuma ni jira. Falmiiwwan kana fakkaatan keessatti darbinsi

³⁰¹ Dh/Ij/MMWF L.G.25567 jildii 6ffaa jalatti

የፌ/ቤት/፩. 1000 ወራሽ እና ወይም ወራሽን ተ ይረዳን የልማት ተያቄ ድምር የወርስ ንብረት ያለ አግባብ ተይዘዋል
በመሸሪቱ አገልግሎት ማቅረብ ተረጋግጧ ማቅረብ ተረጋግጧ ማቅረብ ተረጋግጧ

³⁰²የፌ/ቤት/፩. 1000 ወራሽን ተ የልማት የወርስ ተረጋግጧ የነበረ ገዢ ነው፡፡ የፌ/ቤት/፩. 996 አዲከ 1002 ወራሽ ከተሞኑ ገዢ
የልማት ማቅረብ ተረጋግጧ የወርስ ተረጋግጧ የልማት ተያቄ (petition hereditists)
በመሸሪቱ. 996 አዲ ተከታታይ ቅጥር ከተገኘው ወራሽን ተ የልማት ወራቅት የልማት የልማት ተያቄ እንደ ወራሽ በላለ በወራሽን ተ የወርስ ፍሰት በያዝ ሰው ሰው ከስ ለያቀርብ ተያዋ ማቅረብ ተረጋግጧ የፌ/ቤት/፩. 1000/1 አዲ /2/
የልማት ማቅረብ ተረጋግጧ የልማት ተያቄ እንደ ወራሽን ተ የልማት ተያቄ እንደ ወራሽን ተ የልማት ተያቄ

yeroo raawwii qabu kami gaaffii jedhu kaasuun barbaachisaadha. Bu'uruma kanaan, darbiinsa yeroo seera dhaalaa keessatti tumamanii jiran keessaa darbinsi yeroo dhimma mata duree kanaaf raawwii qabu darbiinsa yeroo SHH kwt 1052 jalatti tumame dha? SHH kwt. 1845 dha? SHH kwt. 973 fi kwt. 974 dha? SHH kwt.1080 dha? SHH Kwt.1000 dha? moo darbiinsa yeroo kan biraatiin dhimma hoogganamu? kan jedhu dha. Gaaffii kana deebisuuf akkuma olitti kaasuuf yaalle Abbotii seeraa gidduu darbiinsa yeroo dhimma kanaaf raawwii qabu irratti ejjannoo adda addaa jiru akka armaan gadiitti ilaalla.

Gareen ejjannoo 1^{ffaa}, darbinsi yeroo gaaffii abbaa seerummaa dhaaltummaan naaf haa qulqulla'u jedhuuf raawwii qabu SHH kwt. 1052 dha, kunis dhaaltummaa qulqulleessuun dhuma argatee kan cufamu dhaalchisaan du'ee wagga tokko keessattidha (Waraabbii Afaan Amaaraatiin). Gaaffii abbaa seerummaa akkasiitiif darbinsi yeroo raawwii qabu SHH kwt 1052 malee kwt 1000 miti ejjannoo jedhu qabu. Ejjannoo kanaan MMSDF dhimma tokkoratti gaaffiin seerummaa qulqulleessituun dhaalaa muudamee qabeenyaan dhaalaa akka naaf qulqulla'u jedhu wagga tokko keessatti waan hin dhiyaanneef jechuun himanna dhiyaate kufaa taasisuu murteessuu isaa murtii dhaddacha Ijibbaata Federaalaa Jildii 10ffaa irratti maxxanfame keessaa hubachuun ni danda'ama.³⁰³

Gareen ejjannoo 2^{ffaa} immoo, darbiinsi yeroo dhimma gaaffii abbaa seerummaa akkasiitiif raawwii qabu SHH kwt. 1000 dha. “.....bu'aan iyyata dhaaltummaan naaf haa qulqulla'u fi himatni dhaaltummaa tokkuma waan ta'eef kwt.1000 iyyata muudaminsa qulqulleessituu dhaalaa irratti raawwatinsa ni qaba...” ejjannoo jedhu qabu.

Gareen ejjannoo 3^{ffaa} tiin jiran immoo, dhimma kanarratti darbinsi yeroo raawwii qabu SHH kwt.974(2) dha jedhu. DhIMMWF galmeek lakkofsa 32013 kutaa ”Decree” murtii keessatti kwt. 1000(1) fi 974(2) ibsuun gaaffii seerummaa dhaalli naaf haa qulqulla'u jechuun waamamaan dhiyeesse darbiinsa yerootiin kan daangeffame dha jechuun tumaalee seeraa kana walitti fayyadamuun murteesseera waan ta'eef tumaan SHH kwt 974(2) illee dhimma kanaaf raawwii qaba jechuun falmu. Faallaa kanaan immoo darbinsi yeroo SHH kwt 974 jalatti tumamee jiru kan raawwii qabaatu sirna dhaamoo dubbisuu ulaagaa isaa sakatta'uun akkaataa SHH kwt 968 qajeelchuun dhaaltootaaf waamichi taasifamee kana hunda keessa darbee deemeef darbiinsa yeroo himanna mormii dhiyeessuuf taa'e malee nama dhaamoo taasifame qabatee kallattiidhaan

³⁰³Yaadannoo 116, Dh/Ij/MMWF Jildii 10ffaa lakk galmee 44237

WRDh itti fudhatee qabeenyaa dhaalaa nama qabatee taa'erratti dhaaltuun sirrii himannaa WRDh bu'uura dhaamootiin kenname akka haqamu jedhee dhaaltuu himannaa dhiyeessuuf darbiinsi yeroo raawwatinsa qabu SHH kwt 1000 dha malee SHH kwt 974 miti warri jedhan jiru.³⁰⁴

Gareen ejjannoo 4^{ffaa} immoo darbinsi yeroo dhimma kanaaf raawwii qabu SHH kwt.1677 fi 1845 dha malee SHH kwt.1052 jalatti darbiinsa yeroo tumame miti, himata dhaaltummaa fi iyyata muudaminsa qulqulleessituu dhaalaa ykn iyyata WRDh gidduu garaagarummaatu jira, seerummaan gaafatamu garaagara waan ta'eef darbinsi yeroo SHH kwt 1000 jalatti tumamee jiru himannaa dhaaltummaaf malee iyyata WRDh naaf haa kennamu jedhuuf raawwii hin qabu. Seera dhaalaa keessatti, darbinsi yeroo gaaffii kanaaf taa'e hin jiru waan ta'eef bu'uura qajeeltoo hiikkoo seeraa hordofuun darbinsi yeroo seera waliigaltee waliigalaa keessatti ibsame raawwatinsa qabaachuu qaba jechuun falmu.

Akka waliigalaatti, ejjannoowwan jiran kan armaan olitti ibsine hojimaata mana murtii keessatti kan mul'atan ta'uu keessatti ibsinee jirra. Dhimma akkasiitiif murtiin adda addaa ykn ejjannoон adda addaa jiraachuun murtii manneen murtii tilmaamawaa akka hin taane taasisu waan ta'eef kallattiin fuulduraa maal ta'uu qaba kan jedhu ilaalla. DhIMMWF galmee lakkoofsa 16083 ta'erratti murtii manneen murtii jalaa darbiinsa yeroo SHH kwt 1000 jalatti tumame himannoo dhaaltummaa ilaallata malee iyyata qulqulleessituun dhaalaa naaf muudamee dhaaltummaan naaf haa qulqulla'u jedhu irratti raawwatinsa hin qabu jechuun murteessan diiguun qabiyyeen iyyannawwoon lameenii tokkuma waan ta'eef SHH kwt 1000 raawwatinsa qaba jechuun hiikkoo dirqisiisaa kennee jira.³⁰⁵ ³⁰⁶ Kanaaf, dhimmoota wal fakkaatoo haala kanaan hiikkoo itti kenuun barbaachisaa ta'a.

Gaaffii Marii

Darbinsi yeroo iyyata qulqulleessituu dhaalaa muudamee; qabeenyaan naaf haa qulqulla'u jedhu ilaachisee tumaaleen kwt.1000(1) fi 974(2) walbiratti ykn wal faana raawwatinsa ni qabaata jettanii amantuu? Murtii dhaddacha Ijibbaata

³⁰⁴ Alii Mahaammad Ali (2000). Maanuwaalii Leenjii Seera Dhaalaa fi Heera Mootummaa. Abbaa Alangaa fi Abbootii Seeraa Federaalaaf Maanuwaalii qophaa'e F. 179

³⁰⁵ Dh/Ij/MMWF L.G.16083

³⁰⁶ DhIMMWF L.G.13390

Federaalaa lakk gal mee 32013 ta'e Jildii 6ffaa irratti kenne haala kamiin madaaltu?

4.10. Darbiinsa Yeroo Falmii Dhaalaa Qabiyyee Lafa Baadiyyaa

Karaa lafti baadiyyaa ittiin argamu keessaa tokko dhaalaan akka ta'e labsiin 130/99 keewwata 5(5) jalatti ibsameera. Haala lafti baadiyyaa dhaalaan itti darbu ilaachissee labsii kana keewwata 9(1) jalatti ifaan tumameera. Kunis abbaan qabiyyee, qabiyyee isaa bu'uura seera dhaalaatiin miseensa maatii isaatiif dhaalchisuu akka danda'u agarsiisa. Lafa baadiyyaan walqabatee falmiin adda addaa mana murtiitti dhiyaachuu danda'u. Falmiin kunneenis falmii dhaalaa, falmii waliigaltee kennaa, kira, qixxee, falmii beenyaa lafa waliin wal qabatu, falmii jeequmsaa, fi falmii abbaa qabiyyummaa ta'uu danda'u. Gaaffii mirga qabiyyee lafa baadiyyaa dhaaluu waliin wal qabatee darbiinsi yeroo raawwatamummaa qabu kami? kan jedhu seeraa fi muuxannoo jiru fi hiikkoo isaatiin wal qabatee hubannoo hojimaataan jiru ni kaafna. Dhimma mata duree kanaaf darbinsi yeroo raawwatamummaa qabu daangaa yeroo dambii lafa baadiyyaa irratti tumametu raawwatinsa qabamoo? akkaataa dhimma dhimmaan ilaalamee darbinsi yeroo SHH keessatti tumame raawwatamummaa qaba? kan jedhu kaasnee ilaaluun barbaachisaa ta'a. Qabxii kana ilaachissee manneen murtii keenya bira ejjennoo adda addaa lamatu jira.

Ejjennoo 1^{ffaa}: Darbinsi yeroo wagga kudha lamaa dambichaan³⁰⁷ keessatti tumamee jiru dhimma falmii qabiyyee lafa baadiyyaan walqabatee dhiyaatu kamiyyuu irratti raawwatinsa qaba jechuun kan falman dha. Yeroo sababeessanis, dambiin bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa dhimma lafaa ilaachii seera addati waan ta'eef seera bira keessa deemuun hin barbaachisu. Qajeeltoo hiikaa seera keessatti "the special law prevail over the general law" kan jedhu waliinis ni deema. Kanaaf, daangaan yeroo dambii ibsame keessatti tumamee jiru raawwatinsa qaba jedhu.

Ejjennoo 2^{ffaa}: Akkaataa dhimmaan ilaalamee, darbinsi yeroo SHH keessatti tumame raawwatamummaa qabaachuu qaba kanneen jedhanii dha. Ogeessonni ejjennoo kana qabatan, falmii jeequmsaa, falmii waliigaltee irraa maddu, fi falmii dhaalaa ilaachissee darbinsi yeroo SHH keessatti dhimmoota kanaaf tumametu raawwatamummaa qaba malee dambii miti jedhu. Dambiin himannaabbaa qabiyyummaa qofaaf raawwatamummaa qaba jechuun falmu. Yeroo

³⁰⁷Dambii bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa lakk 151/2005 kwt 32

Darbiinsa yeroo lafa seeraan ala qabamee Namnii lafa badiyyaa seeraan ala qabatee argame kamiyyuu hanga wagga 12 tti gadidhisuuf darbiinsa yerootiin hin daangeeffamu.

sababeessanis, darbiinsi yeroo akkaatuma dhimmootaan adda adda ta'uu qaba malee dhimmoota hundaaf tokko ta'uu hin qabu. Dhimmoota hundumaaf tokko yoo ta'e kaayyoo darbiinsa yeroo waliin kan wal faallessuu dha. Falmii jeequmsaa, dhaalaa fi waliigaltee ilaachisee darbiinsi yeroo SHH keessatti tumamanii jiran dambii lafa baadiyyaa waliin yeroo wal bira qabamanii ilaalaman seerota addaa (special law) waan ta'aniif kan raawwatamuu qabu darbiinsa yeroo SHH keessatti tumamanii dha. Akkasumas darbiinsi yeroo wagga 12 dambii lafa baadiyyaa keessatti tumame lafa baadiyyaa seeraan ala qabatame waan jedhuuf dhimmoota kana waliin kan wal ilaallatu miti. Darbinsi yeroo SHH keessatti tumame raawwatamummaa akka hin qabnes kan agarsiisu miti jechuun falmu.

Gaaffii Marii

Ejjenoowwan dhiyaatan keessaa isa kamtu dhama qabeessa dha jettu? Maaliif?

Dhimma 36^{ffaa}

Dhimma Mana Murtii Aanaa Xiroo Afataatti gal mee lakkofsa 09799 ta'erratti falmii himataa Ob. Zeenuu A/Boor fi himatamaa A/Raayyaa A/Milkii gidduutti ta'een, himataan lafa qabiyyee abbaa kootii kan abbaan koo bara 1990 irraa du'e gahee koo akka naaf kenuu kan jedhuun yoo himatu. Himatamaan gama isaatiin, abbaan himataa bara 1990 kan du'e osoo hin taane bara 1977 dha, anis qabiyyee lafaa ergasii qabadhee kanin itti fayyadamaa jirudha waan ta'eef himanni isaa darbiinsa yerootiin kan daangeffamudha jechuun mormii sadarkaa duraa yoo kaasu. Manni Murtichaas mormii sadarkaa duraa ka'eef himannaan himataan gaaffii lafa baadiyyaa dhaaluuf gaafate darbiinsa yeroo bu'uura Dambii Bulchiinsaa fi Ittifayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa lakk 151/2005 kwt 32 tiin darbiinsa yeroo wagga 12 tiin kan daangeffamudha jechuun murteesseera.

MMOL Godina Jimmaa gal mee lakkofsa 51359 ta'een, MMWO Dhaddachi Dhaabbii Lixaa gal mee lakkofsa 222473 ta'een dhaddacha gaafa 28/05/2012 ooleen murtii Manni Murtii Aanaa Xiroo Afataan kennname qabxiin keessa seenamee ilaalamu hin jiru jechuun komii ol-iyyataa kufaa gochuun murteessaniiru.

Gaaffii Marii

Dhimmoota olitti murtaa'aniin darbiinsa yeroo raawwii qabu Dambii Bulchiinsaa fi Ittifayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa lakk 151/2005 kwt 32 ta'a? moo Seera dhaalaa kwt 1000 ta'uu qaba jettu?

Dhimma 37^{ffaa}

Dhimma biraatiin dhimma falmii dhaala qabiyyee lafaa waliin wal-qabatee falmii MMA Guutoo Giddaarraa gal mee lakkofsa 35712 ta'erratti falmii himattoota Katamaa Raabaa N² fi himatamaa Asaffaa Raabaa giddutti ta'een himattooni himanna isaanii dhiyeessaniin, abbaan isaanii qabiyyee lafaa qabanii fi qabeenya biraa dhiisanii bara 1991 keessa kan du'an ta'uu ibsuun waliigalteedhaan qabiyyee lafaa waliin fayyadamaa turre bara 2011 keessa waan irraa nudhorkeef akka nuuf quodoo jechuun yoo himatan. Himatamaan gama isaatiin, waan waliin itti fayyadamaa turre hin qabnu darbiinsa yeroo jalaa bahuuf jecha hanga bara 2011tti waliin itti fayyadamaa turre kan jedhan malee waan waliin itti fayyadamaa turre hin qabnu. Himanni isaanii darbiinsa yerootiin kan daangeffamudha jechuun mormii sadarkaa duraa kaasee dabalataan ijoo falmiirratti deebii isaa kenneera.

MMA Guutoo Giddaa qabiyyee lafa falmiin dhaalaa irratti ka'e waliigalteedhaan waliin itti fayyadamaa turani moo miti kan jedhu qabatee ragaa bitaa mirgaa dhaggeeffatee qabiyyee lafaa akka qoodamuuf gaafatan waliin itti fayyadamaa turuun isaanii waanti mirkanaa'e hin jiru, himataan qobaa isaa waggaa 10'f qabatee itti fayyadamaa ture sababa jedhu ibsuun gaaffin lafa qabiyyee dhaalaa ta'e akka qoodamuuf gaafatan darbiinsa yeroo bu'uura SHH kwt 1000 fi 1845 tiin kan daangeffamudha jechuun murtii kenneera.

MMOL Godina Wallagga Bahaas, gal mee lakkofsa 52724 ta'een komii ol-iyyannoo murtii mana murtii aanaa irraa ol-iyyatame qoratee murtii MMA kenne keessatti hanqinni waan hin jirreef hin dhiyeessisu jechuun komii ol-iyyattootaa kufaa gochuun murteesseera.

MMWO Dhaddachi dhaabbii Lixaas komii ol-iyyattootaa gal mee lakkofsa 222277 ta'erratti dhaddacha gaafa 20/05/2012 ooleen ilaalee murtii Mana Murtii gadiitti kennamerratti dogoggorri hin jiru, d/kennaan qabiyyee lafaa kanatti waggaa 10 olitti itti fayyadamaa waan tureef komiin ol-iyyattootaa waan komachiisu miti jechuun komii ol-iyyannoo isaanii kufaa gochuun murteesseera.

Akka waliigalaatti, dhimmoota olitti ilaalleen darbiinsa yeroo qabiyyee lafaa dhaaluu waliin wal qabatee falmii dhiyaatu irratti Manneen Murtii darbiinsa yeroo dhimmichaaf raawwii qabu haala wal fakkaatuun murtii kennaa kan hin jirre ta'uu hubachiisa. Abbootiin seeraa darbiinsa yeroo falmii lafa baadiyyaa dhaaluuf raawwii qabu yoo murteessanitti sababa darbiinsa yeroo isa seera dhaalaa irra jiru fudhatanii isa dambii lakk. 151/2005 kwt 32 fudhachuu dhiisaniif waan murtii keessatti ibsan hin qaban. Garagaltoon isaatis yoo ilaallu akkasuma dha. Akkuma olitti ibsine dhimma wal fakkaatuuf murtii adda addaa kenuun murtii manneen murtii kennan tilmaamawaa akka hin taane taasisa. Kana malees mirga HM tiin eegumsi guddaa kennameefii jiru qajeeltoo walqixxummaa mirga seera fuulduratti qixxee ilaalamuu jedhu illee kan sarbu ta'a. Kanaaf kallattiin fuulduraa maal ta'uu qaba kan jedhu kaasuun barbaachisaadha.

Qabiyyee lafa baadiyyaa dhaaluun bu'uura labsii lafa baadiyyaa fi seera Hariiroo Hawaasaatiin kan hoogganamu ta'uu isaa tumaalee labsichaa rogummaa qabrirraa kan hubatamudha.³⁰⁸ Labsicha Kwt 9(1)tiin, Qonnaan Bulaan ykn Horsiisee Bulaan Mirga itti fayyadama qabiyyee lafa isaarraa qabu miseensa maatii isaatiif akkaataa seera dhaalaatiin dhaalchisuuf mirga qabaachuu isaa tumee jira. Dambichi kwt 10(6) jalattis akkaataa labsii keewwata 9 keewwata xiqqaa (2) jalatti tumameen dhaaltoota galii qabiyyee lafa san irraa argamuun jiraatan yookiin galii biraa hin qabne kan hin jirre yoo ta'e, qabeenya dhaabbataa kan akka Buna, Jimaa, Maangoo, Abukaadoo fi kan kana fakkaatan dhaaluun akkaataa seera dhaalaatiin kan murtaa'u ta'a jechuun kan tumamee jirudha. Tumaan dambii kanaa qabiyyee lafa baadiyyaa ibsuu baatus uumamaan qabeenyaan laficharratti argaman kan akka Buna, Jimaa, Maangoo fi Abukaadoon bu'uura SHH kwt 1133 (1) tiin qaamuma qabiyyee lafaa waan ta'aniif gareen mirga dursaa hin qabne ykn galii biraa kan hin qabne yoo hin jiraanne bu'uura seera dhaalaatiin akka dhaalli darbu tumee jira. Tumaalee labsichaa fi dambichaa olitti ibsaman gara seera dhaalaatti kan qajeelchan waan ta'eef wal diddaa qabiyyee lafaa dhaaluu waliin wal qabatee darbinsi yeroo raawwii qabu isa tumaalee seera dhaalaa keessa jiran ta'uu hubachiisa.

DhIMMWO illee dhimma falmii dhaala qabiyy'ee lafaa galmee laccoofsa 97001 ta'erratti murtii kenneen, komii iyataan mirgi d/kennitootaa darbinsa yerootiin daangaha jedhuuf "haatiifi abbaan bitaafi mirgaa kan du'an 19/08/98 fi 20/08/98 waan ta'eef himanni immoo 16/08/2001 waan ta'eef mirgi d/kennitootaa darbinsa yeroo waggaasadiin (kwt.1000(1)) waan

³⁰⁸Labsii bulchiinsa fi Itti Fayyadama Lafa baadiyyaa Naannoo Oromiyaa lakk 130/1999 kwt 9

hinguunneef darbinsa yerootiin kan daangahu miti.³⁰⁹ Jechuun xiinxalee murtii kenne yaaduma olitti kaasne kana kan cimsudha.

Kana malees, dambichaan tumaalee addaa keessatti keewwattoota shan tumamee jiru keessaa tokko daangaa yeroo yoo ta'u inni kaan tumaa adabbii yakkaa hordofsiisuu, seeroota raawwii hin qabnee fi yeroo dambichi hojiirra oolu ibsudha. Gurmaa'ina seerichaa (dambii) ibsame kanarraa kan hubatamu daangaan yeroo waggaa 12 taa'ee jiru wal diddaa qabiyyee lafaa seeraan ala qabamerratti malee falmii dhaalaan walqabatee ka'uuf raawwii waan qabu hin fakkaatu. Tumaa daangaa yeroo jedhutti aansees adabbiin qabiyy'ee lafaa seeraan ala nama qabatee jiru adabuuf dambichaan tumamee jirus yaaduma olii falmii qabiyyee lafaa seeraan ala qabate qofaaf raawwatinsa qaba yaada jedhu kan deeggarudha. Kanaaf, qabiyyee lafaa dhaaluuf falmii ka'urratti darbiinsi yeroo raawwii qabu bu'uura seera dhaalaa keessatti tumameen yoo furmaata argate dhama qabeessa fakkaata. Bu'uruma kanaan, ejjannoон 2ffaa haala wal-fakkaatuun osoo hojiirra oole murtiin manneen murtii keenyaan kennaman tilmaamawaa akka ta'an gargaara.

³⁰⁹DhIMMWO galmeek lakkofsa 9156 ta'erratti Iyyataa Bayyanaa Gonfaa fi Waamamtoota Magartuu Gonfaa N⁴ gidduutti kenne.

MADDEEN WABII

SEEROTA

Heera Mootummaa Federaala Ripaabilika Dimokraatawaa Itophiyaa Lakk.1/1987

Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe Labsii Lakk.46/1994

Seera Hariiroo Hawaasaa Itoophiyaa (1952)

Labsii Bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa Naannoo Oromiyaa lakk 130/99

Seera Maatii Oromiyaa lakk.69/1995 fi 83/1996

Dambii lakk 151/2005 Labsii Bulchiinsaa fi Ittifayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa lakk.130/1999 raawwachiisuuf bahe

Labsii lakk 270/1994 dhalattoota Itoophiyaa ta'anii Lammummaan biyya Hambaa ta'an biyya dhalatan keessatti fayyadamtoota mirga adda addaa akka ta'an labsii isaan dandeessisuuf bahe.

Seera Hojjataa fi Hojjachiisaa lakk.1156/2011

Labsii Manneen Murtii Federaalaa hundeessuuf bahe, labsii lakk. 25/96 akka labsii lakk. 454/97tiin fooyya'e.

Labsii xorama Hojjattoota Mootummaa lakk.714/2003

Seera Daldalaal Itoophiyaa Labsii Lakk.166/1960

Seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa Lakk./1960

Labsii Gurmaa'ina Aangoo Fi Hojji Mannee Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe Lakk.216/2011

Labsii Mirkaneessaa fi Galmeessa Sanadootaa Mootummaa Federaalaa, lak 922/2008, kwt 8(6), 16(3) fi 17

BARRUULEE SEERAAN

Alii Mahaammad Ali (2000). Maanuwaalii Leenjii Seera Dhaalaa fi Heera Mootummaa. Abbaa Alangaa fi Abbootii Seeraa Federaalaaf qophaa'e

Mellese Damtie, (2008). ‘Collation under Ethiopian Law of Succession: Payment by taking Less’ MIZAN Law Review vol. 2 No. 2

W. D. Rollison, Principles of the Law of Succession to Intestate Property, 11 Notre Dame L. Rev.14 (1935). Available at:<http://scholarship.law.nd.edu/ndlr/vol11/iss1/2>

George A.Pelletier Jr. Michael R. Sonnenreich, (1966) A comparative Analysis of Civil Law Succession. Vol 11 No. 2

Jeanne Louise Carriere, (1990). The Rights of living Dead: Absent Persons in the Civil Law. Vol. 50 Louisiana Law Review

Mellese Damtie v. Solomon Kikre (2009). Law of Successions Teaching Material. (Justice and Legal System Research Institute)

Lord MacKenzie. (1862), Studies in Roman Law with comparative views of the Laws of France, England and Scotland, Harvard Law School Library

Alamaayyoo Taganee Moojuulii Leenjii hojirraaf mata duree qabeenya dhaaltummaa qulqulleessuu fi darbiinsa yeroo irratti qophaa’ee bara 2001;

Abdujabbaar Huseeniin Moojulii Leenjii Hojiirraa mata duree Darbiinsa yeroo seera dhaalaa bara 2004 qophaa’e

GUUBOO JECHOOTAA

Black’s Law (7th ed.)

DHIMMOOTA

Iyyattuu A/de Taaddalech Mangistuu d/kennaa kan hin qabne, Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaaddacha Ijibbaataa, gal mee lak 65621, (jildii 11 ffaa)

DhIMMWF gal mee lakkofsa 49713 ta’e irratti iyyattoota Dhaaltota Adde Tirunash Ayyalee fi waamamaa Adde Wagaayyoo Soloomoon gidduutti murtii kennname ilaallata. (jildii 11 ffaa)

MMA Loodee Heexosaa gal mee lakkofsa 10357 ta’e irratti himataa Tolaa Xiguu fi himatamaa Haayiluu Gabree, gidduutti murtii kennname ilaallata.

MMOL Godina Arsii gal mee lakkoofsa 97363 ta'e irratti iyyataa Haayiluu Gabree fi waamamaa Tolaa Xiguu gidduutti murtii kennname ilaallata

DhIMMWO gal mee lakkoofsa 97363 ta'e irratti iyyataa Haayiluu Gabree fi waamamaa Tolaa Xiguu, gidiutti murtii kennname ilaallata.

DhIMMWF gal mee lakkoofsa 13634 ta'e irratti Iyyattuu Abajjesh Yirsaawu vs. Obbo Yirsaawu Damsisi gidduutti murtii kenne ilaallata, Hidha Murtiwwan Mana Murtii Waliigala Federaalaa Dhaaddacha Ijibbaataa, (Jildii. 1, lak. 2, bara 1998, fuula fuula 78-86)

Saamu'el Faraji vs. Girmaa Tafase, Mana Murtii Waliigala Dhaddacha Ijibbaataa Federaalaa, gal mee lak 37562, (Jildii 8ffaa)

DhIMMWF gal mee lakkoofsa 10981 ta'e irratti Iyyattuu Wayinisheet Maammoo fi W/Mikaa'el Tasammaa, gidduutti murtii kenne ilaallata. (hidhaa murtiwwan MMWFDhI jiildii 1, lak 2, 1998)

DhIMMWF gal mee lakkoofsa 17429 ta'e irratti Iyyattuu Loomii Hordofaa fi Waamamaa Tasfaayee Kabbadaa, gidduutti murtii kennname ilaallata. (Jildii 2ffaa)

DhIMMWF gal mee lakkoofsa 70057 ta'e irratti iyyattuu Abbabechi Bulchaa fi d/kennaa hin qabne irratti murtii kennname ilaallata. (Jildii 13ffaa)

DhIMMWF gal mee lakkoofsa 59268 ta'e irratti iyyattuu A/de Zibaad Taayyee fi Waamamaa Bitsuwaan Taayyeefaa N-3, gidduutti murtii kennname ilaallata. (Jildii 11ffaa)

DhIMMWF gal mee lakkoofsa 47487 ta'e irratti iyyataa Haayileraagu'el Dabalaa fi Waamamaa Alemtsehay Felege, gidduutti murtii kennname ilaallata. (Jildii 10ffaa)

DhIMMWF gal mee lakkoofsa 58338 ta'e irratti iyyataa Daani'el Tsigee N2 fi Asallef Tsige gfidduutti murtii kennname ilaallata. (jildii 11ffaa)

DhIMMWFiin gal mee lakkoofsa 153418 ta'e irratti falmii Iyyataa OB Guddataa Asaffaa fi Waamamtuu A/d Wadaree Guddataa gidduutti murtii kennname (Jildii 23^{ffaa})

DhIMMWFiin gal mee lakkoofsa 153231 ta'e irratti falmitoota A/d Ilfee Dabalaa N 5 fi Ob. Nugusee Dabalaa gidduutti murtii kennname. (jildii 23^{ffaa})

DhIMMWFiin gal mee lakkoofsa 44237 irratti Iyyattoota A/d Mulushawaa Boggaalaa faa fi waamamaa Ob. Masfin Boggaalaa gidduutti murtii kennname (jildii 10ffaa)

DhIMMWFiin gal mee lakkoo fsa 25567 irratti Iyyattuu A/d Aynaalam Abbabaa fi Waamamaa Ob. Dagafaa Gurmuu gidduutti murtii kennname (jildii 6^{ffaa})

DhIMMWFiin gal mee 13390

DhIMMWFiin gal mee 16083

DhIMMWFiin gal mee lakkoo fsa 32013 ta'e irratti Iyyataa Damissi Xibaba Sillaasee fi Waamamaa Teewoodroos Xibaba Sillaasee gidduutti murtii keenname (jildii 6^{ffaa})

DhIMMWFiin gal mee lakkoo fsa 82122 Mikaa'eel Fiqiruu fi Faqqada Amaara gidduutti murtii kennname

DhIMMWFiin gal mee lakkoo fsa 80920 ta'e irratti Iyyattuu A/d Widdinesh Isheetuu fi waamamaa Ob. Fiqiremaariyaam Warquu gidduutti murtii kennname (jildii 15^{ffaa})

DhIMMWFiin gal mee lakkoo fsa 26422 ta'e irratti Iyyattuu A/d Sinilish Maazangiyaa fi Waamamaa Ob. Tasfaa Maazangiyaa gidduutti murtii kennname (jildii 6^{ffaa})

DhIMMWFiin gal mee lakkoo fsa 32217 irratti Iyyattuu A/d Immaawwaayyish Abarraa fi Waamamtuu Ilfinash Shawaayyee gidduutti murtii kennname (jildii 6^{ffaa})

DhIMMWFiin gal mee lakkoo fsa 25869 Iyyattuu A/d Ayyalach Altaayye fi waamamtoota A/d Asnaaqach Ayyalaa gidduutti murtii kennname (jildii 7^{ffaa})

DhIMMWFiin gal mee lakkoo fsa 30158 irratti Iyyattoota A/d Tsahaaynesh Adam Faa fi Waamamtoota dhaaltoota koloneel Isheetuu Tasfaayee gidduutti murtii kennname (jildii 7^{ffaa})

DhIMMWFiin gal mee lakkoo fsa 38533 ta'e irratti Iyyattoota A/d Tsiggee Waldayyas faa fi Waamamtoota Ob. Siyyum Kiflee faa gidduutti murtii kennname. (jildii 10^{ffaa})

DhIMMWFiin gal mee lakkoo fsa 94322 ta'e irratti iyyattuu A/d Almaaz Baqqalaa fi Waamamaa Ob. Gazzaaheny Baqqalaa gidduutti murtii kennname. (jildii 16^{ffaa})

DhIMMWFiin gal mee lakkoo fsa 106856 ta'e irratti Iyyattuu A/d Iyyarusaalem Gammachuu fi waamamtuu A/d Roomaan Gammachuu gidduutti murtii kennname (jildii 19^{ffaa})

DhIMMWFiin gal mee lakkoo fsa 102932 ta'e irratti Iyyattoota Ob. Afawarq Daraccaa faa fi waamamaa Ob. Saraawiit Daraccaa gidduutti murtii kennname (jildii 18^{ffaa})

DhIMMWFiin gal mee lakkoofsa 103049 ta'e irratti Iyyattuu A/d Li'iimaa Haaddish fi Waamamaa Ob. Anwaar Haaddish gidduutti murtii kennname (jildii 19^{ffaa})

DhIMMWFiin gal mee lakkoofsa 231488 ta'e irratti bara 2008 keessa murteesse irraa ilaala. (jildii 3ffaa)

MMA Jimmaa Gannatii gal mee lakkoofsa 18360 ta'een Himattoota Zallaqaa Shifarraa N⁵ fi Himatamaa Shimmallis Shifarraa gidduutti falmii himanna dhaaltummaa dhiyaateef gaafa 01/04/2012 ooleen murtii kennname dha. MMWO Dh/Dhaabbii Lixaa immoo gal mee lakkoofsa 222107 ta'eirratti murtii kenne dha.

MMWO Dhaddachi dhaabbii Lixaa falmitoota Ob. Katamaa Raabaa fa'a fi Ob. Asaffaa Raabaa lakk gal mee lakkoofsa 222277 ta'e I rratti dhaddacha gaafa 20/05/2012 ooleen kennname.

MMA Guutoo Giddaa tiin gal mee lakkoofsa 35712 ta'e irratti falmii himattoota Katamaa Raabaa N² fi himatamaa Asaffaa Raabaa gidduutti kennname.

MMA Xiroo Afataatti gal mee lakkoofsa 09799 ta'e irratti falmii himataa Ob. Zeenuu A/Boor fi himatamaa A/Raayya A/Miliikii giddutti dhaddacha murtii kennname dha.

MMWO Dhaddachi Dhaabbii Lixaa ol-iyyataa Ob. Zeenuu A/Boor fi D/kennaa A/Raayya A/Milkii gidduutti gal mee lakkoofsa 222473 ta'een dhaddacha gaafa 28/05/2012 ooleen murtii kenne dha.

DHIMMWFiin gal mee 110022 ta'e irratti, iyyattuu Ad.Tashaager Miratee,dhaaddacha guyyaa gaafa 29/11/2007 ooleen murtii argatedha. Ad.29/2007(jildii 19^{ffaa}).

DHIMMWFiin gal.lakk. 113529 ta'e irratti, A/de Iteetuu Kanbaw fi A/de Qlamawaa Alamaayyoo dhaaddacha gaafa Guyyaa 28/6/2008 ooleen murtii kan argate.(jildii 20^{ffaa})

DHIMMWFiin gal.lakk. 124313, A/de Qiddist Yoseefaa(N-2) fi A/de Misiraaq Alamaayyofaa(N-3),Eebla 16/2009(jildii 20^{ffaa})

DHIMMWFiin gal.lakk. 159474, Ob.Indaganaa Tashoomee fi Ob.Rattaa Malkaa, Sad.10/2011(jildii 23^{ffaa})

DHIMMWFiin gal.lakk. 32414, A/de.Baayyush Dajanee fi A/de Hassabkaffaay Geerawarq, Wax.24/2000 (Jildii 7^{ffaa})

DHIMMWF Gal.Lakk. 38533, A/de Tsiggee W/Masqalfaa(N-6) fi Ob.Siyyum Kifilee,Sad.8/2002,(Jildii 10ffaa)

DHIMMWF gal mee lakk. 108328 A/de Caaltoo Waaqayyoo fi O.Fiqaaduu Waaqayyoo, dhaaddacha gaafa Guyyaa 13/7/2008 oole murtaa'e(jildii 20^{ffaa})

DHIMMWF gal mee lakk.17058 ta'e irratti, ob. Anbassoo W/Gabri'eel fi ob.Masaay Mokonnin, Bit.25/1999 (jildii 4^{ffaa})

DHIMMWF Galmee lakk.18576 dhaaddacha gaafa guyyaa 26/09/2000 ooleen ilaalam ee murtii argateedha.A/de Dastaa Mokonniin fi A/de Massaluu Geetahuun, Cam.16/2000

DHIMMWF lakk.45905 Miss.Milan PisjiiPismelji fi Handiree Pismaljii,Onk.3/2003,Jildii 11ffaa

DHIMMWF, Gal.Lakk.79871, A/de Yewubdaar Bantu(N-2) fi A/de Loomii Taliilaa(N-5),Gur.11/2005(jildii 15^{ffaa})

MMA Gu lakk.galmee 09689, Saadiyaa Faaris(N-2) vs Yaaqub Faaris(N-2),dhaaddacha gaafa guyyaa 12/07/09 ooleen murtii argateedha.

MMAMJ Gal.Lakk. 45700 ta'erratti, iyyattuu A/de Isheetuu Warquufaa(N-4)dhaaddacha gaafa guyyaa 14/07/2010 ooleen murtaa'e.

MMAMJ galmee lakk.55212,Iyyattuu A/de Amalawarq Baqqalaa,dhaaddacha gaafa Guyyaa 08/03/2012 ooleen murtii argate.

MMAMJ lakk.55136, Takiluu Waajjuufaa(N-2, dhaaddacha gaafa guyyaa 01/03/2012 murtaa'e.

MMAMJM lakk.galmee 33270 Iyyataa ob.Dassaalany Zallaqaa,dhaaddacha gaafa guyyaa 9/2/2008 ooleetiin murtii argatee jira.

Murtii DHIMMWF Gal.Lakk. 23322, A/de Adaanach Hordofaa fi A/de Asnaaqach Hordofaa,Wax.19/2000,(Jildii 7^{ffaa})